



Moojulii Sagantaa Leenjii Hojiin Duraaf Qophaahe

Seera Yakkaa fi Hojiirra Oolmaa Isaa

Qopheessitoonni:-

1. Geetuu Gaddafaa Oljirraa
2. Kabbabaw Birhaanu

Gulaaltonni:-

1. Obbo Addaamuu Dhufeeraa
2. Obbo Kadir Qeerrentii
3. Addee Addunyaa Ahimad

Amajjii , 2012

Adaamaa

Bafaata

Mata Duree	Fuula
GABAAJEEWWAN.....	5
KUTAA TOKKO.....	8
BOQONNAA TOKKO: SEERA YAKKAA FI DHIMMOOTA WALIIGALAA	8
1.1. Yaadrimee Seera Yakkaa	9
1.2. Seera Yakkaafi Sirna Haqaa Yakkaa	11
1.2.1. Maalummaa Sirna Haqaa Yakkaa.....	11
1.2.2. Maalummaa Seera Yakkaa Biyya Keenyaa	12
1.2.3. Kaayyoo Fi Galmaa Seera Yakkaa Biyya Keenyaa	16
BOQONNAA LAMA: QAJEELTOOWWAN SEERA YAKKAAFI HEERA MOOTUMMAA.....	21
2.1. Hariiroo Seera Yakkaafi Heera Mootummaa.....	22
2.2. Qajeeltoowwan Bu’uura Sirni Haqaa Yakkaa Ittiin Hoogganamu	23
2.2.1. Qajeeltoo Seerummaa (Legality Principle).....	23
2.2.2. Seerri Yakkaa Of Duuba Deebi’uun Kan Hin Hojjenne Ta’uu	26
2.2.3. Gochaa Yakkaa Tokkoon Lammataa Adabamuun Dhorkaa Ta’uu	28
2.2.4. Qajeeltoo Walqixxummaa.....	31
BOQONNAA LAMA: QAJEELTOOWWAN SEERA YAKKAA fi HEERA MOOTUMMAA.....	33
2.1. Hariiroo Seera Yakkaafi Heera Mootummaa.....	34
2.2. Qajeeltoowwan Bu’uura Sirni Haqaa Yakkaa Ittiin Hoogganamu	35
2.2.1. Qajeeltoo Seerummaa (Legality Principle).....	35
2.2.2. Seerri Yakkaa Of Duuba Deebi’uun Kan Hin Hojjenne Ta’uu	38
2.2.3. Gochaa Yakkaa Tokkoon Lammataa Adabamuun Dhorkaa Ta’uu	40
2.2.4. Qajeeltoo Walqixxummaa.....	44
BOQONNAA SADII.....	45
ULAAGAALAA YAKKA HUNDEESSAAN, ITTI GAAFATAMUMMAA YAKKAAFI SADARKAA RAAWWII YAKKAA.....	45
Boqonnaa barreeffama kanaa jalatti ulaagaalee yakka hundeessaan, itti gaafatamummaa yakkaafi sadarkaa raawwii yakkaatiin wal qabatee dhimmoota jiran kan itti ilaallaman ta’a.	45
3.1. Haaldureewwan Yakka Hundeessaniifi Itti Gaafatamummaa Yakkaa	46

3.1.1.	Kutaa Seera	47
3.1.2.	Kutaa Yaadaa	47
2.1.2.1.	Kutaa Yaadaa Itti Yaaduun Yakka Raawwachuu	49
3.1.2.2.	Dagannoon Yakka Raawwachuu	51
3.1.3.	Kutaa Gochaa.....	55
3.2.	Hariiroo Jiraachuu Sababaafi Bu'aa	58
3.3.	Sadarkaa Raawwii yakkaa	61
3.3.1.	Gochoota Qophii.....	62
3.3.2.	Yaalii.....	64
3.3.2.1.	Yakkichi itti Yaadamuun Kan Raawwatamu Ta'uu Isaa	66
3.3.2.2.	Gochaa Yakkaa Muummee Raawwachuuf Tarkaanfiiwwan Barbaachisoofi Murteessaa Ta'an Fudhatamuu Akka Qaban	67
3.3.2.3.	Gochaan Jalqabe Hanga Dhumaatti Hordofuu Dhabuu Yookiin Gochaan Raawwatee Bu'aa Barbaadame Argamsiisuu Hafuu.....	67
3.3.3.	Yakkoota Xumura Argatan (Complete offences)	71
BOQONNAA AFUR: HIRMAANNAA YAKKAA		75
4.1.	Raawwataa Yakkaa Muummee Ta'uun Raawwii Yakkaa Irratti Hirmaachuu	75
4.1.1.	Ofumaa Kallattiin ykn Alkallattiin Yakka Raawwachuu.....	76
4.1.2.	Yaada Guutuun Raawwataa Yakkaa Muummee Ta'uu (Moral Criminal).....	80
4.1.3.	Nama itti Gaafatamummaa Seeraa Hin Qabne Fayyadamuun Yakka Raawwachuu	84
4.1.4.	Yakka Addaa Irratti Hirmaachuu	87
4.1.5.	Yakka Gamtaan Raawwatame (Collective Crime)	92
4.2.	Hirmaattummaa Yakkaa Jaarmiyaa Namummaan Seeraa Kennameefii.....	95
4.3.	Hirmaata Yakkaa Sadarkaa Lammaaffaa.....	99
4.3.1.	Kakaasuu.....	100
4.3.2.	Miiltummaa.....	103
4.3.3.	Korannaa	107
4.4.	Yakkamaa Gargaaruun fi Yakka Raawwatame Beeksisuu Dhiisuu	109
4.4.1.	Nama Yakka Raawwate Gargaaruu	110
KUTAA LAMA.....		120
BOQONNAA SHAN: YAKKOOTA LUBBUU, MIIDHAA QAAMAAFI SAALQUNNAMTII		120
5.1.	Yakka Yaalii Ajjeechaa	121

5.1.1.	Yakka Yaalii Ajjeechaafi Maalummaa Isaa.....	121
5.1.2.	Yakka Yaalii Ajjeechaa Sirna Seeraa Itiyoophiyaa Jalatti.....	123
5.1.2.1.	Gocha Seeraan Ala Nama Ajjeesuuf Yaaluu	125
5.1.2.2.	Gochaa Miidhaa Yookiin Bu'aa Du'aa Hordofsiisuu Ta'uu Qaba	125
5.1.2.3.	Gochaan Yakkaa Kunis Dhala Namaa Irratti Kan Raawwatu Ta'uu.....	126
5.1.3.	Maloota Raawwii Gochaa Yakkoota Yaalii Ajjeechaa.....	128
5.1.4.	Gosoota Yakkoota Yaalii Ajjeechaa	130
5.1.4.1.	Yakka Yaalii Ajjeechaa Cima	131
5.1.4.2.	Yakka Yaalii Ajjeechaa Idilee	142
5.2.	Yakka Yaalii Ajjeechaa fi Miidhaa Qaamaa Cima	152
5.2.1.	Kaayyoo Raawwii Yakkichaa	153
5.2.2.	Haala Raawwii Gochaa Yakkaa.....	154
5.2.3.	Garaagarummaa Kutaa Yaadaa Gochaan Ittiin Raawwatamuu	155
5.3.	Yakkoota Qaamaa Fi Fayyaa Namaa Irratti Raawwataman	160
5.3.1.	Dhimmoota Walii Galaa	160
1.3.2.	Yakka Miidhaa Qaamaa Cima	161
1.3.3.	Yakka Miidhaa Qaamaa Salphaa	168
1.3.4.	Yakka Harka Darbiinsaa (Crime of Assaults).....	172
1.4.	Yakka Dirqiin Gudeeduu	175
5.4.1.	Ulaagaaleen Yakki Dirqisiisanii Gudeeduu	176
5.4.2.	Yakka Dirqisiisanii Gudeeduu fi Miidhaa Qaamaa	193
5.4.3.	Yakka Dirqisiisanii Gudeeduu fi Buttii.....	194
5.4.4.	Yakka Dirqisiisanii Gudeeduu fi Seeran ala Too'annaa ofii Jala Oolchuu.....	195
5.4.5.	Yakka Dirqisiisanii Gudeeduu fi Dhibee Daddabarsuu	195
5.4.6.	Yakka Dirqisiisanii Gudeeduu Fi Yakkoota Qulqullummaa Fi Bilsummaa Qaama Saalaa Irratti Raawwataman Biroo.....	196

GABAAJEEWWAN

<i>MRDFII</i>	Mootummaa Ripaabilikaa Dimookiraatawaa Federaalaawaa Itiyophiyaa
BMNO	Bulchiinsa Mootummaa Naannoo Oromiyaa
MMWO	Mana Murtii Waliigalaa Oromiyaa
MMWODHI	Mana Murtii Waliigalaa Oromiyaa Dhaddacha Ijibbaataa
MMWFDHI	Mana Murtii Waliigalaa Federaalaa Dhaddacha Ijibbaataa
SY	Seera yakkaa
SDFY	Seera Deemsa Falmii Yakkaa
Lakk.	Lakkoofsa
Kwt	Keewwata
Fkn	Fakkeenya
Ykn	Yookaan/yookiin

Seensa Waliigalaa

Yakki nagaan fi tasgabbi hawaasa dhoowwa. Hawaasa hanqina tasgabbi fi nagenyaa qabu keessatti immoo nagaan bahanii galuun, hojjatanii buluun darbees waan namarraa eeggamu guddina biyya ofiif gumaachuun nama rakkisa. Kaayyoon Seera Yakkaas, faayidaa waliigalaatiif jecha nageenya, tasgabbi, sirna, mirgaa fi faayidaa mootummaa, ummataa fi jiraattota biyyattii eeguu fi mirkaneessuu dha. Kanaan lammiileen biyyattii sodaa tokko malee mirgoonni namoomaa fi dimokiraatawaa isaanii kabajameefii lammiilee gaarii fi guddina dinagdee biyya isaanii keessatti hirmaachuun jijjiirama fiduu danda'an uumuu dha. Kana mirkaneessuudhaafis gochoonni yakka ta'an adabbii hordofsiisan waliin seera yakkaa jalatti tumamaniiru. Moojuuliin kunis kayyoo Seera Yakkaa armaan olitti caqasame kana qabachuudhan tumaalee kutaa walii galaa fi kutaa addaa seera yakkaa keenyaa keessaa iddoowwan sakata'iinsa fedha leenjii Inistitiyuutichaan gaggeeffameen akka rakkoo qaban adda bahaniin walqabatee rakkoo qabatamaan hojii keessatti mul'atu irratti xiyyeeffannoo kennuun sakatta'eera; rakkoowwan hiikkoo fi rawwii mul'atan kanneen adda baasuun xiinxaleera; furmaata mariidhaan gabbate kaa'uufis akka gargaaran gaaffilee mariinis kan deegarame dha.

Kanaafis akka tolu moojuuliin kun boqonnaawwan gurguddoo shanitti qooqoddamee kan dhiyaate yoo ta'u, boqonnaa duraa keessatti dhimmoota walii gala seera yakkaan wal-qabatan, boqonnaa lammaffaa keessatti qajeeltoowwan bu'uraa seera yakkaa heeran beekkamtii qaban, boqonnaa sadaffaan keessatti ulaagaalee yakka hundeessaan, itti gaafatamummaa yakkaafi sadarkaa raawwii yakkaa dhimmoota wal qabatan, boqonnaa afraffaa keessatti hirmaannaa yakkaan wal qabatee dhimmoota jiran, fi boqonnaa shanaffaa keessatti immoo kutaa addaa seera yakkaa keessaa dhimmoota yakkoota lubbuu, miidhaa qaamaa fi saalqunnamtiin wal qabatan haala rakkoo qabatamaa lafa irra jiru irratti xiyyeeffateen gabaabbinaan itti xiinxalameera.

Kana malees, mata dureewwan leenjii moojulii kanaan laallaman hunda isaaniitiifiyyuu, gaaffiileen marii dhimmoota qabatamaa irratti hundaa'an marii yeroo leenjichi kennamu godhamuuf akka tolutti qophaa'anii jiru.

Hundaa ol garuu, leenjifamtoonni barreeffamichi kun ka'uumsa marii isaanif akka ta'uuf kan qophaahe ta'uu hubachuun yaadota barreeffamicha keessatti hin kaanee fi dhimmichaan wal-

qabatan kaasuun dandeettii, beekumsaa fi gahuumsa isaanii gabbifachuuf tattaaffii barbaachisaa ta'e akka taasisan ni abdatama.

Haaluma kanaan leenjifamtoonni xumura leenjii kanaan boodaa:-

- ✚ Yaad rimee, kaayyoo fi galma sirna haqa yakkaa biyya keenyaa irratti hubannoo qabatamaa ta'e ni gonfatu;
- ✚ Ulaagaalee yakka hundeessaan, itti gaafatamummaa yakkaa fi sadarkaa raawwii yakkaa ni ibsu;
- ✚ Yaad rimee hirmaannaa yakkaa irratti hubannaa ni argatu;
- ✚ Yakkoota lubbuu, miidhaa qaamaa fi saalqunnamtii ni xiinxalu.
- ✚ Dhuma irrattis, kallattii sirrii fi hubannoo wal-fakkaataa ta'e ni qabaatu; gara hojiitti gaafa bobba'anis seericha kallattii kanaan qofa hojiitti hiikuuf ni qophaahu; ni hiikus jedhameeti eegama.

KUTAA TOKKO

BOQONNAA TOKKO: SEERA YAKKAA FI DHIMMOOTA WALIIGALAA

Seensa

Hojiiwwaan Bulchiinsa Haqaa Yakkaa keessatti, yaadrimee seera yakkaa, Maalummaa sirna haqaa yakkaa, seera yakkaa keessuma kaayyoofi galmaa isaa waliin addaan baasuun beekuunifi hojiirra oolchuun barbaachisaadha. Haala kanaan, biyya kamiyyuu keessatti olaantummaan seeraa akka mirkanaa'uuf, misoomni akka saffisuuf, mirgi dhala namaa akka kabajamuuf, guddinni siyaasaa, dinadgee fi hawaasummaa akka jiraatuuf, nageenyii fi tasgabbiin lammiilee akka mirkanaa'uuf qaamoleen haqaa gahee olaanaa qabu. Qaamoleen kun sirna bulchiinsa haqaa yakkaa keessatti maalummaa seera yakkaafi hojiirraa oolmaa isaa sirnaan hubachuun bu'uura seerichaan hojjechuun kaayyoofi galma seera yakkaa milkeessuuf hojjechuutu isaaniirraa eegama.

Qaamoleen haqaa bulchiinsa sirna haqaa keessatti waliin ta'uudhaan itti gaafatamummaa waloofi dhaabbatummaa ni qabaatu. Keessumaattuu, bulchiinsa sirna haqaa yakkaa (administration of criminal justice system) keessatti mirgoota nama dhuunfaa fi kan garee kanneen Heera FDRI fi kan Oromiyaa keessatti tarreeffamanii jiran kabajuu, kabachiisuu fi eeguu ilaalchisee gaheen isaan qaban olaanaadha. Sirni haqaa yakkaa kunis dhimmoota bu'uuraa seerotaa, seera yakkaa bu'uuraafi seera deemsa falmii yakkaa keessatti qajeeltoowwan bu'uuraa hammatamuu qaban, waa'ee qabiinsa mirgoota namoota bulchiinsa haqaa yakkaa keessatti himatamanifi sirna caaseffama qaamolee mootummaa bulchiinsa haqaa yakkaa keessatti hirmaatani sadarkaa federaalaafi naannootti diriirfamanifi walta'iinsi qaamolee kanneen gidduutti gaggeeffamu maal ta'uu akka qabu kan agarsiisuu akkasumas sirna raawwii qaamoleen mootummaa adeemsa ijaarsa siyaas-dinaddee keessatti namoonni dhuunfaafi hawaasni bal'aan olaantummaa seeraa kabajanii akka jiraatan gochuun raawwii yakkaa to'ataniifi xiqqeessan akkasumas namoota yakka raawwatan seeratti dhiheessanii tarkaanfii adabbii fudhachuun, jijjiirama amala fidanii akka bahan gochuudha.

Haala kanaan, sirni haqaa yakkaa dhimmoota ijoo imaammata sirna haqaa yakkaa keessatti hammatamaniin kan hoogganamuu yommuu ta’u, Imaammani sirna haqaa yakkaa biyyaa keenyaas qajeeltoowwaniifi duudhaalee Heeraafi waliigalteewwan mirgoota namoomaa idila addunyaan tumaman, hojmaataafi istaandaardiiwwan sirna haqaa yakkaa kanneen akka addunyaatti beekaman kan hammateedha. Innis kallattiiwwan olaantummaa seeraa mirkaneessuudhaan nageenyaafi tasgabbi waliigalaa lammiilee, namoota dhuunfaafi biyyaa eegsisuudha.

Boqonnaa kana keessatti akka waliigalaatti yaadrimee seera yakkaa dabalatee, maalummaa sirna haqaa yakkaafi seera yakkaa biyya keenyaafi kaayyoofi galma seera yakkaa biyya keenyaas maal akka ta’an kan ilaalaman ta’u

Bu’uruma kanaan xummura leenjii boqonnaa kanaa booda leenjifamtoonni:-

- Yaadrimee seera yakkaafi Maalummaa sirna haqaa yakkaa irratti hubannoo dabalata ni argatu,
- Kaayyoofi galma seera yakkaa biyya keenyaa hubachuun hojii olaantummaa seeraa mirkaneessuu keessatti gaheen isaan irraa eegamu bahachuuf hubannoofi kutannoo waliigalaa ni gonfatu.

1.1. Yaadrimee Seera Yakkaa

Seerri Yakkaa, qaamota seerota keessaa tokko yommuu ta’u, innis waa’ee qabiyyee gochoota yakkaa, gosaafi qabiyyee adabbii tarreessuun kan kaa’uudha. Seerri yakkaa bulchiinsa sirna haqaa cimaa ijaaruun hojii olaantummaa seeraa mirkaneessuu keessatti gahee daraan olaanaa ta’e qaba. Keessumaa seerri yakkaa, gochoota yakkaa adda baasuun adabbii isaanii waliin labsuun gochoonni mirgoota namoomaa, qabeenyaa, siviiliifi hawaasummaa irratti raawwataman, ittisuu irraa eegalee, bakka raawwatamanii argamaniitti adeemsa sirna seeraa hordofuun, sirna itti gaafatamummaa yakkaa kan mirkaneessuudha.

Haala kanaan, hojiiwwan bulchiinsa haqaa yakkaa keessatti, kaayyoo fi galmi seera yakka biyya keenyaa inni guddaan mirga lubbuun jiraachuu, nageenya qaamaafi bilisummaa namoota dhuunfaa kabachisuu dabalatee akka waliigalaatti olaantummaa seeraa mirkaneessuun

nageenyaafi tasgabbii hawaasa bal'aa eegsisuudha. Kaayyoolee kana galmaan gahuuf seerri yakkaa haala lamaan dhimmoota namoota dhuunfaa gidduu kan lixu ta'a. Inni jalqabaa mallattoo yookiin agarsiistuu haalota raawwii yakkaaf ka'umsa ta'an dursanii addaan baasanii beekuun hojii ittisa yakkaa hojjechuu dha. Inni biraan gochaawwan yakkaa erga raawwatani booda shakkamtoota to'annoo seera jala oolchuun hojii olaantummaa seeraa mirkaneessuudha.

Gama biraan, seerri yakkaa, mirgoota lammiilee yakka irraa tiksuuf kan kaayyefate ta'uun dabalataan bulchiinsa haqaa yakkaa haqa qabeessa (equitable) ta'e akka hojiirra ooluufis gahee daraan olaanaa ta'e qaba. Kunis raawwatan yakkaa ulaagaawwan gochi yakkaa sun of keessatti hammachuu malu haala guutuu ta'een bifa of keessatti hammateen gochaa yakkaa kan raawwatee ykn raawwachuuf kan yaalee yoo ta'e, adabbiinis bu'uura tumaa seera yakkaa gochaan yakkaa kun raawwatamen ykn raawwatamuuf yaalamen, adabbiin madaalaawaa ta'e akka itti murtaa'u taassisuu yookiin namoonni gochaa hin raawwatne immoo akka hin adabamneef eegumsa kennuudha. Haala kanaan, seerri yakkaa biyya keenya hariiroo uummatni fi mootummaan qabu irratti hundaa'uun, aangoofi dirqama mootummaan qabu bifa seera qabeessa hin taaneen fayyadamuun mirga namoomaa sarbuun akka gochaa yakkaa raawwachuutti tarreessuun qaamota gochoota akkanaa raawwatan irratti adabbiin sirrii ta'e akka murtaa'u gochuun mirgootaafi bilisummaawwan bu'uuraa lammiilee wabii eegumsa seera argatan kabachisuudha.

Kana malees mootummaa nageenyaafi tasgabbii lammiilee eegsisuu, mirgoota namoomaa kabajuu, kabachisuufi guutuu keessatti dirqama olaanaa qaba. Mootummaan dirqamoota kana sirnaan bahachuu dhabuun itti gaafatamummaan hordofsiisu akka jirutti ta'ee, nageenyi lammiileefi mirgoonni namoota dhuunfaa kan hin kabajamne yoo ta'e seermaleessummaan baay'achuun, nagaafi tasgabbiin dhabamuun mirgoonni namooma eegumsa wabii seera dhabu. Mootummaan mataan isaa akka mootummaatti itti fufuun rakkisaa ta'a. Kanaaf mootummaa rakkoolee gama kanaan qunnamuu malan hambisuuf, seerota bahan sirnaan hojiirra oolchuun olaantummaa seeraa mirkaneessuutu irraa eegama. Seerota mirgaafi dirqama lammiilee, namoota dhuunfaafi garee akkasumaas mootummaa addaan baasuun tarreessuun nageenyaafi tasgabbii waliigalaa hawaasa bal'aafi namoota dhuunfaa mirkaneessuuf qooda olaanaa qaban keessa seerri yakkaa adda durummaan kan beekamuudha. Kanaaf akka addunyaatti yoo ilaalle biyyi seera yakka hin qabne waan jirtuu hin fakkaatu. Sababiin isaa seerri yakkaa gochoota yakkaa addaan

baasuun adabbii waliin tarreessuun, namoota gochaa yakka raawwatan irratti itti gaafatamummaa yakkaa mirkaneessuun, mirgoonni lammiileefi namoota dhuunfaa akka kabajaman taassisuun nageenyiifi tasgabbiin waliigalaa akka mirkanaa’u, mirgoonni namoomaa akka kabajamaniif gahee olaanaa qaba.

Gama biraan gochaa itti gaafatamummaa yakkaa hordofsiisuu ilaalchisee, gochaan raawwatame ykn raawwatamu dhabe yakka ta’uu fi ta’uu dhabuu isaa addaan baafachuuf, dhimma yeroo hundaa xiyyeeffannoon ilalamuu qabuufi gaaffiilee bu’uuraa gaafatamuu qaban, himatamaan yakkaa sun gochaa dhorkame sana raawwachuuf ykn raawwachuuf yaaluufi gochaa kanaas kutaa yaada sammuu akkamiin akka raawwate ykn raawwachuuf yaale beekuun dhimma murteessadha. Haala kanaan gochaan kan raawwatame ykn raawwatamuuf kan yaalame itti yaaduun ykn maal na dhibdeen yoo ta’e, itti gaafatamummaa yakka adabbii kan hordofsiisu ta’uu hubatamu qaba.

1.2. Seera Yakkaafi Sirna Haqaa Yakkaa

1.2.1. Maalummaa Sirna Haqaa Yakkaa

Sirni caasseffama Mootummaa RDFI yeroo ammaa kun kan hundeeffame bara 1995 A.L.A yommuu ta’u; hundeeffamni kunis sirnoota garaagaraa dhimmoota hawwaasummaa, diinagdee, siyaasaafi sirna bulchiinsa haqaa qabachuun as baheera. Sirnoota bulchiinsa haqaa keessa tokko sirna bulchiinsa haqaa yakkaati. Sirni haqaa yakkaa kunis dhimmoota bu’uuraa seerota, seera yakkaa bu’uuraafi seera deemsa falmii yakkaa keessatti qajeeltoowwan bu’uuraa hammatamuu qaban, waa’ee qabiinsa mirgoota namoota bulchiinsa haqaa yakkaa keessatti himatamanifi sirna caasseffama qaamolee mootummaa bulchiinsa haqaa yakkaa keessatti hirmaatanii sadarkaa feederaalaafi naannootti diriirfamanifi walta’iinsi qaamolee kanneen gidduutti gaggeeffamu maal ta’uu akka qabu kan agarsiisuudha. Kana malees sirni haqaa yakkaa sirna raawwii qaamoleen mootummaa adeemsa ijaarsa siyaas-dinagdee keessatti namoonni dhuunfaafi hawaasni bal’aan olaantummaa seeraa kabajanii akka jiraatan gochuun raawwii yakkaa to’ataniifi xiqqeessan akkasumas namoota yakka raawwatan seeratti dhiheessanii tarkaanfii adabbii fudhachuun, jijjiirama amala fidanii akka bahan gochuu irratti kan kaayyeffate akka ta’ees hubachuun barbaachisaadha.

Haala kanaan, sirni haqaa yakkaa dhimmoota ijoo imaammata sirna haqaa yakkaa keessatti hammatamaniin kan hoogganamuudha. Imaammanni sirna haqaa yakkaa biyyaa keenyaas qajeeltoowwaniifi duudhaalee Heeraafi waliigalteewwan mirgoota namoomaa idila addunyaan tumaman, hojmaataafi istaandaardiiwwan sirna haqaa yakkaa kanneen akka addunyaatti beekaman kan hammateedha. Innis kallattiiwwan olaantummaa seeraa mirkaneessuudhaan nageenyaafi tasgabbi waliigalaa lammiilee, namoota dhuunfaafi biyyaa eegsisuudha. Kana malees sirni haqaa yakkaa olaantummaa seeraa irratti ijaarame, haqa qabeessaafi madaalawaa, dhaqqabamaa, si'awaa, tilmaamawaafi walfakkaataa, sirna haqaa yakkaa iftoominaafi itti gaafatamummaa qabu diriirsuudha. Kana gochuuf seera yakkaa hojiirra oolchuun dirqama. Seera yakkaa hojiirraa oolchuuf immoo qaamoleen seericha raawwachisaan diriirsuufi maalummaa seera yakkaafi hojiirra oolmaa isaa beekuun sirnaan raawwachuu gaafata.

Kana malees, seera yakkaa raawwachisuuf maalummaa sirna haqaa yakkaa, hojiiwwan ittisa yakkaafi bakka yakki raawwatee argametti immoo eeruu yakkootea fuuchuu, yakkootea qorachuufi hordofuu, himannaa yakkaa hundeessuufi murtii haqaa kennuufi adabbiwwan kennaman raawwachisuu dabalata.

Gaaffiilee Marii

1. Kenniinsa tajaajila haqaa yakkaa keessatti sirna qoodinsa aangoo fi gahee hojii iftoominaafi itti gaafatamummaa qabu diriirsuun, sirna bulchiinsa haqaa yakkaa bu'aa qabeessa ta'e haala kamiin hojiirra oolchuun danda'ama?
2. Sirna haqaa yakkaa bu'aa qabeessa diriirsuun faayidaa maal qaba? Keessuma sirna caasseffama qaamolee haqaa, qoodinsa aangoo fi gahee hojii akkasumaas qindoomina waliin hojjechuufi barbaachisummaa isaa kaasuun irratti mari'adha.

1.2.2. Maalummaa Seera Yakkaa Biyya Keenya

Akkuma beekamu meeshaan hariiroofi walitti dhufeenya namootafi hawaasa gidduu jiru to'achuun nagaafi tasgabbi hawaasaa ittiin eegsisaan seeraadha. Seeronni kunis seera hariiroo hawaasaa (Seera mirgootaafi dirqamootaa namoota dhuunfaa gidduu jiru to'achuu irratti kan

fuulleffatee)fi seera yakkaa (Seera dantaa hawaasaa eegsisuuf xiyyeeffate, akkasumaas wiirtuu barreeffama kanaa kan ta'e)dha. Haala kanaan, qaamolee seeraa keessaa seerri sirni itti gaafatamummaa yakkaa akka jiraatu diriirsuun, mirgoonni namoomaafi bilisummaawwan bu'uuraa lammilee akka kabajamu taasisuun nageenyifi tasgabbiin hawaasa bal'aafi jiraattootaa akka mirkanaa'u kan godhu seera yakkaa ti. Dhugaa kana ilaalchisuun bifa waliigalaan, hayyuufi barsiisaa seeraa kan ta'e, Piroofiser Roscoe Pound, akkas jechuun ibseera: "Law is species of social engineering whose function is to maximize the fulfillment of the interest of the community and its members and to promote the smooth running of the machinery of society"¹

Haaluma walfakkaatuun maalummaa seera yakkaa ilaalchisuun hayyuun seera tokko akkas jechuun ibseera;

“‘Criminal law’-is usually the name of a body of substantive rules designated by state institutions and how unlawful conduct is labelled by governments and judicial institutions has specific legal consequences. In domestic law, ‘criminal law’ is thus usually taken as the designation for a body of substantive rules formulated by the legislative body or bodies of a state to proscribe certain categories of conduct within its jurisdiction. The term also encompasses the more general principles for attributing criminal liability, as well as proportionality and concrete practices related to sentencing that have to be taken into account before a criminal act can be fairly translated into a particular saction against the suspect.”²

Haala kanaan, akka ibsa hayyuu kanaa irraa hubatamuutti, 'seerri yakkaa' seera bu'uuraa, gosoota gochoota ykn miti gochootaa raawwachuun ykn raawwachuu dhabuun itti gaafatamummaa yakkaa kan hordofsiisu adabbii waliin addaan baasuun kan ibsu akka ta'e agarsiisa. Kanaaf seerri yakkaa, seera gochoota (acts) fi miti gochoota (omissions) irratti dhorkaa gatuudha. Gochoonni immoo calaqqee duudhaa, safuu, aadaafi amantaa akkasumaas guddina hawaasummaa, dinagdeefi siyaasaa hawaasni ykn biyyi sun qabduun kan ibsamudha. Haala kanaan, haala qabatama hawaasa tokko irratti hundaa'uun gochoonni ykn miti gochoonni seeraan

¹ As cited in, Criminal Law, Teaching Material, National Open University of Nigeria, Course Developed by Ofidon G. Oyakhiromen, p.23.

² Terje Einarsen, The Concept of Universal Crimes in International Law, 2012, Torkel Opsahl Academic EPublisher, Norway, Oslo, pages 19-20.

dhorkaan irratti gatamu garaagarummaa ni qabaata. Gama biraan jijjiiramni gama hawaasummaan, siyaasaan, dinagdeefi aadaan yeroodhaa gara yerootti godhamu guddina seera yakkaa biyya tokko waliin hidhata olaanaa qaba. Kanaarraa ka'uun akka addunyaatti hiikkaafi maalummaa seera yakkaa ilaalchisee hiikkaa waltawaafi amaloota gochaa yakkaa walfakkii qaban qabaachuun rakkisaadha.

Gama biraan, gochoonni dhorkaa ta'an qaama aangoo seera baastuu biyya tokkoon yakkummaan isaa bu'uura seeraan labsamu qaba. Haala kanaan, seerri tumamu immoo aangoo birmadummaa biyyi sun qabduufi itti gaafatamummaa akka biyyaafi dirqamoota idil-addunyaan waliitti hidhamee kan ilaalamuudha. Seerri yakkaa fi adabbileen isaa biyyoota addunyaa hedduu keessatti dhimmoota bu'uuraa irratti wal- fakkeenya qabaatanis dhimmoota tokko tokko irratti garaagarummaa qabaachuu ni danda'u. Garaagarummaan kunis kan uumamu danda'u gaaragarummaa sonaawwan ilaalcha yaada, amantaa, aadaa fi qaroominni guddinaa qabiinsa mirga dhala namaa wajjiin qabu irraa kan maddaniidha. Bu'uuruma kanaan dhugaatiiwwan alkoolii ta'an, sagaagalummaa, Saalqunnamtii saalaa walfakkaata, ulfa baasisuu fi kkf biyyoota tokko tokko keessatti gochoota yakkaa jedhamuun kan dhorkamaniifi adabbii reebichaa ykn adabbii du'aa kan horofsiisaniidha.³ Biyyoota biroo keessatti garuu dhimmoonni wal fakkaataa ta'an kunneen kan yakkaan nama hin gaafachiifne ta'anii argamu.⁴

Akka waliigalaatti seerrii yakkaa seera namni tokko raawwadhu ykn hin raawwatin jechuudhaan wantoota raawwatamanii fi raawwatamuu hin qabne gadi fageenyaan kan agarsiisuu fi rawwatamuuf raawwattamuu dhabuu isaaniitiin namoota kanneen seeraan kan adabuu fi hanga adabbichaa kan murteessu dha. Kana jechuunis yakki gochaalee seera yakkaatiin dhorkaman raawwachuu ykn ajaja ykn dirqama akka raawwataniif (isaan irratti gatame) kaa'ameef osoo hin raawwatin hafuu dha.

³ Fakkeenyaaf, The UAE Federal Penal Code, (Article 354, Whoever commits rape on a female or sodomy with a male shall be punishable by death.), Seerri yakkaa biyya keenyaas, saalqunnamtii amala uumamaaf faallaa ta'an, kan akka gochaa middisaafi gochoota biroo kabaja qulqullummaaf faallaa ta'an yakkaan kan gaafachisaniifi adabsiisan ta'uu tumeera.(Keewwata 629. Middiisaafi Gochoota Biroo Kabaja Qulqullummaaf Faallaa Ta'an Namni kamiyyuu nama isa waliin saala walfakkaatu qabu biroo waliin middiisa yookiin gocha biroo kabaja qulqullummaaf yookiin amala gaariif faallaa ta'e kan raawwate yoo ta'e; hidhaa salphaan ni adabama.

⁴ Norway, Same-sex sexual activity has been legal in Norway since 1972. At the same time of legalization, the age of consent became equal regardless of gender or sexual orientation, at 16.

Seerri yakkaa balleessaawwan ykn gochaawwan adabbii hordofsiisuu danda'an fi balleessitoota gocha sanaa irratti adabbii fi tarkaanfii ofeeggannoo fudhatamuu qabu dursee murteessa. Qixa kanaan seerri yakkaa balleessaawwan yakka jedhamanii adda bahan dursee agarsiisa. Gocha seerri dursee yakka jedhee adda hin baafne akka yakkaatti ilaaluun adabbii murteessuun hin danda'amu. Gocha raawwatameefis adabbii fi tarkaanfii of eeggannoo seeraan ka'ameen ala fudhachuunis dhorkaa dha. Bu'uura kanaan seerri yakkaa namoota gocha itti gaafatamummaa hordofsiisuu raawwatan seera yakkaan akka gaafataman kan itti godhamuu fi yakka kan raawwatan ta'us adabbii seeraan kaa'ameen ala kabaja namoomaa haala tuquun akka hin adabamne warra balleessa raawwataniifis wabii kan darbuudha.

Heerri mootummaa biyyaa keenyaa caaseeffamni isaa mootummaa feederaalaa akka ta'e ni ibsa. Haala kanaan Aangoon mootummaa feederaalaa fi naannoolee qoodameera. Heerichis mootummoonni lamaan dirqama mirgoota namoomaa kabajuu fi kabachisuun olaantummaa seeraa mirkaneessu akka qaban lafa kaaheera. Bu'uura kanaan, jijjiirama Sirna Mootummaa fi bulchiinsa taasisuun, seerri yakkaa bu'uura heeraa qabu yeroo jalqabaaf tumaamuun hojiirra akka oolu ta'eera. Aangoon seera yakkaa tumuus aangoo mootummaa feederaalaa ta'uun haguuggii bu'uura heeraa argateera.⁵ Haa ta'u malee, mootummoonni naannoos bakka seerri yakkaa mootummaa feederaalaa ifaan hin tumneetti seera yakkaa mataa isaanii baafachuu ni danda'u.⁶Kanaaf Manni Maree Bakka Bu'oota Uummataa aangoo bu'uura heeraan kennameef ka'umsa godhachuun Seerri yakkaa bara 1996(2004) bahuun hojiirra akka oolu ta'eera. Kutaa itti aanu jalatti kaayyoofi galmi seera yakkaa biyyaa yeroo ammaa hojiirra jiru maal akka ta'e bifa gabaabaan kaasuun kan ilaallu ta'a.

Gaaffii Marii

1. Seerri yakkaa bara 1996(2004) bahuun hojiirra akka oolu ta'e kun, yaaddama Heera Mootummaa Keewwata 55(5) duuba jiru bu'uura godhachuun seera yakkaa baheedha moo seera yakkaa seera Adaba yakkaa bara 1949 bahee ture fooyyeessuuf kan baheedha?

⁵ Heera Mootummaa Federaalaa Dimookiaratawaa Ripaabilikaa Itiyoophiyaa, Labsii Lakk 1/1997 Nagaarit Gaazexaa Federaalaa, keewwata 55(5).

⁶ HMRDFI kwt 55(5).

2. Dhimmoonni bu'uura seerri yakkaa Itiyoophiyaa akka jijjiiramuuf ka'umsa ta'an maal fa'i? Deebii keessan yaadota haaraa seerichi hammate waliin walcinaa qabuun fakkeenyaan kaasuun irratti mari'adha.

1.2.3. Kaayyoo Fi Galmaa Seera Yakkaa Biyya Keenyaa

Seerri yakkaa seera nageenya hawaasaa waliigalaa eegsisu waan ta'eef, gochoota dhorkamaan akka hin raawwatamneef kanneen hayyamaman immoo akka raawwatamaniif jajjabeessuun hariiroo waliin jireenyaa hawaasa bal'aa kan cimsuudha.

Kaayyoo bu'uuraafi galma seera yakkaafi sirna haqaa yakkaa galmaan gahuuf immoo hojiiwwan ijoo lama hojjetamuun dirqama ta'a. Inni jalqabaa bu'uurumaan gochaaleen yakkaa raawwatamuun miidhaawwan lammileefi hawaasa bal'aa irraan akka hin geessisneef, dursani hojiiwwan ittisa yakkaa raawwachuudha. Hojiin kunis bifa bu'aa qabeessaafi xiyyeeffannoo olaanaan qabuun raawwatamuu danda'u qaba. Kaayyoon ijoo sirna haqaa yakkaa inni bu'uuras kana akka ta'ee beekamu qaba. Gama hojii ijoo lammaffaatiin immoo, tarkaanfiiwwan gama ittisa yakkaan fudhataman gahaa ta'uu dhabuu irraa kan ka'e, gochi yakkaa raawwatame kan argame yoo ta'e, tarkaanfii ittisa yakkaaf gargaaru keessa tokko kan ta'ee takaanfii olaantummaa seeraa mirkaneessuu fudhachuudha.

Haala kanaan, kaayyoon seera yakkaa biyya keenya inni ijoon fedhii hundaaf jecha nageenya, tasgabbii, sirna, mirgaafi dantaa biyyatti, mootummaa, uummattootaafi jiraattoota biyyatti eeguufi mirkaneessuudha.⁷ Ta'uus, yakki yeroo kamiyyuu hawaasa keessatti raawwatamuu kan danda'u waan ta'eef; kanaan wal-qabate adabbii yakkamtoota irratti fudhatamuun isaa waan oolu miti. kaayyoon seera yakkaa nageenyafi tasgabbii hawaasa eeguuf, galma seera yakka bira gahuuf adabbiin akka meeshatti kan gargaaru ta'uu isaati. Hawaasicha kan barbaaduus yakki akka hin raawwatamne ittisuun yoo ta'uu, kanas karaa ittin galmaan gahu keessaa tokko adabbiidha. Raawwattoonni yakka adabamuun isaanii, yakka biraa raawwachuu irraa akka of

⁷ Seera Yakkaa Rippaabilikaa Dimokiraatawaa Federaalawaa Itiyoophiyaa, 1996, Negaarit Gazeexaa Labsii Lakk.414/1996, kwt 1.

qusatan kan isaan taasisuu yommuu ta'u, darbees namoota yakka raawwachuuf qophii qabaniifis akeekkachiisa ta'a.

Kanarraa ka'uun tumaan seera yakkaa keewwanni 1, kaayyoo seera yakkaa galmaan gahuuf, tarkaanfiiwwan sadii fudhatamu akka qaban ni agarsiisa.⁸Inni jalqabaa, qajeeltoo beeksisuu hojiirra oolchuuti. Qajeeltoon kun itti gaafatamummaa mootummaan qabu akkaataa seeraan gochaawwan yakkaa ta'aniifi adabbii isaanii dursee hawaasni akka beekuu taasisuudha.Tarkaanfiin kun gochoota itti gaafatamummaa yakkaa hordofsiisaan adabbii isaanii waliin labsuudha.Kun immoo namni kamiyyuu dursee gochoota seeraan dhorkamaan beekuun gochoonni kun itti gaafatamummaa yakkaa adabbii kan hordofsiisan ta'uu beekuun gochoota kanneen raawwachu irraa harka ofii akka butatu taasisuudha. Erga kun raawwateen booda, namni seericha sirnaan hubachuu dhabuun yakka kan raawwate yoo ta'ees, seera beekuu dhabuun itti gaafatamummaa yakkaa kan hin hambisne ta'uu hubachiisuun ta'a. Kaayyoo seera yakkaa galmaan gahuuf, tarkaanfiin inni lammaaffaan fudhatamu qabu, adabbiidha. Tarkaanfiin adabbii kan fudhatamu, hojiin seeraan gochaawwan yakka ta'an labsame, namni kamiyyuu kana bira darbuun gochaa yakkaa raawwatee kan argame yoo ta'eedha. Adabbiin immoo tarkaanfii mootummaan namoota gochaa yakkaa raawwatan irratti, kanneen akka adabbii qabeenya dhaaluu ykn hogguuruu, bilisummaa isaanii daangeessuuf hidhaa ykn dandeetti yeroo dhumaaf dhabamsiisuuf, adabbii du'aa ta'uu danda'a. Akkaataa seera yakkaa biyya keenyaatiin, tarkaanfii adabbii fudhachuun immoo galmoota gurguuddoo lama milkeessuuf akka ta'e ni agarsiisa. Galmi jalqabaa, yakkamtootaafi namoota hawaasa keessaa gara fulduraatti yakka raawwachuuf yaada walfakkaata qaban akeekkachisuudha. Inni lammaffaan immoo yakkamtoota haaromsuu ta'a. Kaayyoon murtii adabbii hidhaa mirga walabummaan socho'uu sirreeffamaa daangeessuun sirreeffamaan badii raawwatee irraa akka of sirreessuu fi gara hawaasaatti yeroo gad dhiifamuuttis miseensa hawaasaa warraa fooyya'aan taasisuu dha. Kanaafuu sirreeffamaan erga haaromee booda gara hawaasaatti makamuun shoorra inni guddina gama siyaasaa dinagdee fi hawaasummaa keessatti qabu akka bahatu taasisuudha. Tarkaanfii sadaffaan kaayyoo seera yakkaa galmaan gahuuf fudhatamu qabu tarkaanfii ittisaati. Kunis yeroo argisiistuun calaqqee

⁸ DEJENE GIRMA JANKA, A Handabook on the Criminal Code of Ethiopia, Addis Ababa, Ethiopia, 2013, fuula 4-5.

gochaa yakkaa mul'atuutti yakki sun akka hin raawwamneef ykn yakki dabalata biroon akka hin raawwatamneef tarkaanfii ittisa yakkaa fudhachuun barbaachisaadha.⁹

Kaayyoon seera yakkaa nageenya jiraattotaa mirkaneessuu dha. Inni kun ifatti kan agarsiisu mirgaa dhuunfaa irra mirgi uummataaf dursi kan kenname ta'uusaati. Kanaafuu gochi yakkaa tokko yoo raawwatamu akka waliigalatti faayidaa hawaasaa irratti midhaan gaheera jedhamee tilmaamama. Bu'uuruma kanaan sirni hawaasaa, nageenyaafi tasgabbiin hawaasaa kan eeggamuu danda'uu mirgi namoota dhuunfaa yoo eeggamu waan ta'eef, yakki mirgoota kana irratti raawwatamu akka yakka faayidaa hawaasaa irratti raawwatametti lakkaa'ama.

Keewwata tokko paaraagraafi lama irratti akka caqasametti yakki akka hin raawwatamne ittisuun kaayyoo seera yakkaa tokkoffaa fi isa jalqabaati. Kaayyoo seera yakkaa galmaan ga'uuf akka galmaatti ta'ee kan fudhatamu yakki akka hin raawwatamne ittisuu dha. kana galmaan ga'uufis maloota adda addaa hojii irra ni oolcha. Haaluma kanaan gochaalee mirgoota hawaasaa adda addaa ni miidhu jedhamanii amanaman akka hin raawwatamne yakkootaa fi adabbii isaanii dursee akeekkachiisa ni laata. Kanaafu hunda dura hawaasni gochaalee akka yakkaatti caqasamaniifi adabbii qaqqabsiisan akka beeku taasisuu fi gochaalee caqasaman irraa akka fagaatu akeekkachiisa laachuun mala isa duraati.

Sababni galmii seera yakkaa inni tokko akeekkachiisa itti ta'e bakka seerri hin jiretti adabbiin waan hin jirreef seera baasuun akeekkachiisuun barbaachisaa dha. Qajeelfama bu'uuraa seera yakkaa yoo ilaallu kewwata 2 irratti seeraan yakka jedhamee dhimmi hin kaa'amne kan hin adabsiisne ta'uu isaa fi seera yakkaa kewwata 5 jalatti immoo seerri yakkaa gara duubaatti deebi'ee kan hin hojjanne ta'uusaa ibsuun akeekkachiisuun galma seera yakkaa ta'uu isaa ni hubachiisa.

Akeekkachiisni qofaa isaatti kaayyoo seeraa galmaan gahuu yoo hin dandeenye namni balleessaa raawwate hamma badii isaafi bu'uura seerri kaa'uun adabama. Galmi seerichaa nama balleessaa raawwate sirreessuu fi namoota biroo yaadaa fi akeeka walfakkataan qaban akeekkachisuudha. Seerri yakkaa seerota biroofi gochaalee safuu hawaasaatiin faallaa ta'an irraa haala adda itti ta'e yoo ilaallu, namni kamiyyuu, qaama namummaan seeraa laatameefis ta'e dhalli namaa gocha seeraan dhorkame yoo raawwate ykn akka raawwatuuf dirqama qabu osoo hin raawwatiin yoo

⁹ Dejene Girma Janka, fuula 5.

hafe mirga namoota biroo ykn hawaasaa akka walii galatti miidhuu danda'a. Hanqinaaleefi dogoggoorri kunneen namoota ykn akka waliigalatti hawaasa irratti miidhaa akka geessissan beekamus tumaalee seera yakkaa irra darbuudhaan balleessaawwan raawwatamanii fi balaan isaan hordofsiisan akka waliigalaatti hawaasa irratti akka raawwatamanitti yaadamu. Inni kun akka armaan olitti ibsametti , amala bu'uuraa seera yakkaa seerota biroo irraa kan adda taasisuu dha.

Osoo raawwatamanii ykn yaalaman hawaasa kan miidhanii fi hawaasni akka hawaasaatti akka itti hin fufne waan godhaniif mootummaan nageenyaafi tasgabii ummataa eegsisuuf itti gaafatamummaa waan qabuuf himatamicha irratti karaa abbaa alangaatiin himata banuun ragaa dhiyeessee ni adabsiisa. Adeemsi kun maatiin namicha miidhamee ykn miidhamaan mataan isaa miidhaa isa irra ga'eef beenyaan kan kennamuufis yoo ta'e kan itti fufuudha.

Fakkeenyaaf ajjeechaa, gudeeddi fi saamicha kan fakkaatan bu'uura seera yakkaatiin kan dhorkamaniifi yoo raawwatamanii argamanis raawwataan itti gaafatamu ifaan kaa'ameera. Gochaaleen kunneen miidhaa kan qaqqabsiisan namoota dhuunfaa irratti ta'us bu'uura seera yakkaatiin kan hawaasa miidhan ta'anii ilaalamu. Abbaan alangaas, seerri yakkaa ifatti mirga iyyata dhiyeessuu miidhamaa dhuunfaatiif yoo hin laanne, ragaa barbaachisu sassaabuun nama yakka raawwate mana murtiitti dhiyeessuudhaan adabbii barbaachisaa ta'e akka argatu taasisa.

Bu'uura seera hariiroo hawaasaatiin garuu falmitootni yookaan bu'uura seeraatiin mirgi naaf kaa'ame najalaa sarbameera nama jedhutu dhimmicha gara seeraatti dhiyeessa malee akka yakka irratti ilaalleetti mootummaan nama dhuunfaa bakka bu'ee dhimma hariiroo hawaasaa irratti hin falmu. Sababni isaas falmiin hariiroo hawaasaa walddhabii namoota dhuunfaa giddutti uumame dha. Kana jechuun immoo haala addaan abbaan alangaa bu'uura seeraan hayyamameen namoota miidhaan irra gaheef, bakka bu'uun hin falmu jechuu miti.

Adabbiin nama tumaalee seera yakkaa irra darbe irratti murtaa'u mirgoota bu'uuraa isaa tuquu danda'a. Manni murtii ragaa abbaa alangaatiin dhiyaate erga dhagaheen booda balleessaa ta'ee yoo argate adabbii ni murteessa. Adabbiileen kunneen mirga bilisa ta'anii socho'uu kan daangeessaan ta'uu danda'u. Fakkeenyaaf hidhaa ykn mirga lubbuun jiraachuu mulquu danda'u. Namni balleessaa raawwate adabbiin du'aa yoo itti murtaa'e mirga guddaa fi gatii-qabeessa ta'e ni dhaba. Falmii hariiroo hawaasaa keessatti murtiin dhumaa qabeenya fudhate akka deebisu

yookaan beenyaa akka kafalu gochuu dha. Inni kun immoo qabeenya wajjiin kan wal-qabatu malee mirgoota bu'uuraa himatamaa kan tuqanii miti. Kanaafuu itti gaafatamummaa yakkaatiin adabbiwwan murtaa'an cimoo fi baay'ee ulfaataa yoo ta'an kan hariiroo hawaasaatiin murtaa'an garuu wal-bira qabamanii yoo ilaalaman salphaa dha.

Seera yakkaa gochaalee safuu hawaasaatiin faallaa ta'an wajjiin wal-bira finnee yoo ilaallu immoo akka armaan olitti ibsametti gocha tokko raawwachuun ykn osoo hin raawwatin hafuun akka yakkaatti kan laakka'amu qaamni seera baasu dhimmicha ifatti yakka ta'uu isaa yoo tume qofa dha. Haata'uu malee gochaaleen duudhaalee hawaasaa kabajuu maddi isaanii amantaa yookaan miiraa kabajaa keessaa maddu ta'uu danda'a. Gochi gaariin amantaa irraa maddu ilaalcha namichi qajeeltoowwan amantaa isaatiif qabu irraati. Naamusni gaariin maatii, hangafoota fi hooggantoota fi ilaalchaalee kabajuu irraa kan maddu ta'u danda'a. Akka kutaalee adda addaa biyya keenya keessatti ilaalamutti ilaalcha maatii kabajuun, wanta hangafooni jedhan raawwachuun xiyyeeffannaa dhimma kanaaf laatamu irraa kan madduu dha.

Garaagarummaan bu'uuraa lamaanii kan mul'atu yeroo hojii irra oolani dha. Itti gaafatamummaan yakkaa, yaadaa fi kaayyoo qaama seera tume bu'uureeffachuun adabbii cimaa fi idilee qaba. Gochaawwan gaarii fi duudhaalee hawaasaa kabajan kan jiraachuu fi itti fufuu danda'an hawaasni kabajaa fi miira ol'aanaa malee adabbii idilee waan hordofsiisaniif miti. Fakkeenyaaf seera yakka irratti ni adabsiisa isa jedhu namni darbe ni adabama. Haata'uu malee hawaasa keessatti gorsa hangafaa dhagahuun ykn ollaa wajjiin nagaa walgaafachuun akka safartuu amala gaariitti lakkaa'amus, namni isa kana raawwachuun dhiiseef hin adabamu.

BOQONNAA LAMA: QAJEELTOOWWAN SEERA YAKKAAFI HEERA MOOTUMMAA

Seensa

Heerri seera bu'uraa hariiroo waliin jireenya namoota dhuunfaa, uummataa fi lammiilee sanada dhimmoota jiran hunda ol-aantummaan qajeelchuu fi abboomuu dha. Haaluma wal fakkaatuun Heerichi seera yakkaa biyya keenyaa ilaalchisee qajeeltoowwan seera yakkaa qabiyyee fi caaseffama seera yakkaa murteessan of keessatti hammatee argama. Seera baastuun biyyaattiis tumaalee qajeeltoowwan kanneen irraa maqan baasuu hin dandeessu. Bu'uura kanaan Heerichi seera yakkaa biyyattii keessatti bahee hojii irra oolu heerawummaa akka qabaatu kan hin qabaanne immoo qaama aangoo qabuun akka xiinxalamee sirratu taasisa. Kun immoo mala ittiin heerichi ol'aantummaa heeraa kabachiisuu fi mootummaan aangoon isaa heeran daanga'e akka jiraatu ittiin taasisu keessaa mala isa duraati.

Qajeeltoowwan bu'uraa seera yakkaa bu'uura heeraa qaban kunniinis qajeeltoo seerummaa fi raawwatamummaa seera yakkaa, qajeeltoo yakka tokkoon lammata gaafatamuu fi adabamuu irraa bilisa ta'uu, qajeeltoo wal-qixxummaa fi qajeeltoo namoomaa , fi qabiinsas ta'ee adabbii farra namoomaa irraa bilisa ta'uuti.

Bu'uruma kanaan xummura boqonnaa kanaan booda leenjitoonni: -

- Hariiroo seera yakkaafi heera mootummaa adda baasuun ni xiinxalu;
- Qajeeltoo seerummaa fi raawwatamummaa seera yakkaa ni ibsu;
- Qajeeltoo yakka tokkoon lammata gaafatamuu fi adabamuu irraa bilisa ta'uu seera yakkaa adda baasuun ni hubat;;
- Qajeeltoo wal-qixxummaa seera yakkaa adda baasuun ni ibsu;
- Qajeeltoo mirga namoomaa , fi qabiinsas ta'ee adabbii farra namoomaa irraa bilisa ta'uu seera yakkaa ni xiinxalu;
- Rakkoowwan qabatama hojii keessa jiru adda baasuun hubachuun hojiif ni qophaahu jedhameeti eeggama.

2.1. Hariiroo Seera Yakkaafi Heera Mootummaa

Heerri Mootummaa biyya keenyaa kan yeroo amma kana hojiirra jiru, seeraa olaanaa biyyattifi sanada birmadummaa saboota, sablammootaafi uummattoota biyyatti ibsu yommuu ta'u; seerota bu'uuraa, seerota deemsaafi sirna haqaa biyyatti waliin hidhata guddaa qaba.¹⁰kana jechuun seeronni bu'uuraas ta'ee seeronni adeemsa hundi karaa ergama heerichaa galmaan gahuu danda'aniin bocamuufi hojiirraa ooluu akka qaban agarsiisa. Kanaaf, heerri qajeeltoowwan bu'uuraafi duudhaalee seerri yakkaa ittiin bitamu, keessuma dhimmoota ijoo mirgoota namoomaafi bilisummaawwan bu'uuraa dhala namaa hundaaf raawwatiinsa qaban haala waliigalaan hammachuun, mirgoota bu'uuraa namoota yakkaan shakkamaniifi haala qabiinsa isaanii akkasumaas mirgoota namoota adabbiin hidhamaniifi qajeeltoowwan bu'uuraa qabiyyeen seera yakkaa keessatti hammatamuu qaban ni tarreessa.

Haala kanaan, seerri yakkaa biyya keenyaa kan waa'ee qabiyyee gochoota yakkaa, gosaafi adabbii gochaawwan yakka irratti fudhatamuu qaban tarreessuu, dhimmoota waliigalaa heericha keessatti akka qajeeltootti ibsaman haala hammateen waan tumameef, heericha waliin waliitti dhufeenya kallatti qaba. Kunis kan agarsiisuu, sadarkaa jalqabaatti qaamni aangoo seera baasuu qabu, seera yakkaa qabiyyeen isaa mirgoota namoomaa heerichaa beekantiifi eegumsa argatan hojiirraa oolchuu danda'uufi haala raawwii isaatiinis karaa heerichan walsimateen tumuu akka qabu ni dirqisiisa.

Qaamoleen seera raawwachistuus ta'ee seera hiiktuu seera yakkaa karaa heerichaan walsimuun hojiirra oolchuu qabu. Kanarraa ka'uun hariiroon seera yakkaafi heera mootummaa gidduu jiru maalii? Kan jedhuuf, Seerri yakkaa qabiyyee isaa keessatti qajeeltoowwan bu'uuraa dhimmoota yakkaa irratti heerichaan tumaman karaa hammateen, qabiyyeen seera yakkaa bu'uuraa heeraa qabaachuu akka qabuufi sochii raawwii sirni haqaa yakkaa guyyaa guyyaatti taasisuus karaa heera bu'uura godhateen raawwatamu akka qabu agarsiisa. Kunis hojiin duraa ittisa yakkaa akkuma jiruutti ta'ee, bakka gochaan yakkaa raawwatame argameetti, namoota gochaa yakkaa

¹⁰ Seerota Bu'uura Ilaalchisee Qajeeltoowwaniifi Kallattiiwwan Heerri RDFI kaa'e, Moojuulii Leenjii Hojiirraa Yeroo Dheeraatiif Qophaa'e, Giddu-Gala Leenjii Ogeessota Qaamolee Haqaa Federaalaan Qophaa'e (Guraandhala 2004), Inistiitiyuutii Leenjii Ogeessota Qaamolee Haqaaifi Qorannoo seeraa Oromiyaatiin Afaan Oromootti kan Hiikame, Tasfaayee Niwaayfi Milkii Makuriyaa, Muddee 2005, Adaamaa, fuula 10.

raawwatanii argaman haala madaalawaa ta'een dhimmi isaanii ilaalame, balleessummaan isaanii mirkanaa'uun, haala dhuunfaa raawwataa gochaa yakkaa, haala raawwiifi cimina gochaa yakkaafi miidhaa dhaqqabsiise gidduu galeessa godhachuun adabbiin kaayyoo seera yakkaa galmaan gahuu danda'uufi bu'uura seera qabu fudhatamuu qaba.

2.2. Qajeeltoowwan Bu'uura Sirni Haqaa Yakkaa Ittiin Hoogganamu

2.2.1. Qajeeltoo Seerummaa (Legality Principle)

Yeroo ammaa kana qajeeltoowwan bu'uuraa seera yakkaa biyyoota addunyaa hedduu keessatti beekantiifi fudhatamummaa argatan keessa tokko qajeeltoo seerummaati. Qajeeltoon kunis jecha Laatiin “nulla ponena lega” jedhu irraa kan fudhatame yommuu ta'u; innis Afaan Ingiliffaan hiikka “no crime without law” jedhu qaba. Kana jechuun ‘seeraan tumamu malee yakki hin jiraatu’ erga jedhu of keessa qaba. Sababa kanaaf qajeeltoon kun qajeeltoowwan seera yakkaa keessaa kan bu'uuraati jedhama.¹¹ Haala kanaan qajeeltoon kun qajeeltoo seerota yakkaa biroofis raawwatinsa kan qabaatudha.

Qabiyyeen seerummaa kunis namni tokko seera yakkaan itti gaafatamummaa qabachuufi adabbiinis irratti murtaa'u kan danda'u, gochi inni raawwate sun yakkaan kan gaafachisu ta'uufi adabbii murtaa'u waliin dursee yoo tumame qofaadha. Kunis gochaan yakkaa itti yaaduunis ta'ee dagannoon raawwatame sun itti gaafatamummaa yakkaa himatamaa yakkaa irratti hordofsiisuuf dursee gochicha yakka jechuun labsuu akka qabu agarsiisa. Kanaaf yakkummaan gochaa yakkaa raawwatame sana dursee seera yakkaa biyyaattiin kan labsamee ta'uu qaba.

Heerri RDFI keewwata 22(1) tokko jalatti “namni kamiyyuu himanni yakkaa yommuu irratti dhiyaatu, gochi ittiin himatame yeroo raawwatametti gochicha raawwachuun yookiin raawwachuu dhiisuun yakka ta'uunsaa seeraan kan tumame yoo ta'e malee, hin adabamu” jechuun qajeeltoo kanaaf uwwisa haguuggii heeraa kenneera. Akka ibsa tumaa heera kanaa irraa hubatamuutti, nama tokko gochaa yakkaa raawwateera jechuun himachuufi adabbiis irratti

¹¹ Dejene Girma Janka, fuula 5.

murteessuun kan danda'amu, gochi raawwatame kun seera yakkaan kan dhorkame ykn akka raawwatamu barbaadamee otuu hin raawwatamiin kan hafee ta'uu qaba. Haala kanaan, mootummaan gochoota yakkaa nageenya, tasgabbi, sirna, faayidaafi mirga lammiilee biyyatti, uummataafi jiraattota biyyattii, irratti raawwataman tarreessuun gochoota kana seera yakkaa biyyaatti keessatti tumuufi uummatni biyyattiis gochoota kana akka beeku gochuutu irraa eegama.

Gama biraan qajeeltoon seerummaa qaamoleen mootummaa dhimma yakkaa seeraan hin dhorkamne irratti himannaa yakkaa dhiyyeessuun adabbiin yakkaas akka hin murteessineef qajeeltoo dhorkuudha. Bu'uura kanaan aangoo qaamoleen seera raawwachiftuu ykn aangoo manneen murtii ykn abbootiin seeraa qaban kan daangeessuudha.

Qajeeltoon seerummaa heeraa biyya keenyaa keessatti ibsame kun, seera yakkaa biyya keenya bara 1997 hojiirra oole keessatti uwwisa seeraa argateera. Innis Seerri yakkaa waa'ee yakkoota adda addaafi adabbiilfi tarkaanfiilee eeggannoo fudhatamu qabani addaan baasuun tarreessuun tumuu akka qabu ni dirqisiisa.¹² Bu'uuruma kanaan manni murtiis gocha ykn gochuu dhabuu seeraan alummaan isaa seeraan hin tumamne akka gochaa yakkaatti lakkaawuufi adabbii itti murteessuus hin danda'u. Fakkeenyaaf Sagaagalummaan (prostitution) seera yakkaa biyya keenyaan yakka jedhamuun waan hin tumamneef, gocha safuu hawaasaan faallaa ta'e kana namoota raawwatan irraati itti gaafatamummaa yakkaa hordofsiisuun hin danda'amu.¹³

Qabxiin biraa qajeeltoo seerummaan waliin ilaalamu qabu, qajeeltoo adabbii ti. Innis manni murtii adabbiileefi tarkaanfiilee ofeeggannoo inni fudhachuu danda'u kanneen seerichaan gochaa yakkaa sanaaf ibsame qofaa akka ta'e tumaa seera yakkaa keewwata 2(1) irraa hubachuun ni danda'ama. Kunis adabbiin ykn tarkaanfiin fudhatamu yeroo gochaan yakkaa sun raawwatamu kan seeraan hin tumamne yoo ta'ee, fudhatamuu akka hin dandeenya agarsiisa. Kana malees raawwiin adabbiilee murtaa'aniis akkaataa seeraan ibsamaniin ta'uu akka qabu qajeeltooma kana gadi qabani ilaaluun hubachuun ni danda'ama. Fakkeenyaaf adabbiwwan murtaa'aan akkaataa seeraan daangaadhaan raawwachuun dhorkaa ta'an daangeessuun dhorkaadha. Akkasumaas

¹² Seera Yakkaa, kwt 2(1).

¹³ Dejene Girma Janka, fuula 6. Namoonni sagaagalummaa raawwatan kan gaa'ela keessa jiran yoo ta'e ykn isaan keessaa tokko gaa'ela keessatti kan argamu iyyata dhuunfaa nama gaa'ela sana keessaa mirga qabuutiin Seera Yakkaa Kwt 652 ni gaafachiisa. Seerichi namoota gaa'ela keessa hin jirre kanneen umurii ga'eessummaa keessatti argaman kan ilaallatuufi gochaa akkasii raawwatama yoo argama yakkummaan kan isaan gaafachisu akka hin taane hubatamu qaba.

adabbiileen hidhaa Manneen Amala Sirreessaa keessatti raawwatamu akka qaban seerri kan dirqisiisuu waan ta'eef, poolisiin Sirreeffaman adabbii isaa mana jireenyaa isaa turuun akka raawwatu gochuun hin dannda'amu. Akkasumaas adabbiin du'aa kan raawwatu akkaataa kabaja namummaa dhala namaa hin cabsineen bakka dhoksaa ta'eetti raawwatamu akka qabu seerri kan dirqisiisu yommuu ta'u, faallaa kanaan haala suukkanneessaa ta'een bakka waliitti qabama ykn walgahii uummataatti adabbii du'aa raawwachuun dhorkaadha.

Qajeeltoo seerummaa kana dhimma qabatamaa tokkoon deeggaruun kaasuun ilaaluun gaarii ta'a. Dhimmichi dhimma falmii yakkaa, Mana Murtii Waliigalaa Feederaalaa Dhaddacha Ijibbaataatiin Lakk. Galmee 81178¹⁴ (Dhimma 1^{ffaa})ta'e irratti murtii argateedha. Dhimma kana irratti Abbaan Alangaa Galiwwanii Feederaalaa Himatamtoonni jalaa lamaan, dhuunfaadhaan labsii Lakk. 83/86 keewwata 59(1)(H)fi (2)(A) irra darbuun hayyama tajaajila liiqii kennuu Baankii Biyyooleessaa irraa otuu hayyama hin argatiin cheekiifi sanadoota biroo wabummaan qabaachuun, tajaajila Baankiiwwaniifi Dhaabbileen faayinansii tajaajila hojii walfakkaataa kennaniif qofaaf kan hayyamame karaa seeraa alaatiin hojii tajaajila daldala liiqii irra deddeebiin maallaqa baay'inni isaa hedduu ta'e namootaa dhuunfaafi dhaabbileef kennuun yakka raawwataniiru jechuun kan himatamaan yommuu ta'u; Manni Murtii Olaanaa Feederaalaas dhimmicha ragaa namaafi barreeffamaa kan bitaafi mirgaan dhihaatan waliin xiinxaluun, Waamamtoonni gochaa yakkaa bu'uura himata dhihaateen raawwachuun waan mirkanaa'eef, balleessaadha jechuun Waamamaa 1ffaa hidhaa cimaa waggaa 20 fi adabbii maallaqaa qarshii 165,000 fi waamamaa 2ffaa immoo hidhaa cimaa waggaa 13fi adabbii maallaqaa qarshii 100,000 tiin akka adabaman murteesseera. Manni Murtii Waliigalaa Feederaalaa dhimmicha erga oliyyataan ilaalee booda, sagalee caalmaan maallaqa liiqiin kennuun oliyyattootaa ragaadhaan kan mirkanaa'e yoo ta'ees, bu'uura qajeeltoo seera yakkaan gochi isaan raawwatan yakkummaan kan gaafachisu miti jechuun murtii jalaa diiguun Oliyyattoota kana bilisaan gaggeesseera.

¹⁴ Dhimma Mana Murtii Feederaalaa Dhaddacha Ijibbaataatiin Lakk. Galmee 81178 irratti falmii [Abbaa](#) Alangaa Galiwwaniifi Jara Kabbadee Tasarraa faa n-2 gidduu tureen, dhaddacha gaafa Fulbaana 21, 2006 ooleen murtii argateedha.

Dhimmi kun Mana Murtii Federaalaa Dhaddacha Ijibbaataatiif kan dhiyaate yommuu ta’u, dhaddachi kunis, gochaa ykn badii tokkoof yakkummaan isaa seeraatiin hanga ifatti tumamee hin jirreetti, raawwataan gochichaa ykn badichaa yakkaan itti gaafatamummaa taasisuun hin danda’amu jechuun, kanneen hojii daldalaa ykn namoonni biroo sadarkaa dhuunfaatti maallaqa hedduu irra deddeebiin namoota biroof liiqiin kennuun gochaa seeraan dhorkame ykn yakkaan ni adabsiisa jechuun qajeeltoo seera yakkaa keewwattoota 2, 23(2), 3 fi 61tiin yakkaan hin gaafachisuu jechuun murteesseera.

Gaaffiilee Marii

1. Qajeeltoon seerummaa raawwatiinsa kan qabaatu Seera Yakkaa Idilee qofa keessatti moo seerota biroo tumaalee adabbii yakkaa labsanis ni dabalata?
2. Adabbiin yeroo gochaan yakkaa sun raawwatametti kan hin tumamne yoo ta’ees haala hambifannoon fudhatamuu kan danda’u yoo maal ta’eedha? Seera yakkaa ro gummaa qabu waliin kaasuun irratti mari’adha.

2.2.2. Seerri Yakkaa Of Duuba Deebi’uun Kan Hin Hojjenne Ta’uu

Qajeeltoowwan seerri yakkaa ittiin hoogganamu kessa inni biraan qajeeltoo seerri yakkaa duubaatti deebii’uun kan hin hojjenne ta’uudha. Qajeeltoon kunis qajeeltoo seerummaa waliin hidhata kan qabu yommuu ta’u, seerri yakkaa haaraan bahu gochoota seerichi bahuun dura raawwataman irratti gara duubaatti deebii’uun kan irratti raawwatinsa hin qabne ta’uu agarsiisa. Seerri yakkaa dhimmoota gara fuulduraatti ta’aan irratti kan raawwatuudha. Daangaan raawwatinsa kunis guyyaa gochaan yakkummaan isaa seeraan labsamee irraa eegaluu raawwatiinsa kan qabuudha.

Qabiyyeeniifi maalummaan qajeeltoo kana Heera Mootummaa RDFifi Naannoo keenyaa keewwata 22(1)fi (2) jalatti hammatameera Kanaas tumaa heerichaa keewwata 22(1) gaalee “... *gochi ittiin himatame yeroo raawwatametti gochicha raawwachuun ykn raawwachuu dhiisuun yakka ta’uun isaa seeraan kan tumame yoo ta’e malee...*” Jedhu irraa hubachuun ni danda’ama. Qajeeltoon kun seera yakkaa biyya keenyaa yeroo ammaa kana hojii irratti argamu keessattis haguuggii seeraa argateera. Gochaan yakkaa seera duraan tureen akka yakkaatti kan hin lakkaawamnee yoo ta’ee fi kan raawwatamees seerri yakkaa haaraa kun otuu hojiirra hin ooliin

dura yoo ta'e, gochaan kun yakkaan hin adabsiisu.¹⁵ kunis yakkichi raawwatuutti gochaan himatamaan raawwate sun yakka jedhamuun seeraan tumamu kan qabu ta'uu agarsiisa. Kaayyoon qajeeltoo kanaa inni guddaan mootummaan seera baasu keessatti aangoo isaa garmalee fayyadamuun gochoota seerichi bahuun dura raawwataman yakka taassisuun mirga namoomaa akka hin sarbineef daangaa kan godhuudha. Dabalataan kaayyoon bu'uuraa qajeeltoo kanaa kaayyoo qajeeltoo seerummaa galmaan gahuuf ta'ee akkasumaas namoonni seera yakkaa adabbii cimaa hordofsiisuun akka hin adabamne gochuudha.¹⁶ Gama biraan gochaan tokko yakkummaan isaa seera yakkaa duraan tureefi seera yakkaa haaraa bahe keessatti yakka jedhamuun kan ibsame ta'ee, gochichi yeroo seerri yakkaa duraa hojii ture kan raawwatame yoo ta'e, dhimmichi seera yakkaa duraan tureen ilaalamu qaba.¹⁷

Kana malees yeroo seerri yakkaa duraan hojiirra ture keessatti yakkii raawwatame yoo jiraateefi gochichi seera yakkaa haaraa baheen immoo yakkummaan isaa kan haqame yoo ta'e, gochaan kun yakkummaan isaa seeraa haaraan waan haqameef yakkaan hin himachisuus, hin adabsiisuus.¹⁸ Dhimmichi adeemsarraa kan jiru yoo ta'ees qorannoonis ta'ee himanni addaan cituu qaba. Haaluma walfakkaatuun raawwiin murtiilee bu'uura seera haqameen kennamanii, gochaan yakkaa isaan itti adabaman seera yakkaa haaraatiin yakkummaan isaa kan haqameefi kan hin adabsiisne yoo ta'e, adabbichi raawwatamu hin danda'amu, adabbiin jalqabamees battalumatti addaan cituu akka qabu ni agarsiisa.¹⁹

Haa ta'u malee qajeeltoon seerri yakkaa gara duubaatti deebi'uun hin hojjetu jedhu haala hambifannoon faayidaafi dantaa himatamaa eegsisuuf kan barbaachisu yoo ta'e, gochi erga raawwatamee booda seerri bahe nama himatameef ykn adabameef kan fayyadu ta'ee yoo argame, seerri gochaa sanaan booda bahe raawwatamummaa ni qabaata.²⁰

¹⁵ Seera Yakkaa kwt 5(2).

¹⁶ Seerota Bu'uuraa, fuula 30-31.

¹⁷ Seera Yakkaa kwt 5(1)

¹⁸ Seera yakkaa, kwt 5(3).

¹⁹ Seera Yakkaa, kwt 9(1).

²⁰ Heera Mootummaa kwt 22(2)fi seera yakkaa kwt 6 waliin dubbisuun.

Gaaffilee Marii

1. Biyya keenya keessatti namni tokko gochoota seera yakkaa keessatti tumamaniin ala gochoota yakkaa seerota idil-addunyaa keessatti akka gochoota yakkaatti fudhatame kan raawwatee argame yoo ta'e, Abbaan Alangaa seera addunyaa kana caqasuun himatamaa irratti himata dhiyyeessuu danda'a? Himatamaan adeemsi himannaa Abbaa Alangaa qajeeltoo bu'uuraa seerri yakkaa biyya keenyaa ittiin hoogganamuufi tumaa heeraa keewwata 22tiin kan waldhiituudha jechuun mormii yoo dhiyyeesse fudhatamummaa qaba jettuu? Maaliif?
2. Akka qajeeltootti seerri yakkaa gara duubatti deebi'uun hin hojjetu haa jedhu malee hambifannaan haalli adabbiin seera haaraatiin tumame himatamaa kan fayyaduufi adabbii seera duraan tureerra salphaa yoo ta'e haalli gara duubatti deebi'uun adabbii kana hojiirra oolchuun itti danda'amu kan jiru ta'uu agarsiisa. Haala kanaan adabbii kanaan dura hin turre murteessuun qajeeltoo seerummaa waliin wal hin faallessuu? Maaliif?
3. Qajeeltoon seerri yakkaa gara duubaatti deebi'uun hin hojjetu jedhu seerota kallattiin seera bu'uuraa seera yakkaa waliin hidhata qaban seera deemsa falmii yakkaafi seera ragaafis raawwatinsa ni qabaata? Maaliif?

2.2.3. Gochaa Yakkaa Tokkoon Lammataa Adabamuun Dhorkaa Ta'uu

Waliigalteewwaniif Seeronni mirgoota namoomaa idila addunyaa hedduun eegumsa mirga namoomaaf taasisan keessatti qajeeltoon kun hammatameera. Innis namni tokko yakkaa raawwate jedhamee himatni irratti dhiyaate murtiin dhumaa adeemsa seeraa hordofuun erga kennameen booda dhimmuma kana irratti irra deebiin himata dhiyyeessu ykn adabbii murteessuun dhorkaa akka ta'eedha. Qajeeltoon kunis Heera Mootummaa Federaalaafi Naannoo keenyaa keessatti uwwisa seeraa argateera. Heerichis, akkaataa seeraafi sirna seera deemsa falmii yakkaatiin ykn seerota dhimmicha ilaallatan kan birootiin himatamee, murtii isa dhumaatiin balleessumman isaa erga mirkanaa'een ykn bilisaan gadi lakkifameera yoo ta'e, dhimma walfakkaatuuf lammataa hin himatamu ykn hin adabamuus.²¹ Seerri yakkaa biyya keenyaas namni tokko dhimma kanaan dura ittiin himatamee balleessaa ta'uun murtii dhumaa

²¹ Heera RDFI kwt 23.

argate ykn bilisaan gaggeeffameetiin lammataa himatamuu ykn adabamuu akka hin qabne ni tuma.²²

Namni tokko dhimma ittiin himatame kanaan dura himatni irratti dhiyaate murtiin dhumaa kan itti kenname ta'uu isaa yaada mormii sadarkaa duraa keessatti kaasuu akka qabu seerri deemsa falmii yakkaa keewwatni 130 ni agarsiisa. Manni murtiis qabxii mormii kana ilaaluun jal-murtii kennuu akka qabu seerichi ni tuma.²³

Walumaagalatti, hojiirra oolmaa qajeeltoo kanaa ilaalchisee qabxiin ogeessonni hubachuu qaban bu'uura Heera Mootummaa keewwata 23fi Seera yakkaatiin himatamaan tokko mormii sadarkaa duraa gocha yakkaa tokkoon irra deebiin himatamuu ykn adabamuu hin qabu jechuuf falmuufi fayyadamaa qajeeltoo kanaa ta'uuf

- ✚ Himatamaan seera yakkaa ykn seeraa yakkummaa gochaa yakkaa inni raawwate hammateefi sirna seera falmii yakkaan himatamee dhimmi isaa yoo ilaalame qofa ta'uufi
- ✚ Himatamaan gocha ittiin himatameen qaama murtii isa dhumaa kennuun bilisa ykn balleessaa ta'ee yoo argame ta'uu akka qabu hubachuun barbaachisadha.

Gaaffiilee Marii

Dhimma Mana Murtii Waliigalaa Federaalaan galmee lakk. 85718²⁴ (Dhimma 2^{ffaa}) ta'e irratti murtii argateedha. Dhimma kanarratti Manni Murtii Aanaa dhimma jiraattoota lama jidduu jiru ilaalee murtii kenneera. Murtiin kun oliyyannoon hin haqamne. Dhimma kanarratti yeroo biroo Mana murtii Ol'aanaatti himatni dhiyaatee, himatamaan dhimmichi murtiin xumuramee jechuun mormeera. Manni murtii Ol'aanaa murtii kenneen dhimmi kun dhimma federaalaa waan ta'eef Manni murtii Aanaa ilaaluuf aangoo hin qabu. Murtiin qaama aangoo hin qabneen kennamee immoo diiguun utuu hin barbaachisiin bu'aa seeraa hin qabu. Kanaafuu dhimmi kun murtiin xumura argateera jechuun hin danda'amu jedheera. Dhimma kanarratti Dhaddachi ijibbaataa murtii kenneen: Manni Murtii Aanaa dhimma kanarratti murtii kennuuf aangoo hundee dubbii hin qabu. Haa ta'u malee murtiin kun sirna seeraa diriiree jiruun ilaalamee kufaa hin jedhamne.

²² Seera Yakkaa kwt 2(5).

²³ SDFY kwt 131.

²⁴ Dhimma Mana murtii Waliigala Federaalaa Dhaddacha Ijibbaataan galmee lakk.85718 ta'e irratti Tewoodiros Amaaree fi Addisuu Fissahaa Jidduu turee dhaddacha guyyaa 03/10/2005 ooleen murtii argateedha.

Kanaafuu murtiin kun dhimmicharratti murtii dhumaa fi dirqisiisaa ta'a. Manni murtii Ol'aanaa dhimma murtiin xumura argate keessa deebi'uun ilaaluun isaa dogoggora jedheera.

1. Kaayyoon qajeeltoo gochaa yakkaa tokkoon lammataa adabamuun dhorkaa taasisu maali?
2. Murtii dhimma Yakkaarratti Mana Murtii aangoo hin qabneen kennamee oliyyannoon yoo hin haqamne bu'aa seeraa maalii hordofsiisa?
3. Himatamaan Yakka Malaammaltummaan Mana murtii aanaatti himatamee adabamee jira. Dhimmuma kanaa (tumaa seera yakkaa walfakkaataan) irratti Koomishiniin Naamusaa fi Farra Malaammaltummaa Oromiyaa himata hundeessera. Himatamaan mormii Sadarkaa duraa dhimma kanaan lammata hin himatamu jedhu kaaseera. Maal jettu?
4. Abbaan Alangaa gochaa yakkaa miidhaa qaamaa cimaan gaafachisu irratti tumaa seera yakkaa miidhaa qaamaa salphaan gaafachisuutiin himannaa erga baneen booda manni murtii dhimmicha ilaaluus murtii balleessummaa adabbii waliin dabarseera. Miidhaam dhuunfaas miidhaan qaamaa narra gahee miidhaa qaamaa cimaa ta'uun isaa ragaatiin mirkanaa'ee otuu jiru himanni Abbaan Alangaa duraan dhiyyeesse akka ilaalamuuf waan gaafateef, Abbaan Alangaas dhimmicha irra deebiin tumaa seera yakkaa keewwata miidhaa qaamaa cimaa jalatti himata dhiyyeesseera. Himatamaan Heera Mootummaafi seera yakkaa caqasuun mormii sadarkaa duraa dhiyyeesse danda'a? Isin Abbaa seera dhimmi kun dhiyaateef yoo ta'e jala murtii maal kennitu?
5. Abbaan Alangaa ,mana murtii aangoo qabuutti himata himatamaa irratti erga dhiyyeesseen booda, himatamaan jecha amantaafi waakkii kenneen gochaa kan hin raawwanne ta'uu ibsuun balleessa hin qabu jedheera. Manni murtichaas himata dhiyaate irratti ragaa dgagahuuf Abbaan Alangaa ragoolee isaa akka dhiheessuuf beellama yeroo sadiif kan kenne yoo ta'ees dhiyyeeffachuu hin dandeenye. Manni murtiis kanumarraa ka'uun murtii kenneen, "Abbaan Alangaa ragoolee isaa dhiheeffachuun badii himatamaan raawwate mirkaneessuu waan hin dandeenyeef, himatamaan bu'uura SDFY keewwata 141tiin bilisa" jechuun gadi lakkiseera. Abbaan Alangaas murtii manni murtii kenne kana irratti oliyyannoo gaafachuun murtiin kenname akka diigamu hin taasifne. Ragooleen Abbaa Alangaa kanaan dura badani turan argamuu poolisiin ibsuun himanni duraan sababa ragaan badeef cufamee ture akka sochosuuf Abbaa Alangaa gaafateera.

- A. Abbaan Alangaa himata kana sochoosuuf mana murtii gaafachuu danda'a?
 - B. Isin Abukaatoo dhuunfaa himatamaa yoo taatan bu'uura seera kamiin falmituuf?
 - C. Isin yoo Abbaa Seera dhimmi kun dhiyaateef ta'e jal-murtii maal kennitu?
6. Himatamaan ragoolee Abbaa Alangaa sossoobuun faayidaan qabuun ykn Mana murtii ragaa sobaan dogoggoorsuun bilisaan bahuun isaa kan beekame yoo ta'e, Abbaan Alangaa murtiin kun akka sirratuuf gaafachuu danda'a? haa jennuu seerri deemsa falmii yakka akkuma seera deemsa falmii hariiroo hawaasaa keewwata 6 haalli dhimmi kun irra deebi'uun itti ilaalamu mana murtii murtii kenne kana angeessu yoo ta'e, haalli kun tumaa heera mootummaa keewwata 23 waliin wal simaa? Maaliif?
 7. Abbaan Alangaa galmee qorannoo yakkaa qorata poolisii irraa dhiyaateef, akkaataa seera deemsa falmii yakkaa keewwata 42(1, A)tiin galmee qorachuun dhimmichi hin himachisuu jechuun shakkamaan to'annoo seeraa jala akka gadi lakkifamu ajajeera. Shakkamaanis bu'uuruma ajaja kennameen akka gadi lakkifamu ta'eera. Haa ta'u malee, turtii waggaa dheeraa booda Abbaan Alangaa gochaa yakkaa shakkamaan kanaan duraa raawwate galmeen bu'uura SDFY keewwata 42(1, A)tiin irraa cufamee ture irra deebi'uun himata yakkaan mana murtii aangoo qabuutti dhiyyeesseera. Dhimma kana irratti himatamaan murtii Abbaan Alangaa kanaan dura kenne bu'uura godhachuun mormii sadarkaa duraan dhiyyeesseen, himanni kun qajeeltoo seeraa yakkaafi heera mootummaa biyya keenyaa dhimma tokkoon yeroo lammataa himatamuun ykn adabamuun dhorkaadha jedhuun kan wal faallessuu jechuun mormeera. Isin Abbaa seera dhimmi kun dhiyaateef yoo ta'e jala murtii maal kennitu?

2.2.4. Qajeeltoo Walqixxummaa

Qajeeltoon kun seeronni mirgootaafi faayidaalee namootaa hojiirra oolchuuf dhimmoonni raawwatamaniifi tarkaanfiiwwan fudhataman hundi walqixxummaa ilaalcha keessa karaa galcheen ta'uu akka qaban agarsiisa. Heerri biyya keenyaa qajeeltoo kana keewwata 25 jalatti tumuun walqixxummaa namootaa eegumsa seeraa taasiseera. Innis haala kamiinuu namoota

gidduutti garaagarummaan otuu hin godhamiin dhalli namaa hundinuu wabummaa seeraa walqixaafi qabatamaa ta'e argachuuf mirga kan qaban akka ta'e tumeera.

Haaluma walfakkaatuun seerri yakkaa biyya keenyaas qajeeltoo walqixxummaa kanaaf eegumsa taasisseera. Innis 'seerri yakkaa namoota gidduutti sadarkaa jireenya hawaasummaan, sanyiin, sabaan, sablammiin, bifaan, saalaan, afaan, amantiin, ilaalcha siyaasaan, ykn kan biroo qabeenyaan, dhalootaa ykn ejjennoo kan birootiin garaagarummaan osoo hin uumamuun namoota hunda irratti wal qixxummaan raawwatiinsa qaba.'²⁵ Haala kanaan qabatamaan qaamoleen haqaa tajaajila haqaa kennaan seera yakkaa al-loogummaa irraa bilisa karaa ta'een namoota hundaa irratti bu'uura seerichaan raawwachisuun, tajaajila qulqullina qabuu garaagarummaa tokko malee kennuun hojjechuu akka qaban agarsiisa. Haa ta'u malee tumaa seera yakkaa kun haala hambifannaan, seerota addunyaalessaa, heera mootummaa, cimina yakkichaa, sadarkaa badichaa ykn umurii raawwatichaa, haalawwaan ykn amalli addaa namichaa yakka raawwate ykn balaa yakkichi hawaasa irratti dhaqqabsiise tilmaama keessa galchuun garaagarummaan uumamu ni danda'a. Kunis namoota akkaataa seera addunyaalessaan mirga addaa qaban akkaasumaas heeraan mirga namoota itti gaafatamummaa mootummaa olaanaa irratti argamaniif himannaa yakkaan gaafatamu irraa bilisa taasisuufi haala dhuunfaa namootaan itti gaafatamummaa yakka jalaa haalli itti bilisa ta'an kan jiru ta'uu hubatamu qaba.

²⁵ Seera Yakkaa kwt 4, keeyyata 1ffaa.

BOQONNAA LAMA: QAJEELTOOWWAN SEERA YAKKAA fi HEERA MOOTUMMAA

Seensa

Heerri waana waliin jireenyaa ummataa fi sanada biyyatti keessa dhimmoota jiran hunda ol-aantummaan qajeelchuu fi abboomuu dha. Haaluma wal fakkaatuun Heerichi seera yakkaa biyya keenyaa ilaalchisee qajeeltoowwan seera yakkaa qabiyyee fi caaseffama seera yakkaa murteessan of keessatti hammatee argama. Seera baastuun biyyaattiis tumaalee qajeeltoowwan kanneen irraa maqan baasuu hin dandeessu. Haala kanaan Heerichi seera yakkaa biyyattii keessati bahee hojii irra oolu heerawummaa akka qabaatu kan hin qabaanne immoo qaama angoo qabuun akka xiinxalamee sirratu taasisa. Kun immoo mala ittiin heerichi ol'aantummaa heeraa kabachiisuu fi mootummaan angoon isaa heeran daanga'e akka jiraatu ittiin taasisu keessaa mala isa duraati.

Qajeeltoowwan bu'uraa seera yakkaa bu'ura heeraa qaban kunniinis qajeeltoo seerawummaa fi raawwatamummaa seera yakkaa, qajeeltoo yakka tokkoon lammata gaafatamuu fi adabamuu irraa bilisa ta'uu, qajeeltoo wal-qixxummaa fi qajeeltoo namoomaa , fi qabiinsas ta'ee adabbii farra namoomaa irraa bilisa ta'uuti.

Bu'uruma kanaan xummura boqonnaa kanaan booda leenjitoonni: -

- Hariiroo seera yakkaafi heera mootummaa adda baasuun ni xiinxalu;
- Qajeeltoo seerawummaa fi raawwatamummaa seera yakkaa ni ibsu,;
- Qajeeltoo yakka tokkoon lammata gaafatamuu fi adabamuu irraa bilisa ta'uu seera yakkaa adda baasuun ni hubat,;
- Qajeeltoo wal-qixxummaa seera yakkaa adda baasuun ni ibsu;
- Qajeeltoo mirga namoomaa , fi qabiinsas ta'ee adabbii farra namoomaa irraa bilisa ta'uu seera yakkaa ni xiinxalu;
- Rakkoowwan qabatama hojii keessa jiru adda baasuun hubachuun hojiif ni qophaahu jedhameeti eeggama.

2.1. Hariiroo Seera Yakkaafi Heera Mootummaa

Heerri Mootummaa biyya keenyaa kan yeroo amma kana hojiirra jiru, seeraa olaanaa biyyattifi sanada birmadummaa saboota, sablammootaafi uummattoota biyyatti ibsu yommuu ta'u; seerota bu'uuraa, seerota deemsaafi sirna haqaa biyyatti waliin hidhata guddaa qaba.²⁶kana jechuun seeronni bu'uuraas ta'ee seeronni adeemsa hundi karaa ergama heerichaa galmaan gahuu danda'aniin bocamuufi hojiirraa ooluu akka qaban agarsiisa. Kanaaf, heerri qajeeltoowwan bu'uuraafi duudhaalee seerri yakkaa ittiin bitamu, keessuma dhimmoota ijoo mirgoota namoomaafi bilisummaawwan bu'uuraa dhala namaa hundaaf raawwatiinsa qaban haala waliigalaan hammachuun, mirgoota bu'uuraa namoota yakkaan shakkamaniifi haala qabiinsa isaanii akkasumaas mirgoota namoota adabbiin hidhamaniifi qajeeltoowwan bu'uuraa qabiyyeen seera yakkaa keessatti hammatamuu qaban ni tarreessa.

Haala kanaan, seerri yakkaa biyya keenyaa kan waa'ee qabiyyee gochoota yakkaa, gosaafi adabbii gochaawwan yakka irratti fudhatamuu qaban tarreessuu, dhimmoota waliigalaa heericha keessatti akka qajeeltootti ibsaman haala hammateen waan tumameef, heericha waliin waliitti dhufeenya kallatti qaba. Kunis kan agarsiisuu, sadarkaa jalqabaatti qaamni aangoo seera baasuu qabu, seera yakkaa qabiyyeen isaa mirgoota namoomaa heerichaa beekantiifi eegumsa argatan hojiirraa oolchuu danda'uufi haala raawwii isaatiinis karaa heerichan walsimateen tumuu akka qabu ni dirqisiisa.

Qaamoleen seera raawwachistuus ta'ee seera hiiktuu seera yakkaa karaa heerichaan walsimuun hojiirra oolchuu qabu. Kanarraa ka'uun hariiroon seera yakkaafi heera mootummaa gidduu jiru maalii? Kan jedhuuf, Seerri yakkaa qabiyyee isaa keessatti qajeeltoowwan bu'uuraa dhimmoota yakkaa irratti heerichaan tumaman karaa hammateen, qabiyyeen seera yakkaa bu'uuraa heeraa qabaachuu akka qabuufi sochii raawwii sirni haqaa yakkaa guyyaa guyyaatti taasisuus karaa heera bu'uura godhateen raawwatamu akka qabu agarsiisa. Kunis hojiin duraa ittisa yakkaa akkuma jiruutti ta'ee, bakka gochaan yakkaa raawwatame argameetti, namoota gochaa yakkaa

²⁶ Seerota Bu'uura Ilaalchisee Qajeeltoowwaniifi Kallattiiwwan Heerri RDFI kaa'e, Moojuulii Leenjii Hojiirraa Yeroo Dheeraatiif Qophaa'e, Giddu-Gala Leenjii Ogeessota Qaamolee Haqaa Federaalaan Qophaa'e (Guraandhala 2004), Inistiitiyuutii Leenjii Ogeessota Qaamolee Haqaaifi Qorannoo seeraa Oromiyaatiin Afaan Oromootti kan Hiikame, Tasfaayee Niwaayfi Milkii Makuriyaa, Muddee 2005, Adaamaa, fuula 10.

raawwatanii argaman haala madaalawaa ta'een dhimmi isaanii ilaalame, balleessummaan isaanii mirkanaa'uun, haala dhuunfaa raawwataa gochaa yakkaa, haala raawwiifi cimina gochaa yakkaafi miidhaa dhaqqabsiise gidduu galeessa godhachuun adabbiin kaayyoo seera yakkaa galmaan gahuu danda'uufi bu'uura seera qabu fudhatamuu qaba.

2.2. Qajeeltoowwan Bu'uura Sirni Haqaa Yakkaa Ittiin Hoogganamu

2.2.1. Qajeeltoo Seerummaa (Legality Principle)

Yeroo ammaa kana qajeeltoowwan bu'uuraa seera yakkaa biyyoota addunyaa hedduu keessatti beekamtiifi fudhatamummaa argatan keessa tokko qajeeltoo seerummaati. Qajeeltoon kunis jecha Laatiin “nulla poena lega” jedhu irraa kan fudhatame yommuu ta'u; innis Afaan Ingiliffaan hiikka “no crime without law” jedhu qaba. Kana jechuun ‘seeraan tumamu malee yakki hin jiraatu’ erga jedhu of keessa qaba. Sababa kanaaf qajeeltoon kun qajeeltoowwan seera yakkaa keessaa kan bu'uuraati jedhama.²⁷ Haala kanaan qajeeltoon kun qajeeltoo seerota yakkaa biroofis raawwatinsa kan qabaatudha.

Qabiyyeen seerummaa kunis namni tokko seera yakkaan itti gaafatamummaa qabachuufi adabbiinis irratti murtaa'u kan danda'u, gochi inni raawwate sun yakkaan kan gaafachisu ta'uufi adabbii murtaa'u waliin dursee yoo tumame qofaadha. Kunis gochaan yakkaa itti yaaduunis ta'ee dagannoon raawwatame sun itti gaafatamummaa yakkaa himatamaa yakkaa irratti hordofsiisuuf dursee gochicha yakka jechuun labsuu akka qabu agarsiisa. Kanaaf yakkummaan gochaa yakkaa raawwatame sana dursee seera yakkaa biyyaattiin kan labsamee ta'uu qaba.

Heerri RDFI keewwata 22(1) tokko jalatti “namni kamiyyuu himanni yakkaa yommuu irratti dhiyaatu, gochi ittiin himatame yeroo raawwatametti gochicha raawwachuun yookiin raawwachuu dhiisuun yakka ta'uunsaa seeraan kan tumame yoo ta'e malee, hin adabamu” jechuun qajeeltoo kanaaf uwwisa haguuggii heeraa kenneera. Akka ibsa tumaa heera kanaa irraa hubatamuutti, nama tokko gochaa yakkaa raawwateera jechuun himachuufi adabbiis irratti murteessuun kan danda'amu, gochi raawwatame kun seera yakkaan kan dhorkame ykn akka

²⁷ Dejene Girma Janka, fuula 5.

raawwatamu barbaadamee otuu hin raawwatamiin kan hafee ta'uu qaba. Haala kanaan, mootummaan gochoota yakkaa nageenya, tasgabbi, sirna, faayidaafi mirga lammiilee biyyatti, uummataafi jiraattota biyyattii, irratti raawwataman tarreessuun gochoota kana seera yakkaa biyyaatti keessatti tumuufi uummatni biyyattiis gochoota kana akka beeku gochuutu irraa eegama.

Gama biraan qajeeltoon seerummaa qaamoleen mootummaa dhimma yakkaa seeraan hin dhorkamne irratti himannaa yakkaa dhiyyeessuun adabbiin yakkaas akka hin murteessineef qajeeltoo dhorkuudha. Bu'uura kanaan aangoo qaamoleen seera raawwachiftuu ykn aangoo manneen murtii ykn abbootiin seeraa qaban kan daangeessuudha.

Qajeeltoon seerummaa heeraa biyya keenyaa keessatti ibsame kun, seera yakkaa biyya keenya bara 1997 hojiirra oole keessatti uwwisa seeraa argateera. Innis Seerri yakkaa waa'ee yakkoota adda addaafi adabbiilfi tarkaanfiilee eeggannoo fudhatamu qabani addaan baasuun tarreessuun tumuu akka qabu ni dirqisiisa.²⁸ Bu'uuruma kanaan manni murtiis gocha ykn gochuu dhabuu seeraan alummaan isaa seeraan hin tumamne akka gochaa yakkaatti lakkaawuufi adabbii itti murteessuus hin danda'u. Fakkeenyaaf Sagaagalummaan (prostitution) seera yakkaa biyya keenyaan yakka jedhamuun waan hin tumamneef, gocha safuu hawaasaan faallaa ta'e kana namoota raawwatan irraati itti gaafatamummaa yakkaa hordofsiisuun hin danda'amu.²⁹

Qabxiin biraa qajeeltoo seerummaan waliin ilaalamu qabu, qajeeltoo adabbii ti. Innis manni murtii adabbiileefi tarkaanfiilee ofeeggannoo inni fudhachuu danda'u kanneen seerichaan gochaa yakkaa sanaaf ibsame qofaa akka ta'e tumaa seera yakkaa keewwata 2(1) irraa hubachuun ni danda'ama. Kunis adabbiin ykn tarkaanfiin fudhatamu yeroo gochaan yakkaa sun raawwatamu kan seeraan hin tumamne yoo ta'ee, fudhatamuu akka hin dandeenya agarsiisa. Kana malees raawwiin adabbiilee murtaa'aniis akkaataa seeraan ibsamaniin ta'uu akka qabu qajeeltooma kana gadi qabani ilaaluun hubachuun ni danda'ama. Fakkeenyaaf adabbiwwan murtaa'aan akkaataa seeraan daangaadhaan raawwachuun dhorkaa ta'an daangeessuun dhorkaadha. Akkasumaas adabbiileen hidhaa Manneen Amala Sirreessaa keessatti raawwatamu akka qaban seerri kan

²⁸ Seera Yakkaa, kwt 2(1).

²⁹ Dejene Girma Janka, fuula 6. Namoonni sagaagalummaa raawwatan kan gaa'ela keessa jiran yoo ta'e ykn isaan keessaa tokko gaa'ela keessatti kan argamu iyyata dhuunfaa nama gaa'ela sana keessaa mirga qabuutiin Seera Yakkaa Kwt 652 ni gaafachiisa. Seerichi namoota gaa'ela keessa hin jirre kanneen umurii ga'eessuummaa keessatti argaman kan ilaallatuufi gochaa akkasii raawwatama yoo argama yakkummaan kan isaan gaafachisu akka hin taane hubatamu qaba.

dirqisiisuu waan ta'eef, poolisiin Sirreeffaman adabbii isaa mana jireenyaa isaa turuun akka raawwatu gochuun hin dannda'amu. Akkasumaas adabbiin du'aa kan raawwatu akkaataa kabaja namummaa dhala namaa hin cabsineen bakka dhoksa ta'eetti raawwatamu akka qabu seerri kan dirqisiisu yommuu ta'u, faallaa kanaan haala suukkanneessaa ta'een bakka waliitti qabama ykn walgahii uummataatti adabbii du'aa raawwachuun dhorkaadha.

Qajeeltoo seerummaa kana dhimma qabatamaa tokkoon deeggaruun kaasuun ilaaluun gaarii ta'a. Dhimmichi dhimma falmii yakkaa, Mana Murtii Waliigalaa Federaalaa Dhaddacha Ijibbaataatiin Lakk. Galmee 81178³⁰ ta'e irratti murtii argateedha. Dhimma kana irratti Abbaan Alangaa Galiwwanii Federaalaa Himatamtoonni jalaa lamaan, dhuunfaadhaan labsii Lakk. 83/86 keewwata 59(1)(H)fi (2)(A) irra darbuun hayyama tajaajila liiqii kennuu Baankii Biyyooleessaa irraa otuu hayyama hin argatiin cheekiifi sanadoota biroo wabummaan qabaachuun, tajaajila Baankiiwwaniifi Dhaabbileen faayinansii tajaajila hojii walfakkaataa kennaniif qofaaf kan hayyamame karaa seeraa alaatiin hojii tajaajila daldala liiqii irra deddeebiin maallaqa baay'inni isaa hedduu ta'e namootaa dhuunfaafi dhaabbileef kennuun yakka raawwataniiru jechuun kan himatamaan yommuu ta'u; Manni Murtii Olaanaa Federaalaas dhimmicha ragaa namaafi barreeffamaa kan bitaafi mirgaan dhihaatan waliin xiinxaluun, Waamamtoonni gochaa yakkaa bu'uura himata dhihaateen raawwachuun waan mirkanaa'eef, balleessaadha jechuun Waamamaa 1ffaa hidhaa cimaa waggaa 20 fi adabbii maallaqaa qarshii 165,000 fi waamamaa 2ffaa immoo hidhaa cimaa waggaa 13fi adabbii maallaqaa qarshii 100,000 tiin akka adabaman murteesseera. Manni Murtii Waliigalaa Federaalaa dhimmicha erga oliyyataan ilaalee booda, sagalee caalmaan maallaqa liiqiin kennuun oliyyattoota ragaadhaan kan mirkanaa'e yoo ta'ees, bu'uura qajeeltoo seera yakkaan gochi isaan raawwatan yakkummaan kan gaafachisu miti jechuun murtii jalaa diiguun Oliyyattoota kana bilisaan gaggeesseera.

³⁰ Dhimma Mana Murtii Federaalaa Dhaddacha Ijibbaataatiin Lakk. Galmee 81178 irratti falmii [Abbaa](#) Alangaa Galiwwaniifi Jara Kabbadee Tasarraa faa n-2 gidduu tureen, dhaddacha gaafa Fulbaana 21, 2006 ooleen murtii argateedha.

Dhimmi kun Mana Murtii Federaalaa Dhaddacha Ijibbaataatiif kan dhiyaate yommuu ta’u, dhaddachi kunis, gochaa ykn badii tokkoof yakkummaan isaa seeraatiin hanga ifatti tumamee hin jirreetti, raawwataan gochichaa ykn badichaa yakkaan itti gaafatamummaa taasisuun hin danda’amu jechuun, kanneen hojii daldalaa ykn namoonni biroo sadarkaa dhuunfaatti maallaqa hedduu irra deddeebiin namoota biroof liiqiin kennuun gochaa seeraan dhorkame ykn yakkaan ni adabsiisa jechuun qajeeltoo seera yakkaa keewwattoota 2, 23(2), 3 fi 61tiin yakkaan hin gaafachisuu jechuun murteesseera.

Gaaffiilee Marii

1. Qajeeltoon seerummaa raawwatiinsa kan qabaatu Seera Yakkaa Idilee qofa keessatti moo seerota biroo tumaalee adabbii yakkaa labsanis ni dabalata?
2. Adabbiin yeroo gochaan yakkaa sun raawwatametti kan hin tumamne yoo ta’ees haala hambifannoon fudhatamuu kan danda’u yoo maal ta’eedha? Seera yakkaa rogummaa qabu waliin kaasuun irratti mari’adha.

i. Seerri Yakkaa Of Duuba Deebi’uun Kan Hin Hojjenne Ta’uu

Qajeeltoowwan seerri yakkaa ittiin hoogganamu kessa inni biraan qajeeltoo seerri yakkaa duubaatti deebii’uun kan hin hojjenne ta’uudha. Qajeeltoon kunis qajeeltoo seerummaa waliin hidhata kan qabu yommuu ta’u, seerri yakkaa haaraan bahu gochoota seerichi bahuun dura raawwataman irratti gara duubaatti deebii’uun kan irratti raawwatinsa hin qabne ta’uu agarsiisa. Seerri yakkaa dhimmoota gara fuulduraatti ta’aan irratti kan raawwatuudha. Daangaan raawwatinsa kunis guyyaa gochaan yakkummaan isaa seeraan labsamee irraa eegaluun raawwatiinsa kan qabuudha.

Qabiyyeenii fi maalummaan qajeeltoo kana Heera Mootummaa RDFifi Naannoo keenyaa keewwata 22(1) fi (2) jalatti hammatameera Kanaas tumaa heerichaa keewwata 22(1) gaalee “... *gochi ittiin himatame yeroo raawwatametti gochicha raawwachuun ykn raawwachuu dhiisuun yakka ta’uun isaa seeraan kan tumame yoo ta’e malee...*” Jedhu irraa hubachuun ni danda’ama. Qajeeltoon kun seera yakkaa biyya keenyaa yeroo ammaa kana hojii irratti argamu keessattis

haguuggii seeraa argateera. Gochaan yakkaa seera duraan tureen akka yakkaatti kan hin lakkaawamnee yoo ta'eefi kan raawwatamees seerri yakkaa haaraa kun otuu hojiirra hin ooliin dura yoo ta'e, gochaan kun yakkaan hin adabsiisu.³¹ kunis yakkichi raawwatuutti gochaan himatamaan raawwate sun yakka jedhamuun seeraan tumamu kan qabu ta'uu agarsiisa. Kaayyoon qajeeltoo kanaa inni guddaan mootummaan seera baasu keessatti aangoo isaa garmalee fayyadamuun gochoota seerichi bahuun dura raawwataman yakka taassisuun mirga namoomaa akka hin sarbineef daangaa kan godhuudha. Dabalataan kaayyoon bu'uuraa qajeeltoo kanaa kaayyoo qajeeltoo seerummaa galmaan gahuuf ta'ee akkasumaas namoonni seera yakkaa adabbii cimaa hordofsiisuun akka hin adabamne gochuudha.³² Gama biraan gochaan tokko yakkummaan isaa seera yakkaa duraan tureefi seera yakkaa haaraa bahe keessatti yakka jedhamuun kan ibsame ta'ee, gochichi yeroo seerri yakkaa duraa hojii ture kan raawwatame yoo ta'e, dhimmichi seera yakkaa duraan tureen ilaalamu qaba.³³

Kana malees yeroo seerri yakkaa duraan hojiirra ture keessatti yakkii raawwatame yoo jiraateefi gochichi seera yakkaa haaraa baheen immoo yakkummaan isaa kan haqame yoo ta'e, gochaan kun yakkummaan isaa seeraa haaraan waan haqameef yakkaan hin himachisuus, hin adabsiisuus.³⁴ Dhimmichi adeemsarraa kan jiru yoo ta'ees qorannoonis ta'ee himanni addaan cituu qaba. Haaluma walfakkaatuun raawwiin murtiilee bu'ura seera haqameen kennamanii, gochaan yakkaa isaan itti adabaman seera yakkaa haaraatiin yakkummaan isaa kan haqameefi kan hin adabsiisne yoo ta'e, adabbichi raawwatamu hin danda'amu, adabbiin jalqabamees battalumatti addaan cituu akka qabu ni agarsiisa.³⁵

Haa ta'u malee qajeeltoon seerri yakkaa gara duubaatti deebi'uun hin hojjetu jedhu haala hambifannoon faayidaafi dantaa himatamaa eegsisuuf kan barbaachisu yoo ta'e, gochi erga raawwatamee booda seerri bahe nama himatameef ykn adabameef kan fayyadu ta'ee yoo argame, seerri gochaa sanaan booda bahe raawwatamummaa ni qabaata.³⁶

³¹ Seera Yakkaa kwt 5(2).

³² Seerota Bu'uuraa, fuula 30-31.

³³ Seera Yakkaa kwt 5(1)

³⁴ Seera yakkaa, kwt 5(3).

³⁵ Seera Yakkaa, kwt 9(1).

³⁶ Heera Mootummaa kwt 22(2)fi seera yakkaa kwt 6 waliin dubbisuun.

Gaaffilee Marii

1. Biyya keenya keessatti namni tokko gochoota seera yakkaa keessatti tumamaniin ala gochoota yakkaa seerota idil-addunyaa keessatti akka gochoota yakkaatti fudhatame kan raawwatee argame yoo ta'e, Abbaan Alangaa seera addunyaa kana caqasuun himatamaa irratti himata dhiyyeessuu danda'a? Himatamaan adeemsi himannaa Abbaa Alangaa qajeeltoo bu'uuraa seerri yakkaa biyya keenyaa ittiin hoogganamuufi tumaa heeraa keewwata 22tiin kan waldhiituudha jechuun mormii yoo dhiyyeesse fudhatamummaa qaba jettuu? Maaliif?
2. Akka qajeeltootti seerri yakkaa gara duubatti deebi'uun hin hojjetu haa jedhu malee hambifannaan haalli adabbiin seera haaraatiin tumame himatamaa kan fayyaduufi adabbii seera duraan tureerra salphaa yoo ta'e haalli gara duubatti deebi'uun adabbii kana hojiirra oolchuun itti danda'amu kan jiru ta'uu agarsiisa. Haala kanaan adabbii kanaan dura hin turre murteessuun qajeeltoo seerummaa waliin wal hin faallessuu? Maaliif?
3. Qajeeltoon seerri yakkaa gara duubaatti deebi'uun hin hojjetu jedhu seerota kallattiin seera bu'uuraa seera yakkaa waliin hidhata qaban seera deemsa falmii yakkaafi seera ragaafis raawwatinsa ni qabaata? Maaliif?

ii. Gochaa Yakkaa Tokkoon Lammataa Adabamuun Dhorkaa Ta'uu

Waliigalteewwaniif Seeronni mirgoota namoomaa idila addunyaa hedduun eegumsa mirga namoomaaf taasisan keessatti qajeeltoon kun hammatameera. Innis namni tokko yakkaa raawwate jedhamee himatni irratti dhiyaate murtiin dhuma adeemsa seeraa hordofuun erga kennameen booda dhimmuma kana irratti irra deebiin himata dhiyyeessu ykn adabbii murteessuun dhorkaa akka ta'eedha. Qajeeltoon kunis Heera Mootummaa Federaalaafi Naannoo keenyaa keessatti uwwisa seeraa argateera. Heerichis, akkaataa seeraafi sirna seera deemsa falmii yakkaatiin ykn seerota dhimmicha ilaallatan kan birootiin himatamee, murtii isa dhumaatiin balleessumman isaa erga mirkanaa'een ykn bilisaan gadi lakkifameera yoo ta'e,

dhimma walfakkaatuuf lammataa hin himatamu ykn hin adabamuus.³⁷ Seerri yakkaa biyya keenyaas namni tokko dhimma kanaan dura ittiin himatamee balleessaa ta'uun murtii dhumaa argate ykn bilisaan gaggeeffameetiin lammataa himatamuu ykn adabamuu akka hin qabne ni tuma.³⁸

Namni tokko dhimma ittiin himatame kanaan dura himatni irratti dhiyaate murtiin dhumaa kan itti kenname ta'uu isaa yaada mormii sadarkaa duraa keessatti kaasuu akka qabu seerri deemsa falmii yakkaa keewwatni 130 ni agarsiisa. Manni murtiis qabxii mormii kana ilaaluun jal-murtii kennuu akka qabu seerichi ni tuma.³⁹

Walumaagalatti, hojiirra oolmaa qajeeltoo kanaa ilaalchisee qabxiin ogeessonni hubachuu qaban bu'uura Heera Mootummaa keewwata 23fi Seera yakkaatiin himatamaan tokko mormii sadarkaa duraa gocha yakkaa tokkoon irra deebiin himatamuu ykn adabamuu hin qabu jechuuf falmuufi fayyadamaa qajeeltoo kanaa ta'uuf

- ✚ Himatamaan seera yakkaa ykn seeraa yakkummaa gochaa yakkaa inni raawwate hammateefi sirna seera falmii yakkaan himatamee dhimmi isaa yoo ilaalame qofa ta'uufi
- ✚ Himatamaan gocha ittiin himatameen qaama murtii isa dhumaa kennuun bilisa ykn balleessaa ta'ee yoo argame ta'uu akka qabu hubachuun barbaachisadha.

Gaaffiilee Marii

Dhimma Mana Murtii Waliigalaa Federaalaan galmee lakk. 85718⁴⁰(dhimma 3^{ffaa}) ta'e irratti murtii argateedha. Dhimma kanarratti Manni Murtii Aanaa dhimma jiraattoota lama jidduu jiru ilaalee murtii kenneera. Murtiin kun oliyyannoon hin haqamne. Dhimma kanarratti yeroo biroo Mana murtii Ol'aanaatti himatni dhiyaatee, himatamaan dhimmichi murtiin xumuramee jechuun mormeera. Manni murtii Ol'aanaa murtii kenneen dhimmi kun dhimma federaalaa waan ta'eef Manni murtii Aanaa ilaaluuf aangoo hin qabu. Murtiin qaama aangoo hin qabneen kennamee immoo diiguun utuu hin barbaachisiin bu'aa seeraa hin qabu. Kanaafuu dhimmi kun murtiin

³⁷ Heera RDFI kwt 23.

³⁸ Seera Yakkaa kwt 2(5).

³⁹ SDFY kwt 131.

⁴⁰ Dhimma Mana murtii Waliigala Federaalaa Dhaddacha Ijibbaataan galmee lakk.85718 ta'e irratti Tewoodiros Amaaree fi Addisuu Fissahaa Jidduu turee dhaddacha guyyaa 03/10/2005 ooleen murtii argateedha.

xumura argateera jechuun hin danda'amu jedheera. Dhimma kanarrati Dhaddachi ijibbaataa murtii kenneen: Manni Murtii Aanaa dhimma kanarratti murtii kennuuf aangoo hundee dubbii hin qabu. Haa ta'u malee murtiin kun sirna seeraa diriiree jiruun ilaalamee kufaa hin jedhamne. Kanaafuu murtiin kun dhimmicharratti murtii dhumaa fi dirqisiisaa ta'a. Manni murtii Ol'aanaa dhimma murtiin xumura argate keessa deebi'uun ilaaluun isaa dogoggora jedheera.

1. Kaayyoon qajeeltoo gochaa yakkaa tokkoon lammataa adabamuun dhorkaa taasisu maali?
2. Murtii dhimma Yakkaarratti Mana Murtii aangoo hin qabneen kennamee oliyyannoon yoo hin haqamne bu'aa seeraa maalii hordofsiisa?
3. Himatamaan Yakka Malaammaltummaan Mana murtii aanaatti himatamee adabamee jira. Dhimmuma kanaa (tumaa seera yakkaa walfakkaataan) irratti Koomishiniin Naamusaa fi Farra Malaammaltummaa Oromiyaa himata hundeesera. Himatamaan mormii Sadarkaa duraa dhimma kanaan lammata hin himatamu jedhu kaaseera. Maal jettu?
4. Abbaan Alangaa gochaa yakkaa miidhaa qaamaa cimaan gaafachisu irratti tumaa seera yakkaa miidhaa qaamaa salphaan gaafachisuutiin himannaa erga baneen booda manni murtii dhimmicha ilaaluus murtii balleessummaa adabbii waliin dabarseera. Miidhaam dhuunfaas miidhaan qaamaa narra gahee miidhaa qaamaa cimaa ta'uun isaa ragaatiin mirkanaa'ee otuu jiru himanni Abbaan Alangaa duraan dhiyyeesse akka ilaalamuuf waan gaafateef, Abbaan Alangaas dhimmicha irra deebiin tumaa seera yakkaa keewwata miidhaa qaamaa cimaa jalatti himata dhiyyeesseera. Himatamaan Heera Mootummaafi seera yakkaa caqasuun mormii sadarkaa duraa dhiyyeesuu danda'a? Isin Abbaa seera dhimmi kun dhiyaateef yoo ta'e jala murtii maal kennitu?
5. Abbaan Alangaa ,mana murtii aangoo qabuutti himata himatamaa irratti erga dhiyyeesseen booda, himatamaan jecha amantaafi waakkii kenneen gochaa kan hin raawwanne ta'uu ibsuun balleessa hin qabu jedheera. Manni murtichaas himata dhiyaate irratti ragaa dgagahuuf Abbaan Alangaa ragoolee isaa akka dhiheessuuf beellama yeroo sadiif kan kenne yoo ta'ees dhiyyeeffachuu hin dandeenye. Manni murtiis kanumarraa ka'uun murtii kenneen, "Abbaan Alangaa ragoolee isaa dhiheeffachuun badii himatamaan raawwate mirkaneessuu waan hin dandeenyeef, himatamaan bu'uura SDFY keewwata 141tiin bilisa" jechuun gadi lakkiseera. Abbaan

Alangaas murtii manni murtii kenne kana irratti oliyyannoo gaafachuun murtiin kenname akka diigamu hin taasifne. Ragooleen Abbaa Alangaa kanaan dura badani turan argamuu poolisiin ibsuun himanni duraan sababa ragaan badeef cufamee ture akka sochosuuf Abbaa Alangaa gaafateera.

- a. Abbaan Alangaa himata kana sochoosuuf mana murtii gaafachuu danda'a?
 - b. Isin Abukaatoo dhuunfaa himatamaa yoo taatan bu'uura seera kamiin falmituuf?
 - c. Isin yoo Abbaa Seera dhimmi kun dhiyaateef ta'e jal-murtii maal kennitu?
6. Himatamaan ragoolee Abbaa Alangaa sossobuun faayidaan qabuun ykn Mana murtii ragaa sobaan dogoggoorsuun bilisaan bahuun isaa kan beekame yoo ta'e, Abbaan Alangaa murtiin kun akka sirratuuf gaafachuu danda'a? haa jennuu seerri deemsa falmii yakka akkuma seera deemsa falmii hariiroo hawaasaa keewwata 6 haalli dhimmi kun irra deebi'uun itti ilaalamu mana murtii murtii kenne kana angeessu yoo ta'e, haalli kun tumaa heera mootummaa keewwata 23 waliin wal simaa? Maaliif?
7. Abbaan Alangaa galmee qorannoo yakkaa qorata poolisii irraa dhiyaateef, akkaataa seera deemsa falmii yakkaa keewwata 42(1, A)tiin galmee qorachuun dhimmichi hin himachisuu jechuun shakkamaan to'annoo seeraa jala akka gadi lakkifamu ajajeera. Shakkamaanis bu'uuruma ajaja kennameen akka gadi lakkifamu ta'eera. Haa ta'u malee, turtii waggaa dheeraa booda Abbaan Alangaa gochaa yakkaa shakkamaan kanaan duraa raawwate galmeen bu'uura SDFY keewwata 42(1, A)tiin irraa cufamee ture irra deebi'uun himata yakkaan mana murtii aangoo qabuutti dhiyyeesseera. Dhimma kana irratti himatamaan murtii Abbaan Alangaa kanaan dura kenne bu'uura godhachuun mormii sadarkaa duraan dhiyyeesseen, himanni kun qajeeltoo seeraa yakkaafi heera mootummaa biyya keenyaa dhimma tokkoon yeroo lammataa himatamuun ykn adabamuun dhorkaadha jedhuun kan wal faallessuu jechuun mormeera. Isin Abbaa seera dhimmi kun dhiyaateef yoo ta'e jala murtii maal kennitu?

iii. Qajeeltoo Walqixxummaa

Qajeeltoon kun seeronni mirgootaafi faayidaalee namootaa hojiirra oolchuuf dhimmoonni raawwatamaniifi tarkaanfiiwwan fudhataman hundi walqixxummaa ilaalcha keessa karaa galcheen ta'uu akka qaban agarsiisa. Heerri biyya keenyaa qajeeltoo kana keewwata 25 jalatti tumuun walqixxummaa namootaa eegumsa seeraa taasiseera. Innis haala kamiinuu namoota gidduutti garaagarummaan otuu hin godhamiin dhalli namaa hundinuu wabummaa seeraa walqixxaafi qabatamaa ta'e argachuuf mirga kan qaban akka ta'e tumeera.

Haaluma walfakkaatuun seerri yakkaa biyya keenyaas qajeeltoo walqixxummaa kanaaf eegumsa taasiseera. Innis 'seerri yakkaa namoota gidduutti sadarkaa jireenya hawaasummaan, sanyiin, sabaan, sablammiin, bifaan, saalaan, afaan, amantiin, ilaalcha siyaasaan, ykn kan biroo qabeenyaan, dhalootaa ykn ejjennoo kan birootiin garaagarummaan osoo hin uumamuun namoota hunda irratti wal qixxummaan raawwatiinsa qaba.'⁴¹ Haala kanaan qabatamaan qaamoleen haqaa tajaajila haqaa kennaan seera yakkaa al-loogummaa irraa bilisa karaa ta'een namoota hundaa irratti bu'uura seerichaan raawwachisuun, tajaajila qulqullina qabuu garaagarummaa tokko malee kennuun hojjechuu akka qaban agarsiisa. Haa ta'u malee tumaa seera yakkaa kun haala hambifannaan, seerota addunyaaleessaa, heera mootummaa, cimina yakkichaa, sadarkaa badichaa ykn umurii raawwatichaa, haalawwaan ykn amalli addaa namichaa yakka raawwate ykn balaa yakkichi hawaasa irratti dhaqqabsiise tilmaama keessa galchuun garaagarummaan uumamu ni danda'a. Kunis namoota akkaataa seera addunyaaleessaan mirga addaa qaban akkaasumaas heeraan mirga namoota itti gaafatamummaa mootummaa olaanaa irratti argamaniif himannaa yakkaan gaafatamu irraa bilisa taasisuufi haala dhuunfaa namootaan itti gaafatamummaa yakka jalaa haalli itti bilisa ta'an kan jiru ta'uu hubatamu qaba.

⁴¹ Seera Yakkaa kwt 4, keeyyata 1ffaa.

BOQONNAA SADI

ULAAGAALAA YAKKA HUNDEESSAAN, ITTI GAAFATAMUMMAA YAKKAAFI SADARKAA RAAWWII YAKKAA

Seensa

Seerri yakkaa namni tokko yakka raawwatee jira jechuuf ulaagawwan yakki jiraachuu isaa ittiin mirkanaa’u adda baasuun dursee kaa’uu qaba. Dhugaan kun qajeeltoo bu’uraa seera yakkaa boqonnaa lammaffaa bareeffama kanaa keessatti ilaalle keessaa qajeeltoo isa duraa fi ijoo dha. Seera yakkaa RDFI’ tiis ilaalla hoo ta’e tumaa seerichaa kwt 23 fi kanneen itti aanan jalatti adda baasuun kaa’ee jira.

Boqonnaa barreeffama kanaa jalatti ulaagaalee yakka hundeessaan, itti gaafatamummaa yakkaafi sadarkaa raawwii yakkaatiin wal qabatee dhimmoota jiran kan itti ilaallaman ta’a.

Bu’uruma kanaan xummura boqonnaa kanaa irratti leenjifamtoonni

- Yakki jira jechuuf ulaagalee guutanii jiraachuu qaban adda baasuun ni xiinxalu;
- Maalummaa fi amaloota itti gaafatamummaa yakkaa adda baasuun ni hubatu;
- Sadarkaa raawwannaa yakkaa ni ibsu Hanqinoota qabatamaan lafa irra jiran adda baasuun ni hubatu jedhameeti eeggama.

3.1. Haaldureewwan Yakka Hundeessaniifi Itti Gaafatamummaa Yakkaa

Ulaagaaleen yakka hundeessan akka qajeeltootti saayinsii seera yakkaa keessatti isaan beekamoofi murteessoodha. Seeronni yakkaa biyyoota hedduus qajeeltoo kanneen qaama qabiyyee dirqisiisoo seera yakkaa biyya ofii taasisuun itti dhimma bahaa jiru. Yeroo ammaa kana seerri yakkaa biyyoota hedduu haaldureewwan yakka hundeessan isaan ijoofi beekamoo ta'aan sadii of keessa qabu. Haalota kana agarsiisuuf biyyoonni hedduun seera yakka biyyaa isaanii keessatti hima, “

No one may be found guilty of crime and therefore legally punishable unless in addition to having brought about a harm which the law forbids, he/she had at the same time a legally reprehensible state of mind.”

Jechuun yeroo hammachisaan ni mul'ata. Ibsa hima kanaa irraa ka'uun yoo ilaalle, namni gochaa yakkaa raawwate tokko itti gaafatamummaa yakkaa kan qabaatu, gochi inni raawwate seeraan yakkummaan isaa kan tumame, gocha kanaas fedhiin beekumsaan kan raawwateefi qabatamaan gochaa sana kan raawwate ta'uu akka qabu ni agarsiisa. Haaluma walfakkaatuun seerri yakkaa biyya keenyaas haaldureewwan yakka hundeessan kana kutaa seeraa, kutaa yaadaafi gochaa jechuun haguuggii seeraa kenneefii jira. Gochaan yakkaa raawwachuun adabsiisuuf haalonni yakka hundeessan kun jiraachuu qabu.

Haa ta'u malee haalli dirqisiisaan kun akkuma jiruutti ta'ee, haala addaan ijoo dubbii yakkicha hundeessan keessaa kutaan yaadaa mirkaneessuun otuu hin barbaachisiin haalli itti gaafatamummaan yakkaa mirkaana'u ni jiraata. Kunis yeroo raawwataan gochaa yakkaa Jaarmiyaa mirgi namummaa seeraan kennameef yoo ta'eedha. Jaarmiyaaleen namummaan seeraan kennameef kutaan seerummaafi gochaa kan guutaan yoo ta'e; akka raawwataa yakkaa muummeetti, kakaastummaafi miiltummaan yakka raawwachuun haalli itti balleessaa ta'uun adabamuu danda'an ni jira.⁴² As irratti haalli itti ibsamuus hooggantootaa yookiin hojjetoota jaarmiyichaa keessa tokko haala hojii Jaarmiyichaa waliin walqabateen faayidaa Jaarmiyichaa karaa seeraan alaa gaggeessuuf yaaduun yookiin dirqama seera Jaarmiyichaa darbuun yookiin Jaarmiyichaa seeraan ala akka meeshaatti fayyadamuun gochaa yakka kan raawwatee yoo

⁴² Seera Yakkaa, keewwata 23(3)fi 34 waliin dubbisuun ni hubatama.

ta'eedha. Kanaaf, maalummaafi jiraachuu isaanii ilaalchisee haala hubannoof toluuf akka armaan gadiitti haa ilaallu.

3.1.1. Kutaa Seera

Qajeeltoowwan bu'ura seerri yakkaa ittiin hoogganamu keessa tokko qajeeltoo seerummaati. Qajeeltoon kunis kallattiin haaldureewwan itti gaafatamummaa yakkaa hundeessuuf barbaachisan, kutaa seeraa kan jedhuun kallattiin waliitti hidhamaadha. Bu'uuruma kanaan tumaa seera yakkaa biyya keenya keewwatni 23(2) ijoowwan dubbii yakka raawwatame keessa tokko kutaan seeraa jiraachuu akka qabu ni agarsiisa. Gochi tokko yakka ta'uun kan adabsiisuu danda'u, seeraan alummaafi adabsiisummaa gochichaa seeraan tumamu qaba.⁴³ Kanaaf kutaa seeraa kun qajeeltoo seerummaa tumaa seera yakkaa keewwata 2 jalatti tumame kan armaan dura ibsame waliin ilaalamu qaba.

3.1.2. Kutaa Yaadaa

Adeemsa hojii himannaa yakkaa keessatti dhimmi ijoon himannichi mirkaneessuu qabu keessa tokko 'kutaa yaadaa' gochaan yakkaa sun ittiin raawwatameedha. Sababiin isaas hiikkaa gochaa yakkaaf kenname irraa ka'uun yoo ilaalle, gochi sun yakkummaan isaa seeraan tumame jiraatuus raawwatan gochaa yakkaa yakkicha kan raawwwatu beekumsa hanga ta'e qabaachuu akka qabu ni agarsiisa. Kunis kan agarsiisuu raawwachuun ykn jiraachuun gochaa qofaa isaatiin itti gaafatamummaa yakkaa hundeessuuf gahaa miti.⁴⁴ Kanaaf itti gaafatamummaa yakkaa mirkaneessuuf, kutaan yaadaa gochaan yakkaa ittiin raawwatame sun beekamuu qaba. Kutaa yaadaa kunis seerota yakkaa biyyoota hedduu keessatti 'Mens rea' ykn 'Moral element' jedhamuun beekkama. Hiika '*Mens rea*' ilaalchisee hayyuun seera Nicola Lacey jedhamtu:

'*Mens rea* is the (not entirely happy) umbrella term used by most criminal law scholars to refer to a range of practical attitudes or states of mind on the defendant's part, which form part of the definition of many offences'.⁴⁵ jechuun ibsuuf yaalteetti.

⁴³ Seera yakkaa, kwt 23(1).

⁴⁴ Dejene Girma Janka, fuula 26.

⁴⁵ Nicola Lacey, A Clear Concept of Intention: elusive or illusory?, 1993, page 56, as cited in Mike Molan etal, Modern Criminal Law, 5th Edition, published by Cavendish Publishing Limited, London, UK, 2003, p.53.

Gochaan yakkaa kan raawwatamu itti yaaduun beekumsa guutuun ykn dagannoodhaan of eeggannoo malu taasisuu dhabuu ykn maal na dhibdeen ta'uu danda'a. Kaayyoon seera yakkaa inni olaanaan kutaa yaadaa gochaan yakkaa ittiin raawwatame sana adabuudha. Haala kanaan yaadni sammuu ykn kutaan yaadaa osoo hin jiraatiin, balleessan hin jiraatu. Balleessan hin jiraatu taanaan immoo itti gaafatamummaan yakkaa hin jiraatu jechuudha. Yoo itti gaafatamummaan yakkaa hin jiraanne immoo adabbiin kamiyyuu raawwataa gochaa irratti fudhatamu hin danda'u. Sirni kun immoo qajeeltoo seerri yakkaa ittiin bitamuudha.

Kanaafuu, itti gaafatamummaa yakkaa qaama gocha yakkaa raawwate tokko irratti mirkaneessuuf, kutaan yaadaa himatamaan sun yeroo gochaa raawwatu qabu maal akka ta'e mirkaneessuun dhimma ijoo murteessaadha. Ulaagaa ijoo kana ilaalchisee seerri yakkaa biyya keenyaa tumaalee waliigalaa seerichaa keessattis haala ifa ta'een akka hammatamaan taasisseera.⁴⁶ Haala kanaan seerri yakkaa biyya keenyaa kutaa yaadaa itti gaafatamummaa yakkaa hordofsiisuu danda'an gocha itti yaaduun yakka raawwachuufi dagannoon yakka raawwachu akka ta'an ni tuma. Kunis akka qajeeltootti gocha yakkaa itti yaaduun raawwachuun yeroo maraa itti gaafatamummaa yakkaa kan hordofsiisu akka ta'e addeessa. Haa ta'u malee, gochi raawwatame seeraan kan adabsiisu yoo ta'ees; raawwatan badii tokko osoo hin raawwatiin ykn sababa humna ol ta'een ykn wanta tasa mudateen gocha kan raawwate ykn miidhaa kan dhaqqabsiise yoo ta'e seera yakkaatiin itti murtaa'uu hin danda'u.⁴⁷ Kanaaf, namni gochaa yakkaa raawwateef itti gaafatamaa ta'uu kan qabu yoo yakkicha itti yaadee ykn dagannoon yakka sana kan raawwate yoo ta'eedha.⁴⁸

Gama biraan kutaan yaadaa ykn itti yaaduun yakka raawwachuun kun jecha afaan Ingiliffaa 'Intention' jedhamuun ibsama. Hiikka jecha 'intention' jedhuu Guuboon jechoota Oxford English Dictionary, '... that which is intended or purposed; a purpose or design; ultimate purpose; the aim of an action' jechuun ibseera. Haala waliigalaan hiikka kanarraa kan hubatamu, ergama ykn kaayyoo itti yaadamuun raawwatamu akka ta'e ni agarsiisa. As irratti qabxiin hubatamuu qabu hiikka kutaa yaadaa kana ilaachisee seerri yakkaa biyya keenyaa haala kamiin kan hiikuufi ogeeyyiin seeraas akkamiin hubachuun hojjiirraa oolchuu qabu kan jedhuudha.

⁴⁶ Seera yakkaa, kwt 58fi 59.

⁴⁷ Seera Yakkaa kwt 57(2).

⁴⁸ Seera Yakkaa, kwt 57(1, keeyyata 2ffaa).

2.1.2.1. Kutaa Yaadaa Itti Yaaduun Yakka Raawwachu

Gochaan namni tokko raawwate yakkaan haalli inni itti gaafatamuu danda’u, raawwataan gochichaa ta’ee jedhee itti yaaduun fedhii guutuun kan raawwate ta’uun yoo mirkanaa’e qofa akka ta’e seera yakkaa biyya keenyaarraa hubachuun ni danda’ama.⁴⁹ Kunis kan agarsiisu raawwatan gochaa, gochaan inni raawwatu maal akka ta’eefi bu’aan gochaa kana raawwachuun hordofsiisu nama sirnaan hubate akka ta’eedha.

Hiikka kutaa yaadaa itti yaaduun yakka raawwachu (intention) jedhu kanaa seerri yakkaa biyya keenyaa waan ifatti kaa’e hin qabu. Haa ta’u malee, itti yaaduun yakka raawwachuun maal akka ta’e ilaalchisee kaayyoo raawwii gochaa yakkaafi sadarkaa beekumsa yakkicha raawwachuuf himatamaan qabaachuu malu seerichaan ibsameera. Haala kanaan,

‘namni kamiyyuu bu’aa murtaa’e tokko argachuuf jedhee gochaa seeraan alaafi adabsiisu osoo beekuu fedhii isaatiin kan raawwate yoo ta’e ykn gochi seeraan alaafi bu’aa adabsiisuu kan hordofsiisu ta’uu isaa osoo beekuu kan ta’e haa ta’u jedhee bu’aa isaa fudhachuun gochicha kan raawwate yoo ta’e’, itti yaaduun yakka raawwachu akka ta’e ni ibsa.⁵⁰

Akka ibsa kanarraa hubatamutti, namni bu’aa murtaa’e tokko argachuuf ykn kaayyoo murtaa’e tokko galmaan gahuuf fedhii isaatiin ykn beekumsa guutuun kallattiin gochicha kan raawwate ta’uu akka qabuudha. Gama biraan immoo himatamaan sun gochaan inni raawwatu seeraan alaafi bu’aan gochaa isaa kunis kan adabsiisu ta’uu isaa otuu beekuu kan ta’e haa ta’u jechuun bu’aa hordofsiisu fudhachuun gochaa yakkaa kan raawwate ta’uu qaba. Himatamaan yakkaa haala akkasii keessatti gochaa yakkaa kan raawwate yoo ta’e; kutaa yaadaa alkallattii waan qabuuf gochaa yakkaa itti yaaduun raawwachuun himatamu qaba. Haalli kun uumamuu kan danda’uu yeroo himatamaan yakkaa gochaa yakkaa murtaa’e tokko raawwachuuf kallattiidhaan itti yaadee gochaa kanaas galmaan gahuuf tarkaanfiin inni fudhatu garuu bu’aa adabbii yakkaa hordofsiisuu akka danda’u otuu beekuu waan fedhe haa ta’uu jechuun bu’aa isaa fedhii guutuun ofitti fudhachuun kan raawwatamuudha.

⁴⁹ Seera Yakkaa, keewwata 57fi 58(1) waliin dubbisuun.

⁵⁰ Seera Yakkaa, kwt 58(1, Afi B).

Dhimma kana fakkeenyaan yoo ibsine, namni gochaa yakkaa mana miidhamaa dhuunfaa tokko gubuu barbaadee, halkaan yeroo namni mana cufatee rafeetti ibidda itti qabsiisuun akka gubatuu kan taasisee yoo ta'e, namoonni manicha keessa turanis miidhaa gubaatii ibiddaan qaama isaanii irra gaheen deeggarsa namoonni alaafi tattaaffii miidhamtootni godhaniin lubbuun isaanii ooluu danda'a. As irratti kaayyoon himatamaa kanaa inni guddaan manicha gubuun qabeenyicha balleessuu yommuu ta'u; himatamaan halkaan yeroo namni mana keessaan cufatee rafaa jiruutti, manicha gubuuf ibidda itti qabsiisuun kaayyoo kallatti namoota sana ajjeesuu yoo hin qabannees, ibiddi kun namoota kana gubee akka ajjeesuu danda'u ni beeka. Kanaaf yoo du;aanis haa du'ani jechuun bu'aa gochii isaa lubbuu namoota kanaa irratti hordofsiisuu guutummaa guutuutti ofitti fudhachuun gochaa yakkaa kana raawwachuuf kutaa yaada alkallattii waan qabuuf, gochaa yakkaa yaalii ajjeechaan dabalataan himatamuu qaba.

Gama biraan, kutaa yaadaa dhala namaa akka salphaatti addaan baasanii beekuun rakkisaadha. Haqa kana ilaalchisee hayyuun seeraa tokko akkana jechuun ibseera:

“The task of formulating laws to govern the mental elements of crime has remained difficult; because of the abstract nature of the notions involved and such laws must take into account the inescapable link between subjective and objective criteria, since the human mind, whatever its essential nature, remains unknowable except in so far as it is revealed by conduct.”⁵¹

Akka yaada hayyuu kana irraa hubatamutti kutaan yaada himatamaa kan ibsamu ykn hubatamuu danda'u gochaa inni qabatamaan itti yaaduun raawwatuun waan ta'eef, gochicha waliin ilaaluun barbaachisaa akka ta'e addeessa. Dhugaan kunis seera yakkaa biyya keenyaa keessatti haaldureewwan yakka hundeessuuf barbaachisan keessa tokko kutaan gochaa yakkichi raawwachuu agarsiisu jiraachuu akka qabu ni dirqisiisa.⁵²

Akka tumaa kutaa waliigalaa seera yakkaa biyya keenyaa irraa hubatamutti, yakki itti yaaduun raawwatamu kun yeroo hundaa kan adabsiisu ta'uu qajeeltoo waliigalaa seerichaa irraa hubachuun barbaachisaadha. Haa ta'u malee, hambifannoon qajeeltoo kanaa, gochaan yakkaa itti

⁵¹ F M NEASEY, The Mental Element in the Law of Murder, Published Western Australian Law Review, Vol.21, 1991, Fuula 36.

⁵² Seera yakkaa, kwt 23(2).

yaaduun kan raawwataman yoo ta'ees, haalli raawwii isaa ilaalchisee gochoota seeraan hayyamaman, haalawwaan hin adabsiifneefi dhiifama kennisiisan keessatti kan raawwatame yoo ta'e hin adabsiisu.⁵³ Akkasumas namni gochaa itti yaaduun kan raawwate ta'ee, maalummaa gochaa raawwatuu ykn bu'aa gochaan inni raawwatu hordofsiisu waan hin beekneen ykn waan hin hubanneen ykn kallattiin ykn tasaan wanta yaada isaatiin ol ta'een itti murtaa'uu hin danda'u.⁵⁴ Haa ta'u malee, tumaaleen dagannoo ilaallatan akka haala raawwii gochichaatti raawwatinsa qabaachuu danda'u.

3.1.2.2. Dagannoon Yakka Raawwachuu

Kutaa yaadaa yakkaa itti gaafatamummaa hordofsiisan keessa tokko, dagannoon gochaa yakkaa raawwachuudha. Haala raawwii dagannoon yakka raawwachuu ilaalchisee seerri yakka biyya keenya tumaa waliigalaa keewwata 59 (1(a)fi (b)) jalatti ibsee jira. Kunis

*'Namni kamiyyuu (a) gochichi yakkaan bu'aa adabsiisu kan hordofsiisu ta'uu isaa osoo beekuu hin qaqqabu tilmaama jedhuun yookiin madaaluu dhiisuun; yookiin (b) gochichi yakkaan bu'aa adabsiisu kan hordofsiisu ta'uu isaa beekuu osoo qabuu yookiin beekuu osoo danda'uu, tilmaamuu dadhabuun yookiin yaaduu dhiisuun'*⁵⁵ gochicha kan raawwate yoo ta'e dagannoo qabaachuu isaa agarsiisa.

Gama biraan seerichi jiraachuu dagannoo ilaalchisee agarsiistuu ykn madaalliin isaa maal ta'uu qaba kan jedhuuf akka haalaafi amala gochaa yakkaa raawwatameefi himatamaa yakkaa raawwate sanatti kan ilaalamuu qabu akka ta'e agarsiisa. Haalonni kunis

'haalli dhuunfaa raawwata yakkichaa, keessumaa umuriin isaa, muxannoon jireenyaa inni qabu, sadarkaa barumsaa inni qabu, hojiin isaafi sadarkaan jireenya hawaasummaa isaa yommuu madaalaman haalawwan dhimmichaatiin raawwatamu qabu jedhamee

⁵³ Seera Yakkaa, kwt 58(2)fi tumaalee seera yakkaa keewwatoota 68 hang 81 jiraan waliin dubbisuun hubachuun ni danda'ama.

⁵⁴ Seera Yakkaa kwt 58(3).

⁵⁵ Seera Yakkaa, kwt 59(1, Afi B).

*eeggannoowwan roga qabeessa barbaachisaa ta'an kan hin taasisne yoo ta'e*⁵⁶, akka ta'e ni ibsa.

Qabxii kana fakkeenyaan gabbisuun barbaachisa waan ta'eef, murtii Manni Murtii Federaalaa Dhaddacha Ijibbaataa galmee lakk.42703⁵⁷ (Dhimma 4^{ffaa}) ta'e irratti dhaddacha gaafa Adoolessa 22, bara 2001 ooleen kenne tokko ilaaluun gaarii ta'a. Dhimmi kunis gochi yakkaa tokko dagannoodhaan raawwatameera kan jedhamu yoomi? Keessumaa himtamaan tumaa seera yakkaa keewwata 543(3) jalatti itti gaafatamuuf ulaagaawwaan ykn qabxiiwwaan guutamu qaban maal akka ta'an agarsiisa. Dhimma kanaaf ka'umsa kan ta'e, himata A/A Godina Jimmaa Mana Murtii godinichaatti, Iyyata irratti dhiheesseen, Iyyataan ammaa konkoolaachisaa konkoolaataa deddeebisa uummata lakk. Gabatee isaa 3-42631 AA Jimmaa irraa gara Magaalaa finfinnee otuu konkoolaachiseaa jiru, Aanaa Sokorruu, Ganda Beetirii Qumbii, bakka Keellaa Geeshoo jedhamutti, Seera yakkaa keewwata 543(3) irra darbuun, of eeggannoodhaan konkoolaachisuu dhabuudhaan, konkoolaaticha garagalchuun namoota konkoolaaticha keessa turan lama dagannoodhaan ajjeesuun himatameera, kan jedhu yommuu ta'u; Manni Murtiis ragoolee namaa sadii, sanadaafi wixinee bakka balaan gaheefi bu'aan qorannoo teeknikaa konkoolaataa erga dhagaheen booda, iyyataan ammaa bu'uura himata dhiyaateen akka ofirraa ittisuu waan ajajeef, Iyyataanis gama isaatiin ragoolee ittisaa namoota lama akka dhagahamaniif dhiheeffateen jechi ragummaa isaanii dhagahameera.

Haala ibsa ragooleen hundi konkoolaatichi marfata irratti kan garagale ta'uu ibsaniiru jechuun haala deemsa konkoolaatichaa ilaalchise ragaan AA Iffaan ariitii gidduu galeessaan deema akka ture yoo ibsu, ragaa 2ffaan immoo haala ariitii konkoolaatichaa tilmaamuun rakkisaa ta'uu dubbateera. Ragaa 3ffaan immoo konkoolaatichi ariitii irraa waan tureef, otuu ariitii isaa hin hir'isiin marfata irra waan gaheef kan garagale ta'uu ibseera. Akka ibsa ragaa kanaatti ariitiin kun tilmaamaan sa'aatiitti kiiloo meetira 50-60 ni ta'a jedheera. Kana malees ragooleen namaa sadeen konkoolaatichaa imala akka turaan ibsuun, bakka jedhame yommuu gahan, sangaafi tikseen tokko akka tasaa waan itti galaniif, iyyataan isaan oolchuuf konkoolaaticha marfata irratti

⁵⁶ Seera yakka, kwt 59(1) keeyyata 2ffaa.

⁵⁷ Iyyata Falmii yakkaa Galmee Lakk.42703 ta'e irratti Iyyataan Faasil Birhaanuufi Abbaa Alangaa Naannoo Oromiyaa gidduu tureen, Mana Murtii Waliigalaa Federaalaa Dhaddacha Ijibbaataatiin dhimma dhaddacha gaafa Adoolessa 22, bara 2001 ooleen murtii argateedha.

mirga irraa gara bitaatti yoo qabu konkoolaatichi sigigaachuun akka kufeefi sababa kanaanis namoonni lama konkoolaaticha keessa kan turan du'uu isaanii dubbataniiru.

Kanarraa ka'uun manni murtii dhimmicha jalqaba irratti ilaalees, ragaa bitaafi mirgaa erga xiinxaleen booda, himatamaan marfata irratti sa'aatiitti kiiloomeetira 50-60 konkoolaachisaa otuu jiruu akka tasaa sangaafi tikseen itti seennan, oolchuuf konkoolaataa gara bukkeetti qabnaan konkoolaatichi sigigaachuun balaan kun kan gahe ta'uu hubachuun, imaltoonni kun kan du'an bakka suuta konkoolaachisuu qabutti ariitiidhaan konkoolaachisuudhaan waan ta'eef, jechuun himatamaan tumaa seera yakkaa keewwata 543(3) irra darbuun dagannoodhaan ajjeechaa lubbuu raawwateera jechuun balleessa erga taassisen booda, hidhaa cimaa waggaa shaniifi adabbii maallaqaa qarshii 10,000'n akka adabamu murteesseera. Iyyataan murtii kana komachuun gara MMWOtti kan gaafate yoo ta'u, manni murtichaas murtii balleessummaa cimsuun adabbii hidhaa cimaa waggaa sadiifi adabbii maallaqaa qarshii 5000'n akka adabamu jechuun fooyyeesse murteesseera. Iyyataan murtii kanatti waan hin quufneef, oliyyata gara MMWODHIitti kan gaafate yoo ta'ees, hin dhiheessisu waan jedhameef, Iyyataan ammaa gama isaatiinmurtii manneen murtii jalaa keessatti akkuma ibsame, gochaan kan raawwate sangaafi tikseen marfata irratti waan itti seenaniif oolchuuf yommuu konkoolaataa kana gara bitaatti qabe akka ta'e ibsuun, haala kanaan lubbuun namoota lamaa balaa kanaan kan darbe waan ta'eef, gochaan dagannoodhaan konkoolaachisaatiin raawwatame jedhame itti gaafatamu hin qabu jechuun, murtiin manneen murtii jalaa dogoggoora bu'uura seera qaba jechuun komii isaa MMWFDHIitiif dhiheesseera. Kanuma irraa ka'uun dhaddachi Ijibbaataas ijoo dubbii qabateen namoonni kun kan du'an dagannoo konkoolaachisaatiini jedhamu qaba moo miti? Bu'uura ijoo dubbii qabameen iyyataan gochaa yakkaan balleessa jedhamuuf, ulaagaawwaan tumaa seera yakkaa keewwata 543(3) jalatti ibsaman guutaniiru moo hin guutne qabxii jedhu waliin qulqulleesseera. Haala kanaan namni tokko bu'uura seera yakkaa biyya keenyaan dagannoodhaan nama ajjeesuun balleessa jedhamuuf, ulaagaawwan hammachuu qaban maal maal akka ta'an xiinxaleera. Bu'uura kanaan, manni murtichaa akkaataa tumaa seera yakkaa keewwata 57(1) jalatti ifatti tumameetti 'Namni gocha isaatiif itti gaafatamaa ta'uu qabu itti yaadee yookiin dagannoon yakka tokko kan raawwate yoo ta'e malee yakkaan balleessaa hin ta'u,' kan jedhuu fi dabalataanis tumaa seera yakkaa keewwata 57(2) jalatti, 'Namni kamiyyuu gochi inni raawwate seeraan kan adabsiisu yoo ta'ellee badii tokko osoo hin raawwatiin yookiin sababa humnaa ol ta'een yookiin wanta tasa mudateen kan raawwatame yoo ta'e, seera

yakkaatiin itti murtaa'uu hin qabu,' jechuun ibseera. Manni murtichaas xiinxala taasiseen, akka tumaa seera yakaa kanarraa hubatamutti, sababa gochaa tokkoof, namni tokko yakkaan balleessadha jedhamuuf, himataan Abbaan Alangaa gochaan sun kan raawwate itti yaaduudhaan ykn dagannoodhaan ta'uu hubachisuu akka qabuu akkasumas gochi kun itti yaaduudhaan ykn dagannoodhaan ta'uu isaa AA ragaadhaan mirkaneessuu qabu ibsuun; ykn himatamaanis gama isaatiin gochaan kan raawwate sababa humnaa ol ta'een ykn waan tasa mudateen ta'uu ragaan kan hubachise yoo ta'e, nama haala akkasii keessatti gocha raawwate seera yakkaatiin balleessa jedhani murteessuun afura seera yakkaa ala jechuun xiinxaleera.

Gama biraan akka xiinxala mana murtichaa irraa hubatamutti, namni dagannoodhaan himatame, dagannoo qabaachuu ykn qabaachuu dhabuun isaa kan murtaa'u bu'uura tumaa seera yakkaa keewwata 59(1)tiin ta'uu akka qabu ibsuun, dhimma kana keessatti akka ijoo dubbii ragaan mirkanaa'e irraa hubatamutti, iyyataan ammaa konkoolaataa kan garagalche otuu deemsa irra jiruu waan to'annoo konkoolaachisaadha ol ta'e, akka tasaa tikseen sangaa waliin itti seenuun balaa (accident) uumameedha malee gocha dagannoo konkoolaachisaatiin raawwatame miti jechuun murtii Manneen Murtii jalaa diiguun bilisaan gaggeesseera.

Kana malees, ibsa armaan dura kana irraa ka'uun qajeeltoon seera yakkaa, yakka dagannoon raawwatu bitu maal akka ta'e hubachuun baay'ee barbaachisaadha. Qajeeltoon kunis bu'uura tumaa seera yakkaa keewwata 59(2) jalatti ibsameen kutaa addaa tumaa seerichaa jalatti gochicha dagannoon raawwachuun ni adabsiisa jedhame yoo tumame malee gochi dagannoon raawwatame kan hin adabsiisne ta'u mul'isa. Kanaaf qajeeltoon tumaalee waliigalaa kun kutaa addaa seera yakkaafis raawwatinsa waan qabuuf, akaakuu ykn cimina badii raawwatameen ykn sababa balaa hawaasarra gahuu danda'uun kutaa addaa seerichaa jalatti ifatti gochicha dagannoon raawwachuun ni adabsiisa jedhamuun yoo ibsame malee gocha dagannoon raawwachuun itti gaafatamummaa yakkaa hin hordofsiisu. Dhimma kana fakkeenyaan qabatama taasisuun yoo barbaachise, tumaan seera yakkaa keewwatni 665 dagannoodhaan gochaa hanna raawwachuu yakka taasise hin jiru.⁵⁸ Kanaaf namni dagannoodhaan qabeenya nama biroo kan ta'e itti fayyadamuun badhaadhina hin malle yoo argate, yakka hannaan hin gaafatamu jechuudha.

⁵⁸ Dejene Girma Janka, fuula 32.

Haala armaan dura ibsameen, qaama gochaa yakkaa raawwate ykn raawwachuuf yaale, irratti itti gaafatamummaa yakkaa mirkaneessuuf, haaldureewwan yakka hundeessan keessa kutaan yaadaa guutamuun qajeeltoo seera yakkaa biyya keenyaa bitu yoo ta'ees, qajeeltoon kun Jaarmiyaalee qaamni seerummaa kennameef raawwatiinsa kan hin qabne ta'uun hubatamuu qaba.⁵⁹ Qaamoleen kunneen, bu'uura tumaa seera yakkaa keewwata 34 jalatti ibsameen, itti gaafatamummaa yakkaa kan qaban yoo ta'ees, qaama namummaa seeraan waan argataniif, akka dhala namaatti kutaa yaadaa yoo hin qabnees, yeroo isaan gochaa yakkaa keessatti akka raawwata muummeetti, kakaastummaan ykn miiltummaan hirmaatan himatamuun balleessa taasisuun adabamuu akka danda'an agarsiisa.

Gaaffiilee marii

1. Dhimma 4^{ffaa} keessatti bu'uura Dambii Geejjibaa Daandii Mootummaa Naannoo Oromiyaatiin, Iyyataan ammaa ariitii seeraan daangeffameen ol konkoolaachisuun ragaa ogeessan kan mirkanaa'e yoo ta'e, dagannoodhaan nama ajjeesuun itti gaafatamummaa yakkaa ni qaba jettuu? Maaliif?
2. Qajeeltoon seera yakkaa dagannoo gocha yakkaa raawwachuun hin adabsiisu jechuun maaliif jettanii yaaddu? Gaaffii kana kaayyoofi galma seera yakkaa waliin wal bira qabuun irratti mari'adha.
3. Jaarmiyaaleen namummaan seeraan kennameefii kanneen itti gaafatamummaa yakkaa qabaachuu danda'an isaan kami? Jaarmiyaaleen kunneen itti gaafatamummaa kan qabaataan yakki raawwatame sun yoo eenyuun raawwateedha?
4. Jaarmiyaaleen namummaan seeraan kennameef yakkaan gaafatamu kan danda'an yoom?
5. Jaarmiyaan Mootummaa yakkaan gaafatamaan jiru? Yoo jiraatan kan akkamiiti?

3.1.3. Kutaa Gochaa

Ulaagaawwan bu'uuraa yakka hundeessanifi guutamu qaban keessa tokko kutaan gochaa tokko akka ta'e tumaa seera yakkaa biyya keenyaa, keewwatni 23(2)ni tuma. Kunis gochaa tokko akka hin raawwatamneef waan seeraan dhorkame raawwachuu ykn waan akka raawwatuuf seeraan

⁵⁹ Seera yakkaa, kwt 23(3).

dirqamu raawwachu dhabuudha. Kanaaf sadarkaa yaadaatti gochaa yakkaa raawwachuuf waan badaa ykn hamaa yaaduun mataa isaatiin itti gaafatamummaa yakkaa mirkaneessuun nama adabuuf gahaa miti.⁶⁰ Kanarraa ka'uun gochaan sadarkaa yaadaatti jiru qabatamaa alatti bahee mul'achuu ykn raawwatamuu akka qabu agarsiisa.

As irratti wanti hubatamuu qabu kutaan gochaa tumaa seera yakkaa keewwata 23(2) jalatti ibsame, gochaa itti yaaduun raawwatamuu ta'uu akka qabuudha. Dhimmi biraan hubatamuu qabu gochaa yakka muummee raawwachuuf tarkaanfiiwwanifi sochiiwwan haala mijeessuuf fudhataman mataa isaaniin qabatamaan qaama gochaa raawwachuuf gargaaran yoo ta'anis bu'uura tumaa seera yakkaa keewwata 26tiin hin adabsiisani. Kanaaf, kutaan gochaa kun yakka muummee sana raawwachuuf tarkaanfiiwwan fudhataman ta'uu akka qabu agarsiisa.

Qabatamaan kutaa gochaafi haala hojii irra oolmaa isaa ilaalchisee dhimma qabatamaa armaan gadii ilaaluun gaariidha. Dhimma kanaaf (Dhimma 5^{ffaa}) ka'umsa kan ta'e himata, Abbaan Alangaa aanaa Magaalaa kombolchaa, Himata yakkaa Iyyataa ammaa Ahimad Adamii, himatamaa 3ffaa jalaa kan tureefi himtamtoota biroo lama waliin, himata gaafa 03-07-2004 barreeffaman mana murtii Aanaa magaalichaatti dhiheesseen, Iyyataan kun tumaa seera yakkaa keewwata 535 (3) (A)fi (D) irra darbuun, meeshaalee tajaajila yaalaa sirnaan qabachuu otuu dirqama ogummaa qabaniif, gaafa 21-11-2003 Gareen Ogeeyyii Eegumsa fayyaa Magaalaa Kombolchaa yeroo hordoffiifi to'aannoo taasisuuf bobba'eetti, Magaalaa kombolchaa Ganda 03, bakka Kilinika Dhuunfaa Haayyat jedhamu keessatti Iyyataan kun yeroo ogeessa ta'uun hojjetaa tureetti, meeshaa qorannoo fincaanii tokko bakka sadiitti gargaar baasuun baay'isuun otuu itti hojjetaa jiraniif, ogummaa yaalaa fayyaa haala seeraan ala ta'een raawwachuun himatamaniiru.⁶¹ Himatamaanis gama isaatiin gochaa yakkaa kan hin raawwanne ta'uu haaleera. Manni murtiis ragoolee Abbaan Alangaa namaa sadiifi ragaa barreeffamaa waliin erga dhagaheen booda, iyyataan kun bu'uura SDFY keewwata 142tiin akka ofirraa ittisuuf erga ajajeen, himatamaan jalaa kunis gama isaatiin ragoolee namaafi barreeffamaa dhiheeffachuun kan dhagamaniif yommuu ta'u, manni murtichaas ragooleen himatamaa hin ittisne jechuun, himatamaa kana bu'uura himata dhihaateen balleessa jechuun hidhaa cimaa waggaa afuriifi

⁶⁰ Dejene Girma Janka, fuula 20.

⁶¹ Iyyata Falmii yakkaa Galmee Lakk.91535 ta'e irratti Iyyataan Ahimad Adamfi Abbaa Alangaa Naannoo Amhaaraa gidduu tureen, Mana Murtii Waliigalaa Federaalaa Dhaddacha Ijibbaataatiin dhimma dhaddacha gaafa Muddee 12, bara 2006 ooleen murtii argateedha

adabbii maallaqaa qarshii 16,000tiin akka adabamu jechuun murteesseera. Iyyaan ammaas murtii mana murtii jala kana komachuun oliyyata Mana Murtii Olaanaa Godina Walloo Kibbaaf kan dhiheeffate yommuu ta’u, manni murtii olaanaas murtii mana murtii jalaa waan cimseef, Iyyataan murtii kana komachuun mana Murtii Waliigalaa Naannichaa Dhaddacha Ijibbaataatti oliyyata yoo gaafatu, Dhaddachi Ijibbaataa Naannichaas gama isaatiin murtii balleessummaafi adabbii hidhaa mana murtii jalaa cimsuun, adabbii maallaqaa ilaalchisee qarshii 10,000tiin akka adabamu jechuun fooyyeessuun murteesseera. Iyyataan egaa murtiiwwan manneen murtii sadarkaan jiraniin kenname kun dogoggoora bu’uura seeraa waan qabuuf akka diigamuuf oliyyata MMWFDhItti gaafateera.

Haala kanaan, MMWFDhI dhimmichi ni dhiheessisa jechuun ijoo dubbii qabateen, meeshaan ittiin fincaan qoratan bakka sadiitti gargaar baheera jedhamee gochaan kun mataa isaatiin bu’uura tumaa seera yakkaa keewwata 535 (3) (A) (D)tiin yoo xiinxalamu hamma ogeessi kun ittiin tajaajila otuu kennuu ragaan hin argineetti mataa isaatiin yakkaan ni gaafachisaa? Kan jedhuufi ijoo dubbii biraa immoo dabalataan Manni murtichaa qabate, Waamamaan bu’uura himata dhiheeseen dirqama hubachisuu baheera moo hin baane? Kan jedhu ture.

Dhimma kana irratti MMWFDhI murtii kenneen, Iyyataan gochaa yakkaa haaluun waan falmeef, ragooleen Abbaa Alangaa namni sadii yeroo hojii hordoffiifi to’annoo gaggeessuuf bahaniitti meeshaan yaalaa fayya jedhame bakka sadiitti gargaar bahuun baay’inni isaa kan 68 ta’e miinjaala Iyyataan irratti hojjetu irratti arguu malee otuu himatamaan jalaa kun meeshaalee kanaan tajaajila yaalaa fayyaa ittiin kennuu ijaan hin argine ykn kan dursee ittiin tajaajila kennaa ture ta’uu ykn Iyyataan meeshaalee kanaan tajaajila kennuuf akka ta’e waan isa irraa hubatan hin qabani akkasumaas ragaan barreeffamaa kan ibsu meeshaalee kanneen gargaar baasuun ittiin tajaajila kennuun sirri akka hin taane ibsa ogummaa dhiyaateedha malee Iyyataan meeshaalee kanaan tajaajila yaalaa fayyaa kennuu kan hubachisu miti jechuun xiinxaleera. Manni murtichaa ibsa ragaalee kanneen irraa ka’uun, “namni tokko yakka raawwateera kan jedhamu, gochaa seeraan alaafi kan adabsiisu ta’uu seeraan tumame tokko raawwatee yeroo argame akka ta’eefi yakki immoo raawwateera kan jedhamu, yakkummaa kan hundeesaan firiiwwan dubbii seeraa, gochaafi yaadaa waliin guutamuun yoo argaman qofaa akka ta’e tumaa seera yakkaa biyya keenyaa, keewwata 23(1)fi (2) jalaatti tumame kan argamu akka ta’eefi namni kamiyyuu akka raawwataa yakkaa muummeetti lakkaawamee kan adabamu, yoo ofii isaatiin kallattiidhaan ykn

alkallattiin yaadaafi gochaa isaa hundaan gocha yakkichaafi bu'aa inni argamsiisu hundaa keessatti guutummaan hirmaataa ta'uun kan ofiisaa kan taasissee fudhate ta'uu akka qabu seerri yakkaa keewwanni 32(1) akka tumu" ibsuun, "himanni dhimma yakkaa irratti dhiyaatus, yakka ittiin himatame akkasumaas qabxiwwan bu'uura yakkichaafi haala raawwii isaa waliin ifaatti hammachuun dhiyaachuu akka qabu tumaalee SDFY keewwattoonni 111fi 112 kan dirqisiisan ta'uufi haal-dureewwan yakka hundeessaniis bu'uura tumaa seera yakkaa keewwata 23(2)tiin haala hammateen dhiyaachuu akka qabaniifi haalli kun guutamuu isaa himataan dirqama hubachiisuu kan qabu ta'uufi himataanis dirqama hubachisuu isaa bahateera kan jedhamu yoo bu'uura himata dhiyaateen gochaan yakkaa raawwachuun mirkaneessedha" jechuun ibseera.

Kanarraa ka'uun, ragaan Abbaa Alangaa jecha ragaa kennaniin, meeshaan ittiin fincaan qorataan (Dip sticks) kan gargaar bahan baay'inni isaanii 68 ta'an kutaa himatamaan jalaa hojjetu keessatti Miinjaala irratti arguu dubbataniiru. Bu'uura tumaa seera yakkaa himatni ittiin dhiyaateen yoo ilaallu himatamaan yakkaan gaafatamuu kan danda'u, meeshaa nageenyummaan, fayyummaan, qulqullummaan isaa hin mirkanoofneefi kanneen dhorkamaniin, manca'an, kan faalameefi kanneen fayyadamaa irratti miidhaa geessisuutiin tajaajilaa yaalaa fayyaa kan kenne akka ta'e ni agarsiisa jechuun Iyyataan ammaa haala kanaan gochaa yakkaa raawwachuun waan hin mirkanoofneef, murtiin manneen murtii jalaa diiguun Iyyataan bilisan akka gaggeeffamuuf murtii ajaja waliin kenneera.

3.2. Hariiroo Jiraachuu Sababaafi Bu'aa

Bu'uura tumaa seera yakkaa keewwata 23(2)tiin, ulaagaawwan gochaa yakkaa hundeessuuf jiraachuu qaban kanneen akka kutaa seeraa, kutaa gochaafi kutaa yaadaa guutamuu akka qaban seerichi ni dirqisiisa. Ulaagaaleen kun akkuma jiranitti ta'ee, qabxiin biroo raawwata gochaa yakkaa ykn himatamaa irratti itti gaafatamummaa yakkaa mirkaneessuuf barbaachisu hariiroon sababaafi bu'aa gochaa raawwateefi bu'aa argame gidduu jiraachuu akka qabu seerichi akka haal duree dabalataa birootti jiraachuu akka qabu ni dirqisiisa.⁶² Kunis kan agarsiisu, gochaa raawwatameefi bu'aa gochi sun hordofsiise gidduu walitti dhufeenyi sababaafi bu'aa kan jiru yoo ta'e malee, namni bu'aa argame sanaaf itti gaafatamummaa yakkaa hin qabaatu, adabbiinis isa irratti hin murtaa'u jechuudha.

⁶² Seera yakkaa, kwt 24.

Dhimma ijoo kana ilaalchisuun seerri yakkaa biyya keenya keewwata 24(1) jallatti, “Raawwiin yakka tokkoo bu’aa murtaa’e tokko akka fidu kan beekame yommuu ta’e hunda, himatamaan bu’icha argamsiise gocha ittiin himatame ta’uunsaa kan mirkanaa’e yoo ta’e malee yakkichi akka raawwatametti hin lakkaawamu.” Jechuun tumeera. Haalli kun kan agarsiisu, himatamaan gocha raawwateen bu’icha kan argamsiise ta’uun isaa yoo mirkanaa’e malee, itti gaafatamummaa yakkaa hin qabaatu jechuudha. As irratti dhimmi xiyyeeffannoodhaan ilaalamuu qabu, sababaafi bu’aa gidduu waliitti dhufeenyi jira kan jedhamu yoom? Haala akkamiin? Gaaffiin jedhu deebii argachuu qaba. Haala kanaan, sababaafi bu’aa gidduutti hariiroon jira kan jedhamu, ‘akkaataa haala beekamaa yookiin adeemsa baratameen gochi himatamaa bu’aa jedhame argamsiisuu kan danda’u ta’ee yoo argameedha.’⁶³Ibsa kanarraa wanti hubatamu, bu’aan argame jedhame kun sababa raawwii gochaa himatamaatiin kan argame akka ta’eefi haalli raawwii gochichaas akkaataa haala beekamaan ykn adeemsa baratame keessatti of danda’uun bu’icha hordofsiisu kan danda’u ta’uu akka qabu agarsiisa. Kanaaf, haalli raawwii gochaa akkaataa haala beekamaa ykn adeemsa baratame keessatti of danda’uun bu’aa jedhame sana hordofsiisu kan hin dandeenye yoo ta’e, himatamaan gochaa yakkaa sana raawwateera jechuun itti gaafatamaa taasisuun hin danda’amu.

Gama biraan, bu’aan argame jedhame sun sababa gochaa himatamaan raawwateen kan dhufe ta’uun isaa akkaataa seerichaan kan hin mirkanoofne yoo ta’e, bu’aa argame kanaaf himatamaan kun itti gaafatamummaa hin qabaatu. Qabxii kana fakkeenyaan addeessuun yoo barbaachisaa ta’e, quba namaa muruun akkaataa haala beekamaan, of danda’ee bu’aa du’a hordofsiisu hin danda’u. Haa ta’u malee, miidhamaan kun kan du’e yoo ta’es, haala akkasii keessatti, himatamaan bu’uura tumaa seera yakkaa keewwata 24(1, keeyyata 2ffaa)tiin, gochaa ajjeechaa namaatiin itti gaafatamummaa yakkaa hin qabaatu. Sababiin isaa hariiroon sababaafi bu’aa bu’uura seerichaan mirkaneessuun waan hin danda’amneefi. Dhimmuma kana fakkeenya biraan yoo ibsine, meeshaalee balaafamoo, cubeedhaan onnee nama keessa waraanuun ykn qaama namaa kanneen akka salphaatti du’aaf nama saaxiluu danda’an keessa waraanuun of danda’uun bu’aa du’aa hordofsiisuu ni danda’a. kanaaf, akkaataa haala beekamaatiin gochaan himatamaa(akka sababatti meeshaa balaafamaadhaan qaama namaa bakka akka salphaatti du’aaf nama

⁶³ Seera yakkaa, kwt 24(1, keeyyata 2ffaa).

saaxiluu danda’u keessa waraanuun) bu’aa, du’a hordofsiisuu waan danda’uuf, itti gaafatamummaa yakkaa ni qabaata.

Tumaan seera yakkaa keewwatni 24(3)’n haala ibsa armaan duraa adda ta’een, bifa hambifannaan, sababoonni garaagaraa sababa dursee qaqqabeen, wal irra bu’een, ykn gidduu seeneen tokkoon tokkoon isaanii of danda’anii bu’aa hordofsiisuu kan hin dandeenye yoo ta’ees, waliitti dabalamuun isaanii immoo bu’aa kan hordofsiisu taanaan, sababaafi bu’aa gidduu hariiroon akka jiruutti lakkaawamu akka qabu ni tuma. Kana jechuun gochoonni kun dhuunfaatti of danda’uun bu’aa barbaadamu sana kan argamsiisuu hin dandeenye yommuu ta’u; waliitti makamuun gochoota kana garuu bu’aa barbaadamu sana waan argamsiisuuf, haala akkasii keessatti hariiroon sabababaafi bu’aa jira jechuun fudhachuun kan danda’amu ta’uu isaa agarsiisa.

Gama biraan, himatamaaf wanti haaraa ta’e, gochaa qaama biraatiin, wanta uumamaatiin ykn haala mudannoo tasaa irraa kan ka’e, sababa dursee qaqqabeen, wal irra bu’een, ykn gidduu seeneen, sababni kun of danda’ee bu’aa tokko kan argamsiise yoo ta’e, hariiroon gochaa himatamaafi bu’aa isaa gidduutti uumamuuf ture addaan kan citu akka ta’e agarsiisa.⁶⁴ Hariiroon sababaafi bu’aa gocha jalqabaa addaan citeera kan jedhamu yoo: gochaa nama biraatiin ykn uumamaatiin ykn waan tasa mudaateen, gochichi sababa jalqabaaf haaraa ykn waan hin yaadamnee fi want gidduu seene kun of danda’uun bu’aa barbaadamu sana argamsiisu kan danda’u yoo ta’eedha.⁶⁵ Ta’uus gochi addaan cite sun of danda’uun yakka yoo ta’e, adabbiin yakkichaaf tumame raawwatiinsa kan qabu akka ta’e ni agarsiisa.⁶⁶ Gama biraan, haalonni garaagaraa kun of danda’uun sababa mataa isaaniitiin bu’aa hordofsiisu kan danda’an yoo ta’e, hariiroon sababaafi bu’aa akka jiruutti fudhatamuu akka danda’u agarsiisa.

Hiriiroo sababaafi bu’aa mirkaneessuun kan barbaachisu yakkoota hundaaf akka hin taane beekamuu qaba. Keessumaa hariiroon kun mirkanaa’u kan qabu yakkoota bu’aa hordofsiisaniif (Result Crimes) ta’uu qaba. Kunis, yakkoota bu’aa hordofsiisan ilaalchise gochi yakkaa sun raawwachuun isaa kan mirkanaa’u, sababa gochaa yakkichaan bu’aan barbaadamu sun argamuu qaba. Haalli kunis kan agarsiisu akkaataa haala beekamaan yookiin adeemsa baratameen gochi

⁶⁴ Seera yakkaa, kwt 24(2).

⁶⁵ Dejene girma janka, fuula 51.

⁶⁶ Seera yakka, kwt 24(2, keeyyata).

himatamaa bu'aa jedhame sana argamsiisuu danda'uu qaba.⁶⁷Haa ta'u malee, yakkoota bu'aa maleeyyiifi yakkoota yaaliif jiraachuu hariiroo sababaafi bu'aa qabatamaan mirkaneessuun barbaachisa miti.

Garaagarummaan yakkoota bu'aa hordofsiisaniifi bu'aa maleeyyii, adeemsa falmii yakkaa keessatti bu'aa gocha yakkaa mirkaneessuuf dirqamuufi dirqamuu dhabuudha. Kanaaf gochoonni yakkaa bu'aa maleeyyiifi yaalii raawwatamani yoo argamaan, Abbaan Alangaa galmi dhumaa yakkoonni kun raawwataniif bu'aan argamuu isaati mirkaneessuuf hin dirqamu. Yakkoota bu'aa hordofsiisan ilaalchise garuu Abbaan Alangaa bu'aan yakkoota kanaa argamuu isaa mirkaneessu qaba. Kana malees bu'aan yakkoota kanaa argamuu isaa qofa osoo hin taanee, bu'aan argamees sababa gochaa sanaan ta'uu isaa waliin hubachisuuf ni dirqama. Walumaagalatti hojiiwwan bulchiinsa haqaa yakkaa keessatti, sadarkaalee raawwii yakkoota bu'aa isaan hordofsiisan waliin addaan baasanii beekuun bu'uura seeraan hojiirraa oolchuuf barbaachisaa waan ta'eef, kutaa itti aanu jalatti bal'inaan kan ilaallu ta'a.

3.3. Sadarkaa Raawwii yakkaa

Kaayyoo fi galmi seera yakka biyya keenyaa inni guddaan mirgootaafi bilisummaawwan bu'uuraa namoota dhuunfaa kabachisuu dabalatee akka waliigalaatti olaantummaa seeraa mirkaneessuun nageenyaafi tasgabbi hawaasa bal'aa eegsisuudha. Kaayyoolee kana galmaan gahuuf seerri yakkaa haala lamaan dhimmoota namoota dhuunfaa gidduu kan lixu ta'a. Inni jalqabaa mallattoo yookiin agarsiistuu haalota raawwii yakkaaf ka'umsa ta'an dursanii addaan baasanii beekuun hojii ittisa yakkaa hojjechuu dha. Inni biraan gochaawwan yakkaa erga raawwatani booda yakkamtoota to'annoo seera jala oolchuun hojii olaantummaa seeraa mirkaneessuudha.

Sadarkaa raawwii yakkaa addaan baasanii beekuun miidhaa gochaan yakkaa geesisuu xiqqeessuuf yookiin hambisuuf garagaara. Keessumaa yakka sadarkaa qophiitti maseensuun hojii ittisaa yakkaa keessatti gahee guddaa qaba. Gochaan yakkaa qophii miidhaa isaa waliin namoota dhuunfaafi hawaasa bal'aa irratti aggaamamee ture sadarkaa yaadaatti waan hafuuf miidhaan dhaqabuuf ture ni hafa. Kana malees gochoonni yakkaa qophii barbaachisaa xumuruun hojiitti kan jijjiiramaan yoo ta'ees sababoota garaagaraan galma barbaadaan hanqachuun bu'aan

⁶⁷ Seera yakkaa, keewwata 24(1).

egamuuf osoo hin argamiin haalli itti karaatti hafuun ni jiraata. Haalli akkasii kan jiraatu gochaan yakkaa waan hin milkaa'iniif sadarkaa yaaliitti hafa.

Hojiiwwan bulchiinsa haqaa yakkaa keessatti, sadarkaan raawwii yakkoota bu'aa isaan hordofsiisan waan qabaniif, sadarkaa raawwii yakkoota addaan baasanii beekuun barabaachisaadha. Kanaafuu hubannoo waliigalaa duraan qabnu irratti, yaadachuuf akka toluuf jecha qabxiiwwan itti aanan keessatti gochaa qophii yakkaa raawwachuuf taasifamuufi bu'aa seeraa maal akka hordofsiisu akkasumaas yaalii, maalummaa isaa bu'uura qajeeltoo seera yakkaa biyya keenya waliin haala gabaabaan kan ilaallu ta'a.

3.3.1. Gochoota Qophii

Saayinsii seera yakkaa keessatti qajeeltoon jiru gochaa yakkaa raawwachuuf qohii taasisuun yookiin haala mijeessuun yakkaan nama hin gaafachisuu; hin adabsiisuus. Barreessitootni seera sababa garaagaraa lamaaf gochoonni qophii kan hin gaafachifne ta'uu irratti waliigalu. Inni jalqabaa, namni gochaa qophii taasisuu sun haala amansiisaafi dhugumaan gochaa yaade sana raawwachuuf ta'uu guutummaa guutuutti hubachuuf rakkisaadha. Qophiin godhamu kunis gochaa yakkaa yaadamee sana galmaan gahuuf ta'uu isaatiif wabiin gahaan hin jiru. Kanaaf haala akkasii keessatti raawwataa kana adabuun immoo qajeeltoo seera yakkaa namni gochaa yakkaa raawwachuu hanga ragaadhaan mana murtii fulduraatti dhiyaachuun balleessummaan isaa hin mirkanooftetti akka nama qulqulluutti tilmaama kan jedhuun wal faallessa.⁶⁸ Sababiin inni lammaffaan gochaan qophii bu'aa yaadamee argamsiisuuf qabatamaanis ta'ee yaadaan gochaa raawwatamu irraa fagoo ta'uu isaati.⁶⁹ Namoonni haala kana keessa jiran carraa bal'aa yaada ofii jijjiirrachuu waan qabaniif, adabbiirraa bilisa ta'uun isaanii faayidaa qabeessa ta'a.

Sirna seera yakkaa biyya keenyaa keessatti dhimmi sadarkaa raawwii yakkaa hammatamee jira. Haala kanaan gochoota qophii ilaalchisuun, "Gocha yakkaa qopheessuuf yookiin mijeessuuf keessumattuu meeshaalee walitti qabuun yookiin haalawwan mijaawaa uumuun gochoonni

⁶⁸ DEJENE GIRMA JANKA, A Handbook on the Criminal Code of Ethiopia, Addis Ababa, Ethiopia, 2013, fuula 54.

⁶⁹ Philippe Graven, An Introduction to Ethiopian Penal Code, Faculty of Law, Haile Sellassie I University, Addis Ababa, Ethiopia, 1965, fuula 68.

raawwataman hin adabsiisani...”⁷⁰ jechuun tumeera. Kanaarraa ka’uun gochoota qophii ilaalchisee qajeeltoo seera yakkaa biyya keenyaa bitu gochoonni qophii yakkummaan kan hin himachiifneefi hin adabsiisne ta’uu isaa hubatamuu qaba.

Haa ta’u malee, qajeeltoon jiru gochoonni qophii akka waliigalaatti kan hin adabsiisnee haa ta’aniyyuu malee haala addaa lamaan (for two exceptions) gochoonni qophii kan adabsiisaan ta’uu ni ibsa. Haalonni kunis jiraachuu kan danda’aan gochoonni kun ofii isaaniitiin yakka ta’anii kan adabsiisaan ta’uu isaanii seeraan kan tumame yoo ta’ee yookiin immoo cimina yakkootaafi hamma balaa waliigalatti qaqqabsiisani irraa kan ka’e yakka addaa ta’uun isaanii seeraan ifatti kan tumamee ta’uu akka qabu ni addeessa.⁷¹

Haaluma kanaan seerri yakkaa biyya keenyaa bifa hambifannaan nagaafi tasgabbiu ummataafi mootummaaf akkasumaas kan namoota dhuunfaa illee eegsisuuf jecha tarkaanfiiwwaan fudhatamuu akka danda’an ni agarsiisa. Kunis namni kamiyyuu wantota balaafamoo ta’an kanneen gochaa yakkaa raawwachuuf tajaajilan kan jireenya, tasgabbiu, fayyaa, yookiin amala gaarii ummata kan miidhuu danda’an yoo qabatamanii argaman, ajaja mana murtiidhaan dhaalamu yookiin maqfamuu akka qaban ni ibsa.⁷²Haalli kunis sochii adeemsa qophii gochaa yakkaa raawwachuuf taasifamu keessatti raawwataan gochaa kun wanta balaafamaa harka isaatti kan argameefi himatamuu kan hin dandeenye yoo ta’ees, eeggannoo waliigalaaf wanti balaafamaan kun ajaja mana murtiin dhaalamuu qaba jechuudha. Kana malees namni kamiyyuu sochii gochoota yakkaa biroo raawwachuuf taasisuu keessatti meeshaalee waraanaa hayyama malee qabachuun argamuu ni danda’a. Shakkamaan akkasii kun bu’uura tumaa seera yakkaa keewwata 26tiin gocha qophii raawwachuun yakkaan kan hin gaafatamnee yoo ta’ees, meeshaa waraanaa hayyama malee qabatani argamuun ofii isaatiin yakka waan ta’eef ni adabsiisa.⁷³

Haaluma walfakkaatuun gochaa yakkaa raawwachuuf karoorsuufi qophaa’uun bu’uura seera yakkaa keewwata 26tiin yakkaan adabsiisuu kan danda’u, yoo karoorsuufi qophaa’uun mataa isaatiin seera addaan yakkaa ta’uun labsame qofaa akka ta’ee hubachuun ni danda’ama. Haala kanaan Labsiin Farra Shororkeessummaa, namni gochaawwan yakkaa labsicha keewwata 3

⁷⁰ Seera Yakkaa, kwt 26.

⁷¹ Seera Yakkaa, keewwata 26 (afi b).

⁷² Seera yakkaa, keewwata 140(1).

⁷³ Seera yakkaa, keewwata 808 fi 809.

jalatti tumamaan raawwachuuf karoorse yookiin qophii taassise yakkaan kan adabamuu ta'uu isaa ni tuma.⁷⁴

Kana malees cimina yakkootaafi hamma balaa waliigalaatti qaqqabsiisaan irraa ka'uun yakkoota sirna Heera Mootummaafi Mootummaafi Yakkoota Nageenya Alaafi Humna Ittisaa Mootummaa irratti raawwachuuf jecha gochoota dabaa akaakuu qabatamaa ta'een qopheessuunifi tuttuqaafi gocha qabatamaa hin taane raawwachuuf qophiin taasisamu kamuu haala addaan sadarkaa qophiitti yakkaan kan gaafachisaan ta'uu seerri yakkaa biyya keenya ni tuma.⁷⁵

Walumaagalatti gochoota qophii ilaalchisee qajeeltoon bu'uura seera yakkaa biyyaa keenyaa gochoonni kunneen yakkaan kan hin adabsiisnee akka ta'aniifi gama biraan immoo akka hambifannootti (in exceptions) gochoonni kun ofii isaaniitiin yakka ta'anii kan adabsiisaan ta'uu isaanii seeraan kan tumame yoo ta'ee yookiin immoo cimina yakkootaafi hamma balaa waliigalatti qaqqabsiisani irraa kan ka'e yakka addaa ta'uun isaanii seeraan ifatti yoo tumame yakkaan kan gaafachisan akka ta'e hubatamu qaba. Mata duree itti aanu jalatti immoo yaaliin sadarkaa raawwii yakkaa keessatti maal akka ta'eefi yaadrimeewwan bu'uura isaa haala tumaa seera yakkaa biyyaa keenyaa keessatti hammatameen bifa gabaabaan kan ilaallu ta'a.

3.3.2. Yaalii

Gochaa yakkaa raawwachuuf jecha qophiiwwaan gochaa raawwachuuf yaadamee sana galmaan gahaan taassisuun galma gahiinsa isaatiif akka dhagaa bu'uuraa kaawwachuutti ilaalama. Raawwataan gochaa yakkaa qophiiwwaan barbaachisoo ta'aan erga xumureen booda tarkaanfii gochaa yakkaa raawwachu ni fudhata. Adeemsa kana keessatti gochaan yakkaa bu'uura yaadameefi karoorfameen kan raawwatamee yoo ta'ees sababoota garaagaraan galma yaadamee

⁷⁴ Labsii Farra Shororkeessummaa, Lakk. 652/2001, keewwata 4, Nagaariit Gaazeexaa Feederaalaa, Addis Abaabaa, Hagayya 2001.

⁷⁵ Seera yakkaa keewwatoota 256(B) gochoota yakkaa kanneen tumaa seera kanaan hammataman raawwachuuf adeemsa qophii taassisu keessatti meeshaalee waraanaa, rasaasota, gala, maallaqa, yookiin waantota qabatamaa kanneen fakkaatan qabatani argamuun yakkaan ni gaafachisa, akkasumaas keewwata 257 jalatti akka ibsameetti, gochoota yakkaa kanneen akka tuttuquufi gochoota qabatamaa hin taane yakkoota seerota addunyaaleessaa darbuun raawwatamaan keessaa tokko raawwachuuf yookiin akka raawwatamu taassisuuf, yookiin raawwii isaa gargaaruuf yaaduun qophii taassisuun haala addaan yakkaan kan gaafachisuu ta'uu hubatamu qaba. Dabalataan tumaalee seera yakkaa keewwatoota 274, 300 fi 371 yakkoota sadarkaa qophiitti himachisaanidha..

hanqachuu yookiin bu'aa barbaadamee gonfachuu dhabuu danada'a. Haalli kun yakkicha yakka yaalii taasisa.

Barreessaan tokko gochaa yakka yaalii ilaalchisuun: "An attempt crime occurs when a person intends to commit a specific offense, and then performs an act that constitutes a substantial step towards consummating that offense, although it does not bring about tangible harm"⁷⁶ jechuun ibseera. Akka ibsa kanaatti qabxiileen xiyyeeffannaa barbaadaan gochi yaalii yakkaa raawwateera yookiin eegaleera jechuuf namni gochaa yakkaa raawwachuuf barbaade sana itti yaadee tarkaanfii raawwii gochichaaf murteessaa ta'an fudhachuu yoo jalqabeedha. Kun immoo namni gochaa yakkaa raawwachuuf ifatti kaayyoo barbaade sana galmaan gahuuf tarkaanfii fudhachuuf yaada isaa ifa kan taassisuu ittiin eegaluu agarsiisuudha. Sadarkaan kunis (the point of no return) sadarkaa fiixee gara boodaa deebi'uu hin dandeenyeerra gahuu hubachisa.⁷⁷

Yaalii ilaalchisuun kuusaan jechoota Seeraa, 'Black's Law', "An overt act that is done with the intent to commit crime but that falls short of completing the crime..." jechuun hiikka kenneera. Kunis gochaa itti yaadamee raawwatamuufi galmaafi bu'aa barbaadame bira otuu hin gahiin kan karaatti hafe akka ta'e agarsiisa. Yaalii ilaalchisee gochaa yaalamee mataan isaa seeraan gochaa yakkaa ta'uun isaa kan tumame ta'uu qaba. Kana jechuun gochaan namni yakka yaalii raawwate sun bu'uura seeraa yakkaan yakka ta'uun isaa adabbii waliin labsamuu qaba. Yaalii ilaalchisuun seerri yakkaa biyya keenyaa :

*"Namni kamiyyuu itti yaadee yakka raawwachuuf jalqabee gocha yakkichaa hanga dhumaatti kan hin hordofne yookiin hordofuuf kan hin dandeenye yoo ta'e yookiin gochi yakkichaa akka raawwatamu hanga dhumaatti hordofuun bu'aa barbaadame argachuu yoo baates ... yakkichi akka jalqabameetti kan lakkaawamu gochi raawwatame haala hin shakkisiisneefi kallattiin gara galma yakkicha raawwachuuf yaadameetti geessuuf kan raawwatamee yommuu ta'eedha."*⁷⁸ jechuun ibseera.

⁷⁶ Ronald J Bacigal, *Criminal Law and Procedure: An Introduction*, 2nd Edition, 2002, University of Richmond, Virginia, USA, fuula 51.

⁷⁷ Philippe Graven, *An Introduction to Ethiopian Penal Code*, Faculty of Law, Haile Sellassie I University, Addis Ababa, Ethiopia, 1965, fuula 72.

⁷⁸ Seera yakkaa, keewwata 27 (1).

Hiika yookiin ibsa kanarraa ka'uun haal dureewwan yookiin ulaagaawwan murteessoo ta'aan sadii guutamuu akka qaban hubachuun ni danda'ama. Isaani: yakki yaalii itti yaadamuun kan raawwatamu ta'uu, gocha yakka muummee raawwachuuf tarkaanfiiwwan barbaachisoo fi murteessoo ta'an fudhatamuu akka qabaniifi gochaan jalqabe hanga dhumaatti hordofuu dhabuu ykn gochaan raawwatee bu'aan barbaadame milkaa'uu hafuudha. Maalummaa ulaagaawwan kanneeni ilaalchisuun mata duree xiqqaa itti aanu jalatti karaa gabaabaan haa ilaallu.

3.3.2.1. Yakkichi itti Yaadamuun Kan Raawwatamu Ta'uu Isaa

Gochaan namni tokko raawwate yakkaan haalli inni itti gaafatamuu danda'u, raawwataan gochichaa ta'e jedhee itti yaaduun fedhii guutuun yookiin dagannoon kan raawwatee ta'uun yoo mirkanaa'e qofa akka ta'e seera yakkaa biyya keenyaarraa hubachuun ni danda'ama.⁷⁹ Haaluma kanaan yakki yaalii tumaa seera yakkaa biyya keenyaa keewwata 27(1) jalatti haala ibsameerraa ka'uun, gochaa yakkaa itti yaadamuun raawwatamuu akka ta'e hubachuun ni danda'ama. Kunis qabiyyee hiikkaa yakkaa yaaliif kennamee keessaa, "... itti yaadee yakka raawwachuuf jalqabe ..." jedhuus gochaa yakkaa yaalii kutaan yaadaa sammuu itti yaadamee kan raawwatamu ta'u ibsa. As irratti qabxiin ijoon hubatamuu qabuu, haala tumaa seera yakkaa keewwata 58(1B) jalatti ibsameen, "*gochichi seeraan alaafi bu'aa adabsiisu kan hordofsiisu ta'uu isaa osoo beekuu kan ta'e haa ta'u jedhee bu'aa isaa fudhachuun gochicha kan raawwate yoo ta'e...*" himatamaan yakkaa haala akkasii keessatti gochaa yakkaa yaalii kan raawwate yoo ta'e; kutaa yaadaa alkallattii waan qabuuf gochaa yakkaa yaaliidhaan himatamu qaba. Haalli kun uumamuu kan danda'uu yeroo himatamaan yakkaa gochaa yakkaa murtaa'e tokko raawwachuuf kallattiidhaan itti yaadee gochaa kanaas galmaan gahuuf tarkaanfiin inni fudhatu garuu bu'aa adabbii yakkaa hordofsiisuu akka danda'u otuu beekuu waan fedhe haa ta'uu jechuun bu'aa isaa fedhii guutuun ofitti fudhachuun kan raawwatamuudha.

Dhimma kana fakkeenyaan yoo ibsine, namni gochaa yakkaa mana miidhamaa dhuunfaa tokko gubuu barbaadee, halkaan yeroo namni mana cufatee rafeetti ibidda itti qabsiisuun akka gubatuun kan taassisee yoo ta'u, namoonni manicha keessa turanis miidhaa gubaatii ibiddaan qaama isaanii irra gaheen deeggarsa namoonni alaafi tattaaffii miidhamtootni godhaniin lubbuun isaanii ooluu danda'a. As irratti kaayyoon himatamaa kanaa inni guddaan manicha gubuun qabeenyicha

⁷⁹ Seera Yakkaa, keewwata 57.

balleessuu yommuu ta’u; himatamaan halkaan yeroo namni mana keessaan cufatee rafaa jiruutti, manicha gubuuf ibidda itti qabsiisuun kaayyoo kallatti namoota sana ajjeesuu yoo hin qabannees, ibiddi kun namoota kana gubee akka ajjeesuu danda’u ni beeka. Kanaaf yoo du’aanis haa du’ani jechuun bu’aa gochii isaa lubbuu namoota kanaa irratti hordofsiisu guutummaa guutuutti ofitti fudhachuun gochaa yakkaa kana raawwachuuf kutaa yaada alkallattii waan qabuuf, gochaa yakkaa yaalii ajjeechaan dabalataan himatamuu qaba.

3.3.2.2. Gochaa Yakkaa Muummee Raawwachuuf Tarkaanfiiwwan Barbaachisoofi Murteessaa Ta’an Fudhatamuu Akka Qaban

Qabxiin kun ulaagaan gochaan yaalii raawwachuu isaa addaan baasuuf gargaaraan keessa tarkaanfiiwwan gochaa raawwachuuf fudhataman irratti hundaa’uun ta’a. Kunis gochaa yakkaa muummee raawwachuuf yaadamee sana karaa galmaan gahuu danda’uun tarkaanfiiwwan ifaafi itti dhiheenya qaban fudhatamuu akka qaban agarsiisa.

Haaluma walfakkaatuun ulaagaawwaan raawwatamuu gochaa yaalii agarsiisuuf qabiyyee tumaa seera yakkaa biyya keenyaa keessatti hammataman keessa inni biroon gochaa yakka muummee sana raawwachuuf tarkaanfiiwwaan murteessoofi barbaachisoo ta’an raawwatamuu akka qaban ni agarsiisa. Kunis gochi raawwatame sun haala hin shakkisiisneefi kallattiin gara galma yakkicha raawwachuuf yaadameetti geessuu danda’an raawwatamuu akka qaban ni ibsa.

3.3.2.3. Gochaan Jalqabe Hanga Dhumaatti Hordofuu Dhabuu Yookiin Gochaan Raawwatee Bu’aa Barbaadame Argamsiisuu Hafuu

Raawwataan gochaa yakkaa, yakkicha raawwachuuf itti yaaduun qophiiwwaan barbaachisoo ta’an erga xumureen booda tarkaanfiiwwan gochaa yakkaa raawwachuuf dandeessisan fudhachuu qaba. Adeemsa kana keessatti raawwataan bu’uura yaadameefi karoorfameen gochaa yakkichaa raawwachuu jalqabuun hanga dhumaatti kan hin hordofne yookiin hordofuu kan hin dandeenye ta’uu qaba.⁸⁰ Kana malees tarkaanfiiwwan yakkicha raawwachuuf barbaachisoo ta’an hanga dhumaatti kan raawwataman yoo ta’anis sababoota garaagaraan galma yaadamee

⁸⁰ Seera yakkaa, keewwata 27(1).

hanqachuu yookiin bu'aa barbaadamee gonfachuu dhabuu danada'a.⁸¹ Haala kanaan Raawwatichi gocha yakkaa raawwachuuf ture fedhii isaatiin erga gochaa yakkaa raawwachuuf eegalee dhiisuu ni danda'a.⁸² Gama biraan Raawwataan kun yakkicha hanga dhumaatti erga raawwateen booda fedhii isaatiin bu'aan barbaadamee ture akka hin argamneef kan dhorke yookiin kan gumaache yoo ta'e bu'aan barbaadame otuu hin argamiin gochichi sadarkaa yaaliitti kan kan hafu ta'a.⁸³

Kanaaf yaaliin gochaan yakkaa tokko itti yaadamuun jalqabamee tarkaanfiiwwaan gochaa yakkaa sana raawwachuuf murteessoo ta'an haala hin shakkisiisneefi kallattiin gara galma yakkicha raawwachuuf dandeessisan raawwachuun eegaluun gochi yakkichaa kan karaatti hafe yookiin hanga dhumaatti deemuun bu'aan barbaadame kan hin argamne ta'uu akka qabu hubatamu qaba.

Dhimma kana fakkeenyaan gabbisuuf, murtii Manni Murtii Federaalaa Dhaddachi Ijibbaataa galmee lakk. 66856⁸⁴ (Dhimma 6^{ffaa}) ta'e irratti dhaddacha gaafa Bitootessa 26, bara 2004 ooleen kenne tokko ilaaluun gaarii ta'a. Dhimmi kunis gochi yakkaa tokko sadarkaa yaalii irra gaheera kan jedhamu yoomi? akkamiin akka ta'e agarsiisa. Dhimma kana keessatti falmii Iyyataan ammaa namoota biroo lama waliin ta'uun gocha yakka saamichaa konkoolaataa deddeebisa uummataa iratti raawwachuuf meeshaalee gocha yakkaa raawwachuuf gargaaraan kanneen akka meeshaa waraanaa, meeshaa dhoksa fuula, cuubeefi tiriikaa harkaa qabachuun bakka gochaa itti raawwatan deemuun konkoolaataan gochi yakka saamichaa irratti raawwachuuf turee waan hafeef bakka sana buluun eeganii dhabanii konkoolaataa biroon gara mana ofiitti otuu deema jirani, qaamni nageenyaa eeruu argateen himatamtoota kana meeshaalee armaan dura tarreeffaman waliin to'ateera. Himanni tumaa seera yakkaa keewwattoota 32(1, A), 27(1) fi 671(1) irra darbuun waliin ta'uun yaalii gochaa yakkaa saamichaa cimaa raawwataniiru jechuun kan dhiyyate yommuu ta'u, shakkamtootnis jecha amantaa bu'uura Seera Deemsa Falmii Yakkaa keewwata 27 fi 35 kennaaniin gocha yakka saamichaa raawwachuuf waliif galuun akka deemaniifi konkoolaataan saamuuf turaan waan

⁸¹ Seera yakkaa, keewwata 27(1).

⁸² Seera yakkaa, keewwata 28(1).

⁸³ Seera yakkaa, keewwata 28(2)

⁸⁴ Iyyata falmii yakkaa Galmee Lakk.66856 ta'e irratti Iyyataan Wadiimaa Abajjee fi Abbaa Alangaa Naannoo Kibbaa gidduu tureen, Mana Murtii Waliigalaa Federaalaa Dhaddacha Ijibbaataatiin dhimma dhaddacha gaafa Bitootessa 26, bara 2004 ooleen murtii argateedha.

dhufuu dideef dhiisani akka deebi'a turan ibsaniiru. Ragaaleen namaa qaamoleen nageenya eeruu argameen ciraa dhiyaate waliin kan to'atan ta'uu ibsaniiru. Manni Murtii Olaanaa bu'uura himata dhiyaateen murtii balleessummaafi adabbii kenneera. Manneen Murtii Naannichaa sadarkaan jiranis murtii jala kana cimsaniiru. Haa ta'u malee Iyyataan ammaa gama isaatiin gochaan kana kan hin raawwatne ta'uufi gochaan jedhamees yaaliin kan isa hin gaafachifne ta'uu ibsuun komii isaa dhaddacha ijibbaataaf dhiyeesseera. Kanuma irraa ka'uun dhaddachi ijibbaataas ijoo dubbii gochaan kun yaalii jalatti ni kufaa? kan jedhu qabachuun, gochaan iyyataan himatamtoota jalaa biroo waliin raawwatan gocha sana raawwachuuf hanga dhumaa kan deeman akka ta'ee fi sababa waan saamamu dhabameef otuu deebi'aa jirani qabamaniiru. Gocha raawwachuuf tarkaanfii gara duuba deebi'uu hin dandeenye (the point of no return) gahanii akka turan waan agarsiisuuf gochaan kun yaalii jalatti kan kufu jechuun murtii Manneen Murtii jalaa cimseera.

Qajeeltoon adabbii yaalii ilaalchisee akka addunyaatti jiru, yakkoonni yaalii akka waliigalaatti kan adabsiisaan ta'udha. Kunis qaama qajeeltoo seera yakkaa biyyoota hedduu ta'uun hammatameera. Haala sirna seera yakkaa biyya keenyaan, qajeeltoon kun tumaa seera yakkaa, keewwata 27(2) irraa hubachuun akkuma danda'amu, gochaan yaalii yakkaa yoo haala addaan tumaa seerichaa kutaa addaa keessatti ifatti dhorkamee malee akka qajeeltootti yeroo hundumaa ni adabsiisa jechuun ifatti tumeera. Gama biraan qajeeltoon faallaa kanaan ibsame immoo yaaliin gochaa yakkaaf kakaasuu yookiin miiltummaan yakka yaalii raawwachuun yoo ifaan seeraan kan adabsiisudha jedhamee yoo tumame malee yeroo hundumaa kan hin adabsiisne ta'uu ibsa.⁸⁵

Hamma adabbii yakka yaalii ilaalchisee seerri yakkaa biyya keenya raawwataan yakkichaa, gocha yakkicha yaaluu isaatiin ramaddii yakka raawwachuu barbaade sanaaf adabbii tumameen adabamuu akka qabu ni tuma⁸⁶. Gama biraan himatamaan yakkaa gochaa yakkaa yaadamee tokko raawwachuuf tarkaanfiiwwaan gochichaa raawwachuuf barbaachisoo ta'aan erga fudhateen booda, fedhiin isaatiin gochicha sadarkaa yaaliitti kan addaan kutee yoo ta'ees, itti gaafatamummaa yakka yaalii raawwachuu jalaa bilisa isa hin taasisu.⁸⁷

⁸⁵Seera yakkaa, keewwata 27(2 keewwata 2ffaa).

⁸⁶ Seera yakkaa, keewwata 27(3).

⁸⁷ Edwin R. Keedy, Criminal Attempts at Common Law, University of Pennsylvania Law Review, 1954, Vol.102, fuula 474-475.

Haa ta'u malee manni murtii sababoota gahaafi qajeelfama adabbii bu'uura godhachuun adabbii himatamaa yakkaa yaalii raawwateef salphisuun kan danda'amu ta'uu ni tuma.⁸⁸ Raawwataan gocha yakkaa raawwachuuf eegalee ture gocha yakkichaa erga raawwachuu eegaleen booda fedhii isaatiin kan dhiisee yookiin immoo gocha yakkichaa hanga dhumaatti raawwatee fedhii isaatiin bu'aan akka hin argamne kan dhorke yookiin gumaachi inni taasise bu'aa gaarii kan argamsiise yoo ta'e, manni murtii akka isatti fakkaateen adabbii salphisuufi danda'a.⁸⁹ Haaluma walfakkaatuun namni kakaastummaa yookiin miiltummaan erga hirmaateen booda gocha yakkaa fedhii isaatiin dhiiseef yookiin yakkichi bu'aa akka hin arganne dhorkuuf gama isaatiin waan isaa danda'amu kan taasiseef adabbiin kan murtaa'u ta'a.⁹⁰

Hambifannaan seera yakkaa keewwata 117(1) jalatti tumamees, gochoonni yakkaa adabbii du'aan adabsiisaan kan yaalamaan yoo ta'e, yakkichi xumura waan hin arganneef, adabbiin du'aa murteessuun dhorkaadha. Kunis adabbiin du'aa yakkoota xumura argatan qofaaf murtaa'uu akka qabuudha.

Dhimma kana qabatama gochuuf, dhimma Mana Murtii Olaanaa Federaalaa galmee lakk. 54027 ta'e irratti murtii argatee ilaaluun gahaadha. Dhimma kana keessatti himatamtootni kun waliin ta'uun nama ajjeesuuf yaaduun seera yakkaa bara 1996 bahe, keewwata 32(1)(a), 27(1)fi 539(1) irra darbuun miidhamtuu dhuunfaa Kamilaat Mehaadiin (jaalallee himatamaa Iffaa kan turte) keemikaala sulfaariik asiidii jedhamuu itti naquun gochaa yakkaa yaalii ajjeechaa cimaa raawwachuun himatamaniiru.⁹¹ Manni Murtii Olaanaa Federaalaa falmii bitaafi mirgaa ragaa waliin xiinxaluun, bu'uura himata dhiyaateen gochaa yakkaa yaalii ajjeechaa cimaa raawwataniiru jechuun murtii balleessummaa kan kenne yommuu ta'u; adabbii ilaalchisee himatamamaa Iffaa adabbii du'aan akka adabamu, himatamaan 2ffaan immoo hidhaa cimaa waggaa 20 akka adabamu murteesseera.

⁸⁸ Seera yakkaa keewwata 27(3, paragraph 2ffaa) fi Qajeelfama adabbii waliin dubbiisuun. Kunis raawwataan yakkaa raawwachuun balleessadha jedhame sun yakki raawwatame sadarkaa yaaliitti hafuu isaa qofaaf akka haalota adabbii salphisaa tokkotti ni qabamaaf. Kana malees bu'uura tumaa seera yakkaatiin haalli addaa adabbii salphisuu yoo jiraate fayyadamaa ta'uu ni danda'a.

⁸⁹ Seera yakkaa, keewwata 28(1, 2).

⁹⁰ Seera yakkaa, keewwata 28(3), bu'uura tumaalee seera yakkaa keewwata 36 yookiin 37 tiin namni kakaastummaan yookiin miiltummaan gocha yakkaa keessatti hirmaate yoo xiqqaate gochichi yaalamuu qaba, adabbiin kennamuus hamma adabbii yakka raawwatamuuf yaadameen ta'uu qaba.

⁹¹ Dhimma Mana Murtii Federaalaa Olaanaa, lakk. Galmee 54027 ta'e irratti himata Abbaa Alangaa Federaalaafi Himatamtoota Iffaan Damiseew Zarihuunifi 2ffaan Yaaqoob Haayileemaaram gidduu tureen dhaddacha gaafa 02-05-2000 ooleen murtii argateedha.

Gochaan yakkaa himatamaa lffaan kun raawwachuuf barbaade ture tumaan seera yakkaa keewwata 539(1, B) adabbiin dhumaa du'aan kan adabsiisuufi haala qajeeltoo tumaa seera yakkaa keewwata 27(3)tiinis raawwatichi ramaddii yakka raawwachuu barbaadeef adabamuu akka qabu kan tumu yoo ta'ees, hambifannaan adabbii kun haaluma keewwatuma 27(3)fi tumaa seera yakkaa keewwata 117(1) jalatti ibsameen gochaa yakkaa yaaliitiif adabbii du'aa murteessuun dhorkaa ta'uu ifatti tumee jira.

Akka dhimma armaan duraa kana irraa hubatamutti manni murtii qajeeltoo seeraafi tumaa seera yakkaa ifatti jiru irra darbuun murtii bu'uura seeraa hin qabne murteesseera. Murtiileen haala kanaan seera ifa ta'e cabsuun kennamaan mirga himatamaa miidhuu irra darbuun, hawaasni bal'aan murtiilee manneen murtiin kennamaan irraa amantaa akka dhaban taasisa. Kanaaf haalli akkasii yeroo qunnamuu manneen murtii keenyaa xiyyeeffannoon ilaaluu qabu.

Qabxii Marii

Gochaawwaan armaan gadiitti ibsamaan keessaa sadarkaa raawwii yakkaaa irratti hundaa'uun, kanneen yakkaa yaalii raawwachuuf gahaa ta'aniifi hin ta'iin addaan baasuun sababa keessaan waliin ibsaa

- a. Shakkamaan nama ajjeesuuf meeshaa waraanaa rasaasa isaa waliin qabachuun bakka miidhamaan jiruu barbaadaa otuu jiruu kan qabameedha.
- b. Shakkamaan daawwaa nama ajjeesuu, nyaata miidhamaa keessa godhee, miidhamanis nyaaticha afaan kaawwachuun alanfachuu eegalee qorichi sun waan itti hadhaa'eef otuu hin liqimsiin hafuun.
- c. Meeshaa waraanaa shuguxii fayyadamuun miidhamaatti qabuun sodaachisuufi dirqisiisuun bakka qabeenyi warqee jiru akka itti agarsiisuuf kan dirqisiisee yoo ta'e.

3.3.3. Yakkoota Xumura Argatan (Complete offences)

Sadarkaalee raawwii gocha yakkaa keessatti, gochaan yakkaa yaalame tokko galma yookiin bu'aa barbaadame yoo kan argamsiise ta'e, yakkichi kan xumura argate ta'a. Yakki raawwatame tokko xumura argateera kan jedhamu immoo gochi yakkaa bu'uura yaadameen galma

barbaadamu kan gaheefi bu'aa barbaadame sana kan argamsiise ta'uu qaba. Haala kanaan ulaagaawwan yakka hundeessaan haala tumaa seera yakkaa keewwata 23(2) jalatti hammatameen ijoowwan dubbii yakkicha hundeessan kutaa seeraa, kutaa gochaafi kutaa yaadaa walfaana bakka tokkotti guutamani argamu qabu.

Gama biraan yakkoonni tumaawwan seera yakkaa biyya keenyaa keessatti ibsaman keessaa yakkoota raawwatamuun xumura argatan qabatamaan bu'aa isaan hordofsiisaan irratti hundaa'uun bakka lamatti qooduun ilaaluun ni danda'ama. Isaanis Yakkoota bu'aa maleeyyii (Offences without regard to results)fi Yakkoota bu'aa hordofsiisan (Result Offences) ta'u. Yakkoonni bu'aa maleeyyiin kun haala tumaa seera yakkaa keessatti ibsameen gochi yakkaa sun raawwatee bu'aan galma dhumaa yakkicha raawwachuun argamu jiraachuun dirqama miti. Fakkeenyaaf namni garee falmataan ta'e tokko mana murtiitti yookiin qaama aangoo abbaa seerummaa qabutti dhihaatee dhugaa akka dubbatuuf ajajame, ijoo murtaa'u irratti ijoowwan dubbii rogummaa qaban ilaalchisee osoo beekuu jecha sobaa kan kennee fi bu'aan barbaadamu kan hin argamne yoo ta'ees, gochi yakkaa kun akka yakka xumura argateetti lakkaawamuun sababaafi bu'aa mirkaneessuun otuu hin barbaachisiin raawwatan yakka kan itti gaafatamaa ta'a.⁹² Haaluma walfakkaatuun namni ragaa ta'ee dhihaate garee falmataan keessaa tokko fayyaduuf yookiin miidhuuf yaadee ragummaa yookiin yaada ogummaa addaa sobaa kan kenne, yaadni inni karoorfate galma kan hin geenyeefi bu'aan barbaadamees kan hin argamne yoo ta'ees, yakkichi akka yakka xumura argateetti raawwatan kun yakkaan kan himatamu ta'a.⁹³

Yakkoota bu'aa hordofsiisan ilaalchise gochi yakkaa sun raawwachuun isaa kan mirkanaa'u, sababa gochaa yakkichaan bu'aan barbaadamu sun argamuu qaba. Haalli kunis kan agarsiisu akkaataa haala beekamaan yookiin adeemsa baratameen gochi himatamaa bu'aa jedhame sana argamsiisuu danda'uu qaba.⁹⁴Kana jechuun gochi raawwate sun of danda'ee bu'aa murtaa'e sana argamsiisuu qaba. Fakkeenyaaf, yakkoonni ajjeechaa namaa haala tumaalee seera yakkaa keewwatoota 539fi 540 kan raawwatamaan yoo ta'e, gochi raawwate sun bu'aan duuti dhala namaa jiraachuun dirqama.

⁹² Seera yakkaa, keewwata 452(1).

⁹³ Seera yakkaa, keewwata 453(1).

⁹⁴ Seera yakkaa, keewwata 24(1).

Garaagarummaan yakkoota kana adeemsa falmii yakkaa keessatti bu'aa gocha yakkaa mirkaneessuu dhabuufi mirkaneessuuf dirqamuudha. Kanaaf gochoonni yakkaa bu'aa maleeyyiifi yaalii raawwatamani yoo argamaan, Abbaan Alangaa galmi dhumaa yakkoonni kun raawwataniif bu'aan argamuu isaati mirkaneessuuf hin dirqamu. Yakkoota bu'aa hordofsiisan ilaalchise garuu Abbaan Alangaa bu'aan yakkoota kanaa argamuu isaa mirkaneessu qaba. Walumaagalatti hojiiwwan bulchiinsa haqaa yakkaa keessatti, sadarkaalee raawwii yakkoota bu'aa isaan hordofsiisan waliin addaan baasanii beekuun bu'uura seeraan hojiirraa oolchuuf barbaachisaadha.

BOQONNAA AFUR: HIRMAANNAA YAKKAA

Seensa

Namni tokko qophaa isaa yakka tokko jalqabee xummura akka argachuu danda’u taasisuu ni danda’a. Haaluma wal fakkaatuun haalli itti gumaacha namootni hedduun taasisaniin galma gahuu danda’us bal’aa dha. Haalli namoonni waliin ta’uun yakka raawwatu; yakkoonni tokko tokko immoo uummama isaanii irraa kan ka’e namoota gamtaa uumaniin ykn wal deeggaraniin qofa raawwatamuu danda’a; yakkoonni kaan immoo deemsa hojii jaarmaayilee keessatti raawwatamu. Haala akka kanaan yommuu namoonni lamaa fi sanaa ol sadarkaa fi gahee adda addaan galma gahiinsa yakka tokkoof gumaachan gahee isaan qaban faana adda baasuun dhimma murteessaa dha.

Boqonnaa kana jalatti dhimmoonni hirmaanaa yakkaan wal qabatan kan ilaallaman yoo ta’u xumura leenjii kanaatti leenjifamtootni;

- Ulaagaawwan raawwataa yakkaa muummee hundeessan adda baasuun ni ibsu;
- Garaagarummaa tumaalee xixxiqqaa seera yakkaa kwt 32 jidduu jiruu adda baasuun baranii hojiitti hiikuuf ni qophaahu;
- garaa garummaa raawwii yakkaa keessatti raawwataa yakkaa muummee ta’uun hirmaachuu, miiltummaan hirmaachuu, fi kakaasuun hirmaachuu gidduu jiruu adda baasuun ni tarreessu;
- Haalawwan ittiin jaarmiyaaleen namummaan seeraa kennameef yakkaa keessatti itti hirmaachuu danda’an adda baasuun ni ibsu;
- Rakkoowwan raawwii qabatamaan hirmaanaa yakkaatiin wal qabatee jiru adda ni baafatu; furmaata mariin gabbate ni kaa’u; kallattii sanaanis hojjachuuf ni qophaahu.

4.1. Raawwataa Yakkaa Muummee Ta’uun Raawwii Yakkaa Irratti Hirmaachuu

Raawwataa yakkaa muummee ta’uun hirmaachuun karaa seerri yakkaa keenya ittiin namni tokko yakka raawwatame tokko keessatti qooda fudhachuu isaa ittiin hundeessu keessaa isa tokkoo dha. seerri yakkaa raawwata yakkaa muummee karaalee adda addaan kan ibsu hoo ta’u isaaniis, yakkicha ofumaan kallattiin ykn alkallattiin raawwachuu, yakkicha ofii isaatiin kallattiin kan hin

raawwanne yoo ta'ellee yaadaafi gocha isaa hundaan gocha yakkichaafi bu'aa inni argamsiisu hunda keessatti guutummaan hirmaataa ta'uun gochicha kan ofiisaa kan taasise yoo ta'e, ykn yakkicha ofii isaatiin kallattiin osoo hin raawwatin daa'ima yookiin nama sammun isaa sirrii hin taane yookiin haalicha hin hubanne yakka raawwachuuf meeshaa kan godhate, yookiin namni biraa yakka akka raawwatu kan dirqisiise yoo ta'ee dha. Haallan kanneen akka itti aanu kanaan tokko tokkoon ilaaluu yaalla.

4.1.1. Ofumaa Kallattiin ykn Alkallattiin Yakka Raawwachu

Karaa ittiin namni tokko raawwataa yakkaa muummee ta'uun yakka irratti ittiin hirmaatu keessaa inni jalqabaa Ofumaa Kallattiin ykn Alkallattiin Yakka raawwachuuf itti yaadee ofuma isaaf gocha yakka hundeessu yoo raawwate dha.⁹⁵ Haalli itti gochi kun raawwatamus akka seera yakkaa keewwata 32(1) (a) irraa hubatamutti namni tokko raawwataa yakkaa muummee ta'uun raawwateera jechuuf namni kun kallattiin yookiin alkallattiin yakka yoo raawwatee dha. Himatamaan tokko kallattiin yakka raawwateera jechuuf bu'aa isaa itti yaadee gocha yakkicha hundeessu qaamaan yoo raawwate dha.

Yakki akkuma sochii qaamaa namni tokko taasisuun raawwatamuu danda'u, gocha bineensotaan ykn humna uummamaan illee raawwatamuu danda'a. Kunis ta'uu kan danda'u namni tokko ofii iddoo yakki itti raawwatamu deemuun yakkicha sochii qaamaa ofii isaan kan raawwatu ta'uu baatu illee, yakkichi bineensotaan ykn humnoota biroon akka galma gahu taasisuuni dha. Yakkamaan yakka haala kanaan sababoota garagaraaf raawwachu danda'a. Fakkeenyaaf sababa gochichaan itti gaafatamummaa dhufuu malu jalaa bahuuf gochuu danda'a.

Namni yakka raawwatu tokko iddoo yakkichi itti raawwatamu deemuun ofiisaaf yakkicha raawwachuorra gochuma kana akka raawwatuufif saree ykn adurree isaa leenjisuun akka raawwattuuf taasisuu danda'a; haaluma wal fakkaatuun namni nama ajjeesuu barbaadu tokko nama ajjeesuf kaayyeffate kana iddoo jiru deemuun rakkoo isa quunnamuu danda'u fudhachuun ofuma isaaf miidhamaa uleen rukutuun, cuubeen waraanuun ykn rasaasan rukutuun ajjeesuuf ofii

⁹⁵ Akka s/y keewwata 23(1) tti 'gocha yakkaa' kan jedhamu wanta seeraan dhorkame raawwachu yookiin kan seeraan ajajame raawwachu dhiisuu dha .

isaaf gochicha raawwachuura mana miidhamaan kun keessa jirutti ibidda kaa'uun ibiddaan mana waliin gubuun ajjeesuu filachuu danda'a.

Seerri yakkaa keenya kwt'n 32/1//a/'nis kana irraa ka'uun fakkaata kan namni tokko ofii isaaf sochii qaamaa mataa ofiin gocha yakkaa raawwachuu baatu illee, alkallattiin shakkaman bineensotatti ykn humna uummamaatti fayyadamee jira yoo ta'e seerichi akka gochicha ofuma isaaf sochii qaama isaan raawwateetti fudhachuun yakkamaa muumme taasisa.

Kana waan ta'eef namni tokko yakka galmaan gahuuf yaade tokko galmaan gahuuf waan gochicha isaa kallattiidhan ofii isaan sochii qaama isaan hin raawwanneef qofaa fi gochicha kan raawwate bineensota ykn humna uummamaan waan ta'eef yakkicha hin raawwanne jechuu akka hin dandeenye dha.

Gaaffillee Marii

1. Dhimma (**Dhimma 7^{ffaa}**) Manni Murtii Aanaa Adaamaa galmee lakkoofsa 47874 ta'e irratti himataa Abbaa Alangaa fi himatamtoota Dammallaash Zarihuun faa(N-2) gidduutti ilaalee murtii kenne irratti Abbaan Alangaa himanna dhiyeesseen himatamtootni lameen s/y kew.32(1,B) fi 665(1) irra darbuun waliin ta'uudhaan himatamaa 1^{ffaa}n simmintoo karaxiitii lama mana namaa baasee himatamaa 2^{ffaa}tti waan gurgurateef waliin ta'uun yakka hanna raawwatan jechuun himateera. Himatamtootni dhiyaatanii jecha amantaa fi waakkii yoo gaaafataman himatamaan tokkoffaa simmintoo hatee gurguradheera balleessaa kooti jedheera. Himatamaan 2^{ffaa}s himatamaan 1ffaa simmintoo hate ani immoo irraa biteera balleesaa kooti jedheera. Manni murtii aanaa Adaamaas dhimmicha ilaaluudhaan himatamtootni waliin ta'uun yakka hanna raawwachuu isaanii waan amananiif keewwatuma itti himataman jalatti balleessaa dha jedhee murtii balleessummaa erga kenneen booda yaada adabaa bitaa fi mirgi dhiyeessan bu'uureffachuun tokko tokkoon isaanii hidhaa baatii tokko tokkoon akka adabaman murteesseera.

- Gochi himatamaan 7^{ffaa} raawwachuun isaa himanna irratti caqafame yakkicha irratti himaannaa qabaachuu isaa kan argisiisu dhaa? Dhimmichi haala kamiin ilaalamuu akka qabu irratti marii'adhaa.

- Nama yakka irratti hirmaannaa qaba jedhamee himatame gochi inni raawwate jedhame himanna irratti tarreeffame hirmaannaa qabaachuu kan hin argisiisne yoo ta'e manni murtii maal gochuu qaba? Himatamaa bilisa gaggeessuu? Abbaan Alangaa himanna akka fooyyeffatu ajajuu? Dhimmicha ragaadhaan itti fufee qulqulleessuu?
2. Dhimmi (**Dhimma 8ffaa**) kun dhimma dhaddachi ijibbaataa mana murtii waliigala oromiyaa iyyataa Abbaa Alangaa Biiroo Haqa oromiyaa fi deebii kennitoota Tolu Sambataa faa (N-4) gidduutti ilaalee murteesse dha.⁹⁶ Ka'umsi dhimmichaa himanna Abbaan alangaa Godina Shawaa Bahaa deebii kennitoota arfan irratti Mana Murtii Ol aanaa Godina Shawaa Bahaatti dhiyeesse yoo ta'u himanni dhiyaates deebii kennitootni arfanuu wal tumsuun isa du'e Fiqiruu Xiqqoo jedhamu reebanii ajjeesan jechuun kan himate yoo ta'u Manni Murtii Olaanaatis ragaa bitaa fi mirgaa erga dhagahee booda arfan isaanii iyyuu seera yakkaa keewwata 540 jalatti balleessaa dha jedhee adabbiis irratti dabarseera. Gama biraatiin manni murtii waliigala oromiyaa dhimmicha ol iyyannoodhaan ilaalee galmee lakk.86222 ta'e irratti murtii kenneen deebii kennitootni 2ffaa hanga 4ffaa reebicha isa du'ee keessatti hirmaannaa qabaachuun isaanii mirkanaa'ullee du'a isaatiif sababa kan ta'e rukkutaa deebii kenna 1^{ffaa}n mataa irra dhahe ta'uun ragaa mana yaalaatiin waan mirkanaa'eef seera yakkaa keewwata 540 otuu hin taane keewwata 555(A) jalatti balleessaa dha jedhee fooyyessee murteesseera.

Abbaan Alangaa murtii kana komachuun deebii kennitootni waliin raawwatani osoo jirani adda babbaasuun dogoggora seeraa ti hundinuu keewwata 540 jalatti balleessaa jedhamuu qabu jechuudhaan iyyannoo isaa dhaddacha ijibbaataaf dhiyeesseera. Dhaddachi Ijibbaata Mana Murtii Waliigala Oromiyaas deebii kennitootni dhiyaatanii akka falmatan ajajus deebii kennitootni 2^{ffaa} fi 4^{ffaa} waan poolisiin hin arganneef bira darbee deebii kennaan 3^{ffaa} dhiyaatee erga falmee booda murtii kenneen deebii kennaan miiltoosaa isa faana adabaman waliin tumsuudhaan isa du'e reebuun isaa sababa kanaanis miidhamaan kan du'e ta'uun mirkanaa'eera. Gochi deebii kennitootni raawwatan gocha addaan ciccite yookaan yeroo adda addaa raawwatame utuu hin taane gocha yeroo tokko bakka tokkotti nama tokko irratti raawwatame ta'uu mirkanaa'eera. Gocha akkasii keessatti deebii kennitootni ammaa

⁹⁶ *Dhimmichi Barruulee manni murtii waliigala oromiyaatiin maxxanfamu jildii 3 lakk.9 fuula 15 irratti maxxanfameera.*

sadarkaa hirmaannaa isaaniitiin yoo ta'e malee yakka ajjeechaa raawwatame keessatti hirmaannaa hin qaban jedhanii kan adda bahanii reebichaan adabaman hin jiran. Seera yakkaa keewwata 32(3) jalatti kan tumamee jirus kanuma akka ta'e hubatamuu qaba. Deebii kennaa sadaffaan ammaas gocha himatamaa 1^{ffaan} jalaa miidhamaa irratti raawwate keessatti kallattiidhaan kan hirmaate ta'uu isaa irra iyyuu isa du'e qaama isaa bakka adda addaa reebuunsaa waan mirkanaa'eef gocha reebichaa malee gocha ajjeechaa hin raawwanne kan jechisiisu miti. Waan ta'eefis manni murtii jalaa deebii kennaa sadaffaan ammaa dhimma kanaan yakka reebichaa malee yakka ajjeechaa hin raawwanne jechuun s/y kew.540 jalaa baasee keewwata 555(A) jalatti balleessaa taasisuun isaa faallaa tumaa s/y keewwata 32(3) ta'ee waan argameef dogogora seeraa isa bu'uura ti jechuudhaan fooyyessee murteesseera.

- Murtii manni murtii waliigala oromiyaa ragaa mana yaalaa bu'uureffachuun deebii kennitootni 2^{ffaa} hanga 4^{ffaa} reebicha isa du'ee keessatti hirmaannaa qabaachuun isaanii mirkanaa'ullee du'a isaatiif sababa kan ta'e rukkuttaa deebii kennaa 1^{ffaa}'n mataa irra dhahe ta'uun ragaa mana yaalaatiin waan mirkanaa'eef gochi deebii kennitoota 2-4 reebicha malee ajjeechaa miti jedhe akkamitti ilaaltu ? Murtii dhaddacha ijibbaataa hoo?

3. Dhimma (**dhimma 9ffaa**) Manni Murtii aanaa Guduruu galmee lakk. 14533 ta'e irratti ilaale tokko irratti (Abbaa Alangaa vs Baanee Mitikkuu faa (N-2)) Abbaan Alangaa himanna himatamtoota nama lama irratti dhiyeesseen himatamtootni seera yakkaa kew.32(3),555(A)fi 560(1) irra darbuun miidhamaa dhuunfaa Biqilaa Waajjiraa jedhamuun himatamaa 1^{ffaan} quba harka bitaa Abgudduu isaa uleetiin rukutee cabsee akka socho'uu hin dandeenye gochuun,himatamtuu 2^{ffaan} immoo yeroodhuma sani osoo himatamaa 1^{ffaa} fi miidhamaan kun wal lolaa jirani uleedhaan cinaacha miidhamaa gara mirgaa rukutuun waliin ta'anii wal duraa duubaan miidhaa qaamaa cimaa fi salphaa geessisaniiru jechuun himate. Gocha himatamtootni raawwachuu ibsamee fi keewwata caqafame akkasumas hirmaannaa isaanii akkamitti ilaaltu?

- Yakkoota tokko tokko uumama isaaniitiin namni tokko qofaa isaa ta'ee raawwachuu hin danda'u. Fakkeenyaaf Yakki Lola morkii (duelling) raawwatamuuf gareen lolaan wal morkatu lama jiraachuu barbaachisa. Namootni waliin lola morkii yoo godhan bu'uura S/y kew.32(1)(A)'n yakka tokko waliin ta'uun akka raawwatanitti

(cooffenders) fudhatamu moo adduma addaan of danda'anii yakka akka raawwatamanitti fudhatamuu qabu jettu ? Maaliif? Wal morkattootni miidhaa qaamaa wal irratti yoo geessisan hoo? Namootni gaa'ela mataa isaanii osoo qabanii waliin sagaagalummaa raawwatan (kew.652)hoo akkamitti ilaalamuu qaba jettu?

4.1.2. Yaada Guutuun Raawwataa Yakkaa Muummee Ta'uu (Moral Criminal)

Bifti hirmaannaa yakkaa kun seera yakkaa keewwata 32(1) (b) jalatti kan tumame dha.Kunis kan ummamu haalli namni tokko harka wayyaa jalaatiin fuulletti gochicha raawwachuu baatu illee gocha fi yaada isaa guutuudhaan gocha yakkichaa fi bu'aa inni argamsiisu hunda keessatti guutummaan hirmaataa ta'uun gochicha kan ofiisaa kan taasise yoo ta'e dha. Raawwataan yakkaa akka kanaa kun gochaa fi yaada isaa guutuudhaan yakkicha kan ofii isaa godhateera kan jedhamu deeggarsa yaadaa waan taasiseef qofa osoo hin taane yakka raawwatamu kan ofii isaa gochuu isaa haala argisiisuun galma gahiinsa yakkichaaf gumaacha mul'ataa kan taasise yoo ta'ee dha.

Karaaleen ittiin namni tokko galma gahiinsa yakka tokkoof ittiin gumaachu keessaa isaan muraasni karoora raawwii yakkichaa baasuu, namoota yakkicha raawwatan adda baasuun filachuu, nama yakkichi irratti raawwatamu, iddoo yakkichi itti raawwatamu, meeshaa yakkichi ittin raawwatamu fi sa'aa yakkichi itti raawwatamu adda baasuun filuu fi murteessuu, fi walumaa galatti mala yakkichi ittiin raawwatamu adda baasuun diriirsuu fi qopheessuu ta'uu mala. Adeemsa raawwii yakka tokkoo keessatti namoonni gahee akka kanaa qaban Yaada guutuun raawwataa yakkaa Muummee (Moral Offender/Master mind) jedhamuun beekkama.

Namoonni akka kanaa kun yakkicha ofii isaaniin sochii qaama isaaniin kan raawwatan ta'uu baatanis jaataniin yakkichaa kan isaanii waan ta'eef galma gahiinsi yakkichaas kan milkaa'e maqaa isaaniin waan ta'eef akka raawwataa mumme yakkichaatti fudhatamuu akka qaban seerri yakkaa keenya kwt'n 32/1-b/'n nii kaaha.

Gaaffii Marii

1. Dhimma (**Dhimma 10^{ffaa}**) manni murtii Godina Shawaa bahaa galmee lakkoofta 30450 ta'e (Himataa Abbaa Alangaa fi Himatamaa Bahaaru Asfaaw) irratti ilaalee murtii kenne irratti Abbaan Alangaa himanna dhiyeesseen himatamaan kun seera yakkaa bara 1996 bahe keewwata 32(1)(A,B) fi 539(1)(A) darbuun Aanaa Luumee ganda Jirmii Insilaalee jedhamu keessatti himatamtoota yeroof to'annaa jala hin oolle Daamxoo Wadaajoo, Dagguu Worquu fi Zannabaa Girmaa jedhaman wajjin qawwee kilaashii yeroof lakkoofsi isaanii hin beekamne isaan hundi qabatanii ta'e jedhanii itti qophaa'anii miidhamtoota magaalaa Moojoo irraa galaa jiran hanga qe'ee isaaniitti hordofanii kanneen du'an ammaa 1. Isheetuu Kaffaalaw fi 2. Maammush Nugusee jedhaman himatamaan Daamxoo Wadaajoo isa du'e Isheetuu Kaffaalaw qawwee kilaashii qabateen dugda duubaan rasaasa tokko itti dhukaasee yoo rukkutu isa du'e Maammush Nugusee jedhamu laphee irra yoo rukkutu himatamaan Dagguu Warquu jedhamu immoo isa du'e Isheetuu Kaffaalaw jedhamu rasaasaan harka mirgaa irra rukkutee yoo kuffiisu himatamaan kun immoo gochaa fi bu'aa gochi himatamtootaa fiduu danda'u fedhii guutuun deeggaruun erga himatamtootni du'oota ajjeessanii booda "**isiniin goone**" jedhee himatamtoota kana wajjin waan dheesseef yakka ajjeechaa lubbuu namaa raawwateera jechuun himate. Himatni 2ffaan irratti dhiyaate immoo himatamaan kun bakkaa fi yeroo himanna 1 ffaa keessatti caqafametti namoota biroo irratti rasaasa dhukaasee yaalii ajjeechaa raawwate kan jedhu dha.

Manni murtii ol aanaa Godina Shawaa Bahaa himannicha erga ilaalee himatamaan qawwee qabatee dhaquun wanti inni raawwate ifatti kaa'e waan hin jirreef isiniif goone jedhame immoo kutaa yaadaa fi gochaan kan hin deeggaramne waan ta'eef himanna 1ffaa ilaalchisee bu'uura s/d/f/y keewwata 131(2) tti wanti himata keessatti himatamaa ajjeechaan himachiisu ifatti taa'e waan hin jirreef jalaa bahee himata 2ffaa jalatti qofa falmiin itti haafufu jedhee ajajeera.

Dhimma (**Dhimma 11ffaa**) Manni Murtii Godina Adda Adaamaa gidduutti galmee lakk. 13995 ta'e irratti ilaalee murteesse tokko irratti (A/A Vs Abdii Abbabaa faa(N-3)) Abbaan Alangaa himanna himatamtoota irratti dhiyeesseen himatamtootni seera yakkaa bara 1996 bahe keewwata 32(1)(A) fi 627(1) bira darbuudhaan gaafa 28/8/2004 halkan keessaa

sa'atii 8 yoo ta'u miidhamtuu dhuunfaa Tsiyoon Xaa'imee jedhamtu umuriin ishee waggaa kudha tokko taate barandaa bakka ishiin hiriyyoota ishii waliin ciistu irraa fuudhanii deemanii dursa himatamaa 1^{ffaa}n fi 2^{ffaa}n gudeeduudhaan kabaja dubrummaa ishee balleessaniif yakka daa'ima umuriin ishii waggaa 13 hin geenye wajjin wal qunnamtii saalaa raawwatan jechuun himateera.

Himatamtootni hundinuu waan waakkataniif Abbaan Alangaa ragaan nuuf haa dhaga'amu jedhee dhageessifateera. Haaluma kanaan ragootni Abbaa Alangaa miidhamtuu dhuunfaa dabalatee namootni lama dhaga'aman himatamtootni 1^{ffaa} fi 2^{ffaa} miidhamtuu humnaan fuudhanii yoo qajeelan himatamaa 3^{ffaa} immoo callisii deemi jedhee miidhamtuu dhuunfaa rukutee booda himatamtootni 1^{ffaa} fi 2^{ffaa} bakka biraatti geessanii miidhamtuu kan dirqamaan gudeedan ta'uu ibsaniiru. Kanaa booda manni murtii himatamtootni ragaadhaan of irraa akka ittisan ajajus waan hin dhiyeeffatiiniif sadenuu keewwatuma itti himataman jalatti balleessaa dha erga jedhee booda adabbii keessatti hirmaannaan himatamaan 3^{ffaa} hirmaannaa sadarkaa 2^{ffaa} ti jechuudhaan adabbii keessatti kan himatamtoota 1^{ffaa} fi 2^{ffaa} qabe irraa gulantaa tokko gad siqee qabeeraaf.

- Dhimma 10^{ffaa} irratti himatamaan namoota yakka ajjeechaa raawwatan jedhaman erga gocha raawwatanii booda “isiniif goone” jechuun isaan waliin baqachuun isaa yakkicha irratti akka seera yakkaa keewwata 32 tti hirmaannaa qabaachuu isaa argisiisa moo miti jettu? Bakka yakkichaatti argamuun isaa hoo? Ajaja manni murtichaa Kenne akkamitti ilaaltu?
 - Dhimma 11^{ffaa} irratti hirmaannaan himatamaa 3^{ffaa} keewwata jalatti himatame waliin akkamitti ilaalama? Murtiin kenname hoo? Haala kamiin ilaalamuu akka qabu irrattis marii'adhaa.
2. Dhimmi (dhimma 12^{ffaa}) kun dhimma manni murtii walii galaa federaalaa lakk. galmee 10355 irratti ilaalee murteesse dha. Dhimmichi kan eegaale mana murtii ol'aanaa federaalaatti yoo ta'u galmee kanaan akka ol'iyyataati namni dhihaate gargaartota isaa faana ta'uun himata lamaan kan himatame hoo ta'u himannii 1^{ffaa}'n Seera Adaba/yakkaa bara 1949 bahe kwt'n32/a/b/ fi 522 /c/ irra darbuun bu'ura karoora yakka saamichaa fi ajjeechaa himatamaa 1^{ffaa} baaseen miiltoowwan isaa himatamaa 2^{ffaa} fi 3^{ffaa} (galmee kana keessatti ol'iyyataa ta'ee kan dhihaate) akkasumas namoota harki isaanii hin qabamne faana walii

galuun mana miidhamtuu dhuunfaa deemuun shugguxii himatamaa 1ffaan qabatee ture rasaasa nyaachisuun himatamaa 2ffaatti kennuun balbala alaa dhaabbatee waan alaa dhufu eegaa osoo jiruu himatamaa 2ffaani maskii kaawwatee shugguxii itti kenname qabatee; himatamaan 3ffaa'n shugguxii koltii 45 qabatee ; namni 4ffaan hin qabamne immoo mataa isaa irratti marxoo marachuun harkatti boombii harkaa qabatee oddoo miidhamtuu keessa dallaa utaaluu seenuun hojjattuu manaa ala turte irratti shugguxii qabuun iyyinaan akka ishee ajjeesan itti himuun sodaachisuun gara manaa erga seenanii booda namni harki isaa hin qabamne kun ijoollee fi maatii miidhamtuu iddoo jiran saaloniitti itti dhaquun yoo iyyanii fi socha'an akka isaan ajjeesu itti himee yoo sodaachisu, himatamaa 3ffaan gara kutaa ciisichaa miidhamtuu seenuun gaafa kolidariitti gadi ishee harkisee baasu himatamaa 2ffaani miidhamtuu waliin yommuu wal'aansoo wal qabu shugguxii rasaasa nyaachifame dhukaasee kan duraa miidhamtuu dhabee gidgiddaa hoo dhahu, inni lammataa garaa miidhamtuu dhahuun lafa irratti kufsee sanumaan himatamtoonni wal yaamanii manaa bahanii himatamaa 1ffaa isa ala jiru waliin dheeffanii kan deemanii fi miidhamtuunis kanumaan kan duute ta'uu; himannii 2ffaani haala armaan olitti ibsame kanaan gurmaa'anii meeshaa waraanaa qabachuun qabeenya fi maallaqa miidhamtuu saamuuf yaalanii jiru kan jedhuu dha.

Dhimmicha angoo jalqabaan kan ilaale manni murtii ol'aanaa federaalaa himatamtoota yakka ittiin himataman lamaanu jalatti balleessa dha jechuudhan adabbii hidhaa ummuri guutuun adabee jira. Dhimma kana irratti ol'iyyata himatamaa 3ffaa kan ilaale manni murtii walii gala federaalaa gama isaan ol'iyyataan yakka lamaaninuu balleessaa jedhamuun isaa sirrii akka hin taane ibsuun yakka yaalii saamichaa qofaan balleessaa jedheenii waggaa 15 adabee jira. Kanaaf kana akka sababaatti kan manni murtichaa kaa'e ol'iyyataan mana miidhamtuu kan deeme meeshaa waraanaa fayyadamuun sodaachisuun saamuuf mar'atanii walii galaniiti deeman malee kallattiin nama ajjeesuuf walii galanii ta'uu ragaan abbaa alangaa hin agarsiifne; miidhamtuun kan duute rasaasa himatamaan 2ffaani dhokaasen waan ta'eef himatamaa 3ffaan kallattiins ta'e alkallattiin ajjeechaa miidhamtuu keessatti hirmaachuu isaa ragaan agarsiisu dhihaatee hin jiru kan jedhu ture.

Ragaan abbaa alangaa dhihaatee ture ol'iyyataa dabalatee 3 ta'anii balbala mana miidhamtuu bananii kan seenan ta'uu; gaafa balbala bananii seenan lamaan isaanii meeshaa kan qabatani fi fuula isaanii kan haguuggatan ta'uu; ol'iyyataa ammaa kana garuu fuula isaa kan hin

haguuganne waan ta'eef adda baasanii kan argan ta'uu; himatamaa 2ffaan akkuma meeshaa qabatetti kallatiin ol'iyyataa ammaa faana iddoo miidhamtuun jirtu, kutaa ciisichaa ishee, seenuu isaanii; saaloonii taa'anii warri tv ilaalaa turan iyyuu isaanii; miidhamtuunis himatamaa 2ffaa waliin wal'aansoo walqabanii osoo falmachaa jiranuu rasaasni tokko gara gidgiddaa akka dhoka'een miidhamtuun golga fuulaa himatamaa 2ffaa irraa fuunan dhokaasee garaarra dhahuu isaa; miidhamtuun akka lafatti kuftee fi sadani isaaniyyuu kan fiigani sokkan ta'uu isaa ragoonni jecha wal fakkaatun raganii jiru.

Jechi amantaa akka sdfy kw 35'tti kenname akka agarsiisutti ol'iyyataan himatamaa 1ffaa waliin wal beellamanii himatamtoota warra kaan faana ta'anii erga dhugaa turanii booda himatamaa 1ffaan naannoo qeeraatii fira takkan qaba. Meeshaa qabannee dhaqnee osoo sodaachifnee maallaqa nuuf kennitti jechuun natti himnaan waliin dhaqnee gaafa seenu dubartoonni iyyanii jennan nuhi fiignee gaafa baanu... himatamaa 2ffaan garuu miidhamtuun waan qabdeef rasaasa lama dhokaasee rukute na fakkaate, bahee gaafa dhufu na qabdeeti nuun jedhe. Maaf dhokaasta kaayyoon keenya yoo milkaa'uu baate fiignee deemuu dha miti jenneenii wal lollee adda deemne. Namni haa rukutamu haa dhiisu wantin ani beeku hin jiru; kaayyoon keenya sodachisuun saamuu ture kan jedhu ture.

- Murtee kana keessatti sirrummaa murtiiwwan manneen murtii lameenin kennaman xiinxalaa.
- Gochichi yeroo raawwatamutti himatamaan 1ffaan ala dhaabbatee akka eegaa ture himanni abbaa alngaa ni ibsa. Haala kanaan himatamaa 1ffaan akka raawwataa yakkaa muummeetti himatamuun sirriidha jettuu?

4.1.3. Nama itti Gaafatamummaa Seeraa Hin Qabne Fayyadamuun Yakka Raawwachuu

Akka olitti kaasuuf yaallame namni kaayyoo fi karoora yakka raawwachuu qabu tokko ofii sochii qaama isaan kan yakka hin raawwanne ta'u illee karaa nama biraan nama biraa akka meeshatti fayyadamee yakka raawwachuu danda'a. Namni shakkamaan itti fayyadamuun yakka raawwatu kun dhuguma sochii qaama isaan kan yakka raawwate ta'u illee akka seera yakkaatti garuu sababa ta'e tokkoof itti gaafatamummaa yakkaa kan hin qabne ta'uu isaanii hubachuun

barbaachisaa dha. Jecha biraan namoonni akka meeshaatti tajaajilan ykn namoonni qulqulluun (Innocent Agents) kutaa yaadaa yakka hundeessuuf barbaachisu waan hin qabneef itti gaafatamummaa yakkaa hin qaban.⁹⁷

Akka seera yakkaa kew. 32(1)(c) tti namni tokko daa'ima yookiin nama sammuu isaa sirrii hin taane yookiin haalicha hin hubanne yakka raawwachuuf meeshaa kan godhate, yookiin namni biraa yakka akka raawwatu kan dirqisiise yoo ta'e raawwataa yakkaa muummee ta'uun yakka akka raawwatetti lakkaawama. Gochootni hirmaataan kun raawwatu dirqisiisuun yookaan namoota haalicha hin hubanne yookaan seeraan akka hin hubannetti lakkaa'aman akka meeshaatti gargaaramuudhaan (kakaasuu,haala mijeessuu dhaan) ta'uu danda'a. As irratti wanti hubatamuu qabu gochootni akka kakaasuu fi miiltummaan (Accomplice) bu'uuraan hirmaannaa sadarkaa lammaffaa ta'an illee sababa gochoota kanaan namni gocha yakkaa raawwate itti gaafatamummaa kan hin qabne yoo ta'e inni kakaase yookaan miiltoo ta'e bu'uura s/y kew.32(1)(c) tiin ofii isaatii hirmaataa yakkaa muummee ta'a. Gama biraatiin inni gocha raawwate yakkaan itti gaafatamummaa kan qabu yoo ta'e garuu sadarkaan hirmaannaa isa gargaaree yookaan kakaasee hirmaataa sadarkaa lammaaffaa ta'a jechuu dha⁹⁸ Kanaafuu gocha yakkaa namni tokko raawwateef kan biraan raawwataa yakkaa muummicha ta'uun itti fayyadameera jechuu kan dandeenyu deeggarsa gochaa fi yaadaa inni kenne qofa osoo hin taane sadarkaa itti gaafatamummaa nama isa gocha qaamaan raawwate waliin illee ilaaluun barbaachisaa dha. Fakkeenyaaf namni umuriin isaa ga'eessa ta'e tokko daa'ima umuriin isaa waggaa sagal gad ta'e tokko akka qabeenya namaa balleessuuf yoo kakaasee fi daa'imni kunis bu'uuruma gorsame saniin deemee qabeenyicha yoo balleesse namichi gorse itti gaafatamummaan isaa akka kakaasuutti osoo hin taane akka raawwataa yakkaa muummeetti kan fudhatamu dha.Inni gorsamee deemee qabeenyicha balleesse umuriin isaa ga'eessa yoo ta'e garuu sadarkaan hirmaannaa isa gorse raawwataa muummee osoo hin taane hirmaataa sadarkaa lammaffaa ta'a jechuu dha. Namni tokko nama itti gaafatamummaa yakkaa hin qabnetti fayyadamuun hirmaataa yakkaa muummee ta'uu adda baafachuuf qabxiilee armaan gadii waliin ilaaluun barbaachisaa dha. Kunis,

⁹⁷ s/y kw'n 23/2 fi 58/3

⁹⁸ Neal R.Bevans,Criminal law and procedure for paralegal Delmar cangage learning 2003.fuula 138

1. Gocha yakkicha hundeessu kan raawwate nama biraa ta'uu,
2. Namni gocha yakka hundeessu raawwate sababa ulaagaa kutaa yaadaa(mens rea) hin qabneef kan itti gaafatamummaa hin qabne“innocent human agent” ta'uu. Fakkeenyaaf nama ofii gocha yakkaa raawwachuuf itti yaade osoo hin taane dirqamee, sababa hanqina sammuu qabuun dandeettiin murteessuu isaa yeroof yookaan dhaabbataan hir'ate, daa'immanii fi namoota haala yeroo keessa jiraniin bu'aa gochi isaanii hordofsiisu hin hubannetti fayyadamuun ta'uu danda'a.
3. Namni gocha raawwate sun sababa gocha yookaan yaada nama isa itti fayyadame jedhameettiin kan raawwate ta'uu qaba.

Gaffii Marii

Dhimmi kun dhimma Manni Murtii Walii Gala Oromiyaa Abbaa Alangaa Oromiyaa fi Naa'ood Mokonna fa'a N 7 gidduu ture galmee lakk 123759(13^{ffaa}) irratti ilaalee muteessedha. Dhimmi kun kan eeggale himata abbaan alangaa mana murtii aanaa walisootti himatamtoota torba irratti dhiheeseen hoo ta'u dhimmicha jalqaba kan ilaale manni murtii aanaa walisoo himatamaa 1ffaa bilisaan gaggeessuun himatamtoota 2ffaa -7ffaa jiran immoo keewwata jalatti himanni dhihaate jijjiiruun kwt 683/3 jalatti balleessaa taasisuun murtii balleessummaa kennuun adabbii kan dabarse hoo tahu, murtii kana komachuun Abbaan Alangaa godiinaa Manni Murtii Olaanaa godiinichaaf ol'iyyatee manni murtichaas himatamaa 1ffaa ilaalchisee murtii kenname hoo cimsu, himatamaa 2ffaa ilaalchisee himata dhihaate keewwatuma jalatti himatameen balleessaadha jedhuudhan adabbii hoo salphisuuf, himatamtoota 3ffaa- 7ffaa jiran immoo adabbii balleessummaa mana murtii aanaatiin kenname cimsuun murteesse jira. Murtii kana irraa ol'iyyanni Mana Murtii Waliigala Oromiyaaf dhihaatu illee murtumti kun cimee jira.

Kaayyoo marii ammaaf akka tolu himata himatamaa 2ffaa irratti dhihaate irratti xiyyeeffachuun qabiyyee himatichaa akka itti aanu kanatti ilaalla. Himanni akka walii galaatti dhiyaate lama yoo ta'u, inni jalqabaa himatamaa 1ffaa qofa irratti dhihaate hoo ta'u, qabiyyeen himatichaa kunis gabaabbinaan himatamaan badhaadhina hin malle argachuuf jecha teessoowwan pilaastikaa adda addaa qabeenyummaan isaa kan miidhamaa ta'ee tajaajila lojii nagaashiif oolu konkolaataan fe'ee fudhachuun faayidaa dhuunfaa isaaf oolfateera kan jedhuu dha. Himanni lammaffaan himatamtoota hafan jahan irratti kan dhihaate hoo ta'u qabiyyeen isaas gabaabbinaan,

himatamtoonni teesoowwan himatamaa 1ffaa'n bahan kanneen keessaa 14 kan ta'u himatamaa 2ffaa'n dhoksee yeroo muraasaf erga turseen booda himatamaa 3ffaa'f waan gurgureef, teesoowwan himatamaa 2ffaa'n himatamaa 3ffaa'f gurguran kunnniin mana jireenyaa fi dhaabbata daldalaa himatamaa 3ffaa keessaa, teessoon 6 mana jireenyaa himatamaa 4ffaa keessaa, teessoon 6 immoo mana jireenyaa himatamaa 5ffaa keessaa, teessoon 8 mana himatamaa 6ffaa keessaa, teessoon 2 immoo mana himatamaa 7ffaa keessaa kan argame waan ta'eef himatamtoonni akka s/y kwt'n 32/3/ fi 682 (1) jalatti yakka dhoksaan himatamanii jiru kan jedhuu dha.

1. Roga qabeessummaa tumaa seera yakkaa dhimma kana keessatti himatamtoota irratti caqasamee akkamiin ilaaltu; tumaan s/y kwt'n 32/3 caqasamuun isaa sirrii dha jettuu?
2. Dhimma kanaaf tumaan seera yakkaa rogummaa qabu isa kam jettu?

4.1.4. Yakka Addaa Irratti Hirmaachuu

Sababa uumama isaanii irraa kan ka'e yakkoonni tokko nama hundaan raawwatamuu hin danda'u; kutaa hawaasaa adda bahee kaa'ameen qofa raawwatamuu danda'a. Yeroo akka kanaa kana namni ofii yakkicha raawwachuu hin dandeenye nama yakkicha raawwachuu danda'utti hidhachuudhaan yakkichi akka raawwatamu yookaan galma ga'u gumaacha bakka buutee hin qabne taasisee jira yoo ta'e akka raawwataa yakkaa muummetti fudhatama. Namni haala kanaan raawwii yakka keessatti hirmaates akka raawwataa yakkaa muummeetti akka ilaallamu seera yakkaa keewwata 33 jalattis ifatti kaa'eera.

Keewwata 33. Yakka Addaatti Hirmaataa Ta'uu

Yakki namoota addaa qofaan raawwatamuu danda'u yommuu mudatu, keessumattuu yakkoota loltummaa ilaallatuun loltuu, yakkoota hojii mootummaan wal qabatan ilaalchisee hojjetaa mootummaa yookiin dubartii dirqisiisanii gudeeduuf dhiira ta'uun kan barbaachisu yommuu ta'u raawwataan yakkichaa kan jedhame garaagarummaa qabaachu baatu iyyuu, fedhaafi beekumsa isaa guutuun hirmaataa guutuu yakkichaa yoo ta'e; akka raawwataa yakkaa muummeetti gaafatamuu irraa hin oolu.

Yakkoonni namoota addaa qofaan raawwatamuu danda’u kanneen keewwata 33 jalatti tarreeffaman qofa miti. Fakkeenyaaf yakka fuudha irratti fuudha raawwachuu (kwt. 650), fira ofii waliin qunnamtii saalaa raawwachuu (incest) kew. 654, yakkoota malaammaltummaa, ragaa sobaa (kew. 453) fi amantaa hir’isuu (kew. 675) caqasuun ni danda’ama. Rakkoo hiikkoo fi raawwii kanaan wal qabatee jiru dhimmoota armaan gadii waliin haa ilaallu.

Gaaffii Marii

1. Dhimmi (**Dhimma 14ffaa**) kun dhimma dhaddachi ijibbaataa mana murtii waliigala Federaalaa iyyattuu Fallaqeech H/Gabreelii fi deebii kennaa Abbaa Alangaa Biiroo Haqaa Oromiyaa gidduutti galmeew lakk.44031 ta’e irratti kenne dha. Dhimmichi kan jalqabe mana murtii aanaa Laaloo Assaabiitti dha. Abbaan Alangaa himanna mana murtii aanichaatti dhiyeesseen iyyattuun abbaa manaa ishee Yoseef Kabbadaa jedhamu waliin ta’uudhaan s/y keewwata **32(1)(A)** fi 620(2)(A) darbuudhaan Adoolessa 24 bara 1998 halkan keessaa sa’atii 3:00 tiin miidhamtuu dhuunfaa Burtukaan Dubbaallee Dirqisiisanii Gudeeduu raawwataniiru kan jedhu dha. Manni murtii aanichaa ragaa Abbaa Alangaa erga dhaga’een booda himatamtootni of irraa ittisuu osoo hin barbaachisiin akka s/d/f/y keewwata 141 tti bilisa gaggeesseera. Manni murtii ol aanaa Godina Wallaggaa Lixaa dhimmicha ol iyyannoodhaan ilaalee ragaa ittisaa himatamtootaa ofumaa dhaga’ee Yoseef Kabbadaa hidhaa cimaa waggaa torbaan iyyattuun immoo hidhaa cimaa waggaa sadiin akka adabantu murteesseera. Manni murtii waliigala oromiyaa fi daddachi ijibbaataa mana murtii waliigala oromiyaatis murticha cimsanii murteessaniiru.

Dhimmicha iyyannoodhaan kan ilaale dhaddachi ijibbaataa mana murtii walii gala Fedraalaa bitaa fi mirgi erga wal falmisiisee murtii kenneen

“...Abbaan Alangaa himanna yoo dhiyeessu bakkaa fi yeroo yakki raawwatame fi kan himatamu tokkoo ol yoo ta’e immoo hirmaannaa tokkoo tokkoon isaanii qaban ifatti caqasuu akka qabu s/d/f/y keewwata 111 jalatti kan tumaame yoo ta’u Abbaan Alangaa firii dubbii himannaa irratti caqafame ragaa quubsaadhaan hubachiisuu kan qabu ta’uu tumaalee s/d/f/y keewwata 141 fi 149 irraa hubatama.

Yakki iyyattuun irratti hirmaatteetti jedhamme yakki dirqisiisanii gudeeduu akka s/d/f/y keewwata 32 tti kan iyyattuun hirmaataa ta'uu hin dandeenye yakka saala faallaa ta'een raawwatamuu danda'u waan ta'eef jalqabuma Abbaan Alangaa s/d/f/y keewwata 32(1)(A) fi 630 tti caqasuun himanni dhiyeesse hirmaannaa ishee kan ibsu miti. Iyyattuun akka s/y keewwata 33 tti hirmaataa ta'uu ishee immoo Abbaan Alangaa ragaa quubsaadhaan mirkaneessuu qaba. Akka s/y keewwata 33 tti yakka dirqisiisanii gudeeduu dubartii tokko irratti raawwateef dubartiin biraa hirmaannaa qabdi jechuudhaaf immoo dubartiin sun yaadaa fi beekumsa ishee guutuudhaan kan hirmaatte ta'uu Abbaan Alangaa mirkaneessuu qaba.

Abbaan Alangaa Iyyattuun hirmaannaa qabaachuu ishee mirkaneessuuf ragaa dhiyeesse keessaa kan dubbate miidhamtuu dhuunfaa qofa dha. Jechi isheen kennites gaafa yakkichi sun irratti raawwatame iyyattuun miidhamtudhaan mana yaalaa Magaala Gimbii deemna jettee Magaala Gimbii waliin oolani galgala sa'a 3:00 yeroo ta'utti gara mana iyyattuu (himatamtuu tti) akka galan fi halkan sa'a 8:00 yeroo ta'utti immoo abbaa Warraa iyyattuu kan ta'e yoseef Kabbadaa miidhamtuu dirqisiisee gudeeduu isaa dubbatteetti. Kana yoo ilaallu iyyattuun miidhamtuu dhuunfaa waliin magaala Gimbii deemtee kan oolte fi dhiha irra kan dhufan abbaan Warraa ishee Yoseef Kabbadaa halkan keessaa sa'a 8:00 yeroo ta'utti ka'ee yakka kana akka irratti raawwatu yaadaa fi beekumsa guutuu qabaachuun hirmaachuu isheef ragaa naannoo ta'uu hin danda'u. Halkan sa'a 8:00 irratti ennaa ta'u abbaan manaa iyyattuu miidhamtuu dirqisiisee yommuu gudeedu iyyattuun akka s/y keewwata 25(1) fi 33 tti fedhaa fi hayyama ishee guutuudhaan kan hirmaatte ta'uu wanti mirkanaa'e hin jiru" jechuudhaan murtii balleessummaa fi adabbii irratti kenname diigeera.

Haaluma wal fakkaatuun dhimma (**dhimma 15 ffaa**) mana murtii aanaa Adaamaatti galmeelakk.60595 ta'e irratti himataa abbaa Alangaa fi himatamtoota Balaay Birhaanuu faa(N-2) ilaalee murteesse irratti abbaan Alangaa himanna dhiyeesseen himatamtootni lameen s/y kew.32(1)(A) fi 675(1) irra darbuudhaan himatamaan 1^{ffaa} konkolaachisaa D4D ta'e qabeenyummaan isaa kan dhaabbata warshaa daakuu Buskutaa Biraazers ta'ee dalagaa osoo jiruu amantaa irratti gatame dagachuun balbala konkolaataa kana qarshii kuma torba balbala konkolaataa minibaasii himatamaa 2^{ffaa} tiin oofamtu qabeenyummaan ishee kan Abbittii Baqqalaa taate himatamaa 2^{ffaa} waliin wal jijjiiruuf waliigalanii osoo hiiksisee wal qabsiisuu

waan qabameef qabeenya qarshii kuma digdama baasu irratti yakka amantaa hir'isuu wal gargaaranii raawwataniiru jechuun himatame.

Himatamaa 1^{ffaa},n yakka itti himatame raawwachuu isaa waan amaneef bu'uuruma jecha amantaa isaatiin murtiin balleessummaa fi adabbiin irratti kennameera. Himatamaa 2^{ffaa} immoo jecha isaa yommuu kennu ani himatamaa 1^{ffaa},n konkolaatichi kan dhuunfaa koo ti naan jedhee waan natti himeefan irraa fuudhuuf yaale. Kana qulqulleeffachuu dhabuun immoo balleessaa dha jedheera.

Manni murtii himatamaa 2^{ffaa} ilaalchisee ajaja kenneen himatamaan 2^{ffaa} durumayyuu qabeenyi imaanaadhaan isatti kenname homtuu waan hin jirreef konkolaataan himatamaa 1^{ffaa},n konkolaachisu qabeenyummaan isaa kan warshaa daakuu fi buskutaa Biraazers ta'e kun kan imaanaadhaan himatamaa 2^{ffaa}tti kenname waan hin taaneef amantaan inni hir'ise homtuu hin jiru; keewwata 675(1) jalattis hin himatamu jedhee himanna isa irratti dhiyaate kufaa godhee bilisaan gaggeesseera.

Dabalataan (**dhimma 16ffaa**) *A/A/KNFMNO VSYashiwarqi Wadajjoo fa'aa N.4.A/Alangaa kew 32(1-A),33 fi 407(2)* caqasuun himatamtoonni yakka malaammaltummaa aangoon garmalee fayyadamuun raawwataniiru jechuun himannaa *M/M/O/GO/H/Lixaatti* himannaa hundeessera. M/M kunis LG-12441 ta'e irraati keewwata itti himatamaan jalatti murtii baleessummaa fi addabbi murteesseera. Himtamtootni *M/M/W/O/Dhaddacha Bahaatti ol'iiyannoo* kan gaafatan yoo ta'u manni murtii kunis *LG- 85306* ta'e irratti murtii balleessummaa cimsuun adabbii fooyyeessuun murteesseera. Himatamaa 4ffaan (hojjetaa mootummaa miti) murtiin manni murtii jalaa kennee doggoggoora seera bu'uura ta'e qaba jechuun *M/M/W/O/dhaddacha ijibbaatatti iyyaannoo* dhiyyeefateera. Dhaddachi kunis *LG 88865 ta'e irratti seera yakkaa kew.33* caqasuun himatamaan kun akka malaammaltummaa hojjeetonni mootummaa qofti raawwachuu danda'an waan raawwateef keewwatuma ittiin himatame jalatti balleessa qaba jedhamuun isaa dogoggora seera isa bu'uura ta'e hin qabu jechuun murteesseera.

- Dhimma 14^{ffaa}, irratti murtii kenname akkamitti ilaaltu? Namni gocha yakkaa ofii hin raawwanne tokko raawwataa yakkaa muumme ta'uun hirmaachuu isaa maal irraa hubatama (mirkanaa'a)?

- Dhimma 15 ffaa irratti gochi himatamaan 2 ffaa'n raawwate jedhamee himanna irratti caqafame yakkicha irratti hirmaannaa qabaachuu isaa kan argisiisu dha moo miti? Himatamaan 2ffaa konkolaataa himatamaan 1ffaa konkolaachisu balballi irraa baafame kan warshaa Daakuu fi Buskuta braazers ta'uu kan beeku ta'uu yoo mirkanaa'e itti gaafatamaa ta'aa? Keewwata Abbaan Alangaa caqase waliin akkamitti ilaaltu? Tarkaanfii manni murtii fudhatee hoo?
2. Akka s/y keewwata 32(1)(B)tti namni tokko ofii isaatiin gocha raawwachuudhaa baatus gocha yakkaa namni biraa raawwate bu'aa hordofsiisu waliin yaadaa fi beekumsa isaa guutuudhaan yoo deeggaree fi kan ofii godhee fudhate raawwataa yakkaa muummee ta'uu akka danda'u tumameera. Kana yoo ta'e barbaachisummaan tumaa seera yakkaa keewwata 33 maali dha jettu? Garaagarummaa tumaa s/y keewwata 33 fi 32(1)(B) irratti marii'adhaa.
 3. Namni tokko yakkoota malaamaltummaa tumaalee seera yakkaa 404 fi kanneen itti aananiin itti gaafatamaa ta'uuf raawwataan gochichaa hojjataa mootummaa ta'uu akka qabu tumaan seera yakkaa kwt. 404/1 jalatti ilaallamee jira. Ta'us tumaa seera yakkaa kwt.33 irraa hubachuun akka danda'amu namni tokko hojjataa mootummaa ta'uu baatus gocha yakkaa hojjataa mootummaan qofa raawwatamu kana fedhaa fi beekumsa guutuun kan itti hirmaate hoo ta'e akka raawwataa yakkaa muummetti ilaallama. Gama biraan ragaan faallaa ta'e yoo dhihaate malee, yakkooni malaammaltummaa kan raawwataman faayidaa hin malle argachuuf yookiin argamsiisuuf yookiin miidhuuf ta'uun isaa yommuu tumametti, keewwatacha keessatti ijoon dubbii qabatamaa (gochi) ibsame raawwatamuun isaa yoo mirkanaa'e, gochichi kan raawwatame faayidaa hin malle ofii argachuuf yookiin nama biroo argachiisuuf yookiin mirga yookiin faayidaa garee sadaffaa miidhuuf akka ta'etti akka tilmaammamu seerri yakkaa kew'n 403 ni kaa'a. Afaan gabaabaan himataan gochi raawwatamuu (Actus reus) malee kutaa yaadaa (Mens rea) agarsiisuun irraa hin eeggamu jechuu dha.
 - Tilmaamni seeraa kun hojjataa mootummaa osoo hin taane akka s/y kew 33'tti yakka malaamaltummaa nama biraan raawwatamuus ni laallataa?

4.1.5. Yakka Gamtaan Raawwatame (Collective Crime)

Namoonni lakkoofsan lamaa fi sanaa ol ta'an galma gahiinsa yakka tokkoof kuun isaanii gocha yakkaa sochii qaamaa isaaniin ofumaa raawwachuun, gariin immoo akka abbaa jaatanii yakkichaa ta'uun galma gahiinsa yakkichaaf tumsuun, kakaasuun, gargaaruuni fi kkf'n gochuun galma gahiinsa yakka tokkoo keessatti baay'ee ta'uun sadarkaa hirmaannaa adda addaan kan hirmaatan hoo ta'e raawwii yakkaatti hirmaachuun wali faana akkuma hirmaannaa isaaniitti yakkaan kan gaafataman ta'a. Haaluma wal fakkaatuun namoonni lamaa fi sanaa ol sadarkaa hirmaannaa tokkoon waliin yakka kan raawwatan hoo ta'e waliin itti gaafatamu. Waan ta'eef dhimmi hirmaannaa yakkaa namoonni hedduun galma gahiinsa yakka tokkoo keessatti sadarkaa hirmaannaa yakkaa adda addaan gaafa hirmaatan qofa dhimma ka'u osoo hin taane ijoo gaafa namoonni lamaa fi sanaa ol waliin ta'uun sadarkaa rawwii yakkaa raawwataa muummeen galma gahiinsa yakkaaf tumsan illee ka'uu dha.

Dhimmi gamtaan yakka raawwachuu seerri yakkaa keenya kew 35 jalatti akka itti aanu kanatti laaleera.

Keewwata 35. Yakka Gamtaan Raawwatame

Yakki tokko namoota lakkoofsi isaanii tokkoo ol ta'aniin gamtaan yommuu raawwatame, namni raawwataa yakkichaa ta'uun isaa hin mirkanoofne hin adabamu.

Ta'us, namoota garee tokko keessatti ramadaniin yakkoonni akka korannaafi jeequmsa fakkaatan yommuu raawwataman, namni gamticha keessatti argamuun isaa itti mirkanaa'e kan hin adabamne yakkicha keessatti kan hin hirmaanne ta'uu isaa yoo hubachiisedha.

Tumaa seeraa kana irraa akka ilaallamu seerichi yakka gamtaan raawwatamu keewwata lamaan kan ilaale hoo ta'u, keewwatni jalqabaa qajeeltoo walii gala kan kaa'u yommuu ta'u bu'ura qajeeltoo kanaan namoonni lamaa fi sanaa ol ta'an gamtaadhaan yommuu yakka raawwatan miseensa gamtaa sanaa keessaa namni tokko kan itti gaafatamu raawwataa yakkaa ta'uun isaa yommuu itti mikanaa'e qofa akka ta'ee dha.

Qajeeltoon kun jiraatu illee haala addaan garuu *namoota garee tokko keessatti ramadamaniin yakki akka korannaa fi jeequmsa fakkaatan yommuu raawwataman, namni gamticha keessatti argamuun isaa itti mirkanaa'e kan hin adabamne yakkicha keessatti kan hin hirmaanne ta'uu isaa yoo hubachiise akka ta'e seerich haala ifa ta'een kaa'ee jira. Kana irraa kan hubatamu namni gamtaa kana keessa jiraachuun isaa beekkame kan itti hin gaafatamne gochicha kan hin raawwanne ta'uun isaa yommuu mirkanaa'ee qofa akka ta'eedha. Kun immoo yommuu hiikkamu shakkamaan akka kanaa kun ofii isaan gocha yakkichaa kan hin raawwanne ta'uu isaa yoo agarsiisuu danda'e malee seeraan akka yakkicha warra kaan faana raawwatetti fudhatama jechuu dha.*

Sababni kanaas akka qaboo yaa'ii marii seera kana gaafa baasan galmaahe irraa akka hubatamutti kan itti aanu kanaadha.

...ወንጀሉ የሚፈጸመው ቁጥራቸው ከአንድ በላይ በሆኑ ሰዎች መሆኑ ግልጽ ነው። ሆኖም የወንጀል አድራጊዎች በዛት ከአንድ በላይ በሆነ ቁጥር ይህ አንቀጽ አግባብነት ሊኖረው እንዴት እንደሚችል በግልጽ መቀመጥ አለበት። ጥቂት ሰዎች ተስማምተው የግድያ፣ የዘረፋ ወይም ማናቸውንም ሌላ ዓይነት ወንጀል ሲፈጽሙ በእያንዳንዳቸው ላይ ማስረጃ አቅርቦ የማስቀጣቱ ተግባር የዐቃቤ ህግ መሆኑ የታወቀ ሲሆንእንደ አድማ፣ አምባገነን ግርግር ወይም ህገ ወጥ ሰልፍ በመሳሰሉት ወንጀሎች ግን ዐቃቤ ህግ ማስረጃት ያለበት እያንዳንዱ ሰው በህብረቱ ውስጥ መገኘቱን እንጂ ማን ምን እንዳደረገ የማስረጃት ሸክም የእርሱ ግዴታ አይደለም። በጊዜውና በቦታው በህብረቱ ውስጥ መገኘቱን የማስረጃት ሸክም የአቃቤ ህግ ቢሆንም አስቦ የወንጀሉ ተካፋይ አለመሆኑን ማስረጃ ማቅረብ እያንዳንዱ ተከላኝ ሊሆን ይገባል።

Kana irraa kan hubatamu bu'ura seera yakkaa keenyaatiin akka qajeeltootti yakki tokko gamtaa namoota tokkoo oliin raawwatame jedhamee shakkamee jennaan gaheen tokkoo tokkoo nama gamtaa kana keessa jiruu maal akka ta'e ykn maal akka raawwate ragaadhaan adda bahee mirkanaa'uu akka qabuu dha.

Kun qajeeltoo walii galaa gosa yakkaa kamiifuu taanan raawwatiinsa qabuu dha. Haa ta'uutii garuu haala addaan *gaafa* yakkooni akka *akka korannaa fi jeequmsa fakkaatan yommuu raawwataman namni* tokko garee yakka kana raawwachaa ture keessa jiraachuu agarsiisuun kan

danda'amu ta'u illee tokkoon tokkoo nama garicha keessa jiruu maal akka raawwate adda baasuun agarsiisuun rakkisaa ta'uu mala.

Waan ta'eef gaafa wanti akka kanaa kun uummamu tokkoon tokkoo namoota shakkamanii yakka gareen raawwatame kana keessa jiraachuun isaanii agarsiifamee jira taanaan garee kana keessatti gochawwan maal maal akka raawwatan adda baasuun agarsiisuun hin eeggamu jechuu dha.

Gaaffii Marii

1. Dhimmi (**dhimma 17ffaa**) kun dhimma naannoo ummattoota kibbaatti Mana Murtii Ol Aanaa Godiina Kafaatiin galmee lakk 03692 ta'e irratti murtaa'eedha. Dhimma kana irraa akka hubatamutti dhimmi isaa dhimma malaamaltummaa yoo ta'u, galmicha keessatti namoonni sadi himatamanii kan dhihaatan yoo ta'u sadeen isaaniyyuu hojjatoota Mana Qopheessaa Magaala Boongaati. Qabiyyeen dhimmichaas gabaabbinaan himatamtoonni sadanuu faayidaa hin malle argachuuf karaa seeraan alaa nagahee galiin ittiin walitti qabamu maxxansiisuuf yaadani, himatamaa 1ffaa'n xalayaa sobaa waan manni hojjichaa barreesse fakkeessuun qopheessuun, himatamtoonni lamaan immoo hojjatoota mana galmee man hojjichaa waan ta'aniif chaappa sababa hojiin isaan harka galeen xalayaa sobaa himatamaa 1ffaan qophaahe kana chaappessuun xalayaa seera qabeessa fakkeessuun, himatamaa 1ffaa'n xalayaa haala kanaan sobaan qophaahe kana qabachuun waan manni hojjichaa akka nagaheen maxxanuuf gaafatu fakkeessee Dhaabbata Maxxansaa Birhaanii fi Salaam geessuun walii galtee dhaabbaticha faana raawwachuun nagaheen akka maxxanfamu waan taasisaniif himatamtoonni sadeenuu gamtaan yakka sanada waliin dhahuun badhaadhina hin malle argachuu raawwatani jiru kan jedhuu dha. Manni Murtichaas himatamaa 1ffaan xalayaa sobaa qopheessee mana maxxansaa kanaaf dhiheessuu isaa fi walii galtee seenee nagahee maxxansiisuun isaa waan mirkanaa'eef, himatamtoonni 2ffaa fi 3ffaan gochichi yeroo raawwatamutti hojjatoota mana galmee mana qopheessichaa ta'uu isaanii fi chaappan hojjatoota mana galmee kanneeniin ala nama biraan kan kennamuu hin dandeenye fi isaan keessaa tokkoo isaaniin xalayaa kanatti kan chaappeffame ta'uu mirkaneessuu isaa ibsee jira. Haala kanaan dhimmicha erga qorateen booda Manni Murtichaa himatamaa 1ffaa himata itti dhihaate jalatti balleessaa taasisuun adabbii kan itti murteesse hoo ta'u, himatamtoota 2ffaa fi 3ffaa ilaalchisee garuu lamaan isaanii keessaa tokkoon isaanii xalayaa sobaan qophahe kana

keessatti uummamu maaltu akka yakka ta'uu qabu fi hin qabne seeraan murteessuun baasuu keessatti shoora bakka hin bu'amne qaba. Jijjiiramoota kanneen bu'ura godhachuun wantoonni dura yakka hin turre yakka ta'u; kanneen dura yakka turan immoo yakka ta'uun isaanii hafuu mala.

Qixa kanaan haala qabatamaa biyya keenyaa yoo ilaalle gama siyaasaan mirgi yaada ofii bilisaan ibsachuu fi ilaalcha siyaasaa isaa bilisummaan kophaa isaa namoota biroo faana gurmaa'uun tarkanfachiisuu namootaa heeran kan mirkanaa'ee dha. Kanaaf namoonni waliin ta'anii dhaabbata hundeeffatanii yaada siyaasaa isaanii ibsachuuf mirga qabu; gochaas jiru. Gama hawaasummaatinis hoo ta'e jijjiiramni bal'aan kan dhufaa jiru yoo ta'u kana keessaa jijjiiramni gama mirgi amantaan dhufe fakkeenya gaarii dha. Lammiileen amantaa fedha isaanii qabachuu, hordofuu warra kaan isaan fakkaatan faana ta'uun kayyoo ta'e tokkoof dhaabbata hundeesuu ni qabu.¹⁰⁰

Jijjiirrama akka kanaa kanaan dhaabbileen adda addaa hanguma baay'achaa dhufan yakkoonni maqaa dhaabbilee kanneenin ykn dhaabbilee kanneen dawoo godhachuun raawwataman akka dabalaa dhufuu danda'an tilmaamuun ni danda'ama. Waan ta'eef seerri yakkaa amma jiru jijjiiramawwan biyya keessa amma gama siyaasan, diinagdeeni fi hawaasummaan jiran kanneen ilaalcha keessa kan galche ta'uu qaba.¹⁰¹

Kanaan dura biyya keenyatti ilaalchi itti gaafatamummaan yakkaa namoota uummamaa qofa ilaallata jedhu ol'aantummaa argatee kan ture waan ta'eef, seera adabbii yakkamaa duraan ture keessatti dhaabbileen namummaan seeraan hammatamanii hin turre. Haa ta'uutii garuu seera yakkaa bara 1996 baheen hammatamanii jiru. Jecha biraan seera adabbii yakkamaa duraan ture keessatti haala dhaabbileen nammummaan seeranii yakkaan itti gaafatamuu danda'an ilaalchisee wanti jedhu kan hin jirree ta'u illee seerri yakkaa haaraan bara 1996 bahe garuu dhaabbileen

¹⁰⁰ ደህላኝ ደጠቅ፣ 23

¹⁰¹ Dejene Girma, *Notes on the Criminal Responsibility of Juridical persons in Ethiopia*, Dejene Girma, *Jimma university journal of law*, volume 2 number 1 p. 85

namummaan seeraan yakkaa raawwaatanii yommuu argaman yakkaan akka itti gaafataman tumee jira.¹⁰²

Bu'uruma kanaan tumaan seera yakkaa kwt 34'n Itiyoophiyaa keessatti dhaabbileen itti gaafatamummaan yakkaa isaan laallatan isaan akkam akka ta'anii fi ulaagaaleen guutuu qaban maal amaal akka ta'e adda baasuun kaa'ee jira. Bu'uruma kanaan dhaabbanni tokko yakkaan kan itti gaafatamuu danda'u: namummaan seeraa kan kennameef yoo ta'e, dhaabbata qaamolee bulchiinsa mootummaa hin taane (garuu dhaabbileen mootummaa namummaa seeraa qabani fi qaamolee bulchiinsaa mootummaan ala jiran itti gaafatamu), yakki dhaabbilee kanneeniin raawwatamee jira jedhamu kun dhaabbilee namummaan seeran kennameefin yoo raawwatame akka adabsiisu kutaa addaa seera yakkaa keessatti yoo taa'e dha. Kana malees dhaabbatiichi yakkaan adabamuun isaa nama dhuunfaa yakkicha raawwate itti gaafatamimmaa yakkaan gaafatamuu irraa kan hin oolchine ta'uu isaa seericharraa ni hubatama.¹⁰³

Haala kanaan dhaabbanni namummaa seeran qabu tokko balleessaa ta'ee yommuu argamutti akka qajeeltotti maallaqaan kan adabamu ta'ee akkuma ulfina yakkichaatti dabalataanakka ittifamu, akka cufamu, ykn diiggamu illee itti murtaa'uu danda'a.¹⁰⁴ Adabbiin maallaqaa murtaa'us bu'ura s/y kwt 90 /3 fi 4/ 'tiin yoo ta'u bu'uruma kanaan yakki jaarmiyaan namummaa seeraa qabu kun raawwatee jira jedhame, yommuu hanga hidhaa salphaa waggaa shanii gahu kan adabsiisu ta'e adabbii qarshii hanga qarshii kuma kudhaniin; kan hidhaa cimaa waggaa shaniitiin adabsiisuuf hanga qarshii kuma digdamaa; kan hidhaa cimaa hanga waggaa kudhanii adabsiisuuf hanga qarshii kuma shantamaatti; yakka hidhaa cimaa waggaa kudhanii oliin kan adabsiisu yommuu ta'u adabbii mallaqaa hanga qarshii kuma dhibba shanii gahuun, yakkichi kan adabsiisu adabbii maallaqaan qofa jedhamee yommuu tumametti immoo adabbichi adabbii maallaqaa kaa'ame dacha shan ta'uu akka qabaatu seerichi tumee argama.

¹⁰² S/y kwt'n 34 fi 23/3 ilaala.

¹⁰³ S/y kwt 34/3/ ilaala.

¹⁰⁴ S/y kwt 34/2 ilaala

Gaaffilee Marii

1. Hojjetaan gocha yakkaa raawwatee fi dhaabbatinni sadarkaa hirmaannaa tokkoon itti gaafatamtoota yoo ta'an akka waliin ta'uun yakka raawwatan (co offender) fudhatamu moo itti gaafatamummaan isaanii adduma addaan yakka mataa isaanii akka raawwatanitti fudhatamaa? Akka s/y keewwata 84(1)(d) tti namootni lamaa fi sanii ol ta'an waliin ta'uun yaada tokkoon yakka kan raawwatan yoo ta'e kun sababa adabbii cimsu ta'a. Haalli kuni yakka jaarmiyootni namummaa seeraan qaban irratti hirmaannaa qabu jedhame irratti raawwatiinsa qabaa?
2. Akka seera yakkaa keewwata 90(3)'tti jaarmiyootni yakkoota adabbii hidhaa qofaan adabsiisan yoo raawwatan haala itti gara maallaqaatti jijjiiramu tumameera. Keewwata 90(4) jalatti immoo yakkoota maallaqaan qofa adabsiisan yoo raawwatan adabbiin maallaqaa kutaa addaa keewwatahaaf kaa'ame dacha shan akka ta'u tumameera. Yakkoota du'aan adabsiisan yoo ta'e hoo (fkn yakka dhukkuba "epidemic" daddabarsuu kew.514(2(c) fi 524) haala kamiin ilaalamuu qaba? Yakkoota filannoo maallaqaa fi hidhaan adabsiisan (fkn maallaqa sobaa naannessuu kew.361(1)(B)) fi yakkoota hidhaa fi maallaqaan adabsiisaniif (fkn yakka qoricha humna kennan "dopping" oomishuu fi biyyatti galchuu kew. 526) hoo?
3. Dhaabbatni sababa hojjetaan yookaan bakka bu'aan isaa gocha yakkaa raawwateef hirmaannaa yakkaa qaba jedhamee himatame tokko hojjetaa yookaan bakka bu'aan isaa *gochicha akka hin raawwanne kan akeekkachiisee ture yookaan hin hayyamneef ta'uu* yoo ibse itti gaafatamummaa jalaa bahuu danda'aa?Maaliif?
4. Dhaabbatni nam-seeraa (jaarmayinni) yakkaan yoo himatame eenyutu mana murtiitti dhiyaatee jecha kennuuf qaba?(hojjetaa gocha yakkaa raawwate? gaggeessaa yeroo yakki raawwatamu ture?yommuu himanni dhiyaate nama hoogganaa jiru? Abukaatoo? Hojjetaa kam iyyuu?) Waamichi yommuu taasifamu maqaan nama dhiyaatee jecha kennuu qabuu caqafamuu qabaa? Waamichi taasifamee namni jecha kennu yoo hin dhiyaanne hoo manni murtii tarkaanfii akkamii fudhachuu qaba? Bu'uura s/y keewwata 125 tiin qaamni hidhamee akka dhiyaatu ajajamu eenyu?
5. Jaarmiyootni yakka raawwachuun adabaman jaarmiyoota kaayyoo seera qabeessa ta'eef kan hundeeffamaniifi waldaa mootummaa beekamtii argatan kamiyyuu kan dabalatu ta'uu hiikkoo kew.34 (4) jalatti kenname irraa ni hubatama. Waldaaleen seeraan alaa gocha yakkaa

yoo raawwatani hoo? Yakkoota bilisummaa namoota irratti raawwataman waldaalee seeraan alaan kan raawwataman yoo ta'e waldichi diigamee adabbii maallaqaa qarshii kuma dhibba tokko hincaalleen kan adabaman ta'uu seera yakkaa kew.599 jalatti tumameera. Dhimmoota biroo irratti akkamitti ilaalamuu qaba jettu ?

6. Dhaabbiileen mootummaa kanneen akka Humna Ibsaa fi Telekomunikeeshinii yakka yoo raawwatan bu'uura s/y kew.34'n itti gaafatamtoota ta'uu ? kan itti gaafatamuu qaban yoo ta'e adabbii akkamiitu irratti kennamuu danda'a jettu? Akka cufaman yookaan diigaman ajajuun danda'amaa? Maaliif?
7. Finfinnee iddoo ta'e tokkotti 'fanjiin' kiyyeeffame dhoohee lubbuu namoota 10 ta'anii balleessee fi qabeenya miliyoona hedduutti shallagamu barbadeesse. Bala kanaan 'dhabbanni' tokko itti gaafatamummaa nan fudhadha jedhee ibsa baase. Haala kanaan namni miseensa dhaabbata kanaa ta'e garuu gochicha qaaman hin raawwanne ykn namni waa'ee yakkichaatuun wanti beeku hin jirre tokko itti gaafatamummaa yakkaa qabaachuu fi dhiisuu isaa irratti mari'adha.
8. Seerri yakkaa itti gaafatamtoonni fi hojjattoonni jarmayaa namummaa seeraa qabu tokkoo yakkaan kan itti gaafatamuu danda'an balleessaa ta'uun isaanii yoo irratti mirkanaa'e ta'uu isaa fi balleessummaan isaanii irratti mirkanaa'ee jennaan garuu itti akka gaafataman tumee jira.
 - a. Seerichi eenyuun itti gaafatamtoota jarmayaa jedhaa? Fkn'f boordii ol'aantummaan dhaabata tokko bulchu ni dabalataa?
 - b. Jechi seerichaa hojjataa jedhu hoo hojjattoota yeroof dhaabbata tokko keessa hojjatan dabalachuu fi dhiisuu irratti mari'a dha.
9. Dhaabbileen bulchiinsaa mootummaa galma gahiinsa yakka tokkoo keessatti akka yakkamaa muummeetti, akka gargaaratti, akka kakaastuutti hirmaatanii jiru yoo ta'es akka hin adabamne seerichi kew 34 (1) jalatti ni kaa'a. Kun maaliif akka ta'e irratti mari'adhaa mee.

4.3. Hirmaata Yakkaa Sadarkaa Lammaaffaa

Akkuma kutaa barreeffama kanaa 4.1 jalatti ilaalle yakki tokko hirmaannaa namoonni lamaa fi sanaa ol ta'an sadarkaa adda addaati taasisaniin galma gahuu danda'a. Hirmaannaa akka kanaa kana keessatti namoonni bu'aa gochichaa fudhachuuf qophii ta'uuni fi yaada isaanii guutuun deeggaranii gochicha kallattiin ykn al-kallattiin raawwachuun raawwataa muumme ta'uun

galma gahiinsa yakka tokkoof tumsan akkuma jiran, namoonni gochicha kallattiinis ta'ee al kallattiin hin raawwanne garuu yakka namni biraa kallattiin ykn al kallattiin raawwatu irratti kakaasuun, ykn deeggaruun hirmaatan ni jiru. Namoonni akka kanaa kunniin yakkichi akka galma gahuuf raawwii yakkaan dura, yeroo yakkichi raawwatamaa jirutti ykn erga yakkichi raawwatameen booda galma gahiinsa yakkichaaf gumaacha kan taasisan ta'uu danda'a. Dabalataanis namoonni dirqama raawwii yakkaa beeksisuuf qaban dirqama kana irra darbuun osoo hin beeksisin hafuun raawwii yakkichaatti hirmaatanis ni jiru. Haalawwan kanneeniin galma gahiinsa yakka tokkoof tumsuun wal qabatee dhimmoota jiran akkaataa kamiin seerri yakkaa keenya akka ilaale itti aansuun kan ilaallu ta'a.

4.3.1. Kakaasuu

Akkuma armaan olitti kaasuuf yaallame yakki tokko yaada sammuu nama tokkoon qofa wixinaahee galmas isumaan gahuu danda'a. Haaluma wal fakkaatuun haalli itti yakki tokko sadarkaa wixinee irraa eeggalee hanga xummura isaatti namoonni lamaa fi sanaa oliin itti hirmaachuun galma gahu illee ni jira. Karaan akka kanaan galma gahiinsa yakkaaf ittiin tumsamu kana keessaa inni tokko kakaasuunii dha. Seerri yakkaa bara 1996 bahe kwt 36(1) irraa akka hubatamu namni tokko yakki akka raawwatamu kakaaseera kan jedhamu itti yaadee nama biroo sossobuun, abdi kennuun, maallaqaan, kennaan, sodaachisuun, yookiin tooftaa biroo kamiiniyyuu yakka tokko akka raawwatu kan amansiise yoo ta'edha jechuun tumee jira.

Tumaa kana irraa akka hubatamutti kakaasaan yakka tokko ofii isaaf kallattiin hin raawwatu; nama biraati karaa adda addaan amansiisee akka meeshatti fayyadama. Yakki inni akka raawwatamuuf kakaase kun yoo xiqqaate yaallamee gaafa argame gaheen kakaasa kanaas waan keessa jiruuf itti gaafatamaa ta'a.¹⁰⁵ Kakaasaan raawwataan yakkaa muummeen akka yakka raawwatuuf maloota adda addaa fayyadamuun amansiisuu danda'a. Isaanis maallaqaan, kennaan, sodaachisuun, ykn mala biroo kamiiniyyuu fayyadamuu danda'a.

Kanaan wal qabatee asitti ijoowwan ka'anii irratti mar'atamuu qaban ni jiru. Inni jalqabaa dhimma walitti dhufeenya sababaa fi bu'ummaa gocha kakaasaan raawwatee fi yakka raawwataa muummeen raawwate jidduu jiruu dha. Bu'uruma kanaan namni tokko kakaasummaan raawwii

¹⁰⁵ S/y kew 36/2 ilaala.

yakka tokkoo keessatti hirmaatee jira jechuuf kakaasaan kun gocha raawwatuun raawwataan yakkaa muummeen akka kutatee yakka raawwatu kan taasise ta'uu qaba; osoo kakaasaan kun gocha kakaasuu raawwate kana raawwachuu baatee raawwataa muummeen yakkaa yakkicha hin raawwatu jedhamee kan nama yaachisu ta'uu qaba.

Qabxiin inni biraa kakaasaan gochoota ittiin raawwataa yakkaa muummee kakaasu raawwachuuf qaaman raawwataa yakkaa muummee argatee raawwachuu qaba moo qabxii jedhuu dha. seericha irraa kan hubatamu raawwataan gocha maloota adda addaa fayyadamuun raawwataa muummee yakkaa kakaasuu isaatu eeggama malee gochicha dirqama qaaman raawwachuu qaba jechuu miti. Kakaasaa fi raawwataan muummeen maloota wal quunnamtii kanneen akka bilbilaan, telegraamiin, Imeeliin, xalayaan, qaamaan fa'a nama dirqisiisuun, sodaachisuun, gowwoomsuun, haaloo keessa akka galu gochuun gocha kakaasuu raawwachuu danda'a. kan ilaallamuu qabu kakaasaan raawwataa muummee akka yakka raawwachuuf murteessu taasisuu isaati malee mala isaan fayyadamuun wal quunnamanii miti.

Dhimmi biroo asitti ka'ee ilaallamuu qabu yakki kakaasaan akka raawwatamu barbaade osoo hin raawwatamin ykn hin yaallamin hafa ta'a ta'e kakaasaan yakkaan itti gaafatamuu danda'aa? dhimma jedhuudha. Dhimma kana tumaan seera yakkaa kew.36/2 akka qajeeltootti namni tokko yakka kakaasuun kan himatamu yoo xiqqaate yakki raawwataan muummeen akka raawwatuuf kakaafame kun yaallamuu qaba jechuun kaa'ee jira. Kun garuu qajeeltoo dhuma. Sababni isaas gochoonni yakkoota tokko tokkoo gochi kakaasuu kakaasaadhaan raawwatamuun isaa qofti haalli itti yakka jedhamee tumamee jiru seera yakkaa keenya keessa waan jiruuf.¹⁰⁶ Kanaaf akka tumaa seera yakkaa kwt 27/2 keewwata 2ffaa iraa hubatamutti yaaliin gocha yakkaaf kakaasuu ifaan seeraan kan adabsiisudha jedhamee gaafa tumame qofa nama adbsiisa jechuu dha.

Bu'uura tumaa seera yakkaa kanaan yommuu gocha yakkaa tokko kakaasuun mataan isaa yakka jedhamee seera yakkaa kutaa addaa keessatti ykn seera biraa itti gaafatmummaa yakkaa hundeessuun tumametti yakki muummeen yaallamuu baatu illee yaalii kakaasuu gochuun mataan isaa nama gaafachiisuu danda'a. Dhimma kana tumaa seera yakkaa kew. 255 jalatti kan tumameen wal bira qabuun ilaaluun gaariidha. Qabiyyeen tumaa kanaatis

¹⁰⁶ S/y kew 27/2 ilaala.

Keewwata 255. Hojii Yakkaaf Kakaasuufi Miiltummaa, Yaalii Kakaasuufi Miiltummaa

Yakkoota keewwata 238 hanga 242 , keewwata 246 hanga 252 tti armaan olitt ibsaman keessaa tokko osoo hin yaalamiin yeroo hafetti hojiin yaalii kakaasuu yakkaa yakkichi akka raawwatamu taasifame /keewwata 36(2)/, miiltummaa /keewwata 37(3)/, yaalii miiltummaa yookiin kakaasuu /keewwata 27(2)/; ...

kan jedhuu dha. Yakki Heeraa fi Sirna Heeraa irratti raawwatamu (kew 238), hojiirra oolmaa angoo Heeran kenname gufachiisuu (kew 239), meeshaa waraanaa qabatanii finciluun, yookiin waraana sumaansii kaasuun mootummaarratti yakka raawwatamu (240), yakka tokkummaa siyaasaafi daangaa biyyattii tuquun raawwatamu (kwt 241), yakka birmadummaa daangaa yookiin siyaasaa biyyattii cabsuun raawwatamu (kwt 242), yakka humna ittisa biyyaa miidhuu (kwt 247), yakkoota ganiinsaa (kwt'n 248-250), diinaan waliigaluu (kwt 251), fi tumaalee seera yakkaa basaasummaa ilaallatan (kwt 252) akka raawwatamaniif kakaasuuf yaaluun yakka dha.

Dhimmi biraa mata duree kana jalatti ka'uu qabu dhimma kutaa yaada sammuu yakka kakaasuutiif barbaachisuu dha. namni tokko yakkaan kan itti gaafatamu gochicha beekke ykn dagannoon kan raawwate yoo ta'ee dha. Yakki kakaastummaa garuu kan nama gaafachiisu beekumsa guutuun yoo raawwatame qofa.¹⁰⁷

Gaaffilee Marii

1. Garaa garummaan nama akka s/y 36 fi 32/2'tti yakka raawwatuu maal?
2. Obbo Zarihuun Bihoon namni jedhamu mana Obbo Taxaq Gichillee deemuun Obbo Gammachiis Olhiiqaa meeshaa mallaqa guddaa qabu gurguree maallaqa guddaa manaa akka qabuu fi galgala hiriyoota isaa biroo lama faana deemuun saamuuf akka murteessan Obbo Taxaq Gichillee'tti hime. Obbo Taxaq Gichillee durumaayyuu Obbo Gammachiisin walii hin galu ture. Gaafa kana dhagahu yoo dhuguma isaan kan Obbo Gammachiis saaman ta'e tokkoon tokkoo isaaniitiif badhaasa maallaqa hedduun kuma lakka'amu akka

¹⁰⁷ S/Y kwt 36/4

kennuuf Obbo Zarihuunitti waadaa seeneef. Obbo Zarihuuni fi hiriyoonna isaa lama galgaluma sana mana Obbo Gammachuu saaman. Obbo Taxaaq Gichillee yakka kakaastummaan gaafatamuu danda'aa?

3. Garaagarummaa tumaa seera yakkaa kwt'n /240 (2/ fi 247 (c)/ fi kwt 255 jiru adda baasuun irratti mari'adha.
4. Tumaan seera yakkaa kwt'n 36 (4) yakki raawwataan yakkaa muummichi raawwate, kakaasaan kan barbaadeen ol yommuu ta'etti, kakaasaan kan adabamu yakka inni barbaadeen yookiin ni ta'a jedhee tilmaamuu danda'uun qofadha inni jedhu maal jechuu akka ta'e tumaa seera yakkaa kwt 58 (3)'n wal bira qabuun irratti mari'a dha.

4.3.2. Miiltummaa

Miiltummaan karaa ittiin namni raawwataa muummee yakkaa ta'uu baatus galma gahiinsa yakka tokkoof itti tumsuu dha. Tumsi akka kanaa kun raawwii yakkaan duras ta'e yeroo raawwataan muummeen yakka raawwataa jirutti ta'uu danda'a. Deeggarsi yakkamaan muummeen miiltoo argatu bifa adda addaa qabaachuu danda'a. Isaanis odeeffannoo, gorsa, tooftaa yakki ittiin raawwatamu yookiin meeshaa yookiin raawwii yakkichaaf haala fayyaduun gargaarsa itti yaaddamee kennamu kamiyyuu ta'uu akka danda'u tumaa seera yakkaa kwt 37 jalatti tumameera.

Haata'u malee deeggarsi inni kennuuf jedhe raawwataa yakkaa osoo hin fayyadiin kan hafe yoo ta'e miiltoo ta'a moo miti kan jedhu ilaalchisee hubannaan wal fakkaataan hin jiru. Keessumattuu inni gargaarsa kenne kan gama isaa hunda raawwatee raawwataan yakkaa deeggarsa kanatti osoo hin fayyadamiin yakkicha yoo raawwate, deeggarsi dhiyaate raawwii yakkichaaf rogummaa kan hin qabne yoo ta'e miiltoo ta'a moo miti kan jedhu wanta ilaalamuu qabu dha. Dhimma kana booda mariidhaan kan gabbisnu ta'ee akka waliigalaatti garuu yaaliin gocha yakkaaf miiltummaa ifaan seeraan kan adabsiisudha jedhamee yoo tumame malee kan hin adabsiisne ta'uu s/y keewwata 27 (2) jalatti ifatti tumameera.

Kana malees namni tokko raawwii yakkaa tokko gargaareera jedhamee kan adabamu yakki nama biraan raawwatame kan inni akka galma gahuuf deeggarsa godhe ta'uu qaba. Kana yeroo jedhamu garuu yakkamaan haadhoon (the perpetrator) himatamee balleessa dha jedhamuu qaba

jechuu miti. Raawwataan yakkaa muummee yakka raawwate osoo hin qabamiin kan hafe yoo ta'e, ittisa dhuunfaa isaatiin kan itti gaafatamummaa jalaa bahe yoo ta'e ykn sababa birootiin osoo hin himatamiin kan hafe yoo ta'e illee yakki raawwatamuu fi miiltoon immoo galma gahiinsa yakkichaaf kan gumaache ta'uu isaa kan mirkanaa'e yoo ta'e itti gaafatamaa yakkaa ta'uun isaa hin hafu.

Miiltoo ta'uun yeroo kam iyyuu taanaan yakka yaadaa fi beekumsa guutuun raawwatamu dha. Miiltoon tokko deeggarsi inni kenne galma gahiinsi yakkichaa akka dhugoomu itti yaaduun ta'uu qaba. Miiltummaan kun hirmaannaa yakkaa osoo yakka irratti akka s/y keewwata 32 jalatti kaa'ameen raawwataa muummee hin ta'iin taasifamu waan ta'eef deeggarsi kennamu kan adabsiisu yaadaa fi beekumsa guutuun yoo kenname qofaa dha. Gargaarsi kennamu bifa adda addaa qabachuu danda'u illee deeggarsichi itti yaadamee hanga taasifameefitti guddinni ykn xiqqeenyi deeggarsa kanaa garaagarummaa hin fidu.

Akka waliigalaatti sadarkaa hirmaannaa yakkaa yoo ta'u miiltoon itti gaafatamaa kan ta'u gocha yakkaa namni biraa raawwatu beekke fi itti yaadee galma akka ga'uuf kan deeggare waan ta'eefi dha. Kanaan wal qabatee wanti ilaalamuu qabu walitti dhufeenya yaadaa raawwataa yakkaa fi miiltoo ti. Miiltoon wanta yakkaa yaade beekke fi deeggaruun kan socho'e dha kan jennu yoo ta'e gama raawwataa yakkaatiin hoo deeggarsa miiltoon godhu beekuun ulaagaa barbaachisaa dhaa? Namni raawwataa yakkaa muummee gargaaruuf waliigalee bu'uuruma waliigalameenis deeggarsa gama isaa irraa eegamu dhiyeessee raawwataan yakkaa bu'uura waliigalameen osoo hin taane haala biraatiin yoo raawwate (fakkeenyaaf dagannoodhaan yoo raawwate)Miiltummaan hirmaateera jedhamaa?kannan jedhan waliin ilaaluun barbaachisaa dha. Keewwata 37(2) jalatti Yakka itti yaadamee raawwatamuuf miiltoo ta'uun yeroo hunda kan adabsiisu dha jedha. Filiip Giraaven tumaa kana bu'uureffachuun ibsa kennaniin yakka dagannoon raawwatame irratti miiltummaan hirmaataa ta'uun hin danda'amu jedhaniiru.¹⁰⁸

Qajeeltoon waliigalaa miiltoo yakkamaa ta'uun kan adabsiisu yoo xiqqaate yakkichi yoo yaalame dha (kew.37(3)). Haata'u malee kutaa addaa keessatti yakkoota tokko tokkoof yakki yaadame osoo hin yaalamiin kan hafe yoo ta'e illee miiltoon haalli itti adabamu tumameera. **Fakkeenyaaf yakkoota heera mootummaa fi mootummaa irratti raawwataman (kew.238-**

¹⁰⁸Yaadannoo lakk.16 fuula 107

242), yakkoota nageenya alaa fi humna ittisa biyyaa irratti raawwataman (kew.246-256) ibsaman keessaa tokko osoo hin yaalamiin yeroo hafetti gochi yaalii miiltummaa kan adabsiisu ta'uu seera yakkaa keewwata 255 jalatti tumameera. Haaluma wal fakkaatuun yeroo waraanni jirutti fincilli loltummaa akka taasifamu yaaliin miiltummaa kan adabsiisu ta'uu s/y kew.301 jalatti tumameera. Haala akkasii keessatti yaaliin miiltoo ta'uu mataa isaa danda'ee kan adabsiisu malee akka sadarkaa hirmaannaa yakkaatti kan ilaalamuu qabuu miti. Kana malees haalawwan seeraan ifatti kaa'aman irratti gochootni deeggarsaa tokko tokko dhimmoota ofii isaanii yakka hin jedhamne irratti ta'us yakkaan adabsiisu. Fakkeenyaaf akka seera yakkaa keewwata 542 tti namni tokko akka of ajjeesu gargaaruun kan adabsiisu ta'uu tumameera. Haalawwan akkasii keessatti gochi raawwatame deeggarsa kennuu ta'us yakka mataa isaa danda'e malee keewwata 37 jalatti kan hammatamu miti.

Qabxiin biraa ilaalamuu qabu yakkoota hirmaannaa namoota lamaa fi sanii oliin raawwatamu keessatti miiltoowwanii (accomplice) fi raawwattoota yakkaa muummee waliinii (co-offenders) adda baasuu dha. Akkuma armaan olitti ibsame namni gocha yakkaa irratti qaamaan hin hirmaanne namoota itti gaafatamummaa hin qabnetti al kallattiin fayyadame raawwataa yakkaa muummee ta'a. Gama birootiin namni gocha yakkaa namootni biroo raawwatan yaada isaa guutuun kan ofii isaa taasise raawwataa yakkaa muummee akka ta'u armaan olitti ilaalleera. Yakka tokko irratti raawwattootni yakkaa muummee lamaa fi sanii ol yoo ta'an raawwattoota yakkaa waliinii (co-offenders) kan jedhaman ta'uus ilaalleerra. Yakka hirmaannaa namoota hedduun raawwataman keessatti himaattotni raawwattoota yakkaa muummee ta'anii fi kanneen miiltoo ta'an adda baasuun salphaa miti. Haalawwan akkasii keessatti seera yakkaa kew.32 fi37 wal bira qabnee yoo ilaalle wanti ilaalamuu qabu hirmaannaan taasifame yakkicha yaada guutuun kan ofii gochuu isaa (fully associate himself) fi itti yaadee kan deeggare (intentionally assist) waliin ilaaluun barbaachisaa dha.

Gaaffilee Marii

1. Akka seera yakkaa RDFI'tti namni tokko miiltummaan kan itti gaafatamu deeggarsa gocha yakkaa raawwataa yakkaa muummeef fayyadu yoo taasisee dha. Kana jechuun miiltummaan adabuuf deeggarsi miiltoon kenname raawwataa yakkaa muummeen hojiirra ooluu qaba jechuu dha?

2. Konkolaachisaa fi Hoogganaan isaa konkolaataa tokkoon waliin osoo deemaa jiranuu hoogganaan kun dafee iddoo yaade akka gahuuf konkolaachisaaf dafee akka oofu qajeelfama kenne. Kana irraa ka'uun konkolaachisaan kun wanti dhufe haa dhufu jechuun saffisa iddoo sanaaf hayyamamee ol gaafa konkolaachisu nama rukutee ajjeese. Dhimma kana keessatti eenyutu itti gaafatamummaa akkamii qaba? Seera yakkaa kwt 37/2 faana ilaaluun itti mari'adha.
3. Dhimmi (*Dhimma 18^{ffaa}*) kun Dhaddachi Ijibbaataa Mana Murtii waliigala Federaalaa galmeewwan lakkoofsa 44267 ta'e irratti ilaalee murtii kenneedha. Ka'umsi dhimmichaa himanna Abbaan Alangaa Mana Murtii ol aanaa Federaalaatti himatamtoota nama afur irratti dhiyeesseen himatamtootni s/y 32(1)(A)(B) fi 671(1)(B)(C) darbuun miiltoota isaanii hin qabamne waliin ta'uun himatamtootni 3^{ffaa} fi 4^{ffaa} karaa argisiisuun yoo gargaaran himatamtootni 1^{ffaa} fi 2^{ffaa} immoo miidhamtoota dhuunfaa daldaltoota ta'an doolara 12,850 qabatan sodaachisuun saaman jechuun himate dha. Himatamtootni dhiyaatanii akka yakkicha hin raawwatiin waan waakkataniif Abbaan Alangaa ragaa namaa fi barruu dhiyeeffatee dhageessifateera. Manni murtiidhaas ragaa Abbaan Alangaa erga dhagahee booda himatamtootni 1^{ffaa} fi 2^{ffaa} keewwatuma itti himataman jalatti himatamtootni 3^{ffaa} fi 4^{ffaa} immoo keewwata 32(1)(A,B) fi 671(1) (C) jalatti akka of irraa ittisan ajajee isaanis ragaa ittisaa dhiyeeffatanii dhageessifataniiru. Manni Murtichaas dhimmicha ragaa dhiyaate waliin erga qoratee booda himatamtootni hundinuu (arfanuu) yakka raawwachuun isaanii ragaa Abbaan Alangaatiin irratti mirkanaa'ee waan jiruuf jedhee himatamtoota 1^{ffaa} fi 2^{ffaa} keewwatuma itti himataman jalatti himatamtoota 3^{ffaa} fi 4^{ffaa} immoo keewwata of irraa ittisaa jedhe jalatti balleessaa taasisee murtii balleessummaa kennee himatamtoota 1^{ffaa} fi 2^{ffaa} hidhaa cimaa waggaa jaha jahaan himatamtoota 3^{ffaa} fi 4^{ffaa} immoo hidhaa cimaa waggaa lamaan fi adabbii dabalataa waggaa lamaf mirgoota hawaasummaa isaa akka dhabu murteessera. Manni murtii waliigalaatis murticha cimseera. Himatamman 4^{ffaa} iyyanna dhaddacha ijibbaataatti dhiyeeffateen ani himatamtoota 1^{ffaa} fi 2^{ffaa} akka yakka saamichaa raawwatan agarsiisuu kootiif ragaan gahaa na irratti dhiyaate hin jiru jedhee iyyate irratti dhaddachi ijibbaataa murtii kenneen “---Himatamtootni 3^{ffaa} fi 4^{ffaa} **himatamtootni warri kaan akka saaman argisiisuudhaan deeggaruu** isaanii ragaan kallattiin mirkaneesse yoo jiraachuu dhaa baatus ragaa abbaan alangaa akka waliigalaatti yoo ilaalamu yakkicha **sadarkaa**

hirmaannaa garaagaraatti raawwachuuf himatamtoota gidduu wal ta'insi jiraachuu fi meeshaa shugguxii himatamaan 2^{ffaa} fayyadamee ittiin sodaachiseera jedhame illee harka himatamaa 3^{ffaa} tti kan qabame ta'uu mirkanaa'eera. Kana malees iyyataa dabalatee himatamtootni hundinuu yakka kan raawwatan ta'uu jecha isaanii akka s/d/f/y keewwata 27(2) tti kennaniin tokko tokkoon amananiiru. Kanaafuu iyyataan ragaadhaan akka of irraa ittisu jedhamuunii fi ragooleen ittisaatiis dhiyaatanii iyyataan yeroo yakki raawwatame jedhametti bakka biraa jiraachuu isaa ijoo qabsiisee ragsiifatus jecha wal falleessu dubbatanii ragaa abbaa alangaa kufaa gochuu kan danda'u akka hin taane mana murtii jalaatiin kan mirkanaa'e waan ta'eef murtiin balleessummaas ta'e adabbiin kenname hanqina hin qabu" jechuudhaan murtii manneeti murtii jalaa sagalee caalmaan cimsuun murteesseera.

- Dhimma kana keessatti haalli hirmaannaa himatamtoota 3^{ffaa} fi 4^{ffaa} akkamitti ilaalama? Sadarkaan hirmaannaa isaanii bu'uura s/y kew.32 tiin akka ilaalamu murtii kenname irratti waliigaltuu ?
- 4. Miiltummaan yakka irratti hirmaachuun akka seera yakkaa kew.84(1)(d) tti sababa adabbii cimsu ta'aa ? Seera yakkaa kew.37 (4) jalatti miiltoo ilaalchisee manni murtii haala dubbichaa madaaluun daangaa murtii seeraan tumame osoo hin darbiin (kew.179) adabbicha salphisuufii ni danda'a kan jedhu maal argisiisa? qajeeltoon kun qajeelfama adabbii Manni murtii waliigala federaalaa baase waliin akkamitti ilaalama?
- 5. Bu'ura seera yakkaa keenyaan haalli itti raawwataan yakkaa muummeen yakkaan osoo itti hin gaafatamin miiltoon yakkaan itti gaafatamuu danda'u jiraa?

4.3.3. Korannaa

Korannaa jechuun walii galtee ykn karoora icciitiin namoota lamaa fi sanaa ol gidduutti taasifamuu dha. Kaayyoon isaas gocha seeraan alaa ykn yakka raawwachu dha.¹⁰⁹ Korannaan waan sadarkaa qophii irra hin dabarree, gocha sadarkaa yaalii yakkaa irra mataa isaa hin geenyee fi raawwii yakkaa irraa fageenya irra jiruu dha.¹¹⁰ Gama biraan gochi tokko yakkaan kan adabsiisu yoo xiqqaate sadarkaa yaalii yoo gahee dha. Biyya keenyattis yoo ta'e, gocha yakkaa

¹⁰⁹ Peter Knight, *Conspiracy Theories in American History: An Encyclopedia* (2003), p. 15-16.

¹¹⁰ Kanuma

qopheessuuf yookiin mijeessuuf keessumattuu meeshaalee walitti qabuun yookiin haalawwan mijaawaa uumuun gochoonni raawwataman akka qajeeltootti akka hin adabsiisne tumaan seera yakkaa keenya kwt'n 26 ifatti ni kaa'a.

Tumaan seeraa kun gochoonni qophii yakkaa akka qajeeltootti kan nama hin adabasiifne ta'uu isaa kaa'us yakka hundaafis ta'u baatu yakka raawwachuuf walii galuun yakkaan nama gaafachiisuu akka danda'u haala addaan tumee jira. Haalonni kunniinis gochoonni kun ofii isaaniin yakka ta'anii kan adabsiisan ta'uu isaani tumaa seeraa yakka hundeessuun kan tumame yoo ta'e; ykn cimina yakkoottaa fi hamma balaa waliigalatti qaqqabsiisanii irraa kan ka'e yakka addaa ta'uun isaani seeraan ifatti kan tumame yoo ta'e dha jechuun tumaan seera yakkaa keenya kwt'n 26 (a) fi (b)'n ifatti ni kaa'u.

Akka tumaa seera yakkaa kwt 38 irraa hubatamutti yakkaa raawwachuuf walii galuunis akka qajeeltootti yakkaan nama hin gaafachiisu.

Keewwata 38. Yakka Raawwachuuf Korachuu

1. Namoonni lama yookiin lamaa ol ta'an yakka tokko raawwachuuf kan waliigalan yoo ta'e, tumaaleen waa'ee hirmaattummaa yakkaafi adabbii cimsuuf tumaman isaan irratti raawwatamoo ni ta'u /keewwata 84 (1) (d)/.

Tumaa seera yakkaa kana irraa akka hubatamutti namoonni lamaa fi sanaa ol gocha yakkaa tokko raawwachuuf mari'atani jechuun namoonni kunniin akka yakka raawwatanitti lakkaa'amu jechuu miti. Innumaayyuu gochichi kan hin yaallamnee fi walii galteen qofa kan hafe yoo ta'e miseensonni garee kanaa qofaa qofaa isaaniitti yakka tokkoof qophii akka taasisanitti fudhatamu. Kana jechuun fakeenyaf namoonni shan yakka hanna salpha raawwachuuf walii galanii jiru osoo ta'ee fi bu'ura walii galaniin gochicha hin yaalle ykn hin raawwanne yoo ta'e namoonni shananuu dhuunfaa dhuunfaa isaaniin yakka hanna salphaa raawwachuuf akka qophaa'anitti malee akka yakka raawwatanitti hin ilaallaman. Kun immoo dhimma akkaataa seera yakkaa kwt 26'n ilaallamuu qabuu dha. karaa biraan namoota kanneen keessaa tokko, lama ykn hundi isaani ta'uu danda'a yakka hanna yaalanii jiru yoo ta'e walii galuun isaani adabbii isaanitti cimsa.¹¹¹

¹¹¹ S/Y kwt'n 38/1/ fi 84 /1/d/ ilaala.

Tumumti seera yakkaa kun keewwanni 38/2 immoo kan itti aanu kana kaa'a.

Keewwata 38 (2)

2. Ta'us, faayidaalee gurguddoo mootummaafi humna ittisaa irratti korachuu, waldaalee seera qabeessa hin taane hundeessuufi waldaalee kana keessatti hirmaachuu, waldaalee namoota daba raawwatootaa yookiin jaarmiyaalee wanbadootaafi kan kana fakkaatanii ilaalchisee kutaa addaa seera kanaa keessatti kan tumaman akkuma eegamanittidha /keewwata 257, 274, 300 fi 478/.

Tumaa kana irraa immoo kan hubatamu seera yakkaa kwt 238 Yakka Heera Mootummaafi Sirna Heera Mootummaa Irratti Raawwatamu, seera yakkaa kwt 257/b yakkoota keewwata 238 hanga 242, keewwata 246 hanga 252 jalatti tumaman keessaa tokko akka raawwatamu taasisuuf yookiin deeggaruuf shiftoonni biyya keessatti yookiin biyya alaatti akka gurmaa'an kan korate, karoora kan baase yookiin kan tuttuqe ..., seera yakkaa kwt 300 korannaa yookiin atooma fincila loltummaa kaasuuf taasifamu, fi seera yakkaa kwt 478 Miseensummaa Raawwatoota Gocha Hamaa ta'uun yakka raawwachuuf korachuun yakkichi jedhamu raawwatamuus ta'e yaallamuu baatus yakkaan akka nama gaafachiisutu hubatama.

Gaaffilee Marii

1. Bu'ura seera yakkaa kwt 478'n namni tokko gochoota seeraan dhorkaman raawwachuuf kan walii gale ykn namni biraa walii galtee kana keessatti qooda akka fudhatu kan kakaase yoo ta'eefi korannichi gochaan kan ibsame yoo ta'e ni adabama. Akka seera yakkaa kwt 478/1'tti gaaleen '...korannichi gochaan kan ibsame ...' jedhu maal jechuu isaati?
2. Gocha korannaa hundeessuun wal qabatee tumaalee seera yakkaa kwt'n 257,278,300 jalatti wanti tarraa'ee fi kan kwt 478 jala jiru gidduu garaagarummaan jiru maal?

4.4. Yakkamaa Gargaaruun fi Yakka Raawwatame Beeksisuu Dhiisuu

Yakkamaa gargaaruun fi yakka raawwatame beeksisuu dhiisuun dhimoota raawwii yakkaa booda dhufani dha. Yakkootni kunniin yakki biraan tokko erga raawwatamee booda kan raawwataman

waan ta'eef akka hirmaannaa yakkaatti kan fudhataman miti. Kanaafuu yakki tokko erga raawwatee yakkamaa gargaaruun fi yakka beeksisuu dhiisuun yakka mataa isaa danda'e dha malee sadarkaa hirmaannaa yakkaas ta'e sadarkaa raawwannaa yakkaa miti jechuun ni danda'ama.¹¹²

Gama biraatiin raawwataa yakkaa gargaaruun yakka beeksisuu dhabuu irraa adda dha. Yakka xumura argate yookiin raawwataa yakkichaa beeksisuu dhiisuun yakki erga raawwatamee booda raawwataa yakkichaa gargaaruu (accessory after the fact) kan jedhamu akka hin taane seera yakkaa kew.39 jalatti tumameera. Armaan gaditti haalawwan yakkootni lameen itti raawwatamanii fi garaagarummaa isaan hirmaattota yakkaa irraa qaban gabaabinaan ilaalla.

4.4.1. Nama Yakka Raawwate Gargaaruu

Armaan olitti miiltumaan deeggarsa raawwii yakkaaf godhamu akka ta'e ilaalleerra. Yakki tokko erga raawwatee booda deeggarsi raawwii yakkaaf godhamu yoo jiraachuu dhaa baate illee yakki erga raawwatee booda yakkamaan akka hin himatamnee fi miliqu gargaaruun dhimma yakka duraan raawwatame waliin hidhata qabu dha. Haalli kunis raawwataan yakkaa tokko erga yakka raawwatee booda akka hin himatamnee fi hin adabamne dhoksuu fi mi'a yakkaan argame dhoksuu kan dabalatu dha.¹¹³

Keewwata 40. Erga Yakki Raawwatamee Booda Raawwataa Yakkaa Gargaaruu

Namni kamiyyuu erga yakki raawwatamee booda itti yaadee raawwataan yakkichaa himatamuufi adabamuu jalaa akka miliqu dhoksuun yookiin karaa biroon kan gargaare yoo ta'e, yookiin mi'a yakkaan argame kan dhokse yoo ta'e, gochoota kanaaf bu'uura tumaalee kutaa addaa seerichaan tumamaniin ni adabama /keewwata 445,460 fi 682/.

¹¹² seera yakkaa keenya keessatti sadarkaan raawwii yakkaa kitaaba tokkoffaa kutaa 2 ffaa boqonnaa 2 ffaa keewwata 26-31 jalatti kan hammatame yoo ta'u qophii (kew26), yaalii (kew.27) dabalata.

¹¹³ Hiikkoo Black's law dictionary keene yoo ilaalle "An accessory after the fact is someone who, knowing that a felon has finished committing a crime (usually the crime has to be a felony), helps the felon avoid arrest or trial." Jedheera.

As irratti wanti hubatamuu qabu tokko nama yakka raawwate gargaaruun gocha yakka duraan raawwatame hordofuun dhufu ta’u illee yakki duraanii erga xumura argatee kan raawwatamu waan ta’eef yakka mataa isaa danda’e malee akka sadarkaa hirmaanna lammaffaa tti kan fudhatamu miti.¹¹⁴

Walumaa galatti namni yakki erga raawwatee booda nama yakka raawwate gargaare haalawwan sadan armaan gadiitiin akka yakka mataa isaa danda’e raawwatetti fudhatamee adabama.

4.4.1.1. Yakkamaa Dhoksuu fi Gargaaruu

Akkuma armaan olitti ibsame raawwii yakkaa beeksisuu dhiisuun nama yakka raawwate gargaaruu miti. Haata’u malee nama yakkaan himatamu dursee akeekkachiisuunis ta’e dhoksuun himatamee akka hin dhiyaanne kan gargaare yoo ta’e bu’uura s/y keewwata 445 tiin yakka dhoksuu fi gargaaruutiin itti gaafatamaa ta’a (kew.40 fi 445). Kanaafuu nama yakka raawwatee poolisiin barbaadamaa jiru tokko odeeffannoo kennuudhaan akka miliqu gochuun yakka mataa isaa danda’ee keewwata 445 jalatti adabsiisu dha jechuu dha. Akka tumaa seeraa kana irraa hubachuun danda’amutti yaada yakkamaan tokko akka seeratti hin dhiyaanne gochuutin yakkamticha dhoksuun fi gargaaruun yakkaan adabsiisa. Kanas s/y keenya kew’n 445 akka itti aanu kanatti kaa’ee argama.

Keewwata 445. Dhoksuufi Gargaaruu

Namni kamiyyuu osoo beekuu nama yakkaan himatamu dursee akeekkachiisuunis ta’e dhoksuun yookiin meeshaa yakkicha ittiin raawwate yookiin faana isaa dhoksuun yookiin balleessuun qorannoo taasifamu dogoggorsuun yookiin karaa biroo kamiiniyyuu himatamee akka hin dhihaanne kan gargaare yoo ta’e;

hidhaa salphaan yookiin adabbii maallaqaatiin ni adabama.

¹¹⁴ *Filiip Graaven yaada kana yoo ibsu “ one who hides an offender does not participate in the offence which was committed , but actually commits himself another offence,since he hinders the administration of justice. This is legally relevant and, if liability is incurred, it is, therefore, not by reason of the assistance but because such assistance amounts to an independent offence” jedheera. Fuula 115*

Akka tumaa kanaatti namni beekaa nama yakkaan himatamu dursee akeekkachiisuunis ta'e dhoksuun yookiin meeshaa yakkicha ittiin raawwate yookiin faana isaa dhoksuun himatamee akka hin dhiyaanne kan gargaare yoo ta'e yakka mataa isaa danda'e kan raawwate waan ta'eef itti gaafatamaa ta'a. Itti gaafatamummaan dhufu gocha dhoksuu raawwatameef malee yakki jalqabaa nama himatamuuf jedhuun raawwatamuu fi dhabuu isaa irratti kan rarra'u akka hin taane tumaa kana irraa hubachuun ni danda'ama. Ulaagaan barbaachisu inni gargaarsa kenne nama yakkaan himatamu ta'uu osoo beekuu kan gargaare ta'uu dha. As irratti gaaleen 'nama yakkaan himatamu' jedhu nama yakka raawwate jedhamee shakkamee qorannoof barbaadamu qofa moo kan yeroof hin shakkamne yookaan qaamni hordofu hin jirre illee dabalata? Kan jedhu seerichaan ifa ta'uu baatus bu'uura tumaa kanaatiin itti gaafatamummaan nama dhoksee itti gaafatamummaa yakkaa nama isa yakka raawwate jedhamee irratti kan rarra'u hin fakkaatu. Dhuma irratti namni yakka raawwate jedhamee shakkame murtiidhaan bilisa bahuun, yakka raawwachuun isaa ragaa gahaan waan irratti hin dhiyaatiiniif osoo hin himatamiin hafuun ulaagaa barbaachisu hin fakkaatu. Sababiin isaatis gochi akkasii qaama yakka duraanii miti;sadarkaa hirmaannaa yakkaa osoo hin taane yakka mataa isaa danda'ee fi ofii isaatiin adabsiisu dha.

Haala raawwii tumaa kanaa irratti qabatamaan hojimaatni jiru itti gaafatamummaan nama gargaaree raawwataa yakkaa muummeetti hirkisanii ilaaluun ni mul'ata. Dhimma 10^{ffaa} armaan gadii waliin ilaalaa.

Dhimma 19ffaa

Dhimmaa manni murtii aanaa Adaamaa galmee lakk. 60186 Himataa abbaa alangaa fi himatamtoota Fireew Baqqalaa faa (N-2) gidduutti irratti ilaale tokko irratti immoo abbaan alangaa himanna dhiyeesseen himatamtootni lameen seera yakkaa keewwata 32(1)(1)(A) fi 665 (1) irra darbuudhaan badhaadhina isaaniif hin malle argachuuf jedhanii himatamaa 1 ffaan kiisii miidhamtuu dhuunfaa Aadde Alam Sadeessaa jedhamtuu fi isa waliin baajaajii yaabbattee deemaa turte keessaa qarshii kuma lamaa erga fuudhee booda yeroo miliquuf fiigaa jirutti himatamaan 2^{ffaa} baajaajii konkolaachisu ture dhaabeefii akka miliqu waan mijeesseef yakka hanna waliin raawwataniiru jechuun himate.

Himatamtootni lameen dhiyaatanii waan waakkataniif ragaan abbaa Alangaa dhaga'ameera. Manni murtichaas ragaa Abbaa Alangaa waliin erga qoratee booda himatamtootni lameen iyyuu keewwatuma itti himataman jalatti akka of irraa ittisan ajajeera.

Haaluma kanaan himatamaan 2^{ffaa} ragaa ittisaa isaa dhiyeeffachuun kan dhageessifate yoo ta'u himatamaa 1^{ffaa},n immoo akka ragaa ittisaa dhiyeeffatu erga ajajamee wabiin bahee achumaan hafeera.

Kanaa booda manni murtichaa ajaja kenneen himatamaa 1^{ffaa} poolisiin akka dhiyeessu ajaju illee poolisiin himataa kana argachuu akka hin dandeenye ibseera. Abbaan Alangaa himatamaa 1^{ffaa} ilaalchisee mirgi galmee sochoofachuu eegameef himatamaa 2^{ffaa} ilaalchisee falmiin akka itti fufu gaafateera.

Manni murtichaas ajaja kenneen hattuu miliqsuuf gargaare kan jedhu irratti murtii kennuuf duraan dursee balleessaan himatamaa 1^{ffaa} mirkanaa'uu qaba. Bakka himatamaan 1^{ffaa} ragaa ittisaa akka dhiyeeffatu beellamamee jirutti of irraa ittisuun isaa osoo hin beekamiin yookaan **balleessaan himatamaa 1^{ffaa} hattuu ta'uun isaa osoo hin mirkanaa'iin hattuu gargaaruu fi gargaaruu dhabuun isaa mirkaneessuuf rakkisaa dha.**

Kanaafuu balleessaan himatamaa 2^{ffaa} of danda'ee osoo hin taane balleessaa himatamaa 1^{ffaa} irratti kan mirkanaa'u waan ta'eef abbaan Alangaa fi waajjirri poolisii himatamaa 1^{ffaa} barbaadee yeroo dhiyeessutti ragaan ittisaa erga dhagahamee booda iddoo tokkotti murtiin akka kennamu jechuun yeroodhaaf galmee cufeera.

Dhimma 20 ffaa

Dhimma Manni Murtii ol aanaa Godina Shawaa Lixaa Himataa Abbaa Alangaa fi himatamtoota Waaqumaa Walaansaa faa(N-9)jidduutti galmee lakkoofsa 45077 ta'e irratti ilaalame tokko irratti Abbaan Alangaa himanna akka s/d/f/y keewwata 113(2) tti himanna filannoo lama dhiyeesseen filannoo inni jalqabaa himatamtootni s/y keewwata 32(1,A)37(1) fi 686(c) irra darbuudhaan miiltoowwanisaan isaanii yeroof hin qabamiin Maammush Dirbabaa fi Firoomsaa Guddinaa waliin ta'uun halkan sa'atii tilmaamaan 9:00 yeroo ta'utti Aanaa Tokkee kuttaayee magaala Gudar keessatti Qalaha madfii qabeenyummaan isaa kan warshaa Hoomachoo

Raayyaa ittisa biyyaa ta'e himatamtootni 2ffaa -8ffaa jiran madaabaraatiin baatanii konkolaataa Isuuzuu kan himatamaa 1ffaan oofutti fe'aa otuu jiranii hordoffii poolisootni loltootni warshaa hoomachoo keessaa hojjetanii fi uummanni naannoo taasiseen qalaha madfii madaabaraatti hidhamee jiru baay'inni isaa madaabaraa sagal ta'e waliin konkolaataatti fe'amee akkuma jiruun battalumatti hordofamanii to'annaa jala yoo oolan himatamtuu 9ffaaa immoo miiltoowwan miliqan keessaa yeroof eenyutti akka ta'e kan hin beekamnetti bilbiluun **"baqadhaa namootni biraa qabamaniiru"** jechuun namootni yakka kana raawwatan akka miliqan yommuu gootu walumaagalatti himatamtootni kun qabeenya warshaa hoomachoo kan ta'e tilmaamaan qarshii kuma dhibba lamaa fi sagaltamii tokkoo fi dhibba torbaa fi sagaltamii afur fi sa. Shantama (291,794.50) kan baasu waliin waan qabamaniif yakka dhoksuu cimaa qabeenya raayyaa ittisaa biyyaa ta'e irratti raawwataniiru jechuun kan himate yoo ta'u himanni filannoo lammaffaa immoo gochi kanuma himanna 1 ffaa keessatti ibsame ta'ee s/y keewwata 32(1-A),37(1) fi 669(2A),3(B) jalatti yakka hanna cimaa raawwataniiru jechuun himate

Gaaffii marii

1. Nama seera yakkaa keewwata 445 jalatti himatame (nama yakka raawwate dhoksuu) ilaalchisee inni yakka duraanii raawwate jedhamee shakkame yakka jedhame akka hin raawwatiin mirkanaa'ee bilisa kan bahe yoo ta'e inni isa gargaare jedhamee himatame haala kana caqasuun itti gaafatamummaa jalaa bahuu danda'aa? Dhimma 19ffaa waliin ilaalaatii irratti marii'adhaa. Ajaja manni murtichaa kenne irratti waliigaltuu?
2. Keewwata 445 jalatti nama yakkaan himatamu yoo jedhu maal jechuu dha? Nama yakka raawwatee booda garuu shakkamee hin jirre yookaan yeroof hin hordofamne dabalataa? Nama miidhamaan dhuunfaa hordofaa jiru fakkeenyaaf akka dhimma 10ffaa irratti dhiyaate hoo? Dhimma poolisiin qorataa jiru dabalataa? Abbaan Alangaa himatamaan dhoksuu isaa malee namni inni dhoksame yakka raawwachuu isaa mirkaneessuu qabaa ?
3. Seera yakkaa keewwata 445 jalatti yakkamaa dhoksuu fi gargaaruun kan adabsiisu nama yakkaan himatamu dursee akeekkachiisuunis ta'e dhoksuun yookiin meeshaa yakkicha ittiin raawwate yookiin faana isaa dhoksuun yookiin balleessuun beekaa (knowingly) yoo ta'edha. "beekaa" kan jedhu maal argisiisa ? Itti yaaduu (intentionally) kan jedhu irraa adda dhaa? Dagannoodhaan nama kana gargaaruun itti gaafatamummaa hordofsiisaa? keewwata 40 waraabii afaan Amaariffaa fi Ingiliffaa waliin wal bira qabaa ti irratti marii'adhaa.

4. Dhimma 20ffaa irratti himatamtuu 9^{ffaan} namoota miliqan keessaa eenyutti akka bilbilte adda bahee akka hin beekamne himanna irratti ibsameera. ‘Warri kaan qabamaniiru baqadhaa’ jechuun ishee haala naannoo jiru waliin akkamitti ilaalama? Gochi himatamtuun kun raawwatte jedhamee himanna irratti ibsame yoo mirkanaa’e namoota yakka raawwatan gargaarteetti jechisiisaa? Himaticha irratti himatamaa 1ffaan konkolaachisaa ta’e yeroo himatamtootni 2-8 jiran yeroo fe’an bira dhaabbachuu malee ofii fe’aa akka hin turre ibsameera. Hirmaannaan isaa hoo isa kami dha jettu?

4.4.1.2. Dhoksuu (kew.682)

Dhoksuun yakka of danda’ee qabeenya socho’u irratti raawwatamu keessaa tokko yoo ta’u haalli itti raawwatamus mi’a argame sababa yakka qabeenya tokko irratti raawwatameen kan argame ta’uu isaa osoo beekanii mi’a kana bituunis ta’e ergisaan, kennaan, qabsiisaan fuudhuu yookiin haala kana fakkaatu biroo kamiiniyyuu fudhachuu, itti tajaajilamuu, kaa’uu yookiin dhoksuu, dabarsanii gurguruu yookiin walta’iinsa gurgurtaa fi jijjiirraa keessatti wal qunnamsiisaa ta’uun gargaaruu dabalata.

Keewwata 682. Dhoksuu

1. Namni kamiyyuu mi’ichi kan argame sababa yakka qabeenya tokko irratti raawwatameen ta’uu isaa osoo beekuu mi’a kana bituunis ta’e, ergisaan, kennaan, qabsiisaan kan fuudhe yookiin haala kana fakkaatu biroo kamiiniyyuu kan fudhate, kan itti tajaajilame, kan kaa’e yookiin kan dhokse, dabarsee kan gurgure yookiin walta’iinsa gurgurtaafi jijjiirraa keessatti wal qunnamsiisaa ta’ee kan gargaare yoo ta’e;

hidhaa salphaan yookiin dubbichi ulfaataa yommuu ta’u, hidhaa cimaa waggaa shan hin caalleefi adabbii maallaqaatiin ni adabama.

2. Bu’aa gochi yakkichaa argamsiiseen kan dhufe ta’uu isaa osoo beekuu bakka mi’a gocha yakkaa kanaan argamee, wanta akaakuu biroo yookiin maallaqa callaa jijjiirraan argame yookiiniin gatii itti gurgurameen kan bitame fuudhee akaakuu armaan olitti ibsameen itti yaadee namni dhokse bu’uura keewwata xiqqaa (1) jalatti ibsameen ni adabama.

3. Gochi keewwata xiqqaa (1) yookiin (2) jalatti ibsame dagannoon kan raawwatame yoo ta'e; hidhaa salphaa waggaa tokko hin caalleen ni adabsiisa.
4. Adabbiin himatamticha irratti murtaa'u nama jalqaba yakkicha raawwate irratti adabbii murtaa'u waliin walitti dhufeenya kan hin qabneedha.
5. Raawwataa yakkaa muummeen sababa firoomaan akka hin himatamne (keewwata 664) yookiin sababa walitti dhufeenya jaalala hiriyyummaan adabbichi akka salphatuuf /keewwata 83/ tumaaleen tumaman nama mi'a dhokse irratti raawwatiinsa hin qaban.

Gaaffii Marii

1. Yakka dhoksuu keewwata 682 jalatti ibsame **beekee raawwachuu** (keewwata xiqqaa tokko)**fi itti yaaduun raawwachuu** (keewwata xiqqaa lama) garaagarummaan jiru maali? Dhimmi 19^{ffaa} armaan olii haala kamiin ilaalamuu qaba jettu?

4.4.1.3. Yakkamaan Akka Adabbii Itti Murtaahe Jalaa Miliqu Gargaaruu

Namni yakkamaan tokko yakka raawwateef murtii itti murtaahe jalaa akka bahu gochuun yakka mataa isaa danda'e dha.

Keewwata 460. Adabbiifi Tarkaanfilee Eeggannoo Gufachiisuu

Namni kamiyyuu adabbiifi tarkaanfii eeggannoo mana murtiin yakkamaa tokko irratti murtaa'e haala kamiiniyyuu akka hin raawwatamne kan taasise yoo ta'e;

hidhaa salphaan yookiin adabbii maallaqaatiin ni adabama.

Bu'uura tumaa kanaan nama yakka raawwatee adabame tokko irratti adabbiin kenname akka hin raawwatamne gochuun yakka duraanii irratti hirmaachuu osoo hin taane yakka biraa raawwataa yakkaa muummee ta'uun raawwachuu dha. adabbiin irratti kennamu adabbii nama inni gargaareen osoo hin taane akkaataa yakka ofii raawwateeni dha.

4.4.1.4. Yakka Beeksisuu Dhiisuu

Galmi sirna haqaa yakkaa biyya keenyaa keessaa tokko sirna hirmaannaa hawaasaa ol aanaa ta'e mirkaneessuu akka ta'e imaammata seera yakkaa lakk.1.3(d) jalatti ibsameera. Ittisa yakkaa fi

namoota yakka raawwatan gara seeraatti dhiyeessuu irratti hirmaannaan hawaasaa daran kan barbaachisu akkasumas dantaa hawaasa bal'aa ta'u illee dantaan hawaasaa kun kan haala mirga namoota dhuunfaatti bu'uun ta'uu hin qabu. Kanaafis imaammatni seera yakkaa keenya lakk'3.2.jalatti yakkoota raawwataman gabaasuu fi sirna bulchiinsa haqaa yakkaa keessatti wantoota raawwataman keessatti hawaasni hirmaannaa akka qabaatuuf haalli mijataa uumamuu akka qabu akka qajeeltootti kaa'eera.¹¹⁵ Kunis dantaan uummataa bu'uuraan milkaa'uu kan qabu haala mijataa itti namootni fedha ofiitiin deeggaran mijeessuudhaan akka ta'e kan argisiisu dha. Tumaan seera yakkaa keewwata 39's yaadrimee kana of keessatti hammate dha. Akka tumaa kanaatti Seeraan ifatti kan tumame yoo ta'e malee qophii yookiin yaalii yakka raawwachuuf taasifame, yakka xumura argate yookiin raawwataa yakkichaa beeksisuu dhiisuun yakki erga raawwatamee booda raawwataa yakkichaa gargaaruudha yookiin miiltummaadha jedhamee hin adabsiisu. Yakka raawwatamuuf jedhu yookaan kan raawwatame gabaasuun mirga ta'u illee dhimmoota dantaa uummataa fi biyyattii irratti hubaatii olaanaa geessisuu danda'an yookan geessisan ilaalchisee garuu haala dirqisiisaa ta'een lammiileen beeksisuu akka qaban, kana raawwachuu dhabuun immoo mataa isaatiin iyyuu yakka akka ta'e tumameera. Seerri yakkaa yaadota armaan olitti ka'an haala wal madaalawaa ta'een hojii irra ooluu akka danda'aniif dirqamoonni seeraan kaa'aman iyyuu dhiphifamanii hiikamuu akka qaban kew.39 (3) jalatti kaa'eera.

Article 39.- Failure to Report.

(1) Failure to report the preparation, attempt or commission of a crime or of the person who committed the crime, shall not be liable to punishment as an act of an accessory after the fact or an accomplice except in the cases expressly provided by law (Art.254 and 335).

(2) The provisions regarding the failure to report to the authorities in the cases specified under Article 443 shall apply.

(3) The above-mentioned obligations are to be construed in a restricted manner.

¹¹⁵ ..የ ተፈፀመውን ጀሎች ሪፖርት የማይረጉ በትእና በውን ጀልፍ ትሕሉስ ተዳደር ውስጥ ማከናወኑ ሥራዎች ሰፊ የሕዝብ ተሳትፎ እንደሚኖራቸው ማይደርጉ ምቹ ሁኔታዎችን ይፈጥራል፡፡

Keewwata 39. Yakka Beeksisuu Dhiisuu

1. Seeraan ifatti kan tumame yoo ta'e malee /keewwata 254 fi 335/ qophii yookiin yaalii yakka raawwachuuf taasifame, yakka xumura argate yookiin raawwataa yakkichaa beeksisuu dhiisuun yakki erga raawwatamee booda raawwataa yakkichaa gargaaruudha yookiin miiltummaadha jedhamee hin adabsiisu.
2. Abbaa taayitaa murtiitti beeksisuu dhiisuu ilaalchisee seera kana keewwata 443 jalatti kan tumame kan eegamedha.
3. Dirqamoonni armaan olitti ibsaman dhiphifamanii hiikamuu qabu.

Yakkootni haala addaatiin lammiileen beeksisuu qabanii fi yoo beeksisuu baatan akka yakka raawwatanitti fudhatamu namoota yakka nageenya biyyaa irratti raawwachuuf qophii godhan al kallattiin gargaaruu (keewwata 254) fi yakkoota raayyaa ittisaa fi dirqamoota loltummaa irratti raawwataman beeksisuu dhabuu (kew.335) dabalata. Bu'uura tumaalee kanaan yakkootni adda bahanii ibsaman raawwatamuuf sadarkaa qophii irra kan jiran yoo ta'e illee dirqamni beeksisuu kaa'ameera. Dirqamni beeksisuu dhimmoota kana qofa irratti kan daanga'e miti. keewwata 443 jalatti lammiileen yakkoota ciccimoo raawwataman qaama ilaallatutti beeksisuu akka qabanii fi kana gochuu dhabuun yakka ta'ee kan adabsiisu ta'uu tumameera.

Keewwata 443. Yakka Beeksisuu Dhabuu

1. Namni kamiyyuu sababa gahaa osoo hin qabaatiin:
 - (a) yakki du'aan yookiin hidhaa cimaa umurii guutuun adabsiisu raawwatamuu isaa yookiin eenyummaa yakkamtichaa osoo beekuu abbootii taayitaa dhimmi ilaallatutti osoo hin beeksisiin kan hafe yoo ta'e; yookiin
 - (b) seeraan yookiin dambiilee ogummaatiin tasgabbii ummataaf yookiin nageenyaafi sirnaaf jecha yakkoota tokko tokko yookiin haalawwan ciccimoo tokko tokko abbootii taayitaa dhimmi ilaallatutti beeksisuuf dirqama osoo qabuu dirqama isaa osoo hin raawwatiin kan hafe yoo ta'e;

adabbii maallaqaa qarshii kuma tokko hin caalleen yookiin hidhaa salphaa ji'a jaha hin caalleen ni adabama.

2. Seera kana keewwata 254 fi 335 jalatti kan tumaman akka eegamanittidha.

Akka tumaa kanaatti namni kam iyyuu yakki du'aan yookiin hidhaa cimaa umurii guutuun adabiisu raawwatamuu isaa yookiin eenyummaa yakkamtichaa osoo beekuu abbootii aangoo dhimmi ilaallatutti osoo hin beeksisiin kan hafe yoo ta'e; yookiin seeraan ykn sababa dirqama ogummaa isaatiin beeksisuu osoo qabuu osoo hin raawwatiin yoo hafe yakka mataa isaa danda'e waan raawwateef ni adabama.

Itti gaafatamummaan bu'uura s/y keewwata 254,335 dhufus ta'e kan bu'uura 443 yakka namni biraa raawwate hordofee kan dhufu ta'u illee yakkoota mataa isaani danda'an malee akka yakka beeksifamuu hafe irratti hirmaachuutti kan fudhatamu miti.

Gaaffii Marii

Garaagarummaan tumaaleen s/y kew.254,335 tumaa seera yakkaa 443 irraa qaban maali? Mata dureen keewwata 254 (Indirect Aid and Encouragement.) jedhu miiltummaan hirmaachuu argisiisaa?

KUTAA LAMA

BOQONNAA SHAN: YAKKOOTA LUBBUU, MIIDHAA QAAMAAFI SAALQUNNAMTII

Seensa

Yakkoonni yaalii ajjeechaa yakkoota mirga lubbuun jiraachuu namoota dhuunfaa fi nageenya qaamaa akkasumaas bilisummaa dhuunfaa isaanii irratti raawwatamanii dha. Gochi yaalii ajjeechaa kunis seeraan ala nama ajjeesuuf yaaduun gochaa miidhaa du'aa hordofsiisuu danda'aani fi dhala namaa kan lubbuun jiru irratti kan raawwatamuu dha. Maloota raawwii yakkoota yaalii ajjeechaa ilaalchisee haaluma tumaalee seera yakkaa yakkoota ajjeechaan waan ilaalamuuf, malootni gochaan yakkaa kun ittiin raawwatamaan bifa waliigalaan meeshaalee yookiin tooftaalee bu'aa gocha yakka ajjeechaa hordofsiisuu danda'aniin kaminiyyuu fayyadamuun kan raawwatamaniidha. Yakkoonni yaalii ajjeechaa kunis itti yaadamuun haala tumaalee seera yakkaa keewwata 539 jalatti ibsameen yakka yaalii ajjeechaa namaa cimaa fi 540 tiin immoo yakka yaalii ajjeechaa namaa idilee jedhamuun haala raawwii gochaa yakkaafi ciminaa isaanii irratti hundaa'uun bakka lamatti qooduun ilaaluun kan danda'amu akka ta'ee ni agarsiisa. Qabatamaan yakkoota kana akkaataa tumaa seera yakkaa keessatti ibsameen hojiirra oolchuu keessatti hanqinaaleen hubannoo ogeessota qaamolee haqaa bira akka jiru sakata'iinsi fedha leenjii ILQSO bara 2011 agarsiiseera. Kanaaf dhimma kana ilaalchisee maalummaa yakkoota yaalii ajjeechaa namaa, waliiti dhufeenya fi garaagarummaa yakkaa yaalii ajjeechaa namaa fi yakka miidhaa qaamaa cimaa jidduu jiruun rakkoolee wal qabatan boqonnaa kana jalatti kan ilaallu ta'a.

Bu'uruma kanaan xummura leenjii boqonnaa kanaa booda leenjifamtoonni:-

- Maalummaa yakkoota yaalii ajjeechaafi ulaagaalee tumaalee keewwatoota kanneeni hundeessuuf tarreeffamaan irratti hubannoo duraan qaban ni gabbifatu, ejjennoo sirriifi bu'uura seerichaa hordofuun dhiyyatees ni hubatu.

- Xiinxala dhimmootaa bu’uura godhachuun hanqinaalee ogeessota qaamolee haqaa sadarkaan jiran irratti marii bal’aafi bilchina qabu taassisuun hanqinaalee kana maqsuuf yookiin xiqqeessuuf fala ni kaa’u.
- Waliitti dhufeenyaafi garaagarummaa yakka yaalii ajjeechaa namaafi miidhaa qaamaa cimaa gidduu jiru addaan baasuun akka hubatan ni godhama. Rakkoolee raawwii keessatti mul’ataniif yaada furmaataa ni akeeku.

5.1. Yakka Yaalii Ajjeechaa

Yakki yaalii ajjeechaa, yakka lubbuu dhala namaa irratti raawwatamuudha. Yakkichi yakka ajjeechaa lubbuu miidhamaa dhuunfaa irratti raawwachuuf itti yaadamee raawwatamuu ta’ee garuu galma barbaadameefi bu’aan eegame osoo hin milkaa’iin kan karaatti hafeedha. Kunis karoorri gochaa yakkaa ajjeechaa raawwachuuf qabamee ture guutummaa guutuutti hojiitti kan hiikame yommuu ta’u yookiin gochaawwan yakkicha raawwachuuf muteessoofi barbaachisoo ta’an erga xumuramanii booda; bu’aan barbaadame akkaataa karoorfameen galma yaadame sana osoo hin gahiin miidhamaan yakkaa lubbuun kan oolu ta’a jechuudha.

Haa ta’u malee, maalummaafi hiikkaa gochaa yakka yaalii ajjeechaa, kaayyoo raawwiifi ulaagaawwan seeraa gochaa yakkaa kana hundeessaaniifi garaagarummaa gochaan yakkaa kun gochaa yakka miidhaa qaamaa cimaa irraa qabu ilaalchisee raawwii keessatti ogeessota seeraa bira rakkoowwan hubannoofi hanqina bal’atu jira. Hanqinaaleen kunneenis hojii keessatti qabatamaan, sadarkaa eeruu fuuchuu, qorannoo, himannaa, falmii dhaddachaafi murtii irratti bal’inaan kan mul’atu yommuu ta’u, sadarkaa oliyyataattis darbe darbee kan mul’atuu dha. Halqinaalee gama kanaan hojii keessatti mul’atan xiqqeessuuf ogeessota qaamolee haqaa haaraa (Leenjifamtoota Leenjii Hojiin Duraa) kanneen gara qaamolee haqaatti makamaniif leenjiin dhimma ijoo kana irratti dhimmoota qabatamaan deeggaramuun kennamu qaba. Kanaaf mata duree itti aanu jalatti maalummaa fi hiikka yakka yaalii ajjeechaa haala gabaabaan kan ilaallu ta’a.

5.1.1. Yakka Yaalii Ajjeechaafi Maalummaa Isaa

Gochoonni bu’uura seera yakkaatiin yakka ta’uun isaanii tumaalee keewwata seerichaa jalatti hammatamuun labsaman, haala seeraan tarreeffameen raawwachuuf kan yaalamaan yoo ta’e gochoonni kun yakka waan ta’aniif itti gaafatamummaa hordofsiisu. Kanaarraa ka’uun

barreessaan Fletcher jedhamu gochaa yakka yaaliin adabamuuf, “the actor must attempt an act punishable under the law, and further this attempt must be dangerous on its face”¹¹⁶ jechuun ibseera. Akka ibsa hayyuu kanaatti namni gochaa yakka yaalii raawwachuun itti gaafatamuuf, yoo xiqqaate gochaan inni raawwachuuf yaale sun yakkummaan isaa bu’uura seera yakkaan kan labsame ta’uu akka qabuufi yakkichaas raawwachuuf tarkaanfii balaafamoo ta’e fudhachuu akka qabu agarsiisa. Dabalataan hayyuun seeraa qajeeltoo seera yakkaa barreessuun beekamaan yakka yaalii ilaachisuun; “One way of analyzing the situation is to say that a defendant, in order to be guilty of attempt, must be in one of the states of mind required for the commission of the full offence, and did his best, as far as could, to supply what was missing from the completion of the offence. It is the policy of the law that such people should be punished notwithstanding that in fact the intentions of such a defendant have not fulfilled.”¹¹⁷ jechuun ibsaniiru. Akka yaada hayyuu kanaatti, namni tokko gochaa yakka yaaliin balleessa ta’uuf; kutaan yaadaa gochaa yakkaa raawwachuuf barbaachisoo ta’an waliin jiraachuun dirqamaa akka ta’eefi Imaammanni seeraas namoonni akkasii adabamuu akka qaban kan agarsiisuu ta’uu ibsa. Kanarraa ka’uun, gochaan yakka yaalii ajjeechaas raawwatamuuf kan yaalamee yoo ta’e itti gaafatamummaa yakkaa kan hordofsiisuu ta’uu hubachuun ni danda’ama.

Hiikkaa gochaa yakka yaalii ajjeechaa ilaalchisee biyyootni garaagaraa akka sirna seera yakkaa biyyaa isaaniitti ibsa gochaa yakka ajjeechaaf kennameen walqabsiisuun kan hiikaaniidha. Fakkeenyaaf biyya Ingilizii keessatti yakka yaalii ajjeechaa ilaalchisuun seerri yakkaa biyyiitti; “... attempted murder is a crime to commit unlawful killing and simultaneously having a specific intention to cause the death of a human being”¹¹⁸, jechuun hiikka kenneera. Kunis gochaa ajjeechaa seeraa alaa fi yaada sammuu ajjeechaa dhala namaarratti raawwachuuf kan raawwatamee ta’ee; gochaan yakkaa haala kanaan raawwatamees bu’aafi galma barbaadame kan hin geenye yoo ta’ees gochaa yakkaa yaalii ajjeechaa akka ta’e ni ibsa. Akka seera yakkaa

¹¹⁶ George P Fletcher, *Constructing a Theory of Impossible Attempt*, 1986, p.53.

¹¹⁷ Bloy and Parry’s, *Principles of Criminal Law*, 4th edition, Cavendish Publishing, Great Britain, London, 2000, p.176.

¹¹⁸ Weebsaayitii https://en.wikipedia.org/wiki/Attempted_murder, gaafa November 26, 2018 akka ilaalameetti.

biyya kanatti gochaan yakka yaalii ajjeechaa hanga umurii guutuutti adabsiisuu danda'a. Haaluma walfakkaatuun biyya Ameerikaa keessattis yakka yaalii ajjeechaa irratti Abukattootni seeraa hiikkaa kennaniiru. Innis, "In order to for a person to be guilty of attempted murder, that person should have deliberately or intentionally with extreme disregard for human life, attempted to kill someone."¹¹⁹ jechuun hiikeera. Akka hiikkaa kanatti, namni gochaa yakkaa yaalii ajjeechaan balleessaa jedhamuuf, itti yaadee beekumsa guutuun gochaa lubbuu namaa du'aaf saaxiluu danda'u kan raawwatee yoo ta'eedha.

Gama biraan biyyuma Ameerikaa keessatti gochaa yakka yaalii ajjeecha ilaalchisee himannaa dhiyaate tokko keessatti manni murtii dhimmicha oliyyannoon ilaaluun "The main element of attempted or frustrated homicide is the accused's intent to take his victim's life. The prosecution has to prove this clearly and convincingly to exclude every possible doubt regarding homicidal intent. And the intent to kill is often inferred from, among other things, the means the offender used, and the nature, location, and number of wounds he inflicted on his victim."¹²⁰ jechuun ibseera. Ibsi kunis himanni yakka yaalii ajjeechaa itti yaadamee, nama ajjeesuuf kan raawwatamee ta'uu agarsiisuu akka qabuufi haala kanaas haala raawwii gochaa, meeshaa ykn tooftaa fayyadame, bakka miidhameefi baay'ina madaa qaama miidhamaarra gaheerraa hubachuun akka danada'amu ni addeessa. Egaa mata duree itti aanu jalatti immoo yakki yaalii ajjeecha sirna seeraa biyya keenya keessatti haala kamiin akka ibsamee, haala kamiinis hojiirraa oola akka jiruufi raawwii keessatti rakkoolee tokko tokkoo kaasuun haala salphaa ta'een ilaaluuf ni yaalla.

5.1.2. Yakka Yaalii Ajjeechaa Sirna Seeraa Itiyooophiyaa Jalatti

Seerri yakkaa biyya keenyaa maalummaafi qabiyyee yakkichaa, 'yakka yaalii ajjeechaa' jedhuuf hiika kan hin kenninee yoo ta'ees; tumaalee seera yakkaa kutaa addaa yakkoota lubbuu namaa irratti raawwatamaniifi keewwata kutaa waliigalaa yaalii waliin dubbisuun hiika itti

¹¹⁹ Toora weebseyiitii <https://definitions.uslegal.com/a/attempted-murder/>, gaafa November 26, 2018 akka ilaalameetti

¹²⁰ Kanuma

kennuun akka danda'amu ogeessonni seeraa dhimma kana irratti barreessan ni dubbatu.¹²¹

Kunis

*'yakki yaalii ajjeechaa gochaa yakkaa itti yaadamuun meeshaa yookiin tooftaa akaakuu kamiyyuu fayyadamuun nama ajjeesuuf kan raawwatamu ta'ee; sababa gochi yakkichaa hanga dhumaatti hin hordofneef yookiin hordofuu kan hin dandeenye yoo ta'e yookiin gochi yakkaa akka raawwatamu hanga dhumaatti hordofuun bu'aan barbaadamu lubbuun miidhamaa yoo du'uu baateedha.'*¹²²

Maalummaa yakka yaalii ilaalchisee Seerri Yakkaa biyya keenyaa tumaa faallaa seerichaan kan ibsame yoo jiraate malee yaaliin yakkaa akka qajeeltootti yeroo hundumaa kan adabsiisu ta'u isaa ni tuma.¹²³ Kanaarra ka'uun gochaan yakka yaalii ajjeechaa haala tumaalee seera yakkaa keewwatoota 539fi 540 jalatti ibsameen ulaagaawwaan tarreeffamaaniin kan raawwatamaan ta'uun isaanii yoo mirkanaa'e gochaawwaan yaalii ajjeechaa kunneen itti gaafatamummaa yakkaa waan hordofsiisaniif ni adabsiisu.

Haala kanaan gochaa yakka yaalii ajjeechaa irratti qorannoo yakkaa qulqullina qabu gaggeessuun ragaawwaan rogummaa qaban sassaabuun, himannaa gahumsaa, rogummaa qabuufi sirrii dhiyeessuunifi murtii balleessummaa sirrii ta'e kennisiisuun barbaachisaadha. As irratti adeemsa falmiilee manneen murtiitti gaggeeffamuun firiiwwan dubbii keewwaticha yakki yaalii ajjeecha jalatti dhiyaate ragaadhaan mirkaneessuun dhimma murteessaadha. Kunis nama yakkaan himatame irratti murtii balleessummaa dabarsuudhaaf, namni himatame kun firiiwwaan dubbii keewwata itti himatame jalatti hammatamaan raawwachuu yookiin raawwachuuf yaaluu isaa ragaa gahaafi amansiisaan mirkaneessuun dirqama.¹²⁴

¹²¹ Kababbaw Birhaanuufi Geetuu Gaddafaa: Yakkoota Yaalii Ajjeechaa, Miidhaa Qaamaa fi Saal-Quunnamtii: Seeraa fi Hojmaata, Moojulii Leenjii Hojiirraaf qophaa'e, Muddee 2011, Adaamaa, ILQSO

¹²² Seera yakkaa, keewwata 538(1)fi 27(1) waliin dubbisuun hiikaa qopheessitoota moojulichaan fudhatameedha..

¹²³ Seera Yakkaa Rippaabilikaa Dimokiraatawaa Federaalawaa Itiyoophiyaa, 1996, Labsii Lakk.414/1996, keewwata 27(2).

¹²⁴ Tolosaa Damee Jimaa, Dagannoon Nama Ajjeesuu Ilaalchisee Firiiwwaan Dubbii Seerichaan Kaa'aman Irratti Hundaa'uun Hojjechuufi Adabbii Sirrii ta'e Murteessuun Walqabatee Rakkoolee Qabatamaan Mul'atan, Joornaalii Seeraa Oromiyaa, Jildii 3ffaa, lakk.1, bara 2006, Adaamaa, fuula 43-44.

Raawwiin yakka yaalii ajjeechaa jiraachuu ilaalchisee, qabiyyeewwan agarsiistuu ta'uun tajaajilaan jiru. Agarsiistuun kunneenis gochaan yakkaa yaalii ajjeechaa jiraachuufi jiraachuu dhabuu isaatiif safartuuwwan addaan baasuun beekuuf gargaaraan keessaa isaan ijoo armaan gadii haa ilaallu.

5.1.2.1. Gocha Seeraan Ala Nama Ajjeesuuf Yaaluu

Gochaan yakka yaalii ajjeechaa kun karaa seeraan faallaa ta'een lubbuu dhala namaa ajjeesuuf kan yaalamee ta'uu danda'u qaba.¹²⁵ Kunis kan agarsiisuu himatamaan yakkaa kun gochicha kan raawwate, haala seeraan hayyamameen alatti ta'uudha. Gama biraan gochaan yakkaa yaalii ajjeechaa haala seeraan hayyamame keessatti kan raawwatameefi haalawwaan hin adabsiifneefi dhiifama taasisan keessatti yoo ta'e yookiin gochaan yaalii ajjeechaa kun dirqama seeraan kenname bahachuu keessatti kan raawwatame yoo ta'e gochaan kun yakka yaalii ajjeechaa karaa seeraan alaan nama ajjeesuun hin gaafachisu. Fakkeenyaaf, gochaan yakka yaalii ajjeechaa kun dirqama ofirraa ittisuu keessatti kan raawwatame yoo ta'ee yookiin gochaa dirqama seeraan kennamee raawwachuu kan akka loltuu dirree waraanaa irratti diina rasaasaan rukutuun to'annoo ofii jala oolchuu, miidhamtoota irratti gochi yaalii ajjeechaa kan raawwate yoo ta'ees dirqama seeraan hayyamamee keessatti waan raawwatameef gochaan akkasii yakkaan hin gaafachisu.¹²⁶ Kanaaf yakki yaalii ajjeechaa itti yaadamuun karaa seeraan ala ta'een lubbuu namaa ajjeesuuf kan raawwatame ta'uu qaba.

5.1.2.2. Gochaa Miidhaa Yookiin Bu'aa Du'aa Hordofsiisuu Ta'uu Qaba

Gochaan himatamaan raawwatu miidhaa yookiin bu'aa du'aa haala hordofsiisuu danda'uun itti yaaduun kan raawwatamee ta'uu qaba. Haalli kun kan agarsiisuu gochaan yakkaa yaalamee kun lubbuu miidhamaa dhuunfaa irratti bu'aa du'aa kan hordofsiisuu ta'ee; sababa gochaan yakkaa kun otuu miidhaa homaatuu hin qaqqabsiisiin sadarkaa yaaliitti addaan citeef yookiin gochichi guutummaa guutuun kan raawwatee yoo ta'ees sababa gidduu lixummaa qaama alaan yookiin

¹²⁵ Seera yakkaa, keewwatoota 538(1)fi 27(1)

¹²⁶ Seera yakkaa kwt 78 fi dirqama loltummaa kan ilaallatu dubbisa.

deeggarsa yaalaa fayyaa miidhamaa dhuunfaaf taasisameen lubbuun isaa kan baraarame ta'uu akka malu agarsiisa.

Gama biraan gochaan yakkaa yaalii ajjeechaa raawwatamee jedhame kun haala qajeeltoo seera yakkaa biyya keenyaa keessatti tumameen, akkaataa haala beekamaan (in normal course of things) yookiin adeemsa baratameen gochi himatamaan yakkaa kun miidhamaa irratti raawwatu of danda'ee bu'aa jedhame, du'a kan argamsiisuu danda'u ta'ee yoo argame akka ta'e kan ibsuudha.¹²⁷kanaaf gochi kunis of danda'ee bu'aa ajjeechaa hordofsiisuuf gahaa kan ta'e ta'uu qaba.

5.1.2.3. Gochaan Yakkaa Kunis Dhala Namaa Irratti Kan Raawwatu Ta'uu

Akkuma ibsa Hatataa Zamikiniyaat (Keessabaa aslii) irraa hubachuun danda'amu, gochoota yakkaa seera yakkaa keewwatoota 539 fi 540 irra darbuun raawwataman kan dhala namaa irratti raawwatamaan ta'uu haala ifatti agarsiisuun hammatamee jira.¹²⁸ Kanaaf gochaan yakka yaalii ajjeechaas lubbuu dhala namaa irratti kan raawwatamee ta'uu akka qabuufi gochaan kunis yeroo gochaan raawwatutti miidhamaan nama lubbuun jiruu ta'uu akka qabu agarsiisa. Qabxii ijoo kana ilaalchisee hirmaattootni leenjii kana gaaffii armaan gadiin kanaan kan gabbifataan ta'a.

Gochi yakkaa yaalii ajjeechaa raawwatamu isaatiif, qabxiwwan akka safartuutti ykn agarsiistuutti fayyadan kanneen armaan olitti ibsaman yommuu ta'an; haala kana qabatamaan ilaaluuf murtii Manni Murtii Waliigalaa Federaalaa Dhaddachi Ijibbaataa Galmeelakk.90089¹²⁹(Dhimma 21^{ffaa}) ta'e irratti dhaddacha gaafa Onkoloolessa 2, bara 2006 ooleen murtii kenne tokko ilaaluun barbaachisaadha. Dhimmichis, Iyyattuun ammaa himatamtuu jalaa kan turte, himata Abbaan Alangaa Mana Murtii Olaanaa Godina Asoosaatti dhiheesseen, himatamtuun jala seera yakkaa keewwata 27(1)fi 540 irra darbuun, Aanaa Baamobaasi,

¹²⁷ Seera yakkaa, keewwata 24(1) paragraph 2.

¹²⁸ Seera yakkaa, kitaaba shanaffaa, mata duree tokko, yakkoota namoota biroofi firoota irratti raawwataman keessa boqonnaan tokko yakkoota lubbuu nama irratti raawwataman haala raawwiifi akaakuu isaanii waliin tumaalee seera yakkaa keewwata 538fi itti aanan jalatti ibseera. Tumaa seera yakkaa keewwata 27(1)fi tumaalee seera yakkaa kutaa kanaa keewwatoota 538, 539fi 540 waliin dubbisuun yakki yaalii ajjeechaa lubbuu dhala namaa irratti kan raawwatamu ta'uun beekamu qaba.

¹²⁹ Dhimma Mana Murtii Federaalaa Olaanaa, lakk. Galmeel 90089 ta'e irratti falmii yakkaa Iyyattuu Adde Zeenit Abbaabuufi Abbaa Alangaa Naannoo Beenishaangul Gumuuz gidduu tureen dhaddacha gaafa Onkoloolessa 2, bara 2006 ooleen murtii argateedha

Magaalaa Baamobaasii, ganda 02 keessatti gaafa Onkoloolessa 14, bara 2004, tilmaamaan dhiha keessaa sa'aatii 1:00 irratti, Miidhamtuu dhuunfaa Xaayibaa Mahammed jedhamtu, garaa ishee ira rukutuun, ulfa garaa ishee keessa rukutuun bakka isaa akka gadi lakkisuufi ulfi yeroon dhalachuu isaa hin geenye garaa ishee keessatti akka du'u taasisuun, dhiigni akka kantaruufi garmalees akka dhangala'uu gochuun, yakka yaalii ajjeechaa raawwatteetti jechuun himanni dhiyaateera. Manni Murtii Olaanaas ragaa namaafi barreeffamaa bitaafi mirgaa erga dhagaheen booda, himatamtuun Onkoloolessa 9-16, bara 2004, biyya Sudaan, bakka Kurmuuk jedhamu waan turteef jechuun sagalee caalmaan bilisaan yoo gaggeessu, A/Alangaa murticha komachuun Mana Murtii Waliigalaa Naannichaatti oliyyannoo kan gaafate yommuu ta'u; Manni Murtii Waliigalaa Naannichaas komii dhiyaate bitaafi mirgaan erga falmii dhagaheen booda, "himatamtuun jalaa yeroo jedhametti ciqileedhaan garaa miidhamtuu akka rukutte, yeroodhuma sana dhukkubbiin miidhamtuutti kan dhagahamee ta'uu, ulfis sochii akka dhaabe, kanumaan gara mana yaalaa akka geeffamte, yeroo meeshaan ilaalamtuus ulfi kan du'eefi meeshaa yaalaa fayyaan akka baafame" ragooleen Abbaa Alangaa kan mirkaneessan ta'uu ibsuun, ragooleen ittisaa immoo jechi isaan kennan garaagarummaa kan qabuufi amanamummaan kan itti hin gatamne akka ta'e ibsuun, bu'uura himata dhiyaateen tumaa seera yakkaa keewwata 27(1)fi 540 jalatti balleessaa taasisuun hidhaa cimaa waggaa sadiifi baatii torbaan akka adabamtu murteesseera. Iyyattuun ammaa kunis gama isheen murtiin Mana Murtii Waliigalaa Naannichaan kenname komachuun oliyyata Dhaddacha Ijibbaataa Naannichaaf komii ishee kan dhiheeffatte yoo ta'ees, murtii jalaa waan cimeef, murtiin Manneen Murtii Waliigalaafi Dhaddacha Ijibbaataa Naannichaa dogoggoora bu'uura seeraa qaba jechuun komii ishee MMWFDhItti dhiheeffateetti. MMWFDhI dhimmicha erga ilaaleen booda, "Iyyattuun waliitti bu'iinsa uumame sababa godhachuun, garaa miidhamtuu dhuunfaa ulfa baatii 8 ta'e irra ciqileedhaan rukutuun miidhaa akka geessifteefi miidhamtuun dhuunfaas bakka rukutamte biraa otuu hin deemiin sababii kanaan dhukkubbii cimaan akka itti dhagahameefi ulfiis kanumaan sochii akka dhaabe, yerooma kana gara mana yaalaatti geeffamuun qorannoo ogeessan taasifameen, ulfi sun du'ee kan jiru waan ta'eef, meeshaa yaalaan akka bahu kan godhame ta'uufi dhiigni waan kantareefi hedduun waan dhangala'eef, miidhaa cimaan miidhamtuu irraa gahuun ragoolee namaafi mana yaalaan kan mirkanaa'eedha" jechuun, "Iyyattuun kallaattiidhaan garaa miidhamtuu irra rukutuun, ulfa baatii 8 irra waan rukutteef, gochaan kun immoo bu'uura tumaalee seera yakkaa keewwattoota

58(1)(B), 27(1)fi 540tiin haallan gochaa yaalii ajjeechaa hundeessan waan guutuuf’, jechuun murtii balleessummaafi adabbii jalaa cimseera.

Gaaffiilee Marii

1. Dhala namaa jechuun akkaataa seeraa biyya keenyaan maal jechuu dha? Namummaan yoom eegalee yoom xumura argata? Qabxii kana ilaalchisee seerri yakkaa biyyaa keenyaa waan ibsuu jiraa?
2. Gochi yakka yaalii ajjeechaa daa’immaan sadarkaa ulfaan gadameessa haadhaa keessa jiraan irratti raawwachuu danda’aa?
3. Dhimma armaan duraa, Iyyattuu Adde Zeenit Abbaabuufi Abbaa Alangaa Naannoo Beenishaangul Gumuuz gidduu tureen, daa’imni ulfaa baatii 8 taate sababa rukutaa ciqileettiin kutaan qaamaa sammuun waan miidhameef du’aaf kan saaxilamte ta’uu ragaan mana yaalaa hubachiisee bakka jiruuttifi ulfi kunis sababa kanaan kan du’e ta’uun otuu beekamuu, A/Alangaa dantaa daa’ima kana callisee bira darbuu isaa seerota mirgoota daa’immaniif eegumsaafi beekamtii kennaan kanneen Itoophiyaan raggaasisteen akkamiin ilaaltu?
4. Namni daa’imni ulfaan garaa haadhaa keessa jiru akka lubbuun dhalachuun guddatu hin barbaadne tokko garaa haadha ulfaa dhiituun miidhaan cimaan daa’imma ulfan garaa haadhaa keessa jiruu irra gahuun ulfi kun akka addaan cituu yookiin daa’imni du’aan akka dhalatu kan taassisee yoo ta’e yakka maaliin gaafatamaa? Sababni du’aa daa’ima kanaa miidhaa dhiittaa ta’uun raga namaafi mana yaalaan kan hubachifame yoo ta’ee, himatamaan yakkaa kun tumaa seera yakkaa kamiin gaafatamaa?
5. Akkuma qabatamaan dhimmoota manneen murtii dhiyyataan irraa hubachuun danda’amu, ijoolleen durbaa gaa’elaan alatti daa’immaan ulfaa’uun erga da’anii booda ofii isaaniitiin yookiin miseensa maatii isaaniitiin gochaan daa’immaan fayyaa dhalatani itti ajjeesaan yookiin itti gatan ni mul’ata. Gochi kun yakka yaalii ajjeechaa jedhamuuf ulaagaalee guutamuu qaban kaasuun waliin irratti mari’adha.

5.1.3. Maloota Raawwii Gochaa Yakkoota Yaalii Ajjeechaa

Yakki yaalii ajjeecha yakka lubbuu dhala namaa irratti raawwatuudha. Yakki kunis ta’e jedhamee lubbuu dhala namaa ajjeesuuf itti yaadamee kan raawwatamuu akka ta’e ibsa armaan duraa keessatti kennameerraa hubachuun ni danda’ama. Maloota gochaa yakka yaalii ajjeechaa

raawwachuuf dandeessisan addaan baasanii beekuun gochi yaalii ajjeechaa yaadamee raawwatame tokko jiraachuu isaatiif maloota gargaaraan keessa tokkoodha. Kana malees, malootni raawwii gochaa yakka yaalii ajjeechaas mala raawwii gochaa ajjeechaarraa kan hubatamu ta'a.

Haala kanaan malli raawwii yakkoota ajjeechaa kutaa tumaalee seera yakkaa dhimma kana ilaallataan irraa hubachuun akkuma danda'amutti; maal akka ta'an addaan baasuun wanti ibsame hin jiru. Ta'uus seerri yakka biyyaa keenya bifa waliigalaan ibsee jira.¹³⁰ Innis namni gochaa yakka ajjeechaa raawwatuu, *'ajjeesaan lubbuu' meeshaa yookiin tooftaa kamiyyuu fayyadamuun gochichaa raawwachuu kan danda'u ta'uu* isaa ni tuma. As irratti qabxiin hubatamu qabu meeshaan yookiin tooftaan kun bu'aa gochaa yakka ajjeechaa lubbuu namaa kan ta'ee, du'a hordofsiisuu kan danda'u ta'uu qaba.

Gama biraan maalummaa meeshaalee yookiin tooftaawwan gochaa yakkaa ajjeechaa raawwachuuf oolanii ilaalchisee seerri yakkaa kun waan ifaan tarreesse hin qabu. Tarreessuunis waan seericha irraa eegamu miti. Kanaaf meeshaalee yookiin tooftaaleen gochaa yakkaa ajjeechaa geessisuu danda'an akkuma haalaafi amala meeshichaatti yookiin tooftichaatti addaan baasuun kan fayyadamu himatamaa gochaa yakka ajjeechaa lubbuu ta'a jechuu dha. Dhimmi ijoon as irratti habatamuu qabu, meeshaan yookiin tooftaan ajjeesaan lubbuu fayyadame kun bu'aa yakkaa ajjeechaa kan geessisuu danda'u ta'uu akka qabuudha. Gama biraan meeshaan yookiin tooftaan gochaan yakkaa ajjeechaan ittiin raawwatamaan kanneen maal akka ta'aniifi bu'aa gocha yakka ajjeechaa jedhame sanaa geessisuuf gahaa ta'uu isaanii akka haala dhimmichaatti madaaluufi murteessuu kan qabu qaamolee hojii qorannoo yakkaa gaggeessan qorataa poolisiifi qaama himannaa yakkaa dhiyeessuu Abbaa Alangaafi Mana Murtii keessatti dhimmicha irratti immoo murtii kan kennuu Abbaa Seeraa ta'a.

Maloota raawwii yakkoota yaalii ajjeechaa ilaalchisee haaluma tumaalee seera yakkaa yakkoota ajjeechaan waan ilaalamuuf, malootni gochaan yakkaa kun ittiin raawwatamaan bifa waliigalaan meeshaalee yookiin tooftaalee bu'aa gochaa yakkaa ajjeechaa hordofsiisuu danda'aniin kaminiyyuun fayyadamuun kan raawwatamaan ta'uu akka qabaniidha. Meeshaaleen gochaa yakkaa yaaliin ajjeechaa ittiin raawwatamuu danda'an isaan muraasaafi

¹³⁰ Seera yakkaa, keewwata 538(1).

beekamoo tarreessuun yoo barbaachisee kanneen akka meeshaa waraanaa gosa garaagaraa (meeshaa waraanaa qawwee, shuguxii, bombii), ulee qabannaafi muka garaagaraa rukuttaan lubbuu namaa ajjeesuu danda'aan, meeshaalee qara qabaan eeboo, cuubee, qottoo, hamtuu, shaattaa(gajamoo lafa ittiin ciraan), mancaa, dhagaa fi kkf kaasuun ni danda'ama.

Tooftaaleen gocha yakka yaalii ajjeechaa raawwachuuf himatamaan fayyadamuu danda'u immoo afaaniifi funyaan namaa ukkamsuun yookiin mormaa namaa hudhuun akka sirni hargansuu namaa addaan citu taassisuun ajjeesuuf yaaluu yookiin bishaan keessatti gadi ukkamsuun bishaan fe'uun akka du'aaf saaxilamuu taassisuuf yaaluu, summii nyaata yookiin dhugaatii keessa buusuun namni sun nyaata yookiin dhugaatii waliin summii lubbuu namaa ajjeesuu danda'u kennuun akka du'aaf saaxilamuu taasisuun ajjeesuuf yaaluu, keemikaaloota ajjeesuu danda'an fayyadamuun, bakka ajjeechaaf nama saaxiluu kam irraa iyyuu nama darbachuu fi tooftalee biroo kamiyyuu fayyadamuun gochaa yakka yaalii ajjeechaa raawwachuun kan danda'amu akka ta'e hubatamuu qaba.

Himannaan yakkaas meeshaan yookiin tooftaan gochaan yakka yaalii ajjeechaa ittiin raawwatamuuf yaalamee karaa ifa ta'een qabiyyee himannichaa keessatti hammachisuun barbaachisaadha. Qabatamni mala raawwii yakka yaalii ajjeechaa kunis agarsiistuuwwaan gochi yakkaa raawwatamee sun of danda'ee bu'aa gochaa yakkichaa hordofsiisuu danda'uufi danda'uu dhabuu isaa kan ittiin madaalamuu keessaa tokko waan ta'eef xiyyeeffannoon ilaaluun barbaachisaadha.

Walumaagalatti qaamoleen gochi yakka yaalii ajjeechaa raawwatamu qoratan, qorataa poolisiifi Abbaa Alangaa, kan himannaa dhiyyeessu, Abbaan Alangaafi Manneen murtiis meeshaa yookiin tooftaa gochaan yakka yaalii ajjeechaa kun ittiin raawwatame tilmaamaa keessa galchuun akkaataa haala beekamaan (in normal course of things) yookiin adeemsa baratameen gochi himatamaan yakkaa kun miidhamaa irratti raawwate of danda'ee bu'aa jedhame, du'a kan argamsiisuu danda'u turee jechuun murteessuuf gadi qabani ilaaluun barbaachisaadha.

5.1.4. Gosoota Yakkoota Yaalii Ajjeechaa

Akkuma tumaalee waliigalaa qajeeltoo seeraa yakkaa biyya keenyaa keewwata 27(1) irraa hubachuun danda'amu, gochaan yaalii yakkaa yoo haala addaan tumaa seerichaa kutaa addaa

keessatti ifatti dhorkamee malee akka qajeeltootti ni adabsiisa. Haala kanaan tumaalee addaa seera yakkaa keewwattoota 539fi 540 keewwata 538 waliin dubbisuun yoo ilaalluu, gochi yakka yaalii ajjeechaa itti yaadamee meeshaadhaan yookiin tooftaa akaakuu kamiyyuu fayyadmuun lubbuu namaa irratti raawwachuu kan danda'uufi adabbiinis haaluma sadarkaa ciminaa fi salphina gochaa yakka yaalii ajjeechaa raawwachuun balleessaa taasifamaniin kan murtaa'u ta'uu agarsiisa. Kanaaf yakkoota yaalii ajjeechaa itti yaadamuun raawwataman kanneen tumaalee seera yakkaa biyya keenyaan haguuggii seera argatan qabatama dhimmootaa waliin walcinaa qabuun kutaa itti aanan keessatti kan xiinxalaman ta'u. Inni jalqabaa gochaa yakka yaalii ajjeechaa haala tumaa seera yakkaa keewwata 539 jalatti ibsameen miidhamaa dhuunfaa irratti kan raawwatu yommuu ta'u; inni lammaffaan immoo gochaa yakka yaalii ajjeechaa idilee haala tumaa seera yakkaa keewwata 540 jalatti ibsameen kana raawwatuudha.¹³¹

5.1.4.1. Yakka Yaalii Ajjeechaa Cimaa

Yakki yaalii ajjeechaa cimaa biyya Ameerikaatti yookiin Mootummoota Naannoolee biyyichaa keessatti 'First Degree Murder' ykn Ajjeechaa Sadarkaa Duraa ykn Suukkaneessaa jedhamuun kan beekamuu yommuu ta'uu; haalli raawwii yakkaa kanaas himatamaan yakkaa gochicha kan raawwatu dursee itti yaadee karoorsuunifi miidhaafi bu'aa addaan baasee xiinxaluun kan raawwatee ta'uu akka qabu ni ibsa. Yakkichaas akkana jechuun:

“A(II) murder, which shall be perpetrated by means of poison, or by lying in wait or by any other kind of willful, deliberate and premeditated killing, or which shall be committed

¹³¹ Gosoota yakka ajjeechaa lubbuu dhala namaa irratti raawwatamaan haala raawwii gochaa yakkaafi cimina yakkichaa akkasumaas ka'umsaa yaada raawwii gochaa yakkaa kanneen bu'uura godhachuun bakka sadiitti qooduun ilaaluun ni danda'ama. Isaanis gochaa yakkaa ajjeechaa lubbuu namaa cimaa haala tumaa seerichaa keewwata 539 jallatti ibsameen raawwatamu, gocha yakka ajjeechaa idilee haala tumaa seera yakkaa keewwata 540 jalatti hammatameen raawwatuufi yakka ajjeechaa namaa salphaa haala keewwattoota itti aanan jalatti ibsamaniin raawwatamaniti. ,

in the perpetration or attempt to perpetrate any arson, rape, robbery, or burglary shall be deemed murder of the first degree...”¹³²hiika kenneera.

Hiikaan kunis gochi yakka ajjeechaa cimaa qophii taasisuunifi karoorsuun fedhii guutuun kan raawwatamu akka ta’e agarsiisa. Kana malees yakkoonni kan akka gubiinsa ibiddaa geessisuun nama ajjeesuuf yookiin ajjeesuuf yaaluu, yakka dirqiin gudeeduu miidhaa olaanaa du’a hordofsiisee yookiin yaalii ajjeechaa of keessaa qabu raawwachuu, gochaa yakkaa saamichaa raawwachuuf miidhamaa ajjeesuu yookiin ajjeesuuf yaaluu akkasumaas gochaa hanna raawwachuuf mana cabsuun miidhamaa ajjeesuu yookiin ajjeesuuf yaaluun gocha yakka ajjeechaa cimaa yookiin yaalii ajjeechaa cimaan kan gaafachisu ta’uu ni addeessa.

Akka biyya keenyaatti yakki yaalii ajjeechaa cimaa haala tumaa seera yakkaa keewwata 539 jalatti ibsameen kan yaalamee ta’uu akka qabu tumaa keewwata kanaa fi tumaa keewwata yakka yaalii waliin dubbisuun dirqama. Hubannoof akka toluuf keewwata seera yakkaa Itiyoophiyaa bara 1996 bahe, keewwata 539 hiika Afaan Oromoo irraa fudhatame ilaaluun gaarii ta’a.

Keewwata 539 Ajjeechaa Namaa Cimaa ta’e

1. Namni kamiyyuu:

- (a) Nama ajjeesuuf yaanni yookiin sababni inni duraan qabu, haalli ajjeechaa yookiin ajjeechaan itti raawwatame, sababni waliigalaa adabbii cimsu /keewwata 84/ yookiin sababni biroo /keewwata 86/ yommu ilaalamu ajjeesaan keessumattuu garajabeessa, suukanneessaa, yookiin balaafamaa ta’uu isaa haala ibsuun; yookiin
- (b) Miseensa garee wanbadee nama ajjeesuuf yookiin yakka wanbadummaa raawwachuuf gurmaa’ee ta’uun; yookiin
- (c) Yakka biroo raawwachuuf akka isaaf mijaawuuf yookiin yakki raawwatame akka hin beekanne taasisuuf jecha;

itti yaadee kan nama ajjeese yoo ta’e; hidhaa cimaa umurii guutuun yookiin du’aan ni adabama.

¹³² Frank A. Schubert, Criminal Law, The Basics, Northeastern University, Emeritus, Los Angeles, California, USA, 2004, fuula 245.

Yakki yaalii ajjeechaa cimaan haala tumaa seera yakkaa keewwata 539 jalatti tarreeffameen kan raawwatamee yoo ta'ee, himannaanis tumaa seera yakkaa keewwata 27(1)fi 539 waliitti hidhuun, firiiwwan ijoo keewwaticha kutaa xiqqaalee jalatti ibsamaa keessaa qabatamaan himatamaan gocha inni raawwatee haala ifa ta'een hammachisuun dhiyyeessuun dirqama. As irratti Abbaan Alangaa haala raawwii gochaafi meeshaa yookiin tooftaa gochaan yakkaa ittiin raawwatee akkuma jiruutti ta'ee, yaadni yookiin sababni himatamaan yakkaa kana raawwachuuf duraan qabu, haalli yaaliin ajjeecha kun itti raawwatamee sababoota waliigalaa adabbii cimsaan kanneen tumaalee seera yakkaa keewwatoota 84 yookiin 86 jalatti ibsamaaniifi himatamaan gochicha haala garaajabeenyummaa, suukkanneessaafi balaafamaa ta'een kan raawwatee ta'uu isaa ibsuu qaba. Dabalataan gochaan yakkaa haalota tumaa seera yakkaa keewwata 539(1, B, C)fi (2) jalatti ibsameen kan raawwatamee yoo ta'e, himanni dhiyatuus haala qabxiwwaan ijoo kanneen hammateen dhiyaachuu qaba. Ragaaleen firiiwwan dubbii kana hubachisaanis akkaatumaa haala isaatti waliin dhiyaachuu qabu.

Dhimma kanaan walqabatee rakkoo ijoo raawwii hojii keessatti qabataman mul'atan, ogeeyyiin qaamolee haqaa sadarkaa himanna hundeessuu irraa eegalee hanga murtiin kennamutii haalota yookiin ulaagaawwan tumaa seera yakkaa kana jalatti hammataman addaan baasuun sirnaan hubachuu dhabuudha. Kanaaf ulaagaalee kanneen tokko tokkoon addaan baasuun kaa'uun barbaachisaadha. Ulaagaaleen kanneenis:

- Raawwataan gocha yakka yaalii ajjeechaa cimaa raawwachuuf dursee itti yaaduun (premeditation) gochicha haala garaajabeenyummaa of keessaa qabuun, karaa suukanneessaa ta'een yookiin haala balaafamaa ta'een raawwachu qaba. Kunis yakkamtichi gochicha dursee karoofachuun, haalota raawwiif tolan mijeeffachuun, iddoo filachuun meeshaalee barbaachisoo ta'an qopheeffachuun, walumaagalaatti haalota galma gahiinsa yakkichaaf murteessoodha jedhu dursee itti yaaduun qophii gochuun kan raawwatu akka ta'ee hubachuun ni danda'ama.
- Yaadni yookiin sababni raawwatan gocha yakkaa kun miidhama kana ajjeesuuf inni duran qabu (motives) gochicha akka raawwatu kan isa taassisee yookiin kakaase ta'ee gochichaas haala garaajabeenyummaa of keessaa qabuun, karaa suukanneessaa ta'een yookiin haala balaafamaa ta'een raawwachu qaba. Yaadni yookiin sababani kunis akkuma haala dhimmichaatti ilaalamu qaba. Fakkeenyaaf raawwatan miidhamicha

ajjeesuun faayidaa argachuu barabaadu qabaachu mala. Kun yaada inni itti ajjeesuuf ka'e nama hubachisa. Kana malees waliitti bu'iinsa yookiin jibbaa kanaan dura miidhamaa waliin qabu haaloo qabachuun gochaa raawwachuu danda'a. kanaaf yaadni yookiin sababni gochi yakkaa kun itti raawwate haala raawwii gochichaa irraa ka'uun akkuma haala isaatti hubachuun barbaachisaadha.

- Meeshaan gocha yakkaa raawwachuuf himatamaan fayyadame (weapon) kan du'a geessisuu danda'u ta'ee meeshaa balaafamaa ta'uu akka qabu agarsiisa. Meeshaaleen kunneenis meeshaalee waraanaa kan akka boombii, qawwee, albee yookiin meeshaalee balaafamoo ta'an kamuu kan fayyadamee ta'ee; gochicha haala suukkanneessaa yookiin garajabeenyummaa of keessaa qabuun kan raawwate ta'uu qaba.
- Malli yookiin tooftaan (means) gochaan yakkaa kun ittiin raawwatame haala sukkaneessaan, garajabeenyummaa of keessaa qabuun yookiin mala balaafamaa ta'een raawwachuu qaba. Fakkeenyaaf miidhamaatti mana duubaan cufuun ibiddaan gubani ajjeesuu, keemikaalota kanneen akka asiidii yookiin beezii gubaatii qaamaa hamaa geessisan fayyadamuu fi kkf ta'uu danda'u.
- Haalli gocha ajjeechaa yakkaa kun itti raawwatamees haala suukkanneessaa yookiin garajabeenyummaa of keessa qabuun ta'u qaba. Haalli kunis yeroo gochaan raawwatamu yookiin ergi gochi raawwateen boodas tarkaanfiiwwaan garajabeenyummaa akkasumaas hammeenyummaa himatamichaa agarsiisan irraa hubachuun barbaachisaadha.
- Inni biraan gochi yakkaa kun haalota waliigalaa yookiin sababa addaa adabbii cimsaan (seera yakkaa keewwata 84 yookiin 86) haala of keessatti hammateen kan raawwatame ta'uu akka qabu seerichi ni tuma.

Bu'uuruma kanaan Abbaan Alangaa ulaagaalee yakkicha hundeessaan keessaa tokko qabiyyee himatichaa taasisuun dhiyeessu qaba. Haaluma kanaan ragaaleen gama Abbaa Alangaan dhiyaatanis gochaan yakkaa haala himannaa dhiyaateen kan hubachisan yoo ta'e, Manneen Murtii sadarkaan jiraanis bu'uura himata dhiyyateen murtii balleessummaafi adabbii kennuu qabu. Dhimmi ijoo kana irratti manneen murtii xiyyeeffannaan ilaaluu qaban inni guddaan gochaan himatamaan kun raawwatee haala firiwwan dubbii tumaa seera yakkaa himannaan ittiin dhiyyateen gochaa yakkaa raawwachuu isaatiif ragaan haala gahaafi amansiisaan hubachiseera? kan jedhuudha. Deebiin as irratti kennamu eeyyee kan jedhu yoo ta'ee, hanga himatamaan yakkaa mirga ragaa ittisaa qabuutti fayyadamee ofirraa hin ittisneetti murtiin balleessummaa

gochaa yakka yaalii ajjeechaa cimaa raawwachuun kan kennamu ta'a. Adabbiinis keewwata murtiin balleessummaa ittiin kenname jalatti haala qajeeltoo adabbii yakka yaaliitiin murtaa'u qaba.

Haa ta'u malee ulaagaawwan tumaa seera yakkaa keewwata 539(1, A) hundeessuuf tarreeffamaan ilaalchisee ogeessota seera bira yaada lamatu jira. Yaadni garee Iffaan qabxiiwwaan yookiin ulaagaaleen keewwaticha jalatti tarreeffamaan tokko isa biroo irratti kan hirkataan waan ta'aniif waliin guutamuu qabu jedhu. Ulaagaalee kanneen keessa tokko kan hanqate yoo ta'e haallan gochaa yakkaa kana hundeessaan ulaagaaleen kunneen waan hin guutaminiif murteen balleessummaa tumaa keewwata seera yakkaa kana jalatti kennamuu hin qabu jechuun yaada isaanii tarkaanfachisu.

Dhimma kana ilaalchisee warri gartuu yaada 2ffaa immoo ulaagaalee tarreeffamaan keessaa tokko guutamee kan argamee yoo ta'e, himatamaan yakkaa kun gochaa yakkaa ajjeechaa yookiin yaalii ajjeechaa cimaa balleessaa ta'uu akka qabu irratti waliigalu. Akka yaada garee kanaatti gochaa yakkaa yaalii ajjeechaa cimaa raawwachuuf, himatamaan yakkaa kun, miidhamaa dhuunfaa ajjeesuuf yaadni yookiin sababni inni qabu of danda'ee qabxii ilaalamuu qabuudha. Kunis himatamaan gochaa yakkaa kana raawwachuuf kaayyoo galmaan gahuuf yaade yookiin gama haaloo qabaachuun miidhamicha bifa garajabeenya of keessaa qabuun, haala suukanneessaa yookiin balaafamaa ta'een ajjeesuuf kan yaalee ta'uu akka qabu ibsu.

Garaagarummaa hubannoo ogeessota seeraa sadarkaan jiran bira jiru dhipheessuuf ulaagaalee tumaa seera yakkaa keewwata 539(1, A) hundeessan gadi qabani ilaaluunifi hubachuun baay'ee barbaachisaadha. Keessumattuu jechootafi qabiyyee keewwaticha keessatti ibsaman sirnaan hiikaafi ibsama isaa waliin beekuu barbaachisa. Raawwatan gocha yakkaa yakkicha keessuma kan raawwate bifa garajabeessa (cruel), suukanneessaa (abominable) yookiin balaafamaa (dangerous) ta'een ta'uu qaba.

Jechi garajabeessa (cruel) jedhu hiikni gama kuusaa jechoota seeraan kenname "the deliberate and malicious infliction of mental or physical pain upon person or animal. As applies to people abusive, outrageous or inhumane treatment that results in the wanton and unnecessary infliction

of suffering upon the body or mind.”¹³³ Akka hiika kana irraa hubatamutti, gochi kun beekumsa guutuutiin itti yaadamuun kan raawwatamu yommuu ta’u, innis miidhaa yookiin dhukkubbii hamaa ta’e kan sammuu yookiin qaama namaa irraan geessisu akka ta’e ibsa. Dhukkubbiin kunis miiraa qaamaa namaa irratti dhukkubbii hamaa, haala baratama irraa adda ta’eefi karaa faallaa namummaa ta’een kan raawwatamudha. Kana malees gochichi haala suukanneessaan kan raawwatamu bifa jibbiisisaa, baay’ee gadhee ta’een akkasumaas haala hammeenyummaa of keessaa qabuun kan raawwatamu ta’a. Inni biraan gochi kun haala balaafamaa ta’een raawwachuu akka danda’u ni agarsiisa. Gochaalee kanneen garajabeessa, suukanneessaafi balaafamaa jedhaman akkaataa haala qabatamaa hawaasaa, aadaa, duudhaa, safuufi baratama irratti hundaa’uun kan hubatamaniidha. Walumaagalatti haalli raawwii gocha yakkaa kun dursee karoorfamuu, yaada yookiin sababa gochicha akka raawwatuuf isa taasisuu qabaachuun, meeshaa waraanaa, mala (tooftaa), haalli raawwii ajjeechaa yookiin haalota waliigalaa yookiin addaa adabbii cimsaaniin yommuu ilaalamu gochicha haala garajabeenyummaa, suukanneessaa yookiin balaafamaa ta’een kan raawwatamu ta’uu akka qabu ni agarsiisa.

Gama biraan gochaan yakka ajjeechaa miseensa garee wanbadee nama ajjeesuuf yookiin yakkaa wanbadummaa raawwachuuf gurmaa’aniin kan raawwatame yoo ta’e; gochi yakka ajjeechaa haala akkasii keessatti raawwatamuus gochaa yakkaa ajjeechaa lubbuu namaa cimaan kan gaafachisu ta’a.¹³⁴ Kana malees gochaan yakka yaalii ajjeechaa yakka biroo raawwachuuf akka mijaawuuf yookiin yakki raawwatamee ture akka hin beekamne taasisuuf jecha itti yaaduun nama ajjeesuuf kan yaale yoo ta’e, yakkichi gochaa yakka yaalii ajjeechaa cimaan kan himachisuufi itti gaafatamummaa yakkaa kan hordofsiisu ta’uu seera yakkaa keenya waliin dubbisuun hubatamuu qaba.¹³⁵

Qabatamaan gochaawwan yakkaa yaalii ajjeechaa cimaa lubbuu namoota hedduu irratti kan raawwatamaan ta’uu ni beekama. Kunis dhimmoota qabatamaan yeroo adda addaa manneen murtiitti dhiyaachuun murtii argatan irraa hubachuun ni danda’ama. Gochaawwan yakkaa

¹³³ Toora weebaayiti <https://legal-dictionary.thefreedictionary.com/cruelty>, akka gaafa January 26, 2019 ilaalameetti.

¹³⁴ Seera yakkaa, keewwata 539(1,B)

¹³⁵ Seera yakkaa keewwata 27(1)fi 539(1, C) waliin dubbisuun ilaala.

kunneen miidhaawwan kana hin jedhamnee qaamaafi fayyaa namootaa akkasumaas dhiibbaawwan xinsammuu yeroo irraan geessisaan qabatamaan hawaasaa keessatti ni mul'ata. Haa ta'u malee gochaawwan yakkaa yaalii ajjeechaa cimaa ilaalchisee himannaafi murtiin balleessummaa qabatamaan kennamaa jiran, qaamolee haqaa biratti garaagarummaa hubannoo kan jiru ta'uu murtiilee kennaman irraa hubachuun ni jira. Qabxiilee kana qabatamaan gabbisuuf xiinxala dhimmoota armaan gadiitti jiran haa ilaallu. Xiinxalli kun galmee yakka ajjeechaa cimaa ta'ee irratti taassisuun kan barbaachiseef, ulaagaaleen tumaa seerichaa hubdeessaan hubachuuf akka toluuf ta'uu isaa beekamu qaba.

Dhimma Mana Murtii Waliigalaa Feederaalaa, Dhaddachaa Ijibbaataan Galmee lakk.45927¹³⁶ (Dhimma 22ffaa) murtii argate kana akka fakkeenyaatti kaasuun haa ilaallu. Dhimma ijibbaataa kanaaf ka'umsa kan ta'e, himata Abbaan alangaa Godinaa, Mana Murtii Olaanaa Godina Wallaggaa Bahaatti waamamaa ammaa irratti dhiyyeesseen, Waamamaan seera yakkaa bara 1996 bahe, keewwata 539(1A) irra darbuudhaan nama ajjeesuuf itti yaaduun, **miidhamtuu dhuunfaa jaalallee isaa kan turtee waan isaatti heerumuu diddeef haaloo qabachuun** erga guyyaa lamaaf Hoteelaa keessa waliin bulee booda ganama barii ka'uun cuubeedhaan garaa isheerraa iddoo tokko waraanuun, sarbaa miila bitaas bakka lama waraanuun haala suukanneessaan waan ajjeeseef, yakka ajjeechaa cimaa raawwachuun himatameera kan jedhu yommuu ta'u, manni murtii olaanaa Godinichaas ragaalee ittisaa waamamaa kufaa gochuun, murtii balleessummaa ilaalchisee waamamaan **bu'uura himata dhiyaateen haalota ulaagaalee tumaa keewwatachaa hundeessaan guutuun waan hin mirkanoofneef jechuun** himata dhiyaatee bu'uura seera deemsa falmii yakkaa keewwata 113(2)tiin gara tumaa seera yakkaa keewwata 540 jijjiiruun murtii balleessummaa adabbii hidhaa cimaa waggaa kudha afurii (14) waliin murteesseera.

Abbaan Alangaas murtii Mana murtii kana komachuun mana Murtii Waliigalaafi Ijibbaataa Oromiyaatti komiifi iyyata isaa kan dhiyeefate yommuu ta'u, Dhaddachaaleen lameenuu murtiin

¹³⁶ Dhimmi kun dhimma himata yakkaa Abbaa Alangaa Naannoo Oromiyaa fi Waamamaa Masaraat Mokonnaan gidduu ture, Mana Murtii Waliigalaa Feederaalaa, Dhaddachaa Ijibbaataan Galmee lakk.45927 keessatti dhaddacha gaafa Sadaasa 13, 2000, ooleen dhimma murtii argateedha.

mana murtii olaanaa hanqina hin qabu jechuun murtii jalaa cimsaniiru. Egaa Abbaan Alangaa Naannoos murtiin mana murtiin kenname kun dogoggoora bu'uuraa seeraa qaba jechuun iyyata isaa Mana Murtii Waliigalaa Federaalaa Dhaddacha Ijibbaatatiif dhiyeesse. Manni Murtii Waliigalaa Federaalaa Dhaddacha Ijibbaataas dhimmichi dogoggoora bu'uuraa seeraa qabaachuu waan hubateef, falmii bitaafi mirgaa erga dhagaheen booda, komii dhiyaate bu'uura seeraan walcinaa qabuun xiinxaleen booda, **keessumaa ulaagaawwaan tumaa seera yakkaa keewwata 539(1A) hundeessaan keessaa himatamaan dursee itti yaaduuniifi qophii taasisuun yookiin haalota adabbii cimsaan seera yakkaa keewwata 84 yookiin keewwata 86 jalatti tarreefamaniin ta'ee haala garajabeenyummaa, suukanneessaafi balaafamaan gochichaa kan raawwate ta'uu akka qabu kaasuun ibseera. Qabxiwwan kunis of danda'uun kan dhaabbataan akka ta'ee dabalataan ibseera.**

Dhimma kanaas ilaalchisee Waamamaan gochaa yakkaa kan raawwate, jaalallee isaa kan turte maallaqa ofiin erga barsiiseen booda waan sitti hin heerumu jetteef, haaloo qabachuun, erga Hoteela waliin bulee booda cuubeedhaan deddeebisee waraanuun akka du'aaf saaxilamte ragaan mirkaneesseera. Waamamaan **gochaa kana kan raawwate dursee haaloo qabachuun, itti yaaduufi qophaa'uun kan raawwate ta'uu ni agarsiisa jechuun murtii manneen murtii jalaa diiguun, Waamamaa tumaa seeraa yakkaa keewwata 539(1A) jalatti balleessa taasisuun,** hidhaa cimaa waggaa digdamaan (20) akka adabamu murteesseera.

Dhimma kana keessatti himannaan gama Abbaa Alangaan dhiyaate gochaan waamamaan raawwate ulaagaa tumaa keewwata seera yakkaa 539(1, A) hundeessaan keessaa haaloo qabachuun gocha yakka kana raawwachuu isaa hammachiisuun sirriidha. Haa ta'u malee gama Abbaa Alangaan qabxiin ragaadhaan hin hubachiifamnee gochicha haala suukanneessaan raawwachuu wanti hubachisu hin jiru. Ragaan firii dubbii kana mirkaneessuus hin dhiyaanne. Qabatamaan gochaan miidhamaan raawwatees cuubeedhaan garaa miidhamtuu altokko waraanuu, akkasumaas miilla sarbaa bitaa bakka lama waraanuu agarsiisa. Haalli kun immoo suukanneessaa waan jechisiisu hin fakkaatu. Haa ta'u malee waamamaan gochicha jaalallee isaa kan taate irratti gocha kana raawwachuun isaa garajabeenyummaa isaa agarsiisa. Haalli kun qabiyyee himannaa keessatti caqafamuu qaba ture.

Gama biraan Manneen Murtii Naannoo keenyaa (Oromiyaa) sadarkaan jiran ulaagaaleen tumaa keewwaticha (seera yakkaa keewwata 539(1, A)) hundeessan guutuun waan hin mirkanoofneef

jechuun murtii balleessummaa keewwata seera yakkaa ajjeechaa idilee jalatti jijjiiruuni fi sadarkaa oliyyannoottis murticha cimsuun, yaada gartuu 1ffaa waan tarkaanfachisaan fakkaatu. Sababiin ulaagaaleen kun waliin guutamuu qabu ejjennoo jedhu waan calaqqisiisaniidha. Haa ta'u malee akkuma ejjennoo yaada gartuu 2ffaa fi murtii Mana Murtii Ijibbaataa kana irraa hubatamuutti ulaagaaleen kunneen tokkoon tokkoo isaanii of danda'uun kan dhaabbataan waan ta'aniif, yakkoota ajjeechaa cimaas ta'ee yaaliin ajjeechaa cimaa ulaagaalee tumaa seera yakkaa keewwata 539(1, A) hundeessaan keessa tokko yookiin tokkoo ol bifa agarsiisuun kan raawwatame yoo ta'e, murtiin balleessummaafi adabbiinis keewwatuma kana jalatti kennamuu qaba.

Dhimmi kun dhimma Manni Murtii Olaanaa Godina Jimmaa, Galmee Lakk.36921¹³⁷ (Dhimma 23ffaa) ta'e irratti ilaalee murteesse dha. Dhimma kana keessatti Abbaan Alangaa Godinaa, himatamaan Maashar Daallee seera yakkaa keewwatoota **27(1)fi 539(1)(A)** darbuun nama ajjeesuuf yaadee gaafa 06/09/2008 guyyaa keessaa tilmaamaan sa'aatii 4:30 irratti Godina Jimmaa, Aanaa Sigimoo, Magaalaa Sigimoo bakka Darra'oo jedhamee waamamuutti miidhamaa dhuunfaa Nizaamuu Abbaa Fiixaa jedhamutti dhimma daangaa lafaa irratti armaan dura miidhamaan kun himatamaa kana irratti eeruu yakkaa dhiyyeessee aanaa Sigimootti adabsiisee ture haaloo qabachuudhaan gajaraa yookiin shattaadhaan mataa gara mirgaa irra rukutee miidhaa cimaa irraan gahuun yakka yaalii ajjeechaa cimaa raawwateera jechuun Mana Murtii Olaanaa dhimmicha ilaaluuf aangoo qabuutti himata isaa dhiyeeffateera.

Manni Murtii kunis himannaa dhiyaate kana simachuun falmii ragaa bitaafi mirgaa erga dhagaheen booda, ragaan himatamaa irraa hin ittisnee jechuun ragaa ittisaa kufaa erga godheen booda, gochaan himatamaan raawwate kunis yeroo ilaalamu himatamaan gochaa kana kan raawwate gajaraa mukti ittiin muramuun ta'uu isaa, sababa kanaanis qaamni miidhamaa garri caaluu kan hin hojjennee ta'uu (parseentaa 75 ol hojii kan dhaabee ta'uu ragaan mana yaalaa Hospitaalaa Ispeeshaalayizdii Yuuniveersiitii Jimmaa irraa dhiyaate akka agarsiisuufi qabatamaan miidhamaanis dhaddacharratti qaamaan dhiyaatee of danda'ee kan hin sochooneefi arrabni isaas dubbachuuf kan rakkisuu ta'uun mirkanaa'eera) akkasumaas gochaa kanaas immoo

¹³⁷ Himata falmii Yakkaa Abbaa Alangaa Godina Jimmaafi Himatamaa Maashar Daallee, Mana Murtii Olaanaa Godina Jimmaa, Galmee Lakk.36921 ta'e irratti dhaddacha gaafa 23/03/2009 ooleen dhimma murtii argateedha.

kan raawwate haaloo qabachuudhaan ta'uu isaa yeroo ilaalamu, miidhamaan yaalumsa godhameen lubbuun isaa kan hafe yoo ta'e illee himatamaan garajabeenyummaafi hammeenyummaan gochaa kana miidhamaa irratti kan raawwate ta'uu kan agarsiisuudha jechuun Manni Murtichaa himatamaan garajabeenyummaafi hammeenyummaan lubbuu miidhamaa balleessuuf yaadee gajaraan mataa miidhamaa irra rukutuun yakka yaalii ajjeechaa cimaa raawwachuu isaatiin keewwata seera ittiin himatame, jalatti sagalee guutuudhaan murtii balleessummaa kennuun, adabbii hidhaa cimaa waggaa kudha saddeetiin (18) adabeera.

Dhimma kana keessatti akkuma himannaa dhiyaateerraa hubatamu, gochi yakkaa kun kan raawwatame haaloo qabachuun, meeshaa balaafamaa ta'e gajaraan fayyadamuun isaa ulaagaalee keewwaticha hundeessan keessaa lama waliin kan guutamanidha. Kanaaf himanni kun haala kanaan dhiyaachuun isaa rogummaa kan qabuudha. As irratti qabiyyeen himannaa Abbaa Alangaa qabxii lammaffaa ilaachisee meeshaa balaafamaan gochaan raawwachuu haala ifa ta'een hin ibsine. Gama biraan murtiin gama Mana Murtiin kennamees ulaagaawwaan tumaa keewwatichaa hundeessan keessaa gochaan haaloo qabachuun kan raawwate ta'uu akkasumaas meeshaan gochaan yakkaa kun ittiin raawwatamee meeshaa balaafamaa ta'e gajaraa kan mukti ittiin muramu fayyadamuun haala garajabeenyummaafi hammeenyummaa of keessa qabuun gochi yakka yaalii ajjeechaa cimaa raawwatamu waan agarsiisuuf keewwtuma kana jalatti murtii balleessummaafi adabbii kennuun isaa dhama qabeessaadha. Kanaafuu akka dhimma kana irra hubatamuutti ulaagaaleen tumaa keewwata seera yakkaa 539(1, A) hundeessaan keessaa tokko jiraachuun gahaa akka ta'eefi ulaagaan kunis of danda'uun kan dhaabbatu ta'uu isaa hubatamu qaba.

Gaaffiilee Marii

- a. Waa'ee ulaagaawwan tumaa seera yakkaa keewwata 539(1, A) jalatti tarreeffamaan ilaalchisuun ogeessonni seeraa garee lffaan himatamaan yakkaa, gochaa yakkaa ajjeechaa yookiin yaalii ajjeechaa bu'uura tumaa keewwatichaan balleessaa jedhamuuf ulaagaaleen kun waliin guutamu qabu yoo jedhan gartuun 2ffaan immoo ulaagaaleen kun tokkoon tokkoo isaanii of danda'uun waan dhaabbataniif, ulaagaan tumaa keewwatichaa hundeessaan keessaa tokko guutuun gahaadha jedhu. Isin Yaada gartuu kamii deeggartuu? Yaada keessan sababa waliin ibsaa.

- b. Xiinxala dhimmaa 22ffaa kana ilaalchisuun murtii mana murtii isa kamtuu sirriidha? Maaliif? Gochaan armaan duraa kun akka carraa ta'ee otuu miidhamtuun kan lubbuun oolte ta'ee gochaa yakkaa yaalii ajjeechaa isa kamiin gaafachisa?
- c. Xiinxala dhimmaa 23ffaa ilaalchisuun murtiin Mana Murtii Olaanaan kenname kun ulaagaawwaan tumaa seera yakkaa keewwata 539 (1) (A) hundeessuuf teessifamaan keessa qabxii isa kam kan guute isinitti fakkaata?
- d. Dhimma 23ffaa, akka Manni Murtii Olaanaa kun ibseetti, **himatamaan gajaraa mukti ittiin muramuun mataa miidhamaa keessa yeroo tokko rukutuun miidhaa cimaa irraan gahuun isaa garajabeenyummaafi hammeenyummaa** isaa kan ibsuu jettu? Maaliif?
- e. Himatamaan gochaa yakkaa kana kan raawwatee haala Xiinxala dhimmaa 23ffaa kana keessatti ibsameen ta'ee, **kanaan dura haaloo yookiin waldhabdee wayituu kan hin qabne yoo ta'ee**, himannaa yakkaa bu'uura tumaa seera yakkaa keewwattoota kamiin dhiyyatee murtiin balleessummaa kannamuu qaba jettu? Sababa waliin kaasuun yaada keessaan ibsaa.
- f. Namoonni gochaa yakkaa raawwatan yeroo baay'ee ragaa balleessuf akka toluuf jecha gochaawwan biroo yommuu raawwatan mul'ata. Akka fakkeeniyatti yoo kaasne erga miidhamaa dhuunfaa ajjeesani booda, boolla qotuun reeffa isaa awwaaluu, bakka namni arguu hin dandeenyeetti gatuu yookiin dhoksuun ni mul'ata. Kunis reeffa miidhamaa hallayyaatti darbuu, akka bineensi nyaatuuf bosonaatti gatuu, bishaan keessatti gatuu fi gochaa kkf ni raawwatu. Haaluma walfakkaatuun himatamaan yakkaa tokko miidhamaa dhuunfaa ajjeesuuf rasaasaa tokkoon miidhamaa rukutuun erga kuffisee miidhamaanis waan of wallaaleef waan du'e itti fakkaatee qaama isaa qabuun, lafa dhagaafi qoree irra harkisuun bosonaatti gatee kan miliqeeffi miidhamaan akka tasaa namoonni bosona keessa turaan arguun lubbuun isaa waan keessaa hin baaneef gara mana yaalaatti geessuun lubbuun akka ooluu kan taasisaan yoo ta'e, himatamaan yakkaa kun gochaa yakkaa yaalii ajjeechaa keewwata kam jalatti himatamuu qaba jettu? Maaliif?

5.1.4.2. Yakka Yaalii Ajjeechaa Idilee¹³⁸

Yakka ajjeechaa idilees ta'ee yaalii ajjeechaa isaaf, seerri yakkaa biyya keenyaa hiikkaan kallattiin kenneef hin jiru. Haa ta'u malee maalummaafi hiikkaa yakka kanneenii ilaalchisee seerichi bifa birqabaan ibsuuf yaaleera. Kunis “ *namni kamiyyuu gochaa yakkaa ajjeecha haala tumaa seera yakkaa keewwata 539 jalatti ibsameen cimaa yookiin akkaataa keewwattoota 541fi itti aananii jiran jalatti ibsameen salphaa haala hin taaneen itti yaadee nama biroo kan ajjeese yookiin ajjeesuuf kan yaalee yoo ta'e;*” gochaan yakkaa haala kanaan itti yaadamuun raawwatamu kun gochaa yakka ajjeechaa namaa idilee (dasiiba) yookiin yaalii ajjeechaa namaa idilee akka ta'ee hubachuun ni danda'ama.¹³⁹ Keewwata tumaa seera yakkaa ajjeechaa namaa idilee kallaattiin yookiin irra keessoo ilaaluun wanti hubatamuu inni biraan gochi yakkaa kun gocha yakkaa itti yaaduun nama seeraan ala ajjeesuu yookiin ajjeesuuf yaaluu akka ta'eedha. Kanaaf gochaan yakkaa yaalii ajjeechaa namaa idilee kun itti yaadamuun karaa seeraan ala ta'een haala tumaa seera yakkaa keewwata 540 jalatti ibsameen kan raawwatamee ta'uu qaba.

Gama biraan gaaragarummaan yakka yaalii ajjeechaa namaa cimaa fi yakka yaalii ajjeechaa namaa idilee, sadarkaa yaada sammuu kan akka dursanii itti yaaduun qophii gahaa taasisuun yookiin yaada sammuu haaloo qabaachuun, haala raawwiifi cimina yakkichaa, kaayyoo yookiin fedhiin dudduuba yookiin fuuldura gochaa kana raawwachuuf himatamaa kana kakaaseen kan addaan bahu ta'a. Kanarraa ka'uun bu'uura seera yakkaa biyya keenyaatiin gochaan yakkaa yaalii ajjeechaa tokko haalli raawwii isaa, malli ittiin raawwatameefi meeshaan ittiin raawwatamee hammeenyummaa himatamaa yakkaa fi cimina yakkichaan yoo madaalamu hawaasa biraatti gochaa suukaneessaa, garaajabeenyummaa yookiin balaafamaa kan of keessaa hin qabne yoo ta'e, gochi kun gochaa yakkaa yaalii ajjeechaa namaa idilee ta'a jechuudha. Gabaabaadhumatti, gochaan yakkaa yaalii ajjeechaa idilee akkuma ajjeechaa idilee sababa

¹³⁸ Hiikkaan Afaan Oromoo keewwata seera yakkaa 540f kenname yakka ajjeechaa namaa dasiba ta'e jechuun waan hiikeef, yeroo ammaa kanaas Manneen murtii Naannoo keenyaa sadarkaan jiran jecha 'dasiba' jedhuun bakka buusuun fayyadamu kan eegalan ta'uun beekamu qaba.

¹³⁹ Seera yakkaa keewwata 540 fi 27(1) waliin dubbisuun maalummaafi hiikkaa yakka yaalii ajjeechaa karaa birqaba ta'een kennuun akka danda'amu agarsiisa.

ka'umsa gochaa yakkaa, haala cimina yakkichaafi itti fayyadama meeshaalee yookiin tooftaalee himatamaa yakkaa madaalli keessa galchuun kan ibsamuudha.¹⁴⁰

Haaluma kanaan yakki yaalii ajjeechaa idilee haala tumaa seera yakkaa keewwata 540 jalatti ibsameen kan raawwatame yoo ta'e, himannaanis tumaa seera yakkaa keewwata 27(1)fi 540 waliitti hidhuun, firiiwwan ijoo keewwaticha sababa ka'umsa gochaa yakkaa, haala raawwii yakkichaafi meeshaa yookiin tooftaa himatamaan fayyadamuun gochaa yakkaa inni raawwatee haala ifa ta'een hammachisuun dhiyeessuun dirqama.

Qabiyyeeni fi ibsi himatichaa haalota yookiin ulaagaawwan tumaalee keewwatoota yakkaa biroo keessatti hammatamaan tarreessuun himannaa yakkaa yaalii ajjeechaa namaa idilee dhiyeessuu hin qabu. Ragaan firiiwwan dubbii kana hubachisaanis akkaatumaa haala isaatti waliin dhiyaachuu qabu. Bu'uuruma kanaan ragaaleen gama Abbaa Alangaan dhiyyaataan gochaan yakkaa haala himannaa dhiyaateen kan hubachisaan yoo ta'e, himatamaan mirga ragaa ittisaa dhiyeeffachuu seeraan kennameef fayyadamuun ragaa ittisaan kan ofirraa hin ittisne yoo ta'e; Manneen Murtii sadarkaan jiraanis bu'uura himata dhiyaateen murtii balleessummaafi adabbii kennuu qabu.

Haa ta'u malee gochaawwan yakkaa yaalii ajjeechaa namaa idilee gocha yakka yaalii ajjeechaa cimaa irraa addaan baasuun yookiin gochaa yakkaa yaalii ajjeechaa namaa idilee miidhaa qaamaa cimaa irraa addaan baasuun himannaafi murtii balleessummaa adabbii waliin kennuu ilaalchisee qabatama jiru irraa ka'uun, qaamolee haqaa biratti garaagarummaan raawwiifi hanqinni hubannoo kan jiraan ta'uu himannaa dhiyaataniifi murtiilee sadarkaa adda addaatti kennaman irraa hubachuun ni danda'ama.

Dhimma kanaan walqabatee murtii sadarkaa Mana Murtii Ol'aanaa irraa eegaluun sadarkaa Mana Murtii Waliigalaa Oromiyaa, Dhaddacha Ijibbaataatiin kennamee waan jiruuf akka fakkeenyaatti kaasuun hanqinaalee sadarkaan jiran kana qabatama taasisuun gaarii ta'a. Dhimma

¹⁴⁰ Himatamaan yakkaa meeshaa yookiin tooftaa kamiyyuu otuu hin fayyadamiin, meeshaalee yookiin tooftaalee balaafamoo hin taanee fi meeshaalee balaafamoo ta'aan kan akka meeshaa waraanaa yookiin meeshaa qara qabaan yookiin tooftaa balaafamoo ta'ee fayyadamuun gochaa yakkaa yaalii ajjeechaa raawwachuu kan danda'u ta'uun dabalataan Qajeelfama Adabbii Lakk.02/2006 gabatee fuula 41 dubbisuun hubachuun ni danda'ama.

galmee lakk.284960¹⁴¹(dhimma 24ffaa) ta'e irratti ilaalamee murtii argateedha. Ka'umsi falmii kana Mana Murtii Olaanaa Godina Jimmaa yommuu ta'u; Himannaa Abbaan Alangaa godinichaa Waamamaa irratti dhiyyeesseen, seera yakkaa bara 1996 bahe, keewwata 27(1) fi 540 irra darbuun nama ajjeesuuf itti yaadee, Godina Jimmaa Aanaa Shabee Somboo Ganda Haloo Sabbooqaa naannoo waddeeyyii jedhamu keessatti gaafa 01-03-2010 guyyaa keessa tilmaamaan sa'aatii 10:00 irratti miidhamaa dhuunfaa Madaad Abbaa Raayyaa jedhamu, sababa miidhamaan dhimma nageenya irratti eessuma waamamaa waliin waliitti bu'iinsa qabuuf haaloo qabatee cuupheen yookiin billaadhaan cinaacha miidhamaa gara bitaa si'a tokko waraanee ammaas dabalee cinaacha gara mirgaa si'a tokko waraanee miidhaa cimaa irraan gaheen deeggarsa yaalaatiin lubbuun miidhamaa waan ooleef yakka yaalii ajjeechaa idilee raawwateera jechuun himannaan dhiyaatee, Manni Murtii Olaanaa falmii bitaafi mirgaa ragaa waliin madaaluun, gochi waamamaan raawwate yaalii ajjeechaa osoo hin ta'iin gochaa miidhaa qaamaa cimaa raawwachuu kan agarsiisuu waan ta'eef bu'uura seera deemsa falmii yakkaa keewwata 113(2)tiin gara yakka miidhaa qaama cimaa seera yakkaa keewwata 555(c) jalatti jijjiiruun balleessaa jechuun hidha cimaa waggaa sadiitiin adabeera.

Iyyataan gama isaatiin murtii kana komachuun komii isaa Mana Murtii Waliigala Oromiyaa Dhaddacha Dhaabbii Lixaaf kan dhiyeesse yommuu ta'u, manni murtiichaas murtii jalaa waan cimseef, murtii kana irratti qabxii komii waamamaan bu'uura himannaa dhiyaateen gochaan yakkaa raawwatamuu ragaan namaafi barreeffamaa bakka hubachisanii jiranitti manni murtii jalaa keewwata murtii balleessummaa jijjiiruun hiikkoo seera gara malee hiikuun dogoggoora bu'uura seeraa raawwateera jechuun murtii jalaa fooyyeessuun murtii balleessummaafi adabbiin akka kennamuuf gaafateera. Manni Murtii kunis Murtii Manneen Murtii jalaa fooyyeessuun, murtii balleessummaa bu'uura himannaa dhiyaateen seera yakkaa keewwata 27(1) fi 540 jalatti balleessaa taassisuun, waamamaan hidhaa cimaa waggaa torban (7) akka adabamu murteesseera.

Dhaddachi Ijibbaataa sababa murtii Manneen Murtii jalaa jijjiireef yoo ibsu, "Waamamaan meeshaa ajjeesuu danda'u billaa qabatee tureen, iddoo namni waraanaamee du'uu danda'u dugda

¹⁴¹ Himata falmii Yakkaa Galmee Lakk.284960 ta'e irratti, Iyyataa Abbaa Alangaa Naannoofi Waamamaa Ismaa'eel Amiin gidduu tureen, Mana Murtii Waliigalaa Oromiyaa, Dhaddacha Ijibbaataatiin dhimma dhaddacha gaafa 10/03/2011 ooleen murtii argateedha.

jala karaa bitaafi mirgaa waraanee miidhamaan sababa yaalamiinsa cimaa taasifameefiin du'a irraa kan hafe ta'uu mirkana'eera" kan jedhuudha.

Dhimma kana ilaalchisee, xiinxalli Dhaddacha Ijibbaataa qajeeltoo seera yakkaa biyya keenyaan kan wal unatuufi dhama qabeessa ta'uu agarsiisa. Kunis gochaan yakkaa yaalii ajjeechaa raawwatamee jedhame kun haala qajeeltoo seera yakkaa biyya keenyaa keessatti tumameen, akkaataa haala beekamaan (in normal course of things) yookiin adeemsa baratameen gochi himatamaan kun miidhamaa irratti raawwatee ture, of danda'ee bu'aa jedhame, du'a kan argamsiisuu danda'u akka ta'e kan ibsuudha.¹⁴² Hanqinaaleen gama Manneen murtii jalaan mul'atan yoo ilaalluu, bu'uura seeraan meeshaa gochaan yakkaa ittiin raawwatee, qaama miidhamaa iddoon gochaan yakkaa irratti raawwatamee yookiin bakki waraaname sun kan akka salphaatti du'aaf nama geessisuu danda'uu ta'uufi sababiin gochaan yakkaa itti bu'aa barbaadame du'a hordofsiisuu hafeef, deeggarsa yaalaa fayyaa godhameen ta'uu sirnaan madaaluun dhabuu akka ta'ee ni hubatama.

Dhimma kana irratti hanqinni gama Abbaa Alangaan jiru ilaalchisee tumaan seera yakkaa caqafameefi tarreen himannicha keessatti qabiyyeen ibsamaan kan wal hin simne ta'ee mul'ata. Sababiin isaa akkuma tarree himannaa keessaa hubatamuutti waamamaan gochaa yakkichaa kan raawwate, lola eessumaa waamamaafi miidhamaa gidduu jiru sababeeffachuun akka ta'ee fi gochaa yaalii ajjeechaa kanas dursee itti yaaduun meeshaa gochaan yakka ittiin raawwatamees mijeeffachuun gochicha akka raawwate kan ibsu yommuu ta'u, qabiyyeen tarree himannichaas himata yakka yaalii ajjeechaa cimaa tumaa seera yakkaa keewwata 27(1) fi 539(1,A) jalatti bifa hammateen kan dhiyaateedha. Gama biraan gochaan yakkaa dursani itti yaaduun haaloo qabachuun kan raawwatamu ulaagaa yakka yaalii ajjeechaa idilee raawwachuuf tumame miti.

Dhimmaa 25ffaa

Dhimmi kun dhimma himata yakkaa Abbaa Alangaa Naannoo Saba, Sablammootaafi Uummattoota Kibbaa fi Iyyataa Faasil Taammirat gidduu tureen, Mana Murtii Waliigalaa Federaalaa, Dhaddachaa Ijibbaataan Galmee lakk.63727 keessatti dhaddacha gaafa Waxabajjii 13, 2003, ooleen dhimma murtii argateedha.

¹⁴² Seera yakkaa, keewwata 24(1) paragraph 2.

Dhimma ijibbaataa kanaaf ka'umsa kan ta'e, himata Abbaan Alangaa Magaalaa Awaasaa, Mana Murtii Olaanaa Magaalichaatti iyyataa ammaa irratti dhiyyeesseen, iyyataan ammaa(himatamaan jalaa) seera yakkaa bara 1996 bahe, keewwattoota 27(1)fi 539(1, A) irra darbuudhaan gaafa 06-09-2002 halkaan keessaa sa'aatii 4:00 irratti, Magaalaa Awaasaa, kutaa magaalaa Gidduu galeessaa, Hoteela Tsahaay fuldura daandii asphaaltii irratti miidhamaa dhuunfaa Obbo Tasfaa'ab Lattamoo konkoolaataa konkoolaachisuutti dhiyaachuun, hoteela Misiraaq natti agarsiisuu dandeessaa? Jechuun shakkamaa yeroof hin to'atamne waliin ta'uun erga waliin dudubbatanii booda, shakkamaan kun miidhamaan akka ofirraa hin ittisneef dahachuun yoo haala mijeessuu, himatamaan immoo miidhamaa dhuunfaa humnaan morma isarra waraanuuf yoo jedhu, miidhamaanis ofirraa yoo garagalu maddii mirgaa saanjaadhaan waraanuun ilkaan fulduraa 3fi ilkaan gara gadii mangaagaa 5 irraa buqqisuun, gochaa yakka yaalii ajjeechaa cimaa raawwachuun himatameera kan jedhu yommuu ta'u, Manni Murtii Olaanaa Magaalichaas himatamaan jalaa kun ragaa ittisaan waan ofirraa hin ittisneef, ragaalee ittisaa iyyataa ammaa kufaa gochuun, murtii balleessummaa ilaalchisee iyyataan bu'uura himata dhiyaateen kutaa yaadaa gochaa yakkaa yaalii ajjeechaa raawwachuun hin mirkanoofnee jechuun himata dhiyaate bu'uura seera deemsa falmii yakkaa keewwata 113(2)tiin gara tumaa seera yakkaa keewwata 555(A, C)tti jijjiiruun murtii balleessummaa adabbii hidhaa cimaa waggaa saddeeti (8) murteesseera.

Abbaan Alangaas murtii Mana Murtii kana komachuun mana Murtii Waliigalaa Naannichaaf komii isaa kan dhiyeefate yommuu ta'u, Manni Murtii Waliigalaa Naannichaas dhimmicha simachuun bitaafi mirgaan erga falmisiiseen booda, murtii mana Murtii jalaa fooyyeessuun, himatamaa jalaa tumaa seera yakkaa keewwattoota 27(1)fi 540 gochaa yakkaa yaalii ajjeechaa namaa idileen balleessaa taasisuun hidhaa cimaa waggaa kudha lamaan (12) akka adabamu murteesseera. Iyyataan ammaa kunis murtiin mana murtiin kennamee kun dogoggoora bu'uuraa seeraa qaba jechuun iyyata isaa Mana Murtii Waliigalaa Naannichaa Dhaddacha Ijibbaatiif kan dhiyeesse yoo ta'u, Dhaddachi kunis Murtiin Mana Murtii Waliigalaa Naannichaa hanqina hin qabu jechuun waan cimseef, murtiin Manneen Murtii jalaa dogoggoora bu'uura seeraa qaba jechuun komii isaa Mana Murtii Waliigalaa Federaalaa Dhaddacha Ijibbaatiif komii isaa dhiyeesseera. Manni Murtii Waliigalaa Federaalaa Dhaddacha Ijibbaataas ijoo dubbii Iyyataan gochaa yakkaa miidhaa qaamaa cimaa moo gochaa yakkaa yaalii ajjeechaa namaa idileen balleessaa ta'uu qaba? jedhu qabachuun xiinxala dhimmicha irratti taasisseera. Haala kanaan,

sababni Manni Murtii Olaanaa gochaa yakkaa kana gara tumaa seera yakkaa keewwata 555 (A, C)tti jijjiireef, “dhugumaan himatamaan kun otuu yaada ajjeechaa qabatee waan yaade kana galmaan gahuuf, miidhamaa deddeebisee waraanuu waan isa dhorke hin jiru” jechuun akka ta’e ibsuun gama Mana Murtii Waliigalaa Naannichaan immoo sababni ibsame, “himatamaan Saanjaa qabatee tureen morma miidhamaa waraanuuf kan gadi itti lakkiseefi miidhamaan akka tasaa waan jalaa garagaleef maddii (mangaagaa) waraanuun saanjicha keessatti sochoosuun ilkaan 8 akka irraa buqqiseefi haala duraan akkuma saanjaa itti lakkiseen morma miidhamaa otuu waraaneera ta’e carraan lubbuun ooluu miidhamaa dhiphaadha” jechuun himatamaa jalaa tumaa seera yakkaa keewwattoota 27(1)fi 540 jalatti balleessaa akka taasise addeesseera.

Dhaddachi Ijibbaataa kunis gochaan yakka yaalii ajjeechaa haala seera yakkaa keewwata 27(1, paragraph 2) jalatti ibsameen, “... yakkichi akka jalqabametti kan lakkaawamu gochi raawwatame haala hin shakkisiisneefi kallattiin gara galma yakkicha raawwachuuf yaadameetti geessisuuf kan raawwatame yommuu ta’ee.” akka ta’e ibsuun, dhugumaan Iyyataan dursee itti yaaduun haala saanjichaan morma miidhamaa waraanuuf gadi itti lakkiseen otuu miidhamaan jalaa miliqsuu baatee, morma isaa argatee waraaneera ta’ee, gochaan kun bu’aa du’aa hordofsiisuu akka danda’u tilmaamuun rakkisaa akka hin taane ibseera. Mormaarra Saanjaan waraanuun immoo haala tumaa seera yakkaa keewwata 24(1), paragraph 2ffaatiin akkaataa haala beekamaa yookiin adeemsa baratameen (in normal course of things ...) bu’aa du’aa hordofsiisuu waan danda’uuf, bu’aafi sababni waliitti dhufeenya kallatti kan qabani jechuun akka danda’amu kaaseera. Kanaaf, Iyyataan ammaa tumaa seera yakkaa keewwattoota 27(1)fi 540 jalatti, gochaa yakka yaalii ajjeechaa namaa idileen balleessaa jedhamuun isaa dogoggoora bu’uura seera hin qabu jechuun murtii Mana Murtii Waliigalaafi Dhaddacha Ijibbaataa Naannichaa cimseera.

Xiinxala Dhimma 25ffaa kana irra wanti hubatamu, manneen murtii tokko tokko kutaa yaadaa himatamaa mirkaneessuuf xiinxala yaada amansiisaa hin taaneefi bu’uura seera hin qabne yeroo dhiyeessan ni mul’ata. Fakkeenyaaf dhimma kana keessatti Manni Murtii Olaanaa ‘dhugumaan otuu yaada miidhamaa ajjeesuu qabatee, itti deddeebisee waraanuun miidhamaa ajjeesuu wanti isa dhorke hin jiru’ jechuun isaa xiinxala sababawaa miti. Kutaan yaadaa himatamaa gochaa yakkaa raawwachuun dura qophii inni taasisuufi haala raawwii gochichaa irraa habatamuu qaba. Kunis gochaan himatamaan raawwate kun akkaataa haala beekamaan yookiin adeemsa baratameen bu’aa barbaadamu sana hordofsiisuu danda’a moo hin danda’u kan jedhuutu deebii

argachuu qaba. Kanaaf dhimma of harka qabnu kanaas yoo ilaallu, gochaan himatamaan jala raawwate kun itti yaaduun meeshaa nama ajjeesuu danda'u saanjaa qopheeffachuun, haala mijeeffachuun, saanjaan morma waraanuuf gadi itti lakkisee waan miidhamaan jalaa naanneesseef, mangaagaa miidhamaa waraanuun ilkaan saddeet irra cabsee kun otuu morma miidhamaa dhuunfaa bakka akka salphaatti du'aaf nama saaxiluu danda'uu waraaneera ta'ee, gochi kun bu'aa du'aa hordofsiisu ni danda'a ture. Gama biraan tumaan seera yakkaa Iyyataan kun jalatti himatameefi gochi yakkaa raawwatame jedhame qabiyyeen himatichaas ta'ee ragaan dhiyyate hin hubachisu. Kanaaf himanni bu'uura keewwatoota seera yakkaa 27(1)fi 540 tiin dhiyyachuu qaba ture.

Dhimmaa 26ffaa

Dhimma kanaaf ka'umsa kan ta'e¹⁴³, himata Abbaan Alangaa Godina Shawaa Bahaa Mana Murtii godinichaaf dhiyeesseen, Deebii kennaan ammaa seera yakkaa keewwata 27(1)fi 540 irra darbuudhaan miidhamaa dhuunfaa Xilaahuun Tasfaayee jedhamutti lola itti kaasee shugguxii qabatee tureen rasaasa tokko itti dhokaasee jilba miilla bitaa rukutee rasaasa lammaffaa itti dhokaasuuf yoo jedhu rasaasni waan jalaa ciniinteeff miidhamaan du'a jala hafee yakka yaalii ajjeechaa raawwateera jechuun kan himatame yommuu ta'u; D/kennaanis gochaa yakkaa hin raawwanne jechuun waan waakkateef, Manni Murtii Olaanaa ragaa bitaafi mirgaa dhagahuun, D/kennaan gocha yakkaa itti himatame raawwachuun isaa mirkanaa'eera jechuun himata dhiyaate jalatti balleessaa jechuun hidhaa cimaa waggaa sagaliitiin akka adabamu murteesse jira. Deebii kennaan ammaa kunis murtii balleessummaafi adabbii irratti komachuun komii oliyyannoo isaa Dhaddacha Dhaabbii Bahaaf kan dhiyeesse yoo ta'u; dhaddachi kunis falmii bitaafi mirgaa dhagahuun, murtii balleessummaa cimsuun adabbii qajeelfama adabbiin ala bahuun hidhaa cimaa waggaa sadiin akka adabamu murteesseera.

Iyyataan ammaa gama isaatiin murtii kana komachuun oliyyannoo isaa Mana Murtii Waliigalaa Oromiyaa Dhaddacha Ijibbaataatiif kan dhiyeesse yoo ta'u, dhaddachi kunis falmii bitaafi mirgaa erga dhagaheen booda, murtii Manni Murtii Waliigalaa Oromiyaa Dhaddachi Bahaa adabbii

¹⁴³ Dhimma falmii yakkaa Iyyataa Abbaa Alangaa Naannoo Oromiyaafi Waamamaa Ashabbir Asfaaw gidduu tureen, Mana Murtii Waliigalaa Oromiyaa Dhaddacha Ijibbaataatiin galmee lakk. **283931** ta'e irratti dhaddacha gaafa 17/03/2011 ooleen kan murtii argateedha

irratti kennee ture dogoggoora bu'uura seeraati jechuun murticha diiguun murtii Mana Murtii Olaanaa cimseera.

Dimmaa 27ffaa

Dhimma kanaaf ka'umsa kan ta'e¹⁴⁴, himata Abbaan Alangaa Godina Addaa Oromiyaa Naannawaa Finfinnee, Mana murtii Olaanaa godinichaatti dhiyyeesseen, himatamaan Dassaalenyi Daaksisaa jedhamu, seera yakkaa keewwata 27(1)fi 540 irra darbuun nama ajjeesuuf itti yaadee gaafa 19/06/2010 halkaan keessaa tilmaama sa'aatii 1:00 yeroo ta'uutti, godina kana Aanaa Muloo Ganda Faallee keessatti miidhamaa dhuunfaa Tasfuu Raggaasaa jedhamu osoo inni mana dhugaatii Tanaanyee Lammaa jedhamtu dhugee gadi bahaa jiruu balbala fulduraatti lola itti kaasee meeshaa waraanaa shugguxii lakk. 17022665 ta'e yeroo lama itti dhokaasee garaafi funyaan isaa irra dhahee yaalaa argateen du'a jalaa waan ooleef yakka yaalii ajjeechaa raawwateera jechuun kan himatame yommuu ta'u, himatamaanis jecha isaa yoo kennu gochaa kan raawwate ta'uu ibsuun haala raawwii gochaa ilaalchisee miidhamaan dhakaadhaan isa darbatee jalaa yoo jedhu ammaas kazaaraa himatamaa harkaa fuudhee tureen harka isaa irra dhahee shugguxii natti baafannaan of irraa ittisuuf waan raawwadheef balleessa hin qabu jechuun mirga ofii eeggachuun ibseera. Manni Murtiis himatamaan mirga ofii eeguun himannaa isa irratti dhiyaate waan waakkateef, ragaan gama Abbaa Alangaan dhiyaatan kan namaafi barreeffamaa walcinaa qabee xiinxaluun himatamaan bu'uura seera deemsa falmii yakkaa keewwata 142(1)tiin akka of irraa ittisuun kan ajajee yoo ta'u, ragaan gama himatamaan dhiyaatan irraa hin ittisne jechuun kufaa erga taasiseen booda ijoo dubbii himatamaan gochaa kana akka himannaa Abbaa Alangaa keessatti ibsametti miidhamaa dhuunfaa ajjeesuuf itti yaadee raawwatee? Qabxii jedhu qabachuun, miidhamaa dhuunfaa ajjeesuuf dursee itti yaadee kan raawwate osoo hin taane dhugaatii waliin dhugaa erga turanii booda, sababa nama Adaanuu jedhamtu irratti waliitti dubbatanii kan tureen waliitti bu'iinsa uumameen kan raawwate yoo ta'u; miidhamaa kana shugguxii itti dhukaasee dhahee miidhamaan osoo dhaabbatu qaamni biraa jidduu seene adda qabee osoo hin jirannee, ofumaa dhiisee deemuun isaa miidhamaa ajjeesuuf yaada kan hin qabne ta'uufi miidhaa qaamaa irraan gahuuf kan raawwate ta'uu isaa waan

¹⁴⁴ Dhimma falmii yakkaa Abbaa Alangaa Godina Addaa Naannawaa Finfinneefi himatamaa Dassaalenyi Daaksiisaa gidduu tureen, Mana Murtii Olaanaa Godina Addaa Naannawaa Finfinnee galmee lakk. **17849** ta'e irratti dhaddacha gaafa 18/04/2011 ooleen kan murtii argateedha.

agarsiisuuf keewwata seeraa himatamaan ittiin himatame bu’uura seera deemsa falmii yakkaa keewwata 113(2)tiin jijjiiruun miidhaa qaamaa cimaa geessisuun tumaa seera yakkaa keewwata 555(c) jalatti balleessaadha jechuun adabbii hidhaa cimaa waggaa lamaafi baatii jahaan akka adabamu murteesse jira.

Dhimmaa 28ffaa

Dhimmi kun kan jalqabe¹⁴⁵, Mana Murtii Olaanaa Godina Shawaa Lixaatti yoo ta’u; Iyyataan ammaafi himatamaan biroo waliin ta’uun seera yakkaa keewwata 32(1, A), 27(1)fi 540 irra darbuun nama ajjeesuuf yaadanii miidhamaa dhuunfaa Kumalaa Abarraa jedhamu gaafa 02-11-2009 halkaan keessaa sa’aatii 4:00 yoo ta’u, himatamaa 2ffaa kan ture siree bultii qabatee miiltoo isaa kan ta’aan namoota lama waame sadii ta’anii buluuf yoo jedhan keessummeessituun Hoteelichaa siree tokko irra sadii ta’anii buluun hin danda’amu yoo jettu lola itti kaasuun Iyyataan ammaa cuubee baafatee ceekuu miidhamaa isa gara bitaa waan waraaneef yakka yaalii ajjeechaa idileen himatamaniiru kan jedhuudha.

Ragaan namaafi barreeffamaa karaa Abbaa Alangaa dhagahamaan Iyyataan ammaa ceekuu miidhamaa cuubeedhaan waraanuun akka kuffisee kan irratti dubbataniifi Iyyataan kunis ragaa ittisaa isaattin akka ofirraa ittisuufi Himatamaa jalaa 2ffaa irratti immoo waan hin dubbatamneef bu’uura seera deemsa falmii yakkaa keewwata 141tiin bilisaan akka gaggeefamu ta’eera. Iyyataan ammaas gama isaatiin ragaa ittisaa kan hin qabne ta’uu barreeffamaan Mana Murtichaaf waan dhiyeesseef, Manni Murtii kunis yakka ittiin himatame jalatti balleessaadha jechuun, yaada adabbii bitaafi mirgaa qajeelfama adabbii waliin xiinxaluun adabbii hidhaa cimaa waggaa 13tiin akka adabamuuf murteesse jira. Iyyataanis gama isaatiin murtii kana komachuun oliyyata Mana murtii Waliigalaa Oromiyaatti kan dhiyyeefate yoo ta’ees, Manni Murtichaa murtiin jalaa hin komachisu jechuun komii dhiyaate kufaa gochuun murtii jalaa bu’uura seera deemsa falmii yakkaa keewwata 195(1)tiin cimseera.

Iyyataan kunis murtiin kenname dogoggoora bu’uura seera qaba jechuun komii isaa Mana Murtii Waliigalaa Oromiyaa, Dhaddacha Ijibbaataatiif kan dhiyeesse yoo ta’u, dhaddachi ijibbaataa

¹⁴⁵ Dhimma falmii yakkaa Iyyataa Guddataa Tarraafaafi Abbaa Alangaa Naannoo Oromiyaa gidduu tureen, Mana Murtii Waliigalaa Oromiyaa Dhaddacha Ijibbaataatiin galmee lakk. **284508** ta’e irratti dhaddacha gaafa 03/03/2011 ooleen kan murtii argateedha.

komii dhiyaate simaachuun bitaafi mirga falmisiisuun , murtii balleessummaa ilaalchisee ceekuun miidhamaa kan waraanamee ta'uu ragaan bahame jira, miidhaan ceekuu isaa irra madaan 2x4cm kan ta'e irra gahuu ragaan mana yaalaa Hospitaala Amboo irraa dhiyaate ni ibsa jechuun Iyyataanis gama isaatiin ragaaleen Abbaa Alangaa waan mirkaneessaan kana waan ofirraa hin ittisneef, murtiin balleessummaa tumaa seera yakkaa keewwata 27(1)fi 540 jalatti kenname hin komachisu jechuun adabbii bu'uura seera yakkaa keewwata 27(3), 179fi Qajeelfama lakk.2/2006 keewwata 24tiin adabbii haalaan salphisuun Iyyataan hidhaa cimaa waggaa 9tiin akka adabamuuf murteesseera.

1. Himatamaan yakka yaalii ajjeechaa namaa idilee ta'e raawwachuun himatamuuf yookiin balleessaa jedhamuuf ulaagaawwaan murteessoofi barbaachisoo ta'an jiraachuu qaban keessaa inni tokko himatamtichi gocha yakkichaa kan itti yaadee raawwate ta'uu isaa mirkaneessuun dirqama. Haalli kun gochaa yakka yaalii ajjeechaa namaa idileen wal qabatee kutaan yaadaa himatamaa akkamiin yookiin haala kamiin mirkaneessuun danda'ama?
2. Haala raawwii gochaa yakkaa himatamaan raawwateefi bakka miidhaan qaama miidhamaa dhuunfaa irra gaheeraa ka'uun tilmaamaa kutaa yaadaa kana fudhachuun ni danda'ama? Deebii keessan sababaan deeggaruun ibsa.
3. Xiinxala dhimmoota 7ffaafi 8ffaa walcinaa qabuun murtii mana murtii isa kamiitu dhama qabeessa jettu?
4. Akka ibsa murtii dhimma 8ffaa irraa hubatamuutti, 'himatamaan erga miidhamaa rasaasaan rukutee booda, ofuma isaatiin dhiisee deemuun isaa;' manni murtii tilmaama himatamaan kutaa yaada gocha yakka yaalii ajjeechaa raawwachuu hin qabu jedhu akka fudhatuuf sababa gahaafi amansiisadha jettu? Rasaasni uumama isaan keemikaala nama ajjeesuu qabachuun isaa hoo akkamiin ilaalama?
5. Himannaa Abbaan Alangaa dhimma 26ffaa irratti hundeesseen, himatamaan gochaa yakkaa yaalii ajjeechaa namaa cimaa raawwateera jechuun tumaalee seera yakkaa keewwata 27(1) fi 539 (1, A) irra darbuun gochaa yakkaa kan raawwate ta'uu ni agarsiisa. Qabiyyeen himannichaa keessaa ulaagaan tumaa seera yakkaa himannaan jalatti dhiyyate agarsiisuu kamii? Isin otuu Abbaa Alangaa galmeen qorannoo yakkaa kun dhiyaateef

taatanii himannaa tumaa seera yakkaa keewwata kam jalatti himata yakkaa hundeessitu”
Sababa waliin ibsaa.

5.2. Yakka Yaalii Ajeechaa fi Miidhaa Qaamaa Cimaa

Yakkoonni yaalii ajjeechaa fi miidhaa qaamaa cimaa yakkoota lubbuufi qaama dhala namaa irratti raawwatamaan keessa isaan tokkoodha. yakkoonni kun yakkoota itti yaadamuun lubbuufi qaamaa namaa irratti raawwataniidha. Gochoonni yakkaa kunis yakkoota nama biroodhaan namoota biroo irratti miidhaa cimaa kan lubbuu geessisuuf aggaamamaaniifi miidhaa qaamaa cimaa geessisaniidha.

Haalli raawwii gochoota yakkaa kanaa ajjeechaa raawwachuufis ta’ee miidhaa qaamaa cimaa geessisuuf miidhaan miidhamaa dhuunfaarra gahu haala miidhaa qaamaa cimaa of keessa qabuun yommuu ta’eetti, gochoota yakkaa kana addaan baasuun himannaa yakkaafi murtii balleessummaa keewwata seera yakkaa rogummaa qabu jalatti kennuun walqabatee hanqinaaleen qabatamaan ogeessota qaamolee haqaa sadarkaan jiran biratti ni mul’ata. Hanqinaaleen kunneenis gama tokkoon hanqina gahumsaafi hubannoo ogeessota qaamolee haqaa irraa kan maddaan yoo ta’u gama biraan immoo haala raawwii gochoota yakkaa yakkaa kanaa fi waliitti dhufeenya qabaachuu isaanirra kan maddaan akka ta’eedha. Haalli raawwii gochaa yakkoota kanaa ilaalchisee yakkoonni lameenu karaa seeraan ala ta’een meeshaa ajjeechaa geessisuun yookiin tooftaa biroo kamiyyuu fayyadamuun gochaa miidhaa qaamaa cimaa bu’aa ajjeechaa hordofsiisuu danda’uu yookiin miidhaa qaamaa cimaa haala lubbuu miidhamaaf yaaddeessaa ta’een waan raawwatamaniif addaan baasanii hubachuun yeroo tokko tokko rakkisaadha.

Gama biraan immoo kaayyoo yookiin bu’aan yakkoota kana raawwachuun argamu garaagarummaa waan qabuuf, haaluma wal fakkaatuunis sirni fi seerri itti gaafatamummaa mirkaneessuus adda waan ta’eef, sirni itti gaafatamummaa yakkaas bu’uura gochaa yakkaa himatamtootni yakkaa kun raawwataniin mirkanaa’uu qaba. Kanaaf ogeessonni qaamolee haqaa yakkoota kana addaan baasuun hubachuun himanna yakkaa fi murtii balleessummaa

keewwata seera yakkaa rogummaa qabu jalatti balleessaa taassisuun adabbii gochaa yakkaa balleessichaan wal madaaluu kennuuf gargaaruu kutaa itti aanu keessatti haa ilaallu.

5.2.1. Kaayyoo Raawwii Yakkichaa

Akkuma beekamu raawwataan gochaa yakka tokko yakka sana yommuu raawwatu, yakkicha raawwachuun dantaa yookiin faayidaa ofiif yookiin qaama sadaffaaf argamsiisuuf barbaadu yookiin miidhaa miidhamaa dhuunfaarraan gahuuf raawwachuu danda'a. Faayidaan yookiin dantaan barbaadamu kun immoo argamuu kan danda'uu yoo kaayyoon gochaa yakkaa raawwachuu kun galma barbaadamu gahuun bu'aa yaadame sana argamsiiseedha. Yakki yaalii ajjeechaa namaa kaayyoo nama ajjeesuuf karoofatee tureetu galma barbaadame sana otuu hin gahiin kan hafe akka ta'e ni beekama. Haala kanaan yakkoonni lameen kun kaayyoo yookiin bu'aa argamsiisuu yookiin miidhaa geessisuu barbaadaan kan mataa mataa isaanii ni qabaatu jechuudha.

Haala kanaan kaayyoon yakka yaalii ajjeechaa namaa inni guddaan (the ultimate goal) lubbuu miidhamaa dhuunfaa sanaa ajjeesuudha. Gama biraan kaayyoon himatamaa gochaa yakkaa miidhaa qaamaa cimaa raawwatu immoo lubbuu miidhamaatiif haala yaadeessaa ta'een yookiin qaama yookiin sammuu isaarra mudaa yeroo maraa yookiin qaama yookiin kutaa qaamaa yookiin qaamolee miiraa barbaachisoo ta'an hir'isuuf yookiin karaa biroo kaminiyyuu miidhaa yookiin dhukkubbii cimaa nama biroo irraan geessisuuf kan raawwatu akka ta'e tumaa seera yakkaa keewwata 555 ilaaluun hubachuun ni danda'ama. Kaayyoolee lamaan gochoota yakkaa kana addaan baasuun hubachuuf sababoota raawwii gochoota yakkaafi fedhii himatamaan yakkaa galmaan gahuuf barbaaduu fi kkf akkuma haala isaatti ragaa rogummaa qabuun qabxiilee biroo waliin xiinxaluun barbaachisaadha.

Walumaagalaatti kaayyoo yakkoota kanneen galmaan gahuuf adeemsi murteessan keessa darbamu tarkaanfii gochaa yakka raawwachuu waan ta'eef, haalli raawwii gochaa yakkoota kanaas yakkoota kana addaan baasanii hubachuuf qabxii murteessa waan ta'eef, qabxii kanas ilaaluun gaariidha.

5.2.2. Haala Raawwii Gochaa Yakkaa

Gochoonni yakkoota yaalii ajjeechaafi miidhaa qaamaa cimaa kaayyoowwaan garaagaraa galmaa gahuuf kan raawwatamaan waan ta'aniif, kanaas addaan baasuun beekuuf haala raawwii gochoota yakkaa kanneen gadi fageenyaan ilaaluun barbaachisaadha. Gochaan yakkaa raawwatame tokko maal akka ta'e dhimmoota hubachisaan keessaa tokko haala raawwii yookiin tooftaa raawwii gochaa yakkichaa ilaaluun bu'aa qabatamaan gochaan yakkaa hordofsiiseen yookiin miidhaa geessisuu danda'uun walcinaa qabuun madaaluun murteessa ta'a.

Haala kanaan, haalli raawwii gochaa yakka yaalii ajjeechaa bifuma tumaalee seera yakkaa yakkoota ajjeechaa raawwachuuf ibsamaniin kan ilaalamu yommuu ta'u; raawwataan yakka yaalii ajjeechaa meeshaa yookiin tooftaa kamiyyuu fayyadamuun gochaa yakkaa raawwachu akka danda'uudha.¹⁴⁶ Kana jechuun haala raawwii gochaa yakkaa kanaaf meeshaan yookiin tooftaan himatamaan yakkaa fayyadame kun kan bu'aa gochaa yakkaa ajjeechaa du'a hordofsiisuu kan malu ta'uu qaba.

Haalli Raawwii gochaa yakkaa kunis meeshaan yookiin tooftaan gochaa yakkaa raawwachuuf faayidaarra oolee, qaamni miidhamaa bakki miidhamee yookiin waraaname bakka akka salphaatti du'aaf nama saaxiluu danda'u ta'uufi baay'inaa miidhaa qaamarra gahees tilmaama keessa galchuun gochaa yakkaa raawwatamee addaan baasuuf ni gargaara. Dhimma kana fakkeenyaan gabbisuuf murtii mana Murtii waliigalaa Oromiyaa Dhaddacha Ijibbaataan kenname tokko ilaaluun gaarii ta'a¹⁴⁷. Haala raawwii gochaa yakkaa yaalii ajjeechaa, miidhaa qaamaa cimaa irraa addaan baasuun murtii balleessummaa kennuuf sababa isaa yoo ibsu: "...meeshaa ajjeesuu danda'u billaa qabatee tureen, iddoo namni waraanaamee du'uu danda'u dugda jala karaa bitaafi mirgaa waraane miidhamaan sababa yaalamiinsa cimaa taasifameefiin du'a irraa kan hafe ta'uu mirkana'eera."

¹⁴⁶ Seera yakkaa keewwata 538(1).

¹⁴⁷ Himata falmii Yakkaa Galmee Lakk.284960 ta'e irratti, Iyyataa Abbaa Alangaa Naannoofi Waamamaa Ismaa'eel Amiin gidduu tureen, Mana Murtii Waliigalaa Oromiyaa, Dhaddacha Ijibbaataatiin dhimma dhaddacha gaafa 10/03/2011 ooleen murtii argateedha.

Yeroo baay'ee meeshaawwan gochaa yakkaa yaalii ajjeechaafi miidhaa cimaa geessisuuf gargaaraan kan wal fakkaataan yoo ta'ees, haala raawwii gochaa keessatti bakka miidhameefi sababa bu'aan barbaadamees galma gahuu hafeef ilaaluun gaarii ta'a. Gama biraan, tooftaawwaan beekamoo kanneen akka summii nyaata yookiin dhugaatii waliin kennuun nama ajjeesuuf yaaluu, afaaniifi funyaan miidhamaa ukkaamsuun yookiin morma miidhamaa hudhuun akka sirni hargaansuu isaa addaan cituu taasisuun addumatti haalli raawwii gochaawwan kanneeni gochaa yakka yaalii ajjeechaa raawwachuuf kan raawwatamaan ta'uun hubatamuu qabu.

Hanqinaaleen hubannoo gama kanaan ogeessota qaamolee haqaa sadarkaan jiran biratti mul'atu keessa muraasni yakka yaalii ajjeechaa meeshaa yakkichi ittiin raawwatameen waliitti hidhuu dhabuu, qaama miidhamaa bakki gochaan yakkaa irratti raawwatee yookiin irratti raawwachuuf ture sana xiyyeeffannaan addaan baasuun ilaalu hafuu akkasumaas miidhamaan sababa maaliif lubbuun isaa kan oole akka ta'ee gadi qabuun ilaaluufi madaaluu dhabuu akka ta'ee kaasuun ni danda'ama. Walumaagalaatti haalli raawwii gochaa yakkaa kun agarsiistuu gochaa yakka yaalii ajjeechaa fi miidhaa qaama cimaa addaan baasuuf gargaaruu keessaa tokko yoo ta'ees, qabxiin kun kutaa yaada sammuu himatamaa yakkaan waliitti hidhanii ilaaluun barbaachisaa dha.

5.2.3. Garaagarummaa Kutaa Yaadaa Gochaan Ittiin Raawwatamuu

Akkaataa qajeeltoo tumaa seera yakkaa biyya keenyaan raawwataan yakkaa tokko itti gaafatamummaa yakkaa kan qabaatu, gochaa yakkaa raawwate sana itti yaaduun fedhii guutuun yookiin dagannoon kan raawwate ta'uun yoo mirkanaa'e qofaa akka ta'e ni tuma.¹⁴⁸Gochoonni yakkaa haala kanaan raawwatamanis itti gaafatamummaa yakkaa hordofsiisu.

Akkuma jalqaba irratti ibsuuf yaalameefi rakkoolee qabatamaan raawwii hojii keessatti mul'atan irraa hubachuun danda'amuutti, yakkoota yaalii ajjeechaafi miidhaa qaama cimaa addaan baasuun himannaa yakkaa fi murtii balleessummaa keewwata rogummaa qabu jalaatti kennuufi murtii adabbii gochaa yakkaa himatamaan raawwateen wal madaaluu murteessuu ilaalchisee qabatamaan hanqinaalee bal'atu qaamolee haqaa sadarkaan jiran biratti mul'ata. Maddi rakkoolee kana keessaa tokko ulaagaawwan gochaalee yakkaa hundeessan keessaa kutaa yaada

¹⁴⁸ Seera yakkaa keewwata 57.

himatamtoota yakkaa kanaa haala yookiin karaa salphaa ta'een hubachuun rakkisaa ta'uu isaati. Qorattootni Saayiinsii Hawaasa akka ibsaniitti, dhalli namaa uumama dhokataa akka ta'e lafa kaahu. Kanarraa ka'uun kutaa yaadaa dhala namaa akka salphaatti addaan baasani beekuun rakkisaa dha jedhu. Kanaaf kutaa yaada sammuu himatamaa yakkaa yaalii ajjeechaa fi miidhaa qaamaa cimaa addaan baasuun hubachuun rakkisaadha. Haqa kana ilaalchisee hayyuun seeraa tokko akkana jechuun ibseera:

“The task of formulating laws to govern the mental elements of crime has remained difficult; because of the abstract nature of the notions involved and such laws must take into account the inescapable link between subjective and objective criteria, since the human mind, whatever its essential nature, remains unknowable except in so far as it is revealed by conduct.”¹⁴⁹

Haa ta'uu malee yaada salphaan ulaagaawwan gochaa yakkaa hundeessaan irraa ka'uun, kutaan yaada yakki yaalii ajjeechaa namaa fi miidhaa qaamaa cimaa namaarraan geessisuuf raawwataman garaagara ta'uu isaanii tilmaamuun hin rakkisu. Ta'uus dhimmi ijoofi falmisiisaan kutaa yaada himatamaa yakkaa kanneeni akkamiin addaan baasani beekuun danda'ama? kan jedhu qabxii xiyyeeffannoo barbaaduu dha. Namni kamiyyuu waan sammuu yaade gara gochaatti yookiin qabatamaatti jijjiirruun yookiin jijjiiruuf yaaluun isaa hin oolu. Kanaaf haala raawwii gochaa himatamaa irraa ka'uun kutaan yaada inni gochichaa raawwachuuf qabu maal akka ture hubachuun ni danda'ama.

Akkuma jalqaba ibsuuf yaallee kaayyoofi fedhiin himatamaa gochaa yakkaa yaalii ajjeechaa raawwatee miidhamaa dhuunfaa ajjeesuuf akka turee beekamaadha. Kutaa yaadaa gochaa yakka yaalii ajjeechaa himatamaan yakkichaa qabachuu isaa mirkaneessuuf, bu'aa barbaadamuu du'a geessisuuf haalli qophii himatamtichaa, meeshaawwaan yookiin tooftaalee gochaa yakkaa raawwachuuf inni fayyadamee turee, haala raawwii gochaa yakkaa keessumaa bakki himatamtichi miidhamaa sana ajjeesuuf miidhee turee bakka akka salphaatti du'aaf nama saaxiluu danda'uu ta'uunfi haalota biroo dhimmichaan hidhata qabaan akkuma barbaachisummaa isaatti ilaaluun gaariidha. Gama biraan haalli raawwii gochaa yakkaa

¹⁴⁹ F M NEASEY, The Mental Element in the Law of Murder, Published Western Australian Law Review, Vol.21, 1991, Fuula 36.

keessumaa bakki himatamtichi qaama miidhamaarraatti miidhaa geessise sun haala salphaan du'aaf miidhamaa saaxiluu hin dandeenyeen yoo ta'e, gochaan yakkaa miidhaa cimaa miidhamaa irraan kan dhaqqabsiisee yoo ta'ees haala tumaa seera yakkaa keewwata 555 jalatti ibsameen gochaa yakkaa miidhaa qaamaa cimaan gaafatamu qaba. Haala kana fakkeenyaan ifa taassisuun yoo barbaachise, Irree miidhamaa dhuunfaa cuubeedhaan waraanuun miidhaan cimaa geessisuun qofaa isaatti, himatamaan gochaa yakkaa yaalii ajjeechaa raawwachuuf kutaa yaadaa qabaachuu mirkaneessuuf gahaa miti. Tarii miidhaan irree miidhamaarra gahuu kan danda'e himatamtichi laphee yookiin morma miidhamaa waraanuuf cuubee jedhamee gadi itti lakkisee adeemsa miidhamaan cuubee kana bakka waraanamuuf ture oolchuun ofirraa qolachuu keessatti kan miidhamee yoo ta'eefi haalli kunis ragaadhaan kan hubachifamee yoo ta'e, himatamaan yakkaa kun kutaa yaada sammuu ajjeechaa kan qabu ta'uu tilmaamaa qabatama raawwii irraa mirkaneessuun ni danda'ama.

Dhimma kana qabatamaan gabbisuuf murtii Mana Murtii waliigalaa Federaalaa Dhaddacha Ijibbaataan kenname tokko (Dhimma 29 ffaa) ilaaluun gaarii ta'a.¹⁵⁰ Kutaa yaadaa gochaan yakkaa yaalii ajjeechaa kan yakka miidhaa qaamaa cimaa irraa addaan baasuuf haalli manneen murtii sadarkaan jiran itti xiinxalaan garaagarummaa kan qabuufi qabatamaan hojii keessatti rakkoon kun kan calaqqisuu ta'uu agarsiisa. Haala kanaan, sababni Manni Murtii Olaanaa gochaa yakkaa kana gara tumaa seera yakkaa keewwata 555 (A, C)tti jijjiireef, “dhugumaan himatamaan kun otuu yaada ajjeechaa qabaate waan yaade kana galmaan gahuuf, miidhamaa deddeebisee waraanuu waan isa dhorke hin jiru” jechuun himatamaan kun kutaa yaadaa gochaa yakka yaalii ajjeecha raawwachuu hin qabu jechuun ibseera.

Mana Murtii Waliigalaa Naannichaa dhimmichuma kana oliyyannoodhaan ilaaluun yommuu murtii kennuu, sababni ibsame, “Himatamaan Saanjaa qabatee tureen morma miidhamaa waraanuuf kan gadi itti lakkiseefi miidhamaan akka tasaa waan jalaa galagaleef maddii (mangaagaa) waraanuun saanjicha keessatti sochoosuun ilkaan 8 akka irraa buqqiseefi *haala duraan akkuma saanjaa itti lakkiseen morma miidhamaa otuu waraaneera ta'e carraan lubbuun*

¹⁵⁰ Xiinxala Dhimma 4ffaa irraa ka'umsa dhimmichaa ilaaluun barbaachisaadha, Mana Murtii Waliigalaa Federaalaa, Dhaddachaa Ijibbaataan Galmee lakk.63727 keessatti dhaddacha gaafa Waxabajjii 13, 2003, ooleen dhimma murtii argateedha.

ooluu miidhamaa dhiphaadha” jechuun himatamaan kutaa yaada yakka yaalii ajjeechaa qaba jechuun tumaa seera yakkaa keewwattoota 27(1)fi 540 jalatti balleessaa akka taasise ni agarsiisa.

Gaaffilee Marii

1. Himata (**Dhimma 30^{ffaa}**) Abbaan Alangaa Godiina Arsii lixaa Mana Murtii Olaanatti dhiheessen himtamtoonni Biruk/Baddiluu Ayyalaa fa’a N₂ miidhamaa Jiboo Arsee ta’e jedhanii walgargaaruudhaan himatamaan tokkoffaan baangaadhaan sammuu irra yeroo tokko rukutee sammuu buruksee miidhaa cimaa irraan yoo gahu himatamaan 2^{ffaa}n waangargaareef yakka yaalii ajjeechaa cimaa raawwataniin himatamaniiru kan jedhuu dha.

Kana mirkaneessuuf ragaan namaa fi mana yaalaa dhihaateera. Ragaan mana yaalaa buqqeen mataa himatamaa kan cabee fi dhiigni gara keessaatti kan dhangala’e ta’uu fi opireeshiniin kan godhameef ta’uu ibseera. Ragaan namaas himatamaan marga miidhamaan bitatee turetti horii naqanii maaliif itti naqxaan yoo miidhamaan jedhuu maaltu si galche jechuudhaan baangaan sammuu irra rukutee iyyansa godhameen namoonni kan irraa baasan ta’uu ragaaniiru. Manni Murtii Olaanaa Godina Arsii Lixaa yakki yaalii ajjeechaa osoo hin taane yakka miidhaa qaamaa cimaati jechuun s/y kew.555/b/ jalatti baleessaa taasisee hidhaa cimaa waggaa sadiitiin adabeera.

- a. Dhimma kana irratti himata abbaa alangaa akkamitti ilaaltu?
- b. Murtii manni murtii Olaanaa kenne hoo?

2. Dhimmi kun (**Dhimma 31^{ffaa}**) dhimma galmee MMA Haroomayaa lakk. 36063 ta’erraa akka mariif ta’utti fudhatamee dha. Akka galmee kana keessaa hubachuun danda’amutti himtamtoonni Abrhaam Hossoo fi Xaahir Abraahim jedhaman miidhamaa dhuunfaa Mahaammad Abdoosh jedhamu sihi kana ajjeesuu feena jechuudhan mancaa gama qaraatiin harka, mataa, fi ceekuu bitaa gubbaa diruun sonba isaa gubbaatti dhiigaa fi qilleensa sababa kuufachiiseef Waajjirri Haqaa Aanaa Haramaayaa yaalii ajjeechaatiin gaafatamuu qabu jechuun gara Waajjira Haqaa Godiinatti ergeera. Waajjirri Haqaa Godiinaa garuu akkaataa seera yakkaa kwt 27/1’tti himtamtoonni miidhamaa kana ajjeesuuf itti yaadanii sababa gochi biroo gidduu seenee gocha isaanii kan faashaleesse fi

yaaliin kun kan hin milkooftne ta'uu ragaan ibsu waan hin jirreef tumaa yakkoota miidhaa qaamaa jalatti keewwata roqummaa qabuun himanni banamee seeratti akka dhiyaatan jechuun galmee qorannoo gadi deebiseera.

➤ Haala raawwii gocha yakka kanaa irraa ka'uun ejjennoo Abbaa Alangaa Aanaa moo kan godinaatu dhama qabeessa jettu? Sababa keessan waliin ibsa..

3. Marii Paanalii (**Dhimmaa 32ffaa**) Abbootii Alangaa Aanaa Haroomaayaatiin gaafa 8/8/2010 gaggeeffame irratti eeruun yakkaa dhiyaatee ture himatamaan Ibraahim Jiruu miidhamaa dhuunfaa Adam Ilii gaafa 10/3/2010 guyyaa irraa sa'aa 6:00 yoo ta'u mancaa gara qaraan miidhamaa kana morma gama bitaa fi irree gama bitaa iddoo lama diree miidhaa irraan dhaqqabsiiseera kan jedhu yoo ta'u, ragaan yaalaa Hospitaala Haroomayaa irraa barraa'een miidhamaan dhuunfaa kun yeroo yaalaaf isaan bira deemu madaa keessatti murame hammi isaa cm 10x5 tahe irree bitaa gama moggaa irraa qabaachuu isaa , madaa keessatti murame hammi isaa cm 8x4 tahe irree bitaa walakkaa irraa qabaachuu akkasumas, madaa keessatti murame cm 2x4 gahu morma gama bitaa irraa dhiiga yaa'u waliin akka qabaachaa ture qulqulleessuun gabaasani jiru. Kanuma bu'uureeffachuun Abbootiin Alangaa sagalee wal fakkaataa taheen , himatamaan miidhamaa kana erga miidhaa irraan gaheen booda ofii isaan iddoo sanatti dhiisee deemu illee, haallii fi bakki qaama miidhaa irra dhaqqabsiise akkasumas, armaan dura maatii himatamaa waliin lola qabaachuu isaan yaada ajjeesuu kan qabu ta'uu isaa agarsiisa jechuun galmee qaama aangoo qabu Waajjira Haqaa Godiina Harargee Bahaaf erganiiru.

Haa ta'u malee, Abbaan Alangaa Godiinaa qajeelfamaa lakk. W/H/G/H/B/356 gaafa 10/8/10 barreessen galmee qorannoo yakkaa gadi deebiseera. Sababni ibsees, 'gochi raawwatame guyyaa irraa sa'aatii 6:00'tti yoo ta'u, iddoo ifa ta'etti kan raawwatamee fi lolli kanaan dura dachii irratti qabanis abbaa himatamaa waliin malee himatamaa waliin miti; dabalataanis namni tokko guyyaa adii bakka ifaa fi dirree irratti yaada ajjeechaan nama eeggachuun gocha kan raawwate kan jedhu kana agarsiisuu hin dandeenye. Dhuma irratti osoo yaada ajjeechaa qaba ta'ee yeroo tokko morma, yeroo lama harka irra hin dhahu ture; jechuun akkasumaas harka irra dhahuun immoo of danda'ee balaa ajjeechaa kan geessisuu hin dandeenye dha.

Sababa olitti ibsame kanaaf himatamaan gochi raawwate yaalii ajjeechaa raawwateera kan nama jechisiisu waan hin taaneef, galmeen kun miidhaa qaamaa cimaan himanni akka irratti dhiyyatu jedheera.¹⁵¹

- ejjennoo Abbootiin Alangaa sadarkaa sadarkaan jiran qabatan kana haala raawwii gocha yakkaa irra ka'uun seeran wal bira qabuun irratti mari'adha.

5.3. Yakkoota Qaamaa Fi Fayyaa Namaa Irratti Raawwataman

5.3.1. Dhimmoota Walii Galaa

Yakki miidhaa qaamaa gosoota yakkaa mirga nageenya qaamaa fi fayyummaa namni nama ta'uu isaan qofa uumaan argate sarbuun raawwatamuu dha.¹⁵² Yakki kun yakka mirga nageenya qaamaa namni nama ta'uun uumaan argate, walii galteewwan idil addunyaa waa'ee mirgoota dhala namaa irratti biyya keenyaan mallattaa'an¹⁵³, fi tumaalee heera keenyaa kanneen mirga nageenya fi fayyaa namaaf eegumsa taasisan¹⁵⁴ irra darbuun raawwatamuu dha.

S/Y RDFI yakkoota akka kanaa kana qolachuuf tumaalee yakkaa ifatti teesiseera.¹⁵⁵ Seerichaan tumaan qajeeltoowwan gosoota yakkaa mirga nageenya fi fayyaa namaarratti raawwataman qajeelchan kaa'u kwt'n- 553, namni kamiyyuu itti yaadees ta'e daguudhan qaama, sammuu ykn fayyaa nama biroo irraan miidhaa gahee yoo argame itti gaafatamummaa yakkaa akka qabu ifaan kaa'a. Waan ta'eef, gochoonni yaada guutuudhaanis ta'e daguudhan raawwataman kamiyyuu, mala kamittiyyuu fayyadamuun yoo raawwatamanii argaman itti gaafatamummaa yakkaa hordofsiisu jechuu dha.¹⁵⁶

¹⁵¹ Barreeffama Qorannoo Mirkaneessa Shaakallii Hojii Irraa Leenjii Hojiin Duraaf Leenjituu Biiftuu Geetinnatiin Fulbaana 2011 Qophaahe Irraa Haala Mariif Toluun Kan Fudhatame.

¹⁵² Francisco F. Martin, et al, International Human Rights and Humanitarian Law: Treaties, Cases and Analysis, The center for International Human Rights Law, Inc. (2008), pp.1-4

¹⁵³ ICCPR, kwt'n 9 fi 10, UDHR, kwt'n 3 fi 5

¹⁵⁴ Heera Mootummaa Ripaablika Dimokiratawaa Federalawaa Itiyoophiyaa, Nagarit Gazexaa Labsi. Lakk.1/1987 (kana booda H/M jedhamee caqasamu), kwt. 16

¹⁵⁵ Seera Yakkaa Mootummaa Ripaablika Dimokiratawaa Federaalawaa Itiyoophiyaa, Labsii Nagarit Gazexaa Lakk. 414/1996 (kana booda S/Y RDFI), kwt'n 555,556, 560, 559 fi 840.

¹⁵⁶ S/ Y RDFI, kwt 553

Bu'uruma kanaan yakki miidhaa qaamaa yaada guutuun raawwatamu cimaa (kew. 555), salphaa (kew. 556) fi harka darbiinsaa (kew. 560) ykn kanneenin ala kan ta'e sadarkaa seera darbaatti (petty offence) (kew. 840) kan lakkaa'amu danda'u yoo ta'u, daguutiin yakki miidhaa qaamaa raawwatamu garuu addatti seera yakkaa keewwata 559 jalatti argama. Kana irraa ka'uudhan sirna seeraa keenya amma jiru jalatti yakki miidhaa qaamaa hayyama isaatin ala gocha tuttuqqii qaama nama tokkoo irratti raawwatamu irraa (physical assault) qabee hanga gocha miidhaa qaamaa cimaatti (grave body injury) kan of keessatti hammatee dha jechuun ni danda'ama.

Haa ta'utii garuu, akkuma seensa walii galaa barreeffama kanaa keessatti ibsuuf yaallametti, kayyoon barreeffama kanaa yakka miidhaa qaamaatiin wal-qabatee dhimma jiru hunda xiinxaluu osoo hin taane, yakkichaan wal-qabatee qabxiwwan rakkoon qabatama hojii keessatti irraa calaqqisan adda baasuudhaan xiinxaluu dha waan ta'eef, boqonnaa kana jalattis dhimmoota hojii keessatti rakkoon irratti mul'atu qofa sacca'uudhaan haala kaayyoo barreeffamicha kanaaf toluun akka itti aanu kanatti dhiyaateera.

1.3.2. Yakka Miidhaa Qaamaa Cimaa

Yakki miidhaa qaamaa cimaa yakka ta'e jedhamee qaamaa namaa irratti miidhaa cimaa geessisuuf yaadamee raawwatamuu dha. Haalli raawwii yakkichaas cimaa, hammeenyummaa kan qabuu fi miidhaan geessissus cimaa dha.¹⁵⁷

Haa ta'utii miidhaa qaamaa attamtu cimaa dha dubbii jedhuuf deebii soquun rakkoo dubbii kanaan walqabatee jiru hiikuuf gargaarsa guddaa godha. Bu'uruma kanaan miidhaa qaamaa cimaa barreessan '*Wayne R. Lafave*' akka itti aanu kanatti ibseera.¹⁵⁸

Grave body injury is an injury that affects the natural completeness and normal appearance of human face and body. It constitutes an injury that enfilicts a permanent disfigurment or dismemberment on human body and face. To be permanently disfigured means that the person is appreciably less attractive or that a part of his body is to some appreciable degree less useful or functional than it was before the injury. And also it is a requirement for grave body injury that

¹⁵⁷ Bryan A. Garner, Black's Law Dictionary, 8th ed, West Publishing Press Co. (2004), p.801

¹⁵⁸ Wayne R. LaFave, yadannoo olii lakk. 1, fuula 842_843

the disabling injury be permanent, so that the temporary disablement of a finger, arm, eye, or other member [of the body] will not do.

Haaluma wal fakkaatun kuusaan jechootaa *Encarta*'n gosa miidhaa qaamaa kana haala itti aanu kanaatti hiikeera.

[G]rave body injury is [an] injury which involves substantial risk of death, protracted and obvious disfigurement, or protracted loss or impairment of the function of a bodily member or organ or mental faculty.

Citni barreeffamootaa olii kunniin yoo xiinxalamu, miidhaan gahe tokko akka midhaa qaamaa cimaatti kan lakkaa'amu qaamni nama miidhaan irra gahee sun haala uumaan isa uumteen guutee argamuu irraa yoo hir'ate fi miidhaan kan gahe fuula nama miidhamee sanaarra yoo ta'e immoo bifa isaa yoo balleesse dha. Dabalataanis, bifti bade jedhamu kun haala mul'achuu danda'uun ta'uu qaba. Qaamni miidhaa kanaan faayidaa kennuu dhaabes ta'e, bifti fuulaa baduu dhaabbiidhaan ta'uu akka qabuu fi kan yeroof qofa turu yoo ta'e akka gosa miidhaa kanaa jalatti hin ramadamne yaada hayyootaa kanaarra ni hubatama.

Gama biraatiin seerri yakkaa keenya yakki kun '*kana*' jechuun hiikkoo itti hin kennine. Seerichi jiraachuu yakkichaa adda baafachuuf akka ooluuf qofa bu'aawwan yakkichi hordofsiisuu qabu tarreessee kaa'uf yaaleera.¹⁵⁹ Kunis:-

Keewwata 555. Miidhaa Qaamaa Cima Itti Yaadamee Raawwatamu

Namni kamiyyuu itti yaadee:

- (a) Lubbu miidhamaaf haala yaaddessuun yookiin qaama yookiin sammuu isaarra mudaa **yeroo maraa** fiduun nama biroo irratti miidhaa kan geessise yoo ta'e; yookiin
- (b) qaama yookiin kutaa qaamaa yookiin qaamolee miiraa barbaachisoo ta'an nama biroo keessaa tokko **kan hir'ise**, **akka hin tajaajille** kan taasise yookiin haala suukkanneessaafi ifatti mul'atuun **bifa isaa kan balleesse** yoo ta'e; yookiin

¹⁵⁹ S/Y RDFI, kew. 555

(c) karaa biroo kamiiniyyuu miidhaa yookiin dhukkuba cimaa nama biroo irraan kan gahe yoo ta'e;

akka haala dubbichaafi akka ulfaatiina miidhichaatti hidhaa cimaa waggaa kudha shan hin caalleen yookiin hidhaa salphaa waggaa tokkoo gadi hin taaneen ni adabama.

Tumaa seeraa kana irraa akka hubatamutti yakki miidhaa qaamaa cimaa, yakka miidhaawwan olitti seeraan kaa'aman kan geessise dha. Kana irraa kan hafe seerichi gosa miidhaawwan kanneenif hiikaa hin kennu. Haata'utii garuu, miidhaawwan tumaa seeraa kana jalatti kaa'ame kana hiikkoowwan barreessitoota adda addaan deeggaramuun akka itti aanu kanatti xiinxaluun ni danda'ama.

a. Haala lubbuu miidhamaaf sodaachisuun ykn qaamas ta'e sammuu isaa irratti haala jiruu isaa keessatti dhaabbiidhaan balaa irra buusuu danda'uun nama biraa irratti miidhaa yoo geessise,(wounds a person so as to endanger his life or to permanently jeopardize his physical or mental health;)

Gosti miidhaa kun qaama ykn sammuu miidhamaa irra gahuu danda'a. Miidhaan gahe kun immoo lubbuu miidhamaa kan galaafachuu danda'u ta'uu qaba. Yookan immoo sammuu miidhamaas ta'ee qaama isaa irraan balaa dhaabbataa fi hin fayyine kan gahe ta'uu qaba. Balaan gahe kan fayyuu ykn kan yeroof qofa turu yoo ta'e miidhaa qaamaa cimaa hin ta'u jechuu dha.

b. Qaama nama biraa ykn qaamota barbaachisoo ta'an keessaa tokko kan hir'ise, akka hin tajaajille kan godhe ykn haala ifatti mul'atuuni fi nama dararuun bifa isaa kan balleesse(maims his body or one of his essential limbs or organs, or disables them, or gravely and conspicuously disfigures him;)

Miidhaan tumaa kana jalatti hammatamu immoo gosa miidhaa qaama hir'suu, akka hin tajaajille gochuu ykn bifa balleessuu kan danda'anii dha. Gaaffiin asitti deebi'uu qabu jechoonni qaama hir'isuu (maim), tajaajila akka hin kennine gochuu fi bifa balleessuu jedhaman kunniin maal akka ta'an adda baasuu dha.

Qaama jechuun maal jechuu dha dhimma jedhuuf **Encartan**

[is] a physical form of human or animal: the complete material structure or physical form of a human being or animal

jechuun hiikoo kenneefii argama.¹⁶⁰ Haaluma walfakkaatun kuusan jechootaa **Vicky** jecha qaama (body) jedhu kana

a whole physical structure, including the bones, flesh, and organs, of a person or an animal, whether dead or alive.

Kana irraa wanti hubatamu egaa qaama (body) jechuun wanta mul'achuu danda'uu fi bineensonnis ta'e ilmaan namaa irraa kan ijaarraman hunda isaa kan qabatu ta'uu isaati. Haa ta'utii tumaan seera kanaa '*maims... one of his essential limbs or organs...*' waan jedhuuf miidhaan hir'achuu, tajaajila kennuu dadhabuu ykn bifaa baduu kun kan raawwatamuu qabu dirqama guutuu qaama nama miidhaan irra gahee irratti akka hin taane waan hubatamuu qabuu dha.

Gama biroon immoo hir'ina qaamaa (maim) jechuun

to inflict a severe and permanent injury on a person or animal, especially one that renders a limb useless'

jechuu akka ta'e kuusaan jechootaa Encarta ni kaa'a.¹⁶¹

Dabalataanis kuusaan jechootaa 'Vicky' jecha 'maim' jedhu kana '*cripple, disable, mutilate*' jechuun gabaabumatti hiika. Egaa wanti hiikoowwan kana irraa hubatamu qaamni hir'ate kan jedhamu miidhaa irra gahuun qaamichi yoo cite/cabee bu'e ykn osuma jiruu hojii duraan hojjatu dhaabbiidhaan hojjachuu yoo dadhabee dha.

¹⁶⁰ Microsoft® Encarta® 2009. © 1993-2008 Microsoft Corporation.

¹⁶¹ Akkuma 11^{ffaa}

Jechi biroo xiinxala barbaadu jecha ‘ akka hin tajaajille godhe’ (disabled) jedhuu dha. Jecha kanaafis seerichaan hiikoon kennameef hin jiru. Seerri tokkoon tokkoo jechootaa tumaa seerichaa keessa jiru hundaaf hiikaa ni kennas jedhamee hin eeggamu. Kana waan ta’eef maal akka ta’e barruulee roggummaa qaban keessa barbaaduun barbaachisaa dha.

Haaluma kanaan kuusaan jechootaa ‘Vicky’ gaalee ‘tajaajila kennuu dadhabuu’ ‘disablity’ jedhu kana ‘a permanent physical or mental incapacity.’ jechuun hiikeera. Haaluma wal-fakkaatuun hayyuun Wayne R.Lafave

*... it is a requirement for grave body injury that the disabling injury be permanent, so that the temporary disablement of a finger, arm, eye, or other member [of the body] will not do.*¹⁶²

jechuun kaa’eera.

Akka walii galaatti xiinxala kana irraa wanti hubatamu tajaajila dhaabun ykn hojii barama hojjachuu dadhabuun qaama miidhaan irra gahee, tumaa s/y kwt 555/b’n haguuggamuuf, dhabbataa ta’uu qaba jechuu dha.

Jechi tumaa s/y 555/b’n wal qabatee xiinxala barbaadu kan biroo jecha ‘bifa balleesse’ ‘disfigures’ jedhuu dha. Akkuma armaan olitti ibsame, badiin bifaa tumaa seera yakkaa kwt 555/b’tiin haguuggamu isa dhaabbataa ta’ee dha. Kan yeroof qofa turu yoo ta’e tumaan kun hin bulchu. Kana malees bifti bade kan jedhamu miidhaan kun fuularra yoo gahe qofa akka ta’e hayyonni dhimmicharratti bareessan ni ibsu.¹⁶³

¹⁶² Wayne R.Lafave, yaadannoo olii lakk. 8

¹⁶³ Akkuma 13^{ffaa}

c. Haala biroo kamiinuu miidhaa ykn dhibee cimaa nama biroo irraan yoo geessise (in any other way inflicts upon another an injury or disease of a serious nature,)

Namni mala hedduutti fayyadamuun miidhaa ykn dhibee nama irraan gahuu danda'a. Dhibeen ykn miidhaan mala kamittiyyuu fayyadamuun dhufe kun cimaa (injury or disease of a serious nature) yoo ta'e yakkichi tumaa s/y kwt 555/c jalatti kufa.¹⁶⁴

Akka walii galaattii xiinxala asii olitti a – c'tti ilaallame irraa kan hubatamu gosti miidhaa qaamaa s/y kwt 555/ a, b, ykn c jalatti haguuggamu adda addummaa akka qabuu dha. Tokkoon tokkoon isaanii amala mataa isaanii danda'e qabu. Kan tokko taasisu garuu cimina fi dhaabbataa ta'uu miidhaa gaheeti.

Gaaffilee Marii

1. Dhimmi kun (Dhimma 33ffaa???) dhimma yakkaa Go/Wallagga Bahaatti M/M Aanaa Waamaa Haagaloo lakk.g.m/m/ 01308'n murteesse dha. Dhimma kana irratti A/Alangaa himatamaan obboo Takkaa Moosisaa Ittaanaa miidhamaa dhuunfaa Biraanuu Tolosaa Uleedhaan mangaagaa dhahee ilkaan saddeet (8) waan irraa cabseef yakka rawwateen S/Y RDFI kwt 555(b) jalatti adabamuu qaba jechuun ragaa namaa fi barreeffamaa kana agarsiisuun deegaree himatee ture. Manni Murtii Aanichaas himatamaa tumaa seera yakkaa kwt 555(b) jalatti balleessaa taasiseera.

Dhimmi (Dhimma 34ffaa) kun immoo dhimma yakkaa Go/Arsitti M/M Aanaa Diigaluu fi Xijjoo lakk.g.m/m/ 12161 irratti murteesse dha. Dhimma kana irratti A/Alangaa himatamaan Obbo Bilawuu Dannaqee miidhamaa dhuunfaa obboo Gabree Wandimmuu dhagaan dhahee ilkaan lama (2) waan irraa cabseef yakka rawwateen S/Y RDFI kwt555(b) jalatti adabamuu qaba jechuun ragaa namaa fi barreeffamaa dhugaa kana agarsiisuun deegaree himatee ture.

Manni Murtii Aanichaas yakkichi raawwatamullee himatamaa fi miidhamaan dhuunfaa waan araaramanii fi sababni walldhabdee waan hin beekkamneef himata A/Alangaa S/Y RDFI kwt555/b/ jalatti dhiyaate gara S/Y RDFI kwt556/2/ A, B, C? jalattii jijjiiruun himatamaa

¹⁶⁴ Ibsaaf asii ol fuula 6 ilaalaa.

kana tumaa S/Y RDFI kwt556(2) jalatti balleessaa taasisuun hidhaa ji'a 6 (ja'aa)'n adabee daangaa waggaa 1(tokkoo)'n gageesseera.

➤ Dhimmoota lammeen kana irratti ejjannoo qabatamee fi murtee kenname irratti yaada maal qabdu? Isa kamtu sirrii dha?

2. Dhimmi kun (**Dhimma 35ffaa?**) dhimma yakkaa Go/Sha/Bahaa M/M Aanaa Adaamaatti lakk.gal.m/m/ 44204 ta'e irratti murteesse dha. Dhimma kana irratti A/Alangaa himatamaan Obbo Abarraa Dachaasaa miidhamaa dhuunfaa obboo Taliilaa Shaalloo tomtomaan afaan keessa deddeebisee rukutee ilkaan tokko (1) sochoosee tokko immoo waan cabseef yakka rawwateen S/Y RDFI kwt555(b) jalatti adabamuu qaba jechuun ragaa namaa fi barreeffamaa dhugaa kana agarsiisuun deeggaree himatee ture.

Manni Murtii Aanichaas ilkaan cabe guutuun waan danda'amuuf miidhaa qaamaa cimaatu gahe wanti nama jechisiisu hin jiru jechuun himata A/Alangaa S/Y RDFI kwt555/b/ jalatti dhiyaate gara S/Y RDFI kwt556(1) jalattii jijjiiruun himatamaa kana tumaa S/Y RDFI kwt556(1) jalatti balleessaa dha jedheera.

➤ Dhimma kana irratti ejjannoo qabatamee fi murtee kenname irratti yaada maal qabdu?

3. Dhimmii (**Dhimma 36ffaa**)kun dhimma yakkaa Go/I/A/Booraa M/M Aanaa Mattuu g.lakk.11869 irratti murteesse dha. Dhimma kana irratti A/Alangaa himatamaan Obbo Awwaqee Taammiruu miidhamaa dhuunfaa obbo Kennesaa Ahimad gajara itti darbachuun miila isaa tokko rukkutuun lafee cabsee madeesse jira jedhee S/Y RDFI kwt556(2) jalatti himatee ture. Manni Murtii Aanichaas bu'ura A/Alangaa miidhamaa fi himatamaan araaramaniiru jedheen araaran cufameera.

Dhimmi kun(**Dhimma 37ffaa**) immoo dhimma yakkaa M/M Aanaa L/Hixoosaa lakk.g.m/m/ 13699'n murteesse dha. Dhimma kana irratti A/Alangaa himatamaan obboo Ballaxaa Hordofaa miidhamaa dhuunfaa Tolaa Tsaggaa Uleedhaan miila mirgaa jilbaa gadi dhahee waan lafee cabseef yakka rawwateen S/Y RDFI kwt555(b) jalatti himatee ture. Manni Murtii Aanichaas himatamaa tumaa seera yakkaa kwt 555(b) jalatti balleessaa taasisera.

➤ Dhimmoota lammeen kana irratti ejjannoo qabatamee fi murtee kenname irratti yaada maal qabdu? Isa kamtu sirrii dha?

1.3.3. Yakka Miidhaa Qaamaa Salphaa

Yakki miidhaa qaamaa salphaa yakka ta'e jedhamee qaama namaa irratti miidhaa geessisuuf yaadamee raawwatamuu dha. Haa ta'u malee, haalli raawwii isaa fi miidhaan gocha kanaan gahu salphaa kan ta'ee dha.¹⁶⁵ Namni kamuu itti yaadee haalota seera yakkaa kewwata 555 jalatti taa'aniin alatti miidhaa qaama namaa irratti yoo geessise yakka miidhaa qaamaa salphaa raawwachuu isaatin akka gaafatamu seerichi ni tuma.¹⁶⁶ Kunis seerichi

Keewwata 556. Miidhaa Qaamaa Salphaa Itti Yaadamee Raawwatamu

1. *Namni kamiyyuu haalawwan armaan olitti keewwata 555 jalatti ibsamaniin ala, itti yaadee qaama yookiin fayyaa namaa irratti miidhaa kan geessise yoo ta'e;*

iyannoon dhuunfaa yommuu irratti dhihaatu hidhaa salphaa waggaa tokko hin caalleen yookiin adabbii maallaqaatiin ni adabama.

2. *Gochichi himannaa yakkaa dhiheessuun kan adabsiisuufi adabbichi hidhaa salphaa ji'a jahaa hanga waggaa sadii gahuu danda'u kan ta'u:*

(a) balleessichi miidhaa kan geessise summiidhaan yookiin meeshaa ajjeesuun yookiin meeshaa biroo miidhaa qaamaa geessisuu danda'u kamiiniyyuu fayyadamuun yoo ta'e; yookiin

(b) balleessichi dirqama ogummaa yookiin kan biroo cabsuun miidhaa kan geessise yoo ta'e; yookiin

(c) miidhamtichi dadhabaa, dhukkubsataa yookiin ofirraa ittisuu kan hin dandeenye yoo ta'edha.

jechuun kan kaa'ee argamuu dha.

Tumaa seeraa kana irraa akka hubatamutti yakki miidhaa qaamaa salphaa qaama namaa irratti raawwatamu keewwatoota xixxiqqaa 1 fi 2 jalatti gosa lamatti adda qoodameera. Lamaan isaanii immoo wanti tokko taasisus adda godhus ni jira.

¹⁶⁵ Asii ol, yaadannoo lakk. 1 fuula. 816

¹⁶⁶ S/Y RDFI kwt 556

Haaluma kanaan, walitti dhufeenyi isaanii yoo laallamu, keewwanni xixxiqqaan lamaan akkuma mata duree keewwatichaa irraa hubachuun danda'amutti miidhaa salphaa qaamaa fi fayyaa irratti raawwatamu kan ilaallatanii dha. Miidhaa salphaa jechuun ammo miidhaa s/y kwt 555 jalatti tarreeffaman ykn kufaniin ala ta'an jechuu dha.¹⁶⁷

Gama birootin immoo keewwatootni xixxiqqan kunniin wal-irratti kan rarra'anii dha. Kana jechuun kwt'n 556(2) keewwata 556(1) irratti kan rarra'ee dha. Kanas, S/Y kwt'n 556(2) kan jedhu yakkumti kwt 556(1) jalatti tumame kun yoo

- a. *Summii ykn meeshaa lubbuu baasuu danda'uun ykn meeshaa biroo miidhaa qaamaa fiduu danda'u fayyadamuun rawwatame ykn*
- b. *Miidhaan qaamaa kun kan raawwatame dirqama ogummaa ykn kan biroo darbuun ta'e ykn*
- c. *Namni miidhaan kun irratti raawwatame dadhabaa, dhukkubsataa ykn miidhaa of-irraa ittisuu kan hin dandeenye ta'e'*

jechuudhan bifa kwt 556(1) irratti rarra'een kaa'amee jira waan ta'eef.

Kana jechuun, gosootni yakkaa S/Y keewwata 556/1/'nis ta'ee 556/2/'n haguuggaman yakkuma miidhaa qaamaa salphaa ta'e dha jechuu dha. Wanti yakkaa s/y kwt 556 (1) fi (2) jala jiru gargar baasu

- a. Yakki miidhaa qaamaa keewwata xiqqaa (2)'n hammatame meeshaan ittiin raawwatamu, dirqamni bira taramee raawwatamu, ykn haalli nama inni irratti raawwatamuu addatti seeraan kan kaa'amee fi fedha miidhamaa qofaan kan himachiisu osoo hin taane kaka'uumsa nama kamiitiniyyuu ta'uu danda'uu isaa fi;
- b. Kan keewwata xiqqaa (1) jala jiru ilaalchisee garuu seerichi meeshaa yakkichi ittiin raawwatamu, haala nama yakkichi irratti raawwatamuus ta'ee dirqamni irra darbamee yakkichi raawwatamuu ilaalchisee wanti kaa'e kan hin jirree fi fedha miidhamaa qofaan kan himachiisu ta'uu isaa irratti dha.¹⁶⁸

¹⁶⁷ S/Y RDFI kwt 556/1

¹⁶⁸ S/Y RDFI kwt 556

Kanaan alatti, keewwattootni xixxiqqaan kun lameenuu yakka miidhaa qaamaa salphaa laallatan waan ta'aniif gosa miidhaa qaamaa isaan bulchaniin addaaddummaa hin qaban.

Kana jechuun akka afuura tumaa kanaatti yakki miidhaa qaamaa salphaan rawwatame tokko kwt 556/1/ moo 556/2/ jalatti kufa gaaffii jedhu deebisuuf kan ilaalcha keessa galchuu qabnu, cimina ykn salphina miidhaa gahee osoo hin taane, meeshaa yakkichi ittiin raawwatame, dirqama darbamee yakkichi rawwatamee ykn haala nama yakkichi sun irratti raawwatamee dha. Sababni isaas akka kwt 556 mata duree isaa irraa hubachuun akka danda'amutti 556/1/ fi /2/ gosa miidhaa qaamaa gahu ilaalchisee garaagarummaa hin qaban. Isaan lachuu miidhaa qaamaa fi fayyaa salphaa ta'e kan ilaallatanii dha.

Gaaffiilee Marii

1. Dhimmi kun (**Dhimma 38ffaa**) dhimma yakkaa Go/Wallagga Bahaati M/M Aanaa Giddaa Ayyaanatiin lakk.g.m/m/ 08289'n murteesse dha. Dhimma kana irratti A/Alangaa himatamaan obboo Kabadaa Qanaatee miidhamaa dhuunfaa Obboo Waaqtolee Jammaraa mataa irra qottoodhaan dhahee miidhaa waan irraan gaheef S/Y RDFI kwt556(2)(a) jalatti himatee ture.

M/murtichaa gaafa murtii kennu miidhan gahe salphaa waan ta'eef jechuun kwt himanni A/Alangaan jalatti dhiyaate S/Y RDFI kwt556(2)(a) irraa gara 556(1) jijjiirun balleessadha jedheeniira.

Dhimmi kun (**Dhimma39ffaa**) immoo dhimma yakkaa Go/Jimmaa M/M/A Limmuu Kossaatiin lakk.g.m/m/ 07057'n murteesse dha. Dhimma kana irratti A/Alangaa himatamtoota obboo Shurafaa A/Giddii fa'a N₂ miidhamaa dhuunfaa Obboo A/Giddii A/Jiilchaa harka irra uleedhaan dhahee miidhaa waan irraan gaheef yakka raawwateen S/Y RDFI kwt32 (1) (a) fi 556(2)(a) jalatti himatee ture.

Manni Murtii Aanichaas himatamtootaan S/Y RDFI kwt 556(2)(a) jalatti balleessitoota jedheeniira.

Dhimmi kun(Dhimma 40ffaa) dhimma yakkaa Mana Murtii Federalawaa Sadarkaa Tokkoffaa Ramaddii Cirqoosi lakk.g.m/m/ 64753'n murteesse dha. Dhimma kana irratti A/Alangaa himatamaa obboo Muluusaw Diluu miidhamaa dhuunfaa Obboo Taamiruu Guddisaa dhakaa darbatee fuula isaa karaa bitaa waan madeesef yakka rawwateen S/Y RDFI kwt556(2)(a) jalatti himatee ture. Manni Murtii Federala kunis himannaa A/Alangaan ofitti fudhatee ilaalee keewwatuma jalatti himatame jalatti murtii balleessummaa itti kenneera.

Dhimmi kun(Dhimma 41ffaa)immoo dhimma yakkaa Go/ Wa/ Bahaatti Mana Murtii A/Gi/Ayyaanatiin lakk.g.m/m/ 08503'n murteesse dha. Dhimma kana irratti A/Alangaa himatamaa obboo Tuulii Asrasi miidhamaa dhuunfaa Gurmuu Warqinaa dhagaa darbatee waan dhahee madeesef yakka rawwateen S/Y RDFI kwt 556(1) jalatti himatee ture. Manni Murtii aanichaas himannaa A/Alangaan dhiyaate ofitti fudhatee ilaalee himatamaan s/y kwt 556/1 jalatti balleessadha jedhameera.

- Dhimoota kanneen ilaalchisee ijjanooowwan qabatamanii fi murteewwan kennaman wal bira qabuun madaala. Isa sirrii ta'ee fi dogongora ta'e sababaan deeggaruun ibsaa.

2. Dhimmi kun (Dhimma42ffaa) dhimma yakkaa Go/I/A/Booraa M/M Aanaa Mattuu lakk.g.m/m/ 11869'n gaafa 11/8/2003 murteesse dha. Dhimma kana irratti A/Alangaa himatamaan Obbo Awwaqee Taamiruu Adaaba miidhamaa dhuunfaa obboo Kenesa Ahimad gajara itti darbachuun miila isaa tokko rukkuutuun lafee cabsee madeesse jira jedhee S/Y RDFI kwt 556(2) jalatti himatee ture.

Dhimmi biroo (Dhimma 43ffaa) immoo dhimma M/M/Fe/Sa/Tokkofaa Ramaddii Cirqoos gaafa 21/4/03 dhimma lakk. Galme 05732/03'n dhyaaateef irratti kenneedha. Dhimma kana irratti A/Alangaa himatamaa obboo Saamu'eel T/Maariyaam miidhamaa dhuunfaa barataa Mihirata'ab Hayilee sarbaa miila bitaa irraa cuubeedhaan yeroo sadi waraanuun miidhaa waan irraan gaheef yakka rawwateen S/Y RDFI kwt556(2)(a) jalatti himatee ture.

- Dhimoota kanneen ilaalchisee ijjanooowwan qabatamanii fi murteewwan kennaman wal bira qabuun madaalaa. Isa sirrii ta'ee fi dogongora ta'e sababaan deeggaruun ibsaa.

1.3.4. Yakka Harka Darbiinsaa (Crime of Assaults)

Tumaan seera yakkaa keenya bara 1996 bahe kwt'n 560'n yakki harka darbiinsaa maal akka ta'e ifatti hiika hin kaa'uf. Gochi harka darbaa kun mala kamiiniyyuu rawwatamuu akka danda'u garuu ni kaa'a.

Gama biraatiin tumaan seera yakkaa kwt'n 560(1) sararri 3^{ffaa},n dirmammuu salphaan, dhiiga guduunfuu/naqachuun ykn mallattoo/miirri dhukkubbii yeroo gabaabaatti darbu akka miidhaa qaamaa ykn hir'ina fayyaatti hin lakkaa'amne ifatti kaa'eera. Kanaaf gochoonni ta'eewwan kana qaama namaa irratti uuman meeshaa ittiin raawwataman irratti osoo hin hundaa'in tumaa seera yakka kwt 560 jallatti kufu jechuu dha.

Haa ta'utii, haala qabatamaa hojii amma jirutti ogeessonni seeraa yoo gochi nama tokkoon nama biroo irratti raawwatame dirmammuu, dhiiga naqachuu ykn miira dhukkubbii yeroof turu qaama namaa irratti uume akka miidhaa qaamaatti ykn hanqina fayyatti lakkaa'uun seera yakkaa kwt 556(1) jalatti himatanii fi balleessaas ittiin jedhan bal'inaan mul'ata. Kun immoo tumaa seera yakkaa kwt'n 560(1) sarara 3^{ffaa} waliin walitti kan bu'u dha.

Gaaffiillee Marii

1. Dhimmi kun (**Dhimma 44^{ffaa}**) dhimma yakkaa Go/Jimmaatti M/M Aanaa Limmuu Kossaatti lakk.g.m/m/ 07301'n murteesse dha. Dhimma kana irratti A/Alangaa himatamtoonni Obbo Mammad Hajii A/Goolee fa'a N₂ miidhamaa dhuunfaa obbo Zaakir Huseen himatamaa 1^{ffaa},n booksiidhaan qolee irra rukutuudhaan himatamaan 2^{ffaa},n miilaan dhiituu fi xilaan waan dhaheef yakka reebichaa rawwataniin S/Y RDFI kwt'n 32(1)(a) fi 556(1) jalatti himatee ture. Ragaan mana yaalaa miidhaan gahe akka hin jirre ni ibsa.
 - Manni murtii aanichaas himatamtoota S/Y RDFI kwt 556(1) jalatti balleessitoota jedheeniira. Dubbii kana isin akkamitti laaltu ?
3. Dhimmi kun **Dhimma 45^{ffaa}** dhimma yakkaa Go/Ha/Bahaa M/M Aanaa Haromayaatti lakk.g.m/m/ 20463'n murteesse dha. Dhimma kana irratti A/Alangaa himatamtoonni miidhamaa dhuunfaa ulee fi muka mancaan qaama miidhamaa hudduu gubbaa fi duugda

irraa dhahuudhan dirmammuu fi miira dhukkubbii yeroo sanatti itti dhagahamee ture irraan waan gahaniif yakka rawwataniin akka gaafataman S/Y RDFI kwt556(2) (A) jalatti himatee ture.

Ragaan mana yaalaa galmees kana keessa jiru duugdi miidhamaa dhuunfaa kan dirmamma'ee fi yeroo yaallamutti miiri dhukkubbi yeroo sanatti itti dhagahamaa kan turee fi booda kan fayye akka ta'e ni ibsa.

Manni murtii aanichaas dhimma kana ofitti fudhatee gaafa ilaalu keewwata A/Alangaa jalatti himate S/Y RDFI kwt 556(2)(a) gara tumaa seera yakkaa kwt 556(1)'tti jijjiiruun isa jalatti balleessan jedheera. Isin hoo akkamitti ilaaltu ?

4. Dhimmi kun **Dhimma 46^{ffaa}** dhimma yakkaa Go/Sha/Bahaa M/M Aanaa Adaama lakk.g.m/m/ 50819'n murteesse dha. Dhimma kana irratti A/Alangaa himatamaan miidhamaa dhuunfaa dhagaadhan mataa isaa gara bitaa yeroo tokko dhahee miidhaa waan irraan geessiseef yakka rawwataniin akka gaafatamuuf S/Y RDFI kwt556(2) (A) jalatti himatee ture.

Manni murtii aanichaas dhimma kana ofitti fudhatee gaafa ilaalu kwt A/Alangaa jalatti himate S/Y RDFI kwt556(2) (a) jalatti balleessiteeta jedheera. Ragaan mana yaalaa Hospitaala Adaamaa irraa xalayaa lakk. 0255/434/2003'n gaafa 20/11/2003 barraa'e dhiyaate garuu kan jedhu yeroo qorannoon godhamuufitti mataa garaa bitaa irra madaa fi dirmammuu mul'atu hin qabu; Raajiin akka ibsutis cabina lafees hin qabu jedha. Isin hoo akkamitti ilaaltu?

5. Dhimma **Dhimma 47^{ffa}** Manni Murtii Waliigalaa Oromiyaa ol'iyannoodhaan lakk. *GMMWO 87014* ta'e irraatti ilaalee murteesse dha. A/Alangaa himata bu'uura seera yakkaa bara 1996 bahe kwt 556/2/A/ tin hundeesseen himatamtuun Baqqaluu Nagaash miidhamtuu dhuunfaa addee Raammatee Ibraahim abboottattee (booksiidhan) afaan keessa dhooftte ilkaan jalaa tokko irraa waan buqqisteef yakka raawwateen himatamtee jirti kan jedhuudha. Ragaan mana yaalaa ilkaan tokko kan buqqa'e, dhiiga hoo'aa fi madaa haaraa iddoo ilkaan irraa buqqa'e irraa qabdi jedha. Raagoonni namaa immoo himatamtuun gochicha raawwachuu raganiiru.

Manni murtii Aanaa Adaamaa bu'uruma s/y kew. 556/2/A/ tin balleessaa taasisaera. Manni murtii Olaanaa immoo gochi raawwatame harkaan waan ta'ee fi miidhaan gahes salphaa waan ta'eef ulaagaa S/Y RDFI kwt. 556/2/A jalatti ibsame hin guutu jechuudhaan bu'uura s/d/f/y/ 113 tin keewwata jijjiiruudhaan S/Y RDFI kwt. 556/1/ jalatti balleessaa taasisaera hidhaa ji'a lamaatin adabe. MMWO dhaddachi Bahaas murtii MMO cimse. Dhimma armaan olii xiinxaluudhaan gaaffilee armaan gadii irratti mari'adhaa.

- i. A/Alangaa S/Y RDFI kwt. 556/2/A jalatti himannaa hundeessuu akkamitti ilaaltu?
- ii. Manni murtii Aanaa s/y 556/2/A jalatti ballessaa taasisuun sirrii dha?
- iii. Murtii MMO fi MMW hoo akkamitti ilaaltu?
- iv. Sababni M/murtii tumaa himanni A/alangaan jalatti dhiyaate S/Y RDFI kwt556(2)(a) irraa gara tumaa M/m himatamaan baleessiteeta jalatti jedheen S/Y RDFI kwt556/1/'tti jijjiiruuf kaa'e '*...miidhaan gahe miidhaa salphaa ta'uu agarsiisa...*' kan jedhuu dha. Haa ta'uutii tumaan S/Y RDFI kwt'n 556(2)(a)'nis miidhuma salphaa agarsiisa waan ta'eefa sababni manni murtii kaa'e kun akkamitti laallama ?

6. Dhimma **Dhimma 48^{ffaa}** Manni Murtii Waliigalaa Oromiyaa ol'iyannoodhaan lakk. gal. MMWO 80951 ta'e irraatti ilaalee murteesse dha. Dhimma kana irraa hubachuun akka danda'amutti A/Alangaa A/Adaamaa himannaa bu'uura S/Y RDFI kwt 556/2/A tin hundeesseen himatamtoonni Ida'oo Nagawoo fa'a na-4 miidhamaa Lammaa Tufaa manshii fi uleedhaan qaama isaa hunda rukutani waan tumaniif yakka reebichaa raawwataniiru jechuun himateera.

Ragaan mana yaalaa qaama miidhamaa iddoo adda addaa irratti dirmammuu fi bututuun foonii yeroo mana yaalaa dhaqu mul'atu fi booda garuu yaalamee kan fayye ta'uu nii ibsa.

Manni murtii A/Adaamaa bu'uuruma S/Y RDFI kwt. 556/2/A tin murtii balleessaa fi adabbii kenne. Manni Murtii Olaanaa Go/Adda Adaamaa immoo ragaan mana yaalaa miidhaa salphaa ta'uu agarsiisa jechuudhaan bu'uura s/d/f/y/ kw.113 tin gara S/Y

RDFI kwt. 32/1/A fi **556/1/** tti jijjiiruudhaan murtii balleessaa fi adabbii kenne. MMWO dhaddachi bahaa immoo bu'uura s/d/f/y 195/1/ tin cimse.

- i. A/Alangaa Aanaa S/Y RDFI kwt 556/2/A jalatti himannaa hundeessuu akkamitti ilaaltu?
- ii. Manni murtii Aanaa s/y 556/2/A jalatti ballessaa taasisuun sirrii dha?
- iii. Murtii MMO fi MMW hoo akkamitti ilaaltu?
- iv. Tumaan s/y kwt 556 kwt'n xiqqaan(1)'s ta'ee (2) midhaa qaamaa salphaa ta'e bulchu. Ragaan mana yaalaa miidhaan gahe salphaa ta'uu agarsiisa jechuun sababa manni murtii kaa'e kana attamitti madaaltu?

1.4. Yakka Dirqiin Gudeeduu

Yakki dirqisiisanii gudeeduu yakka garaagarummaa saalaa bu'ureeffachuun dhiirotaan dubartoota irratti raawwatamuu dha;¹⁶⁹ gocha wal-quunnamtii saalaa fedha malee dubartoota irratti raawwatamuu dha.¹⁷⁰ Maalummaa fi ulaagaa yakka dirqiin gudeeduu ilaalchisee tumaan seera yakkaa keenya kwt'n 620 haala itti aanu kanaan kaa'ee jira.

Keewwata 620. Dirqisiisanii Gudeeduu

1. Namni kamiyyuu gocha humnaa fayyadamuun yookiin doorsisa cimaan yookiin akka of wallaaltu yookiin karaa biroo kamiiniyyuu akka ofirraa ittisuu hin dandeenye taasisuun, gaa'elaan ala dirqisiisee dubartii tokko wajjin saalqunnamtii kan raawwate yoo ta'e;

hidhaa cimaa waggaa shanii hanga waggaa kudha shanii gahuun ni adabama.

2. Yakkichi kan raawwatame:

(a) ijoollee durbaa umuriin ishee waggaa kudha sadii ta'ee, waggaa kudha saddeet hin guunnerratti yommuu ta'u; yookiin

(b) dubartii mana sooramaa, iddoo kadhannaa, dhaabbata yaalaa, barnootaa, sirreessa amalaa, bakka hidhaa yookiin turmaataa namoota qabamanii gaggeessummaa,

¹⁶⁹ *Seerri yakkaa keenya kan bara 1996 bahe kwt 621 jalatti dubartiin takka dhiira tokko dirqisiisuun fedha isaa malee akka wal-quunnamtii saalaa rawwatu yoo gootee argamte itti gaafatamummaa yakkaa akka qabdu ibsu illee seerichi yakka akka kanaa kana 'dirqiin gudeeduu' (rape) gaalee/jecha jedhuun hin yaamu.*

¹⁷⁰ *Reflections: Documentation of the Forum on Gender, Number 5, July 2001, Panos Ethiopia, pp.38*

to'annoo yookiin aangoo balleessichaa jala jiru keessatti argamtu yookiin eegumsa yookiin to'annoo himatamtichaa jalatti argamtu yookiin hirkattuu isaa taaterratti yommuu ta'u; yookiin

(c) dubartii dullumaan, dhukkuba qaamaa yookiin sammuutiin, muusa'uu sammuutiin, yookiin sababa biroo kamiiniyyuu maalummaa gochichaa /amala/ yookiin bu'aa gochichi hordofsiisu adda baastee beekuuf yookiin ofirraa ittisuuf hin dandeenye irratti yommuu ta'u; yookiin

(d) garajabinaan yookiin gidirsuun yookiin gamtaa dhiirota baay'inni isaanii tokkoo ol ta'een yommuu ta'u;

adabbichi hidhaa cimaa waggaa shanii hanga waggaa digdamaa gahuu danda'u ni ta'a.

2. Dirqisiisanii gudeeduun miidhaa olaanaa qaamaa yookiin sammuu yookiin du'a kan hordofsiise yommuu ta'u; adabbichi hidhaa umurii guutuu ni ta'a.
3. Yakka dirqisiisanii gudeeduu waliin wal qabatee yakki miidhamtuu seeraan ala qabanii tursuu yookiin butuu raawwatame yookiin miidhamtuun sababa yakkichaan dhukkubni kan itti darbe yommuu ta'u, tumaaleen seera kanaa roggummaa qaban dabalataan raawwatamoo ni ta'u.

5.4.1. Ulaagaaleen Yakki Dirqisiisanii Gudeeduu

Tumaan seeraa kun yakki dirqisiisanii gudeeduu 'kana' jechuun kan hin hiikane ta'us, jira jechuuf garuu ulaagaawwan guutuu qaban ifatti kaa'ee jira. Ulaagaaleen seerichaan jiraachuu yakkichaaf barbaachisan kanneenis akka itti aanu kanatti gabaabbinaan dhiyaataniiru.

A. Dirqisiisuun Dubartii Waliin Qunnamtiin Saalaa Raawwachuu

Ulaagaan kun safartuuwwan xixxiqaa sadi of-keessatti qaba.

Isaaniis:-

- A. Gochichi kan raawwatame dubartii irratti ta'uu akka qabu;
- B. Wal-quunnamtichi fedha miidhamtuun ala kan raawwatame ta'uu akka qabu; fi
- C. Wal-quunnamtii saalaa kan raawwatame ta'uu akka qabu dha.

Safartuuwwan ulaagaa kanaa akka asiin gadii kanaatti gabaabinaan xiinxalamaniiru.

A. Gochichi kan raawwatame dubartii irratti ta'uu qaba

Yakki dirqisiisun gudeeduu kan raawwatamu dubartii irratti qofa. *S/Y RDFI* kwt'n 621 jalatti dubartiin takka dhiira tokko dirqisiisuun fedha isaa malee wal-quunnamtii saalaa ishee waliin akka raawwatu yoo gootee argamte itti gaafatamummaa yakkaa akka qabdu ibsu illee seerichi yakka akka kanaa kana 'dirqiin gudeeduu' (rape) gaalee/jecha jedhuun hin yaamu. Kana waan ta'eef bu'ura seera yakkaa biyya keenyaatiin yakka dirqisiisuun gudeedutiin kan himatamu dhiira malee dubartii miti jechuu dha.

B. Wal-quunnamtichi fedha miidhamtuun ala kan raawwatame ta'uu akka qabu;

Gochi saalqunnamtii himatamaan raawwate fedhii miidhamtuutiin ala kan raawwatame ta'uu qaba. Kana jechuun miidhamtuun gocha saalqunnamtii himatamaa waliin kan raawwate fedhii ishiitin ta'uu hin qabu jechuu dha.

Fedhii qabdi yoo jennu immoo fedhii guutuu ta'uu qaba. Barreessaan seeraa tokko dubbii kana

*... consent should be defined as a subsisting, free and genuine agreement to the act in question; but such agreement may be... express or implied, and evidenced by words or conduct, whether present or past.*¹⁷¹

jechuudhaan kaa'eera.

Himatamaan miidhamtuu irratti gocha saalqunnamtii kan raawwate fedhii ishiitin ala ta'uu *gocha ishiin ofirraa ittisuuf gootu* irraa hubachuun ni danda'ama. Gochi miidhamtuun saalqunnamtiin irratti akka hin raawwatamne gootu dirqamtee ta'uu nutti agarsiisa. Gocha humnaa himatamaa ofirraa ittisuu ykn, ittisuuf yaaluu ishii immoo sochii ishiin yeroo yakkichi raawwatame goote, mallattoolee gocha humnaa agarsiisan, jecha miidhamtuu, mallattoolee yeroo sana agarsiisaa turte, fkn booyuu, garmalee aaruu ykn dallanuu, fi ragaalee naannoo sana jiran irraa hubachuun ni danda'ama.

¹⁷¹ Michael Allen, Criminal Law, 9th ed, pp-362

Abbaan Alangaatis miidhamtuun fedhii ishiitin ala qunnamtiin saalaa akka irratti raawwatame agarsiisuu qaba. Miidhamtuun ofirraa ittisuuf yaaluu mallattooleen agarsiisan ykn sababa ofirraa ittisuu dhabdeef kan mul'isan jiraachuu qabu. Ragaan mana yaalaas haala miidhamtuun yeroo sana irra turte fi mallattoolee yeroo sana ishiirratti mul'atan kan agarsiisu yoo ta'e filatama. Rakkoon gama kanaan jiru dubartoonni yakki kun irratti raawwatame yeroon gara mana yaalaa deemuu dhabuu, gocha irratti raawwatame dhoksuuf yaaluu, akkasumas manni yaalaas dubrummaan jiraachuu fi jiraachuu dhiisuu malee haalota yeroo sana ishii irratti mul'atan hunda agarsiisuu dhabuu fa'aa dha. Kana maqsuuf qaamni qorannoo gaggeesu jalqabuma qorannoo yakkichaa irraa qabee irratti hojjachuu qaba.

Dubartiin yakkichi irratti raawwatame jedhame tun qunnamtii saalaa raawwachuuf fedhii hin qabdu jechuudhaf gocha humnaa ishiin of irraa ittisuuf gootu qofa osoo hin taane mallattoon, jecha afaanii fi kkf ta'uus akka danda'u barreessitoonni seeraa ni kaa'u. Barreessaan seeraa tokko '*hin ta'u*' jechuun gahaadha yaada jedhu qaba. Kanas gaalee "*No means No*" jedhuun ibsee argama.¹⁷² Ija seeratiinis yoo ilaallamu qunnamtii saalaa raawwachuu hin barbaadu jechuuni fi humnaan ofirraa ittisuun lamaanuu miidhamtuun fedhii akka hin qabne kan agarsiisanii dha.

Ogeessonni seeraa tokko tokko immoo '*hin ta'u*' jechuun yeroo hundaa gahaa miti. Dubartoonni hedduun fedhii dhugaan keessa isaanii jiru dhoksanii beekaa fakkeessu; waan ta'eef haala isaa irratti hundaa'uun ilaallamuu qaba jedhu. Dubbii kana isin akkamitti ilaaltu ?

Gama biraatin immoo miidhamtuun kan caalliste yoo ta'e hoo gaaffin jedhu ka'uu danda'a. Dhimma kana irratti barreessan seeraa maqaan isaa olitti ibsame yaada isaa

Women's silence is sometimes the product of not passion and desire but of pressure and pain. Therefore what makes her silence must be proved.

jechuudhaan kaa'era.¹⁷³

¹⁷² Michael Allen, Criminal Law, 9th ed, pp-363-364

¹⁷³ *Kanuma olii, fuula 395*

Biyya keenyattis wanti akkasii qabatamaan ni mul'ata. Yakki gudeeddii humnaan, sodaa cimaa uumuudhaan, akka of wallaaltu gochuudhaan, ykn karaa biraa kamiinuu akka ofirraa hin ittisne gochuudhaan waan ta'eef sababni miidhamtuun ofirraa ittisuu dhabdeef ykn callifteef fedhii qabaatee osoo hin ta'in sodaa ykn dhiibbaa irra ga'uu danda'u irraa ka'uu danda'a.

Kanaafuu miidhamtuun waan ofirraa hin ittisneef ykn callifteef qofa fedhiin jira jechuun tilmaama fudhachuu osoo hin taane sababa ishiin callifteef qorachuun barbaachisaa dha. Gochi himatamaas miidhamtuun akka ofirraa ittisuu hin dandeenye gochuu danda'aa jedhamee sirnaan madaallamuu qaba.

Fedha miidhamtuu yakka dirqisiisanii gudeeduu ilaalchisee ilaalchota adda addaatu ogeessota seeraa keenya biraa calaqqisa. Isaanis:- ¹⁷⁴

- Dubartiin takka dursitee qunnamtii saalaa nama yakka dirqisiisanii gudeeduu raawwate jedhamee shakkame kana waliin raawwattee kan beektu yoo ta'e fi amma immoo himatamaan akka qunnamtii saalaa waliin raawwatu kan dirqisiise yoo ta'e yakka gudeeddii miti; wal-dhabdee yeroo qunnamtii raawwataniiti malee yaada jedhuu dha. Yanni deeggarsa seeraa qabu garuu dursitee isa waliin qunnamtii raawwachuun yeroo hunda raawwachuudhaaf waliigaltee jirti; yoo ta'ees jiraate immoo walii galtichi yoomiifiyyuu daangaa yeroo tokko malee akka isa waliin wal-qunnamtii saalaa raawwattu ishee diqisiisa jechuu miti. Kanaaf mirga yaada ofii jijjiirtee hin ta'u jechuu qabdi waan ta'eef yakkaa dha kan jedhuu dha.
- Dubartiin ofirraa yoo hin ittisne/yoo calliste / qunnamtii saalaa raawwachuuf fedhii qabaachuu agarsiisa. Kan ta'uu qabu garuu dubartiin tun ofirraa yoo ittiste gudeedaan kun rakkoo biraa kan isheen akka ummamu hin feene ishee, qaama, faayidaa biroorran gaha jettee sodaattee callisuu dandeessi waan ta'eef sababni akka callistu ishee taasisse laallamuu qaba kan jedhuu dha.
- Dubartoonni tokko tokko akka dhiironni qaama isaanii laalanii yakkicha isaan irratti raawwatan barbaadu. Uffannaa fi amalli isaanii dhiirota akka yakkicha isaanirratti

¹⁷⁴ Yaadonni kun bifa adda addaatin ogeessota seeraa keenya biraa kan calaqqisan yoo ta'u, kan cuunfamee fudhatame barreessaa ammaa kanaaf yaada marii leenjiirratti leenjitoota hojii irraa yeroo dheeraa marsaa 1^{ffaa}, 2^{ffaa} fi 3^{ffaa} ' tiin bara leenjii 2003 keessa ka'e irraay.

raawwatan kan harkisuu dha. Kanaaf yoo gudeeddamanis waan barbaadan argatan jedhu. Yaanni deeggarsa seeraa qabu garuu dubartiin waan akka fedha isheetti uffatteef, dubbateef ykn deemteef (to act) gudeedamuu hin qabdu kan jedhuu dha.

- Dubartiin halkan deemtu, dhugdu, safuu hawaasaa hin eegne wal quunnamtii saalaa raawwachuuf fedha qabdi. Kanaaf wal-quunnamtiin dirqii warra akkanaa waliin yoo raawwatame yakki gudeeddii jira nama hin jechisiisu jedhu. Kan ta'uu qabu garuu gochi ishii safuu hawaasaa kan hin eegne ta'us seera qabeessaa dha. Gudeeddiin garuu yakkaa dha.

Akka Waliigalatti garuu, dubartiin takka fedhii ishiitin ala qunnamtiin saalaa irratti raawwatameera jechuudhaaf gocha irratti raawwatamee fi sochii ishiin ofirraa ittisuuf goote akkasumas sababoota ofirraa ittisuu ishii dhoorkan gadi fageenyaan ilaaluun barbaachisaa dha.

C. Wal-quunnamtiin saalaa kan raawwatame ta'uu qaba

Seera yakka biyya keenyaa jalattis ta'ee, barreessitoonni seeraa baay'een akka jedhanitti yakki dirqisiisanii gudeeduu raawwatame jechuudhaaf qunnamtiin saalaa raawwatamuu akka qabu ni kaa'u.¹⁷⁵

Seerri yakkaa keenya safartuu kana “*namni kamuu ... dubartii takka waliin qunnamtii saalaa yoo raawwate...*” gaalee jedhuun kaa'eera.¹⁷⁶ Kun kan mul'isu *qunnamtii saalaa raawwachuun* ulaagaalee yakka dirqisiisanii gudeeduu hundeessan keessaa tokkoo fi kan bu'uura ta'uu isaati.

Dhimmi yakka dirqisiisanii gudeeduun wal-qabatee falmisiisaa ta'e wal-quunnamtiin saalaa raawwatameera kan jedhamu yoom kan jedhu irratti. Dubbiin kun yeroo amma kana dhimmoota ogeessota seeraa hedduu biratti addaa addummaan irratti mul'atu keessaa isa ijoo dha.

Garaagarummaan kun immoo kan fiixeetti bahu dhimmoota yakka dirqisiisanii gudeeddii daa'immanii fi dubartii dubrummaa qabdu irratti raawwatamuun wal- qabateeti. Kunis yeroo gudeedaan tokko dubartii dubrummaa qabdu tokko gudeedee wanta yaade hunda raawwatee

¹⁷⁵ Kanuma olii

¹⁷⁶ S/Y RDFI, kwt 620 (1)

garuu dubrummaan dubartii tanaa hin badne quunnamtiin saalaa raawwatame moo hin raawwatamne gaaffii jedhuuf, ogeessonni tokko tokko hin raawwatamne waan ta'eef yakkichi kan gaafachiisu yaalii gudeeddiitiini malee gudeeddiidhaanii miti yoo jedhan, gariin immoo raawwatameera waan ta'eef yakka gudeeddii xumura argateedha yaada jedhu qabu.

Dhimma kana ilaalchisee barreessaan seeraa Michael Allen yaada qabu

*The actus rea of rape consists of penetration of vagina by the penis and the slightest penetration is sufficient to constitute complete offence. There is no need for the hymen to be ruptured nor is necessary for ejaculation to occur.*¹⁷⁷

jechuudhaan kaa'eera.

Akka yaada barreessaa kanaatti qunnamtiin saalaa raawwatamuu qaba jechuun qaamni saalaa dhiiraa akka jirutti qaama saalaa dubartii keessa seenuu qaba jechuu miti. Dirqama dubrummaan yoo jiraate baduu hin qabu ykn immoo xaraanxarri dhiiraa dhangala'uu hin qabu. Xiqqoo ishee qaama saalaa dubartii saaquun yakkichaaf gahaa dha. Wanti waltuquurra darbee qaama saalaa ishii hamma ta'e tokko keessa seensisuu /slight penetration/ jiraachuu qaba jechuu dha.

Seera yakkaa biyya keenyaa jalattis qunnamtiin saala raawwatamuun akka ulaagatti taa'eera. Haata'u malee akka seera yakkaa biyya keenyatti qunnamtiin saalaa raawwatameera kan jedhamu yoom akka ta'e wanti taa'e hin jiru. Kannarraa kan ka'e yeroo heddu ragaan mana yaalaa dubrummaan hin banne garuu qaama ishii irra coccoramni, diddiiminni, dhiita'uun ykn seeliin qaama dhiiraa kan dhangala'e kan jedhu ykn dubrummaan hamma tokko ykn digrii hammanaatin badeera kan jedhu yoo ta'e yaalii gudeeddiitiin himata dhiheessuun bal'inaan ni mul'ata. Manneen murtiis ragaan mana yaalaa kana kan jedhu yoo ta'e gara yaalii gudeeddiitti jijjiiruudhaan kan murteessan hedduu dha. Haata'u malee qaamni saalaa dhiiraa kan dubartii keessa guutumatti seenuu dhabuun ykn dubrummaan baduu dhabuun gocha himatamaa yaalii hin taasisu.

¹⁷⁷ Asii oli, yadannoo 35, fuula 165

Dubbii kana mee galmee qabatamaan ogeessota qaamolee haqaa keenya biratti laallamaniin deeggaruun haa xiinxallu.

Dhimma 49^{ffaa}

Dhimmi kun dhimma yakkaa Go/Sha/Bahaa M/M/Ol-Aaanaa Go/Sha/Bahaa lakk.g.m/m/ 29071'n murteesse dha. Dhimma kana irratti A/Alangaa godiinichaa himatamaan Obbo Suyyumee Asaffaa Turaa miidhamtuu dhuunfaa Zinnaash Bashaadaa daa'ima umuriin ishee waggaa 13 gadii taate, irratti wal-quunnamtii saalaa raawwateef himatameera jechuun S/Y RDFI kwt 627(1) caqasuun himatee ture.

Ragaa mana yaalaa Hospitaala Bishooftuu irraa barraa'ee galmicha keessa jiru irraa akka hubatamutti miidhamtuun daa'ima waggaa 13'tii gadiiti. Kana malees ragaan kun qaamni saalaa dubra ta'uu ishee ibsu (hymen) fayyaa akka ta'ee fi qaawwi qaama saalaa ishee kan dhiiga kuufate fi dirmammaa'e ta'uu isaa nii ibsa. Ragaan namaa immoo himatamaan kun gochicha akka raawwate ni ibsa.

Manni Murtii godinichaas himanni A/Alangaan himatamaa irratti dhiyaate dhugaa ta'uu isaa ragaa A/Alangaan dhiyaate irraa hubatameera; himatamaanis of-irraa hin ittisne. Kanaaf keewwatuma himanni jalatti saaqame S/Y RDFI kwt 627(1) jalatti balleessiteeta jedhameera.

Galmee kana irraa kan hubatamu ogeessonni dhimma kana dalagan hanga gudeedaan waan danda'u hunda gudeeddamtuu irratti raawwatetti sababa inni dubrummaa balleessuu dadhabeef qofa yakkichi hin raawwatamne nama hin jechisiisu ejjannoo jedhu akka qaban hubachuun waan danda'amu dha. Dabalataanis ogeessonni kun maqaan yakka kanaa yakka daa'ima umuriin isaanii waagga 13 gadi ta'an irratti miidhaa qaama saalaa geessisuti; seerri bulchus tumaa seera yakkaa kwt 627/1 akka ta'e ijjanoo akka qaban hubachiisa. Isin hoo maal jettu?

Dhimma 50^{ffaa}

Gama biraatiin immoo Abbumti Alangaa Go/Shawaa Bahaa himata lakk.galmee 02497'n himatamaa obboo Taddasaa Doboc Saboore irratti saaqe irraa akka hubatamutti, himatamaan kun miidhamtuu dhuunfaa Beetiliheem Alamuu jedhamtu mana isaatti galchee gudeedaa osoo jiruu qaama ishee irratti xaraanxara waan gadi naqeef yakka yaalii gudeeddii raawwateen himatameera jedhee akka S/Y RDFI kwt'n 27(1) fi 627(1) himata mana murtii godiinichaatti irratti saaquun balleessaa dha jechisiiseera. Galmee kana keessatti ragaa barreeffamaa hidhame midhamtuun waggaa 7 gadi akka taate; qaama saalaa daa'ima tanaa irratti gudeedaan kun akka isparmii isaa gadi naqee fi qaawwi qaama saalaa ishee akka diimate ni ibsa.

Galmee kana irraa immoo kan hubatamu yakki raawwate yakka yaalii gudeeddaati; dirqama gudeeddan raawwate jechuuf dubrummaan cabuu qaba; yakka yaalii gudeeddii kana immoo S/Y RDFI kwt'n 627/1 fi 27/1 akka bulchu akka ogeessonni seeraa kunniin ijannoo qaban dhimma agarsiisu dha. Kun immoo ejjannoon ogeessota galmee kanneen lamaanii dhimmicha irratti gargar ta'uu isaa dhimma agarsiisu dha.

Dubbiin biroo galmeewwan kanneen irraa hubatamuu fi ejjannoon wal fakkaatu itti qabatamuu qabu yakka s/y keenya kwt 627 jalatti tumamee jiru akka yakka gudeedditti laaluun wal-qabatee waan jiru dha. Dhimma olii irratti akkuma laallamu ogeessonni qaamolee haqaa keenya gariin yakkicha akka yakka gudeeddiitti yoo fudhatan kuun garuu akka yakka birootti ilaalu.

Warri yakkicha akka yakka gudeedditti hin laalle, yakki akka kanaa kun yakka dirqisiisuun gudeeduu osoo hin taane yakka se'annaa qaama saalaa ijoollee waggaa 13 guutan garuu waggaa 18 hin guunne irratti raawwatamu dha; kun yakka dirqiin fedhaan ala waan gudeedeef himachiisu osoo hin taane qaama saalaa ijoollee umuriin isaanii olitti tuqame kanaa waan se'ateef qofa himachiisu dha jedhu.

Kana yoo jedhamu immoo wal-quunnamtiin saalaa dubartii waliin taasifamuu fi gocha dirqisiisuun raawwatame hundi S/Y RDFI kwt 620 jalatti itti gaafatamummaa yakkaa hordofsiisa jechuu akka hin taane jala muruun kaa'u. Kunis akka ogeessota kanneenitti gochoonni quunnamtii saalaaa dirqamaan raawwatamu yoo kan daa'imman umuriin isaanii waggaa 13 gad-

ta'e irratti raawwatame dhimmi isaanii haala addan akka yakka se'annaa qaama saalaa da'imman irratti raawwatamuutti ilaalamuun bulee argama.¹⁷⁸

Kana waan ta'eef, waan *dirqisiisee gudeedef* jechaa keewwata caqafamu miti. Namni kun yakki inni dhugaatti raawwatee fi keewwanni itti caqafame kan biraa kan tarreen yakkichaa jedhu immoo kan biraati. Nama yakka S/Y RDFI kwt 627 ykn 626 jalatti kufu raawwate tokko yoo kwt 620 itti kan caqasnu yoo ta'e, ykn immoo kwt 626's ta'ee 627 itti caqasnee yakka gudeddaati raawwate yoo jenna ta'e himatamichi osoo cimee mormata ta'ee itti gaafatamaa gochuun waan rakkisuuf haqa dabsuu danda'a. Kun immoo dogongora ulaagaa yakka dirqisiisanii gudeeduu adda baafachuu dhabuu irraa madduu dha ilaalcha jedhu qabu. Ejjannoowwan kana isin akkamitti laaltu?

Ijooon dubbii biraa ogeessota seeraa biratti darbee darbee addadummaa ijjanoo irratti mul'atu dhimma dubrummaa qabaachuu fi dhabuu miidhamtuu yakka dirqisiisun gudeeduuti. Iddoo baay'eetti ogeessonni seeraas ta'e hawaasni yakka dirqisiisanii gudeeduu dubrummaan baduu fi baduu dhabuun walqabsiisu.

Haata' uutii garuu hiikkaa yakka dirqisiisanii gudeeduuf kennamerrattis ta'e seera biyya kamuu keessatti dubrummaa balleessuun yakka dirqisiisanii gudeeduu hudeessuudhaaf akka ulaagaatti fudhatamee hin beeku. Seera yakkaa biyya keenyaa jalattis jiraachuu fi jiraachuu dhabuun dubrummaa akka ulaagaatti hin kaa'amne. Yakki dirqisiisanii gudeeduu dubartii dubrummaa qabdus ta'ee haadha ijoollee kan taate ykn dubartii dubrummaa hin qabne qixxuma ilaala. Himatamaan dubartii tamiyyuu kan gudeede yoo ta'e yakka dirqisiisanii gudeeduutin wanti hin gaafatamnee fi hin adabamneef hin jiru.¹⁷⁹

Kun kana ta'us dhimma kana irratti hubannoon ogeessota seeraa tokko tokko bira jiru garuu kana irraa addaa dha. Qorataa poolisii irraa kaasee hanga abbaa seeraa murtii kennuu biratti hanqinni hubannoo qabatamaan ni mul'ata. Dubartiin tokko yakki gudeedii narratti raawwatameera jettee gara kutaa qorannoo yakkaa yoo dhufta dursee dubrummaan jiraachuu fi dhiisuu mirkaneessuuf akka qoratamtu gara mana yaalaatti ergamti. Manni yaalaa dubrummaan

¹⁷⁸S/Y RDFI, kwt. 627

¹⁷⁹*Reflections: Documentation of the Forum on Gender, Number 5, July 2002, Panos Ethiopia, pp.39-45*

kan badee fi haaraa ta'uu yoo mirkaneesse yakki kun raawwatameera jechuudhaan qorannoo geggeeffama.¹⁸⁰

Abbaan Alangaas dirqisiisee dubrummaa waan balleeseef jechuudhaan himata hundeessa. Manni murtiis dubrummaan baduu akka ragaatti fudhachuudhaan dubrummaa waan balleeseef jechuudhaan murtii balleessummaa fi adabbii kenna. Moggaasni yakka kanaaf kennamuyyuu ogeessota seeraa heddu biratti dubrummaa balleessuu kan jedhuudha. Eeruun ykn iyyannoon kutaa qorannoo yakkaatti yeroo dhihaate irraa eegalee hanga murtii dhumaa argatutti gosti yakkaa dubrummaa balleessuu jedhamee moggaafama.¹⁸¹

Gama biraatiin ragaan mana yaalaa miidhamtuun dubrummaa kan hin qabnee fi dubrummaan erga badee kan ture ta'uu yoo mirkaneesse yakki gudeeddi akka hin raawwataminitii fudhachuudhaan qorannaa addaan kutuun darbee darbee ni mul'ata. Qorannaan geggeeffamus abbaan alangaa himata banuu dhabuun ni mul'ata. Yeroo abbaan Alangaa himata hundeessese manni murtii dubrummaa qabaachuun haa qoratamu jechuun ajajuu, ragaan dubrummaa kan hin qabnee fi erga badee kan ture ta'uu agarsiisu yoo dhihaate raguma kana tuquudhaan himatamaa bilisaan geggeessuun ni mul'ata.¹⁸² Fakkeenyaaf dhimma itti aanu kana laala.

Dhimma 51^{ffaa}

Dhimmi kun dhimma yakkaa M/M/Adda Adaamaa galmee lakk. 11477'n laalee murteesse dha. Dhimma kana irratti A/Alangaa himatamaaan *obboo Malkaa Badhaasoo miidhamtuu dhuunfaa Assalafuu Masqalee kan jedhamtu sin fuudha jedhee sossobuudhaan gowwoomsee umuriin ishee osoo hin ga'in wal-quunnamtii saalaa wajjin raawwachuudhaan **dubrummaa ishee balleeseera jedhee kwt s/y yakka 626/1 jalatti yakka dirqisiisee gudeeduu raawwateera jedhee himatee ture.***

¹⁸⁰ Kanuma yadannoo lak.46

¹⁸¹ Kanuma yadannoo lak.46

¹⁸² Kanuma olii yadannoo lak.46

Galmee kanaa keessaa hubachuun akka danda'ametti miidhamtuun dubara waaggaa 16 hanga 18 kan taatu jedhameet tilmaamame. Kana jechuun immoo miidhamtuu tana irratti yakki dirqisiisuun gudeeduu irratti raawwatamus himanni dhimma kana laalatu kan banamuu qabu S/Y RDFI kwt620/2/a/ jalatti ture. Sababni isaas A/Alangaa yakki raawwatame yakka dirqisiisuun gudeeduuti jechaa jira waan ta'eef yakka dirqisiisanii gudeeduu dubartii umuriin ishee waggaa 13 guute garuu 18 hin gunne kan laallatu tumaa seera yakkaa kana. Tumaan seera yakkaa A/Alangaa caqase yakka se'annaa qaama saalaa ijoollee waggaa kudha 13 guutaan garuu 18 hin guunne irratti raawwatamu ilaallatuu dha.

Gama biraatiin immoo himata A/Alangaan dhiyaate irraa akka hubachuun danda'amutti himatamaan yakka dirqiin gudeeddii raawwateera kan jedhameef himatamtuu waliin *quunnamtii saalaa ... raawwachuudhaan dubrummaa ishee waan balleessefi dha*. Kun immoo ulaagaa seerichaan jiraachuu yakkichaaf hin kaa'amne akka ulaagaatti kaa'uu hin ta'uu? Isin dubbii kan akkamitti ilaaltu ?

Hojmaata akka kanaa irraa kan ka'e dubartoonni abbaa warraa qaban ykn dubrummaa hin qabne yakki dirqisiisanii gudeeduu kan irratti raawwatame yoo ta'es gara qaama haqaa deemanii himachuun baay'inaan hin mul'atu. Yoo deemanis ilaalchonni akka olii kun waan sirna haqaa keenya keessatti darbee darbee mul'atuuf hin milkaa'uuf. Kanarraa kan ka'e haqa hin argannu jechuudhaan dubartoonni rakkinicha dhoksatanii taa'an heddu dha.¹⁸³ Kuun isaanii immoo abdiin kutatanii, kan isaanin jedhamu sodaatanii hanga of-ajjeesuu illee kan gahan ni jiru.¹⁸⁴

Maddi ilaalcha kanaa tarii hubannoo namoonni dubartiin abbaa warraa qabdu ykn dubrummaa hin qabne hin gudeedamtu jedhu irraa ka'uu danda'a. Ilaalcha hawwaasni dubrummaaf qabu irraayis ta'uu danda'a.¹⁸⁵ Ta'us garuu ulaagaa seeraa akka hin taane hubatamuu qaba.¹⁸⁶

¹⁸³ Asii oli, yaadannoo 28, fuula 52

¹⁸⁴ *Fakkeenyaaf dhimma yakkaa Manni Murtii A/Giddaa Ayyaanaa galmee lakk. 08333'n gaafa 15/6/2003 murteesse irratti midhamtuu yakka dirqisiisanii gudeeduu himatamaa kan turte qaaniidhaa jettee foo'aan of huutee akka of-ajjeeste galmicha keessaa waan hubatamuu dha.*

¹⁸⁵ Tilmaama barreesati.

¹⁸⁶ S/Y RDFI kwt, 620/1

Ragaan mana yaalaa ragaalee dhihaatan kan biroo cimsuuf, hammeenyummaa yakkichaa fi miidhaa gahe agarsiisuuf /keessattu miidhamtuun durba yoo taate/, qorannaa seelii dhiigaa himatamaatiif ragaa argachuuf barbaachisaa dha. Fkn. Dubartiin durba taate tokko yoo gudeedaadhan gudeeddante battalummatti ilaalamtee ragaan mana yaalaa dubrummaan baduu fi mallattoon isaas haaraa ta'uu kan agarsiisu yoo dhihaate yakki kun raawwatamuu isaa nutti agarsiisuu danda'a. Kunis ragaalee gara biroo nuuf deeggaru danda'a. Haata'u malee eenyu yakkicha akka raawwate nutti hin agarsiisu.

Kana malees qorannoo mana yaalaatiin seeliin himatamaa qaama saalaa miidhamtuu keessatti yoo argame namni gocha kana raawwate eenyu akka ta'e nutti agarsiisuu danda'a.¹⁸⁷ As irratti hubatamuu kan qabu ragaan mana yaalaa maaf dhihaataa miti. Dhimmi ijoo dubrummaan yakka dirqisiisanii gudeeduu mirkaneessuuf ulaagaa akka hin taane agarsiisuu dha. Yakki dirqisiisanii gudeeduu dubartii dubrummaa qabdus ta'ee kan hin qabne, akkasumas dubartii umuriin ishee waggaa 13 fi isaa ol ta'e sadarkaa kamirrattuu argamtu irratti raawwatamuu ni danda'a waan ta'eef dubrummaa akka ulaagaatti fudhachuun dhimma laallamuu qabuu dha.

Gama biraatiin ragaan mana yaalaa dubrummaan walakkaan baduu ykn hamma tokko tuqamuu ykn *digrii* baay'ee xiqqaa ta'een tuqamuu kan ibsu yoo ta'e akka yaalii gudeeddiitti fudhachuun murtii kennuun ogeessota seeraa biratti ni mul'ata. Isin dubbii kana akkamiti ilaaltu ?

Walumaa galatti yakki dirqisiisanii gudeeduu haala ulaagaalee gochaa hanga ammaatti ibsaman kanaatin kan raawwatame ta'uu qaba malee dubrummaa qabaachuu fi dhiisuun akka ulaagaatti fudhachuun seera jiruun kan wal hin simnee dha.

5.4.1.1.1. Wal-Quunnamtiin Saalaa Namoota Gaa'ilaan Walitti Hin Hidhamne Gidduutti Raawwatamuu Qaba

Gochi dirqisiisanii gudeeduu namoota gaa'ilaan waliin jiraatan jiddutti kan hin raawwatamne ta'uu seerri yakkaa ni kaa'a.¹⁸⁸ Haata'u malee yeroo ammaa yakki kun namoota akkasii jidduttis raawwatamuu akka danda'u barreessitoonni seeraa ni ibsu. Kunis namoonni yoo walfuudhan

¹⁸⁷

¹⁸⁸ S/ y RDFI kwt 620/1/

fedhiin waliin jiraanna ykn qunnamtiis raawwanna jedhaniiti malee bilisummaa fedhii isaanii dabarsanii kennuufii miti jedhu. Kana waan ta'eef, ulaagaa dirqisiisanii gudeeduu kan biraa ni guuta taanaan dhiirsaa fi niitii jidduttis ta'u yakka dirqisiisanii gudeeduu sababni hin taaneef hin jiru jedhu.¹⁸⁹

Seera biyya keenyaa jalatti garuu kun beekamtii hin arganne. Kanaaf gochi kun namoota gaa'ela waliin qaban jiddutti yoo raawwatame akka yakka dirqisiisanii gudeeduutti kan fudhatamuu miti jechuu dha.¹⁹⁰

5.4.1.1.2. **Gochi Ittiin Miidhamtuun Yakkichaa Dirqamtuun Kanneen Armaan Gadii Keessaa Tokko Ta'uu Danda'a**

Yakki dirqisiisanii gudeeduu raawwatame jechuudhaf gochi dirqisiisuu jiraachuu qaba. Himatamaan yakka dirqisiisanii gudeeduu raawwate jechuudhaaf gochoota akkamii yoo raawwatee dha gaaffii jedhu sirnaan ilaaluun barbaachisaa dha. Gochoota himatamaan raawwate kanas gabaabinaan ilaaluudhaan garaagarummaa yakka dirqisiisanii gudeeduu fi yakkoota saal-qunnamtii biroo jidduu jiru hubachuuf tumaa s/y keewwata **620/1/** jalatti taa'an gabaabbinaan ilaaluun barbaachisaa dha.

1. Yakki dirqisiisanii gudeeduu kan raawwatame gocha humnaa fayyadamuun ta'uu danda'a.

Yakka dirqisiisanii gudeeduu raawwachuu keessatti ulaagan inni tokko gocha humnaa fayyadamuu dha. Gudeedan gocha humnaa fayyadameera kan jedhamu immoo humna isaatti fayyadamee/physical force/ gudeeddamtuu ofirraa ittisuu akka hin dandeenye gochuudhaan kan raawwate ta'uu qaba. Kunis qaama miidhamtuu tuquun ykn qabuun ykn reebuun ta'uu danda'a.¹⁹¹

2. Miidhamtuu irratti gocha sodaa cimaa uumuun ta'uu danda'a.

¹⁸⁹ Asii ol yadannoo lak. 46

¹⁹⁰ S/ y RDFI kwt 620/1/

¹⁹¹ Asii ol, yaadannoo lakk.42

Gochi himatamaa gocha humnaa qaama miidhamtuu irratti godhame qofa osoo hin taane sammuu miidhamtuu irratti haala sodaa cimaa uumuun gocha raawwatame ta'uu danda'a.¹⁹² Seera yakkaa keenya irratti *sodaa cimaa uumun* haa jedhu malee soda eenyurratti akka uume fi maaliin akka uume hin ibsu.

Akka sirna seera biyya Ameerikaatti fakkeenyaaf nama kamirrattuu gocha raawwatamuu fi gudeeddamtutti dhiibbaa umuun ofirraa ittisuu akka hin dandeenye kan godhu kamiyyuu akka ta'e ifatti kaa'ameera.

A male who has sexual intercourse with a female (not his wife) is guilty of rape if, he compels her to submit by force or by threat of imminent death, serious bodily injury, extreme pain or kidnaping, to be inflicted on anyone'' jechuudhaan tumeera.¹⁹³

Gudeedaan miidhamtuun qunnamtii saalaa isa waliin hin raawwattu taanaan miidhaa cimaa qaama ykn lubbuu ishii irra akka gahuu danda'u ibsuudhaan sodaa cimaa sammuu miidhamtuu irratti uum

muudhaan, maqaa ishii haala hin malleen kan balleessu ta'uu ibsuudhaan ykn firoota ykn hiriyoota ishii irratti miidhaa qaama cimaa ykn lubbuu isaanii irratti miidhaa kan geessu ta'uu ibsuudhaan miidhamtuun akka ofirraa ittisuu hin dandeenye gochuudhaan qunnamtii saalaa raawwachuu danda'a.

Kanaafuu, gochi himatamaa sammuu miidhamtuu irratti haala kamiinuu sodaa cimaa uumuun akka ofirraa hin ittisne gochuudhaan qunnamtii saalaa kan raawwate yoo ta'e yakka dirqisiisanii gudeeduu raawwateera jechuu dha. As irratti gochi himatamaa sodaa cimaa miidhamtuu irratti uumuun akka ofirraa ittisuu hin dandeenye ni taasisaa wanti jedhu madaalamuu qaba jechuu dha.

3. Gudeedaan yakkicha kan raawwate Gudeeddamtuun akka of-wallaaltu ykn of-dagattu gochuudhaan ta'uu danda'a.

¹⁹² Miiljalee lakk.39 kw. 620/1/

¹⁹³ *The Modern Penal Code of America ,Adopted by the American Law Institute in 1962,*

Gudeedaan qoricha ykn dhugaatii adda addaa *gudeeddamtuum* akka fudhattu gochuudhaan akka isheen of-wallaaltu erga taasiseen booda qunnamtii saalaa raawwachuu danda'a. Namni qorichaan ykn dhugaatiidhaan of- wallaale immoo fedhii isaa guutuu kennachuu kan hin dandeenye waan ta'eef fedhiin kan jiru yoo fakkaateeyyuu fedhichi guutuu miti. Fakkeenyaaf *gudeedaan* shaayii ykn lallaafaa si affeera jechuudhaan *gudeeddamtuu* gara mana bunaatti erga fudhatee booda lallaafaatti dhugaatii nama macheessu ykn qoricha sammuu namaa hadoochu itti dabalee akka of-wallaaltu gochuudhaan qunnamtii saalaa kan raawwate yoo ta'e gochi dirqisiisu yakka dirqisiisanii gudeeduuf barbaachisu jira jechuu dha. Yeroo kana miidhamtuun fedhii ishiitin faana deemte waan ta'eef fedhiin ishii jira nama hin jechisiisu. Fedhii ishiitin na faana deemte yaadni jedhus ittisa hin ta'u.

4. Gudeedaan gocha karaa kamuunuu gudeeddamtuum akka ofirraa isa ittisuu hin dandeenye taasisutti fayyadamuu danda'a.

S/Y RDFI 620/1 jalatti gochoota *ifatti* tuqamaniin alatti himatamaan gocha biroo kamiinuu miidhamtuun akka ofirraa ittisuu hin dandeenye gochuudhaan qunnamtii saalaa irratti kan raawwate yoo ta'e, yakka dirqisiisanii gudeeduu kan raawwate ta'uu ni kaa'a. As irratti seerichi banaa godhee kan kaa'e waan ta'eef /enumerative way of listing/ ogeessonni seeraa yeroo dhimma kana ilaalan gochoonni biraa miidhamtuun akka ofirraa ittisuu hin dandeenye kan taasisan isaan kamiidha waan jedhu irratti hiikkaa itti kennuu qabu.

Kunis yakkichi yeroo yerootti kan jijjiiramuu fi malli himatamaan itti fayyadamuu danda'us yeroodha gara yerootti jijjiramuu waan danda'uuf ogeessonni seeraa gochoota miidhamtuu fedhii ishiitin ala qunnamtii saalaa himatamaa waliin akka raawwattu ishee dirqisiisuu danda'an ilaaluudhaan hiikkoo itti kennuu qaban jechuu dha.

Gudeedan gudeeddamtuu gowwomsee qunnamtii saalaa akka isa waliin raawwattu gochuu danda'a. Dhimma kana ilaalchisee barreessitoonni seeraa akka barreessanitti yakki dirqisiisanii gudeeduu gocha gowwoomsuu raawwachuudhaanis raawwatamuu danda'a. Yakki akkanaa yeroo heddu ogeessota mana yaalaatiin raawwatamuu akka danda'us ni kaa'u. Akka ibsa barreessitoota kanaatti ogeessi yaalaa ykn doktorri tokko dubartii yaalamuuf isa bira dhufte

tokko osoo ishiin hin beekin meeshaa yaalaatiin waan ishii yaalaa jiru fakkeessuudhaan qunnamtii saalaa irratti yoo raawwate yakka dirqisiisanii gudeeduu raawwateera.

Dhimma Aanaa Goobbaatti raawwate tokko irratti himatamaan miidhamtuu dhibee si qunname irraa akka fayyitu qoricha siif kenna jedhee erga of bira galchee booda qunnamtii saalaa waliin raawwatee yakka gudeeddiin himatamee fedhiin ishii ni jira jechuudhaan bilisaan geggeeffameera.

Gaaffilee Marii:-

1. Ogeessichi miidhamtuudhaan qunnamtii akkanaa na waliin gootu malee dhibee kee irraa hin fayyitu jechuudhaan yoo gowwoomse hoo akkamitti ilaalama?
2. Himatamaan qunnamtii na waliin yoo raawwate qarshii siif kennee haadha kee kan dhukkubsatte wal'aanatta jechuudhaan yoo raawwate hoo?
3. Barsiisaan koolleejjii na waliin qunnamtii saalaa raawwattu malee hin eebbifamtu jechuun yoo qunnamtii saalaa barattuu isaa waliin raawwate hoo akkamitti ilaaltu?

Dhimmi inni biraa himatamaan miidhamtuu dogogorsuudhaan qunnamtii saalaa irratti yoo raawwate hoo kan jedhuu dha. Akka dhimma biyya ambaa *Elbakkay*, 16 jedhamuun beekkamu irratti, himatamaan abbaa warraa miidhamtuu fakkaatee miidhamtuu dogongorsuudhaan qunnamtii saalaa raawwatee waan argameef yakka gudeeddi raawwachuu isaatin gaafatameera. Kunumti akka itti aanu kanaati ifeera.¹⁹⁴

a man who induced a woman to have sexual intercourse with him by impersonating her lover was convicted of rape. The Court of Appeal held that her consent was invalid because it was obtained by fraud, ... that it is rape to procure intercourse by impersonating the woman's husband.'

Himatamaan miidhamtuun rafaa osoo jirtu itti seenee abbaa warraa ishee itti fakkaatee dogogorsuudhaan qunnamtii saalaa yoo waliin raawwate akka yakka gudeeddiitti fudhatamuu ni danda'a. Sababni isaas namni hirriba irra jiru fedhii isaa ni kenna jedhanii yaaduun waan hin

¹⁹⁴ Asii ol, yaadanno 35, fuula 365

danda'amneef. Himatamaanis gocha dogongorsuu akkasii raawwachuun isaa miidhamtuun akka ofirra ittisuu hin dandeenye gochuuf yaadeeti. Ragaan biraa kana faallessu yoo jiraate garuu fudhatama argachuu danda'a.

Walumaa galatti, gochi himatamaa *miidhamtuun karaa kamiinuu akka ofirraa ittisuu hin dandeenye* gochuudhaan kan raawwatame ta'uu gadi fageenyaan ragaalee bifa kamiinuu ilaaluun barbaachisaa ta'a.

Gaaffilee Marii

1. Namni yakka dirqisisanii gudeedutiin shakkame tokko midhamtuu yakkichaa akka ofirraa ittisuu hin dandeenye godheera kan jennu gochoota akkamii yoo raawwatee dha? Seeraa fi qabatama jiru kaasuudhaan irratti mari'adha.
2. Akka seera yakkaa biyya keenyaatti dubartiin takka fedhii quunnamtii saalaa raawwachuu hin qabdu jechuudhaaf dhiira ishee waliin qunnamtii saalaa raawwachuu barbaade tokkoon si waliin qunnamtii saalaa raawwachuu hin barbaadu jechuun ishee qofti gahaa dha? Seeraa fi qabatama jiru kaasuudhaan mari'adha.
3. Dhimmoota olii 49^{ffaa} fi 50^{ffaa} erga xiinxaltaniin booda sirrummaa ejjannoowwan ogeessota seeraa dhimmicha hojjataniin qabatame irratti mari'a dha.
4. Dhimma 52^{ffaa}

Dhimmi kun dhimma mana murtii A/Adaamaatti jalqabamee MMWO dhaddacha bahaa ol'iyannoon dhiyaatefii galmees lakk.87404'n ilaalee dha. A/Alangaa A/Adaamaa himatamaan Tasfaayee Girmaa miidhamtuu Daa'ima waggaa sadiif walakkaa kan taate Beteliyam Abbabaa irratti yaalii gudeeddii raawwateera jechuudhaan himata hundeesse. Ragaan mana yaalaa hospitaala Adaamaa irraa dhihaate immoo qaama saalaa miidhamtuu irra diimminni, fi luqqa'iinsi kan jiru ta'uu fi dubrummaan kan hin badin ta'uu kan agarsiisuu dha.

- a. Himannaa Abbaa Alangaa kana akkamitti ilaaltu? Yakki yaalii gudeeddii daa'ima waggaa 3 fi walakkaa irratti raawwatamuu ni danda'a?
- b. Osoo miidhamtuun dubartii yakki yaalii gudeeddii irratti raawwatamuu danda'u taatee himatamaan dubrummaa balleessuu dhabuun yakkichi akka yaalii gudeeddiitti fudhatamuu danda'a?

- c. Dhimmi himanni A/Alangaa kun himatamaa balleessaa taasisuuf humna qabaa? Yoo balleessaa hin jechisiisu ta'e keewwata biroo rogummaa qabu jalatti himachuun nii danda'amaa?
- d. Garaagarummaan yakka dirqisiisanii gudeeduu fi yaalii yakka dirqisiisanii gudeeduu maali? Namni yaaliin himatamuu malu yoo yakka gudeeddii xumura argateen himatame xummurri isaa maal ta'a jettu?

5.4.2. Yakka Dirqisiisanii Gudeeduu fi Miidhaa Qaamaa

Akkuma asiin olitti ibsuuf yaallame, yakki dirqisiisanii gudeeduu yakka ta'e jedhamee raawwatamuu dha. Kaayyoon himatamaas qunnamtii saalaa raawwachuu dha. Himatamaan gama kamiinuu miidhaa qaamaa ykn yakka biraa raawwachuuf kan kaayyeffate ta'uu hin qabu.¹⁹⁵

Haata'u malee gochi himatamaan raawwatu gocha humnaas kan dabalatu waan ta'eef miidhamtuu irratti miidhaa qaamaa ykn sammuu ykn du'a qaqqabsiisuu danda'a. Sababa gocha himatamaatiin miidhamtuu irratti miidhaan qaamaa ykn sammuu cimaan ykn duuti kan dhaqqabe yoo ta'e adabbiin itti cimee hidhaa umrii guutuutin akka adabamu seerri yakkaa kaa'eera.¹⁹⁶

Gaaffilee Marii

1. Himatamaan yeroo yakka gudeeddii raawwatu miidhamtuu irratti miidhaan kan gahu ta'uu tilmaamuu ni danda'a waan ta'eef yaada sammuu alkallattii qaba jechuudhaan yakka kanaanis addatti gaafachuun hin danda'amu?
2. Gochi himatamaa miidhaa salphaa kan dhaqqabsiise yoo ta'e hoo haala kamiin ilaalama?
3. Kaayyon seerri adabbiin yakka dirqisiisanii gudeeduu akka cimu godheef maalii dha?
4. Dhimma Godina Baalee Aanaa Sinaanaatti Raawwatame tokko irratti himatamtuun daa'ima umriin ishii waggaa shanii warri akka too'attuuf/kunuunsituuf itti dhiifatan quba ishee qaama saalaa daa'immattii

¹⁹⁵ S/Y RDFI, kwt 57

¹⁹⁶ Seera yakkaa FDRI, kwt. 620/3/

seensisuudhaan dubrummaa ishee balleessite. A/Alangaa Aanaa Sinaanaa himatamtuun yakka miidhaa qaamaa raawwattee jirti jechuudhaan b'uura seera yakkaa bara **1996 keww.555** tin himata hundeesse. Manni murtii A/Sinaanaatis bu'uuruma kanaan yakki miidhaa qaamaa cimaa raawwatameera jechuudhaan balleessaa taasisee hidhaa waggaa torbaa murteesse.¹⁹⁷

- a. Himata Abbaa Alangaa kana akkamitti ilaaltu? Himatamtuun yakka dirqisiisanii gudeeduu raawwattee jirti jechuu dandeenya? Yoo ta'uu baate bu'uuruma keewwata seeraa kamiin ilaalama jettu?
- b. Murtii mana murtii kanaa hoo akkamitti ilaaltu?

5.4.3. Yakka Dirqisiisanii Gudeeduu fi Buttii

Yakki dirqisiisanii gudeeduu fi buttiin lamaan isaanituu yakkoota dubartii irratti raawwataman haata'an malee garaagara.¹⁹⁸ Yaadni sammuu himatamaa yeroo yakka butii raawwatu miidhamtuu fuudhuuf yoo ta'u yeroo yakka dirqisiisanii gudeeduu raawwatu garuu qunnamtii saalaa seeraan alaa raawwachuu dha.¹⁹⁹

Haata'u malee himatamaan yakkoota kana lamaanuu miidhamtuu irratti raawwachuu ni danda'a. Himatamaan yakka butii raawwatee gudeeduu danda'a. Yeroo tokko tokko immoo miidhamtuu erga gudeedeen booda butee fudhachuu danda'a. Seerri yakkaa keenyaas gochii himatamaa yakka butiis kan hordofsiise yoo ta'e, yakka guudeeddiin dabalata yakka buttiinis gaafatamuu akka danda'u kaa'eera.²⁰⁰ Qabatamaan rakkooleen mul'atan yakka tokkoon qofa himachuu dha. Himatamaan butiis raawwatee osoo jiru yakka guudeedii qofaan himachuu ykn gudeedees osoo jiru yakka buttii qofaan himachuun iddoo garaagaraatti ni mul'ata.

Dhimma Ol'iyannoodhaan mana Murtii Olaanaa Godina Baalee dhufe tokko irratti A/Alangaa Aanaa Gindhiir himata mana murtii Aanaa Gindhiiritti yoo dhiheessu himatamaan miidhamtuu butee manattiin erga galateen booda gudeedee osoo jiruu fi ragaan namaa fi barreeffamaa kana

¹⁹⁷ Obboo Sulxaan Abdoo A/Alangaa Go/Baalee Kan turan waliin haasa'a taasifame irraa kan argame.

¹⁹⁸ S/Y RDFI, 620/1 fi 587

¹⁹⁹ Kanuma

²⁰⁰ Seera yakkaa kw.620/4/

mirkaneessee osoo jiru yakka buttii qofaan himannaa dhiheessaniiru. Himatamaas bu'uuruma kanaan yakka butii qofaan himatamee itti murtaa'eera.²⁰¹

Gama biraatiin immoo himatamaan miidhamtuu erga butee booda kan gudeede yoo ta'e yakka buttiitti dabalee yakka gudeeddiinis gaafatamuu akka qabu ni kaa'a.²⁰² Keewwatoota kana lamaanuu yoo ilaalle yakkooni lamaanuu walfaanaa dhufuu akka danda'anii fi yeroo kuni ta'us himatamaan yakkoota lamaniinuu kan gaafatamu ta'uu dha.

Gaaffilee Marii:-

- Yakka kamtu dursee raawwatamuu danda'a? yoo yeroo hundumaa butiidha kan jennu ta'e barbaachisummaan keew. **620/4/** maali?
- Himatamaan miidhamtuu butee erga fudhate booda amansiisuudhaan saalqunnamtii irratti yoo raawwate yakka gudeeddiitiin himachuun danda'amaa?.

5.4.4. Yakka Dirqisiisanii Gudeeduu fi Seeran ala Too'annaa ofii Jala Oolchuu.

Himatamaan miidhamtuu irratti gocha saalqunnamtii qofa raawwachuun kan dhiisu ta'uu dhabuu danda'a. Himatamaan miidhamtuu osoo hin gudeeddiin duraa fi erga gudeedeen booda too'anna ofii jala oolchee tursiisuu danda'a.²⁰³ Yeroo kun ta'us himatamaan yakka dirqisiisanii gudeeduutti dabalataan yakka seeraan ala too'annaa ofii jala tursiisuutiinis kan gaafatamu ta'uu seerri yakkaa ni tuma.²⁰⁴

5.4.5. Yakka Dirqisiisanii Gudeeduu fi Dhibee Daddabarsuu

Himatamaan ta'e jedhee dhibee daddarbaa kan qabu ta'uu osoo beekuu miidhamtuu irratti yakka dirqisiisanii gudeeduu raawwachuu ni danda'a. Yaadni sammuu himatamaa kan kallattii qunnamtii saalaa raawwachuu ta'us miidhamtuutti dhibeen darbuu akka danda'u osoo beeku kan raawwate waan ta'eef dhibee daddabarsuuf yaada sammuu kallattiin alaa ni qabaata. Kanaafuu,

²⁰¹ Kanuma olii,lakk.63

²⁰² Seera yakkaa kw. 587/2/

²⁰³s/y kwt 585

²⁰⁴ s/y kwt 620/4 fi 585

himatamaan yakka dirqisiisanii gudeeduutiin alattis dabalataan yakka dhibee daddabarsuutinis ni gaafatama jechuudha.²⁰⁵

5.4.6. Yakka Dirqisiisanii Gudeeduu Fi Yakkoota Qulqullummaa Fi Bilsummaa Qaama Saalaa Irratti Raawwataman Biroo

Yakka dirqisiisanii gudeeduu yakkoota bilsummaa fi qulqullummaa saal-qunnamtii irratti raawwataman (*Injury to sexual liberty and chastity*) kanneen biroo irraa wanti adda godhu inni guddaan fedhii kennachuu fi kennachuu dhabuu miidhamtuuti. Yakki dirqisiisanii gudeeduu jira jechuuf dubartiin yakki dirqisiisanii gudeeduu irratti raawwatameera jedhamu tun nama yakkicha raawwateera jedhamee waliin qunnamtii raawwachuuf fedhii kan hin qabnee fi gochi kunis kan ishii irratti raawwatame fedhii ishiitin ala ta'uun mirkanaa'uu qaba.

Miidhamtuun fedhii ishiitin raawwate ykn himatamaan gocha saalqunnamtii kana kan raawwate fedhii miidhamtuu irratti hundaa'uudhani kan jedhamu immoo miidhamtuun fedhii ishii kennachuudhaaf dandeetti kan qabduu fi fedhii ishiis kan kennite dhiibbaa tokko malee ta'uun mirkanaa'uu akka qabu olitti laalleera. Kana malees miidhamtuun nama fedhii ishii kennachuu hin dandeenye ykn fedhii ishii kennachuu kan dandeettu ta'us sababa dhiibbaa irra jiruu irraa kan ka'e fedha ishii sirrii kennachuu kan hin dandeenye yoo ta'es ulaagaaleen yakka dirqisiisanii gudeeduu hafan guutaman taanaan yakki gudeeddii raawwatameera jechuun akka danda'amu dhimma olitti laallee dha.

Akka walii galaatti yoo xiinxalamu yeroo ammaa kana ogeessota qaamolee haqaa keenyaa biratti yakkoota tumaa seera yakkaa keenya kwt'n 620 hanga 628'tiitti jiran, akka yakka dirqisiisanii gudeedutti laaluun bal'inaan rakkina mul'atuu dha. Fakkeenyaaf dhimmoota itti aanan kanneen laalaa.

Dhimma 53^{ffaa}

Dhimmi kun dhimma MMO Go/Addaa Adaamaatti galmee lakk. 11547'n gaafa 17/10/03 murteesse dha. Dhimma kana irratti A/Alangaa godiinachaa himatamaan daa'ima waggaa 9

²⁰⁵ *S/Y kwt620/4/ fi 510*

qabee lafaan dhahee gudeeduuf yoo jedhu namni itti waan dhufeef dhiisee waan deemeef yakka yalii dirqisiisuun gudeeduu raawwateera jedhee S/Y RDFI kwt'n 27/1 fi 627/1 jalatti himateeture. Manni murtichaas kanuma fudhatee laaluun keewwatuma jalatti himatame jalatti himatamaa balleessaa taasiseera.

Dhimma kana irraa eegaa dubbiiwwan armaan gadii waan hubatamuu danda'anii dha. Inni duraa A/Alangaa yaaliin yakka dirqisiisanii gudeeduu midhamtuu irratti raawwateera jechaa jira. Manni murtichaas kanuma fudhatee himatamaan balleesiteeta jedheeniira.

Inni lammataa A/Alangaas ta'ee A/Seeraa gama tokkoon keewwata yalii yakka se'annaa qaama saalaa da'imman irratti raawwatamuu bulchu jechuun S/Y RDFI kwt'n 27/1 fi 627/1 caqasaa gama biraan immoo himatamaan yaalii yakka dirqiin gudeedii S/Y RDFI kwt 27/1 fi 620/1 jalatti bulee argamu raawwateeta ittiin jechaa jiru.

Dhimma 54^{ffaa}

Dhimmi kun dhimma Manni Murtii Go/Sha/Bahaa ga.lakk. 29071'n gaafa 04/11/03 murteesse dha. Dhimma kana irratti A/Alangaa himatamaan Daa'ima umuriin ishee waggaa 13 gadii ta'e irratti wal-quunnamtii saalaa waan raawwateef yakka daa'ima umuriin ishee waggaa 13 gadii irratti wal-quunnamtii saala raawwachuun himatameera jechuudhan S/Y RDFI kwt627/1 jalatti himateeture. Manni murtichaas bu'uruma himata A/Alangaatiin himatamaadhan balleesiteeta jedheeniira.

Dhimma kana irrattii immoo wanti hubatamu gochi saal quunamtii fedhiinis haa ta'u dirqiin daa'imman umuriin isaanii waggaa 13 gadi ta'an irratti raawwatamu yakki dirqisiisanii gudeeduu osoo hin taane akka yakka addatti S/Y RDFI kwt627 jalatti maqaan yakka se'annaa qaama saalaa daa'imman irratti raawwatamu kennameefii kan bulu ta'uu ejjannoo ogeessonni seeraa keenya gariin akka qaban ibsa.

Haa ta'uutii tumaa seera yakkaa keenya keessatti yakkooni bilisummaa fi qulqullina qaama saalaa namaa irratti raawwataman yakka dirqisiisanii gudeeddiin addatti bahanii laallaman ni jiru. Asii gaditti yakkoota kanneen yakka dirqisiisanii gudeeduu waliin wal-bira qabuun gabaabbinaan xiinxaluuf yaallameera.

A. Yakka Dirqisiisanii gudeeduu fi yakka dhiira tokko dirqiin wal-quunnamtii saalaa akka raawwatu taasisuu

Yakki dirqisiisanii gudeeduu dhiiraan yakka dubartii irratti raawwatamuu dha. Haa ta'utii, haala qabatamaa biyyi teenyas ta'ee addunyaan har'a keessa jirtuutiin dhiironni illee yeroon dirqamanii akka quunnamtii saalaa raawwatan itti taasifaman kan jiru ta'uun isaa waan ifa gala dha. Dhugaa kanaaf furmaata kennuuf jecha seerri yakkaa keenyas gochi dubartiin takka dhiira tokko dirqisiisun akka ishee waliin qunnamtii saalaa raawwatu gootu itti gaafatamummaa yakkaa akka hordofsiisu S/Y RDFI kwt 621 jalatti kaa'eera. Haa ta'utii yakki kun maqaanis ta'e ulaagaan yakka dirqisiisanii gudeedurraa adda waan ta'eef yakka dirqiin gudeedii miti.²⁰⁶

B. Yakka Dirqisiisanii gudeeduu fi miidhaa qaama saalaa namoota maraatan ykn sammun isaanii dadhabaa ta'e ykn namoota mormachuu hin dandeenye irratti raawwatamu.

Yakki miidhaa qaama saalaa namoota maraatan ykn sammun isaanii dadhabaa ta'e ykn namoota mormachuu hin dandeenye irratti raawwatamu gosoota yakka miidhaa qaama-saalaa irratti raawwatan keessaa isa tokko dha. Yakkichi kan raawwatamu namoota maraatan ykn sammun isaanii dadhabaa ta'e ykn namoota mormachuu hin dandeenye irrattii dha.²⁰⁷ Yakki kun jiraachuf akka yakka dirqisiisanii gudeeduu midhamaa yakkichaa irratti gochi dirqisiisuu raawwatamuu hin qabu.²⁰⁸ Himatamaan kun gocha namoota akka olii kana waliin qunnamtii saalaa raawwachuun isaa ykn gocha kana fakkaatu ykn gocha safuun ala ta'e kam iyyuu irratti raawwachuun gahaa dha.²⁰⁹

C. Yakka Dirqisiisanii gudeeduu fi kabaja qaama saalaa namoota mana yaalaa keessa ciisan , gargaarsarra jiran ykn to'annoo seeraa jala jiran irratti raawwatamu

²⁰⁶ S/Y RDFI, kwt 621

²⁰⁷ S/Y RDFI, kwt 623

²⁰⁸ S/Y RDFI, kwt 623

²⁰⁹ S/Y RDFI, kwt 623

Yakki kabaja qaama saalaa namoota mana yaalaa keessa ciisan, gargaarsarra jiran, ykn to'annoo seeraa jala jiran irratti raawwatamu gosa yakkaa miidhaa qaama saalaa irratti raawwataman keessaa isa tokko dha. Yakki kun kan raawwatamu namoota *mana yaalaa keessa ciisan, gargaarsarra jiran ykn to'annoo seeraa jala jiran irratti kan raawwatu immoo abbootiin taayitaa mana isaan keessa jiran gaggeessan, too'atan ykn aangoo irratti qabaniini. Abbootiin aangoo kunniinis kana kan raawwatan muudama, aangoo, ykn sadarkaa guddinaa (gulantaa) qabanitti fayyadamuunii dha.*²¹⁰ Yakki kun jiraachuuf akka yakka dirqisiisanii gudeeduu miidhamaa yakkichaa irratti gochi dirqisiisuu raawwatamuu hin qabu.²¹¹ Himatamaan kun gocha namoota akka olii kana waliin qunnamtii saalaa raawwachuun isaa ykn gocha kana fakkaatu ykn gocha safuun ala ta'e kam iyyuu itti raawwachuun gahaa dha.²¹²

D. Yakka Dirqisiisanii gudeeduu fi dubartii rakkoo hamaa keessa jirtuu irratti qunnamtii saalaa raawwachuun

Dubartii rakkoo hamaa keessa jirtu irratti qunnamtii saalaa raawwachuun fedhii ishiitiin yoo ta'e yakka dirqisiisanii gudeeduu hin ta'u. Kunis ulaagaa seera yakkaa jalatti yakka gudeeddiitiif kaa'ame waan hin guunneefii dha. Himatamaan rakkina ishii ykn aangoo ishii too'achuuf qabu irratti hundaa'uudhaan qunnamtii saalaa ishii irratti kan raawwate yoo ta'e yakkaan ni gaafatama. Sababni isaas miidhamtuun qunnamtiin saalaa akka irratti raawwatamu fedhii kan qabdu ta'us fedhii guutuu osoo hin taane sababa rakkoo ykn dhiibbaa irra jiru irraa kan ka'e waan ta'eefiidha. Gochi dirqisiisuu yoo jiraate garuu ulaagaa yakka gudeeduu kan guutu waan ta'eef yakka dirqisiisanii gudeeduu ta'a jechuu dha.

Gaaffiilee Marii:-

- Garaagarummaan seera yakkaa keewwata 624 fi 625 maaliidha?
- Seera yakkaa keewwata 620 waliin hoo akkamitti ilaaltu?

²¹⁰ S/Y RDFI, kwt.624

²¹¹ S/Y RDFI, kwt.624

²¹² S/Y RDFI, kwt.624

E. Yakka Dirqisiisanii gudeeduu fi Daa'imman umrii waggaa 13 hanga 18 jidduu jiran irratti qunnamtii saalaa raawwachu

Yakki dirqisiisanii gudeeduu daa'imman umrii waggaa 13-18 jidduu jiran irratti raawwatamuu akka danda'u ilaaltee jirra.²¹³ . Yeroo kanas ulaagaaleen yakka dirqisiisanii gudeeduu hundeesan guutamuun dirqamaadha. Gochi daa'imman umrii 13-18 jiddutti argaman irratti qunnamtii saalaa raawwachuun garuu fedhii miidhamtuutin yoo ta'e yakka dirqisiisanii gudeeduu osoo hin taane yakka daa'imman umrii gaa'elaa hin ga'in irratti qunnamtii saalaa raawwachu ta'a. Kunis kan ta'eef daa'imman umrii kanaa fedhii isaanii kennachuudhaaf dandeettii kan hin qabne waan ta'eefiidha. A/Alangaa yeroo himata hundeesu ulaagaan dirqisiisanii gudeeduu yoo jiraate bu'uura seera yakkaa keewwata 620/2/ A/ tiin ta'uu qaba. Manni murtiis bu'uuruma kanaan ilaaluu qaba. Gochi dirqisiisuu kan hin jirre yoo ta'e garuu bu'uura seera yakkaa keewwata 626 tin kan ilaalamu ta'a. Keewwata kam jalatti akka kufu shakkisiisaa yoo ta'e immoo filannoodhaan keewwata lamaanuu jalatti himata hundeesuu danda'a.

Gama kanaan hanqinni hubannoo jiru yakka kana sirnaan addaan baasuu dadhabuudha. Kanarraa kan ka'e A/Alangaa dhimma S/Y RDFI kwt 620/2/(a) jalatti kufu 626 jalatti akkasumas kan 626 jalatti kufu 620/2/(a) jalatti himannaa yoo hundeesu ni mul'ata. Yeroo keewwata Kam jalatti akka kufu addaan baasuu dadhabanis filannoodhaan himannaa hundeesuun hin mul'atu. Hanqina hubannoo kana agarsiisuuf dhimma mana murtii A/Heexosaatti jalqabee Mana Murtii Waliigalaa Oromiyaatti ol'iyyannoon lakk. G/M/M/W/ 85093 ta'een ilaalame (*dhimma 55^{ffaa}*) ilaaluun ni danda'ama. A/Alangaa Aanaa Heexosaa himatamaa Naggasaa/Laggasaa/ Alamuu jedhamu irratti himata dhiheesseen jalqaba seera yakkaa keew.627/1/ boodarra immoo gara s/y keewwt. 620/2/(a) tti fooyyeessuudhaan himatamaan uleedhaan sodaachisuudhaan miidhamtuu Aster Dibaabee jedhamtu osoo ishiin mana barumsaa deema jirtuu humnaan qabee waan gudeedeef himatameera jechuudhaani. Himatamaan waakkatee ragaan seeraa himatamaan miidhamtuu boqqoolloo keessatti humnaan gudeedee kan itti iyyitee qabame ta'uu raganiiru. Ragaan mana yaala miidhamtuu dubrummaan ishii kan badee fi kan ture ta'uu fi umriin

²¹³ Seera yakkaa kw.620/2/(a)

miidhamtuus *waggaa 14* ta'uu kan ibsuu dhihaateera. Himatamaan yeroo jedhame sana achi hin jiru jechuun ragaa ittisaa dhiheeffateera.

Manni Murtii Aanichaa sababa osoo hin kaa'in himatamaa seera yakkaa keewwata *620/2/(a)* osoo hin taane keww. *626/1/* jalatti balleessaa taasisee hidhaa cimaa waggaa sadiitin adabeera. Abbaan Alangaa Aanaas ta'ee Godinaa keewwatni sababa malee jijjiiramuu dogongora akka ta'e ibsuudhaan akka komii ijootti garuu kan kaasan adabbiin xiqqaachuudha. Manni Murtii Olaanaas ta'e Waliigalaa waa'ee komii keewwanni jijjiiramuu irratti ka'e bira darbuudhaan adabbiin hin xiqqaatu jechuudhaan murteessaniiru.

Dhimma kana irratti manni murtii keewwata akka jijjiiru sababni kaa'ame hin jiru. Ragaan A/Alangaas ta'e ittisaa himatamaan fedhii miidhamtuutiin qunnamtii kan raawwate ta'uu hin ragne. Himatamaanis fedhii miidhamtuutin kan raawwate ta'uu hin ibsine. Yakki dirqisiisani gudeeduu immoo daa'immaan umrii waggaa 13-18 jiddutti argaman irrattis raawwatamuu akka danda'u seerri ni kaa'a²¹⁴. Kanaan alatti garuu, fedhii miidhamtuutin kan raawwatame yoo ta'e bu'uura seera yakkaa kwt *626* tin kan ilaalamu ta'a. A/Alangaas dhimmi ijooon ka'uu qabuu fi gaafatamuu qabu keewwanni jijjiiramuu ta'uu osoo qabuu waa'ee adabbiin xiqqaachuu kaasuun, akkasumas, manni murtii ol'iyyata dhagahus waa'ee jijjiiramuu keewwataa ilaalchisee komii ka'e bira darbuun hanqina. Kuni immoo hangam ragaa mana yaalaa qofa irratti rarraanee akka murtii kenninu nutti agarsiisa.

Dhimma (**dhimma 56^{ffaa}**) Mana Murtii Aanaa Cirootti jalqabamee mana Murtii Waliigala Oromiyaatti xumura argate tokko irratti A/Alangaa Aanaa Cirooti himatamaan Najaash Saanii jedhamu seera yakka keww. *626/1/* irra darbuudhaan miidhamtuu Waynaarag Bitawu jedhamtu umrii waggaa 15 kan taate irratti qunnamtii saalaa raawwateera jechuudhan himannaa hudeessee ture. Kanaafis ragaan namaa fi mana yaalaa kan miidhamtuun umrii waggaa 15-16 jidduutti argamtuu fi dubrummaa erga bade torbaan tokkoo ol akka ta'e ibsu dhihaateera. Himatamaan jecha kennee fi ragaa ittisaa dhiheeffateen fedhii miidhamtuutiin kan walfuudhanii fi qunnamtiis kan raawwatan ta'uu ibseera. Manni Murtii Aanichaa gochi dirqisiisuu hin jiru jechuudhaan bilisaan kan geggeesse yoo ta'u, Manni Murtii Olaanaa bu'uura seera yakkaa keeww.*626/1/* tin

²¹⁴ Miiljalee lakk. 56ffaa

adabeera. Manni Murtii Waliigalaa immoo galmee lakk.87022 ta'e irratti ragaan abbaa alangaa itti hin mirkaneessine ragaan ittisaa immoo irraa ittisaniiru jechuudhaan dhimmicha keessa galuun hin barbaachisu jechuudhaan bu'uura s.d.f.y. 195(1) tin bilisa jedheera.

Gaaffii marii:-

Murtii Mana Murtii Isa kamiitu sirriidha jettu? Sababa isaa waliin irratti mari'adhaa. Himatamaan fedhiin raawwanne osoo jedhu ragaan itti hin mirkaneessine jechuudhaan bilisaan geggeessuu akkamitti ilaaltu?

F. Yakka Dirqisiisanii gudeeduu fi Yakka Daa'imman umrii waggaa 13 gadi jiran irratti qunnamtii saalaa raawwachu

Daa'imman umriin isaanii waggaa 13 gadi ta'an irratti dirqamaanis haa ta'uu karaa kamiinuu qunnamtii saalaa raawwachuun yakka baay'ee cimaa fi hammeenyummaa kan qabuudha. Yakki daa'immaan umrii kana irratti raawwatamu yakka dirqisiisanii gudeeduu miti. Kanaaf A/Alangaa himata yoo banu bu'uura keewwata kanaatiin yakka qunnamtii saalaa daa'imman irratti raawwachu isaatiin ta'uu qaba jechuudha. Ulaagaan gocha dirqisiisuu yakka kana mirkaneessuuf barbaachisaa miti.

G. Yakka Dirqisiisanii gudeeduu fi yakka qunnamtii saalaa walfakkaataa

Yakki dirqisiisanii gudeeduu dhiirotaan dubartii irratti kan raawwatamu ta'uu ilaalleerra. Gochi kun namoota saala walfakkaatutiin kan raawwatame yoo ta'e yakka dirqisiisanii gudeeduutiin osoo hin taane qunnamtii saala walfakkaatuu raawwachuun kan gaafatamu ta'a.²¹⁵

Gaaffilee Marii

1. *Dhimma 57^{ffaa}*

Dhimma yakkaa M/M/Waliigala federaalaa galmee lakk. 16769'n laalee murteesse.

Dhimma kana keessatti A/Alangaa federaalaa himatamaan obbo Hayluu Kabbadaa

²¹⁵ Seera yakkaa kw 629

Gurmuu miidhamaa dhuunfaa obbo Fissahaa Ababaa waliin wal-diddaa itti fayyadama humna ifaa irratti isaan jidduu tureen haaloo itti qabatee ‘*siy waaqa si uume osoo hin taane natu siy ajjeesa; na eggadhu!*’ erga jechuun itti dhaaddachaa, sodaachisaa fi akeekkachiisaa tureen booda halkan irraa saa’aa 5:30 yoo ta’u, ... karaa irratti eeggatee dhakaa darbachuun adda gubbaa dhahee erga lafaan dhahee fi bakka kufetti uleedhaan irra dedeebi’ee fuula isaa irra tumuun ilkaan fulduraa kan jalaa 6 (ja’a) irraa cabsee, lafee funyaanii cabisee waan jallisee fi ija isaa lamaan dhangalaasuun waan midhaa cimaa midhamaa dhuunfaa kana irraan gahuudhan yakka yaalii ajjeecha cimaa rawwateef akka S/y RDFI kew 27 fi 539(a) adabamuu qaba jedhee M/M/OI-Aanaa RDFI’tti ragaa barreeffamaa fi namaa dhimma kana agarsiisun deeggaree himate.

Himatamaan kun gama isaatiin M/Murtichaatti dhiyaatee ani yakkan ittiin himatame kana hin raawanne; yoo rawwate jedhames immoo kun yaalii ajjeechaa osoo hin taane yakka miidhaa qaamaati jechuun abukaatoo isaan deeggaramee falmateera.

Manni murtichaa garuu dhimma kana laalee akka ragaan dhiyaate ibsutti yakki raawwatame yakka miidhaa qaamaa osoo hin taane kan yaalii ajjeechaati; ittuu immoo himatamaan itti yaadee, karoorfatee waan rawwatee fi gochi inni midhamaa irratti rawwate hammenyummaa isaa waan agarsiisuuf yakkichi yakka yaalii ajjeechaa cimaati waan ta’eef hidhaa umurii guutuutiin adabeera jedheera. Kanuma manni M/M/Waliigala RDFI cimsuun murteesseera.

- i. Yakki kun yakka miidhaa qaamaati moo kan yaalii ajjeechaati?

2. **Dhimma 58^{ffaa}**

Himata Abbaan Alangaa Godiina Arsii lixaa Mana Murtii olaanatti dhiheessen himtamtoonni Biruk/Baddiluu Ayyalaa fa’a N₂ miidhamaa Jiboo Arsee gaafa 15/06/2002 ganama irraa saa’aatii 4:00 yoo ta’u ta’e jedhanii walgargaaruudhaan himatamaan tokkoffaan baangaadhaan sammuu irra yeroo tokko rukutee sammuu buruksee miidhaa cimaa irraan yoo gahu himatamaan 2^{ffaa}n waangargaareef yakka yaalii ajjeechaa cimaa raawwataniin himatamaniiru kan jedhuu dha.

Kana mirkaneessuuf ragaan namaa fi mana yaalaa dhihaateera. Ragaan mana yaalaa buqqeen mataa himatamaa kan cabee fi dhiigni gara keessaatti kan dhangala'e ta'uu fi opireeshiniin kan godhameef ta'uu ibseera. Ragaan namaas himatamaan marga miidhamaan bitatee turetti horii naqanii maaliif itti naqxaan yoo miidhamaan jedhuun maaltu si galche jechuudhaan baangaan sammuu irra rukutee iyyansa godhameen namoonni kan irraa baasan ta'uu raganiiru. Manni Murtii Olaanaa Godina Arsii Lixaa yakki yaalii ajjeechaa osoo hin taane yakka miidhaa qaamaa cimaati jechuun s/y kew.555/b/ jalatti baleessaa taasisee hidhaa cimaa waggaa sadiitin adabeera.

- c. Dhimma kana irratti himata abbaa alangaa akkamitti ilaaltu?
- d. Murtii manni murtii Olaanaa kenne hoo akkamitti ilaaltu?
 - ii. Mee himatamaan Abbaa manaa Wajjiin wal dhabbiin waan qabuuf halkan keessaa sa'aatii 8:00 yeroo miidhamtootni rafaanitti eegee mana miidhamaa ibidda itti qabsiise namni lama haala malee gubataniin miidhamaniiru; garuu hin dune haa jennu. Yakki raawwatame kun yaalii ajjeechaati moo miidhaa qaamaati jettu?
 - iii. Mee himatamaan miidhamtuu waliin walitti dhufeenyaa qaba ture haa jennu. Haa ta'uutii booda kana isheen jaalala dhiira biroo waliin eegalti. Dubreen tun nama miidhagina fuula isheetti hedduu boontu turte. Hiri'aan ishee inni duraa kun fuula ishee ittiin boontu kana bifa dhabaa taasisuuf akka fedhu yaadee hiri'aa isaa mariisisuun akkamiin yaanni isaa akka galma gahuufii danda'u mari'ata.

Maddota Wabii Barreeffamichaa

Seerota

1. Heera Mootummaa Federaalaa Dimookiaratawaa Rippaabilikaa Itiyooophiyaa, Labsii Lakk 1/1997, Nagaarit Gaazexaa Federalaa, Finfinnee.
2. Heera Mootummaa Naannoo Oromiyaa fooyya'ee bahe Labsii Lakk 46/1994, Magalata Oromiyaa.
3. Seera Yakkaa Mootummaa Federaalaa Dimookiraatawaa Rippaabilikaa Itiyooophiyaa Labsii Lakk 414/2004, Nagaarit Gaazexaa Federalaa, Finfinnee.
4. Seera Deemsa falmii yakkaa Itiyooophiyaa, Labsii Lakk 185/1961, Nagaarit Gaazexaa
5. Labsii Farra Shororkeessummaa, Lakk. 652/2001, Nagaariit Gaazeexaa Federaalaa, Addis Abaabaa, Hagayya 2001.

Kitaabileefi Barruulee

6. Ofidon G. Oyakhiromen, Criminal Law, Teaching Material, National Open University of Nigeria, 2006.
7. Terje Einarsen, The Concept of Universal Crimes in International Law, 2012, Torkel Opsahl Academic EPublisher, Norway, Oslo.
8. DEJENE GIRMA JANKA, A Handabook on the Criminal Code of Ethiopia, Addis Ababa, Ethiopia, 2013,
9. Seerota Bu'uura Ilaalchisee Qajeeltoowwaniifi Kallattiiwwan Heerri RDFI kaa'e, Moojuulii Leenjii Hojiirraa Yeroo Dheeraatiif Qophaa'e, Giddu-Gala Leenjii Ogeessota Qaamolee Haqaa Federaalaan Qophaa'e (Guraandhala 2004), Inistiitiyuutii Leenjii Ogeessota Qaamolee Haqaafi Qorannoo seeraa Oromiyaatiin Afaan Oromootti kan Hiikame, Tasfaayee Niwaayfi Milkii Makuriyaa, Muddee 2005, Adaamaa.
10. Philippe Graven, An Introduction to Ethiopian Penal Code, Faculty of Law, Haile Sellassie I University, Addis Ababa, Ethiopia, 1965

11. Nicola Lacey, A Clear Concept of Intention: elusive or illusory?, 1993, page 56, as cited in Mike Molan et al, Modern Criminal Law, 5th Edition, published by Cavendish Publishing Limited, London, UK, 2003.
12. F M NEASEY, The Mental Element in the Law of Murder, Published Western Australian Law Review, Vol.21, 1991.
13. Ronald J Bacigal, *Criminal Law and Procedure: An Introduction*, 2nd Edition, 2002, University of Richmond, Virginia, USA,

Dhimmoota Adda Addaa

14. Iyyata Falmii yakkaa Galmee Lakk.42703 ta'e irratti Iyyataan Faasil Birhaanuufi Abbaa Alangaa Naannoo Oromiyaa gidduu tureen, Mana Murtii Waliigalaa Federaalaa Dhaddacha Ijibbaataatiin dhimma dhaddacha gaafa Adoolessa 22, bara 2001
15. Iyyata falmii yakkaa Galmee Lakk.66856 ta'e irratti Iyyataan Wadiimaa Abajjee fi Abbaa Alangaa Naannoo Kibbaa gidduu tureen, Mana Murtii Waliigalaa Federaalaa Dhaddacha Ijibbaataatiin dhimma dhaddacha gaafa Bitootessa 26, bara 2004.
16. Iyyata Falmii yakkaa Galmee Lakk.91535 ta'e irratti Iyyataan Ahimad Adamfi Abbaa Alangaa Naannoo Amhaaraa gidduu tureen, Mana Murtii Waliigalaa Federaalaa Dhaddacha Ijibbaataatiin dhimma dhaddacha gaafa Muddee 12, bara 2006 .
17. Dhimma Mana Murtii Federaalaa Olaanaa, lakk. Galmee 54027 ta'e irratti himata Abbaa Alangaa Federaalaafi Himatamtoota 1ffaan Damiseew Zarihuunifi 2ffaan Yaaqoob Haayileemaaram gidduu tureen dhaddacha gaafa 02-05-2000.
18. Dhimma Mana Murtii Federaalaa Dhaddacha Ijibbaataatiin Lakk. Galmee 81178 irratti falmii Abbaa Alangaa Galiwwaniifi Jara Kabbadee Tasarraa faa n-2 gidduu tureen, dhaddacha gaafa Fulbaana 21, 2006.

